



Seerota Taaksiifi Gumurukaa

(Moojulii Leenjii Hojiirraa Yeroo Gabaabatiif qophaa'e)

Qopheessitoonni: Shaambal Hordofaa

Tafarii Baqqalaa

Xaafaa Dachaasaa

Gulaaltonni: Addaamuu Dhufeeraa

Waaqgaarii Dullumee

Waxabajjii 2012

Adaamaa

Baafata

Seensa Waliigalaa	1
BOQONNAA TOKKO.....	4
TAAKSII: DHIMMOOTA WALIIGALAA	4
1.1. Yaadrimee Taaksii	5
1.2. Qajeeltoowwan Bu'uuraa Taaksii.....	7
1.3. Kaayyoo Taaksii	11
1.4. Akaakuu Taaksii	13
1.5. Qoodinsa AangooTaaksii: Tiwoorii Federaalizimii Fiisikaalawaa.....	14
BOQONNAA LAMA	17
TAAKSII: HAGUUGGII HEERAIFI SEEROTAA	17
2.1. Taaksii: Haguuggii Heera Mootummaa RDFI.....	18
2.1.1. Qoodinsa Aangoo Taaksii.....	18
2.1.1.1 Aangoo Taaksii Mootummaa Federaalaa.....	19
2.1.1.2. Aangoo Taaksii Mootummaa Naannolee.....	21
2.1.1.3. Aangoo Waliinii Mootummaa Federaalaa fi Naannolee.....	22
2.1.1.4. Taaksii Adda Bahee Qaama Tokko Qofaaf ykn Qaamolee Lamaaniif Hin kennamiin (Undesignated Power of Taxation)	24
2.1.2. Qajeeltoowwan Ramaddii Taaksiifi Gibiraa (Directives on Taxation).....	24
2.2. Taaksii: Haguuggii Seerotaa	29
2.2.1. Seerota Taaksii Mootummaa Federaalaan Ba'an.....	29
2.2.1.1. Labsii Bulchiinsa Taaksii (Lab.Lak. 983/2008).....	30
2.2.1.2. Labsii Gibira Galii Federaalaa (Lab. Lak.979/2008)	30
2.2.1.3. Labsii Taaksii Dabalataa Qabeenya (Lab.Lak.285/1994) fi kan Isa	30
Fooyyessan Lak. 609/ 2008 fi Lak. 1157/2011	30
2.2.1.4. Labsii Taaksii Tarnovarii (Lab. Lak. 611/2001).....	31
2.2.1.5. Labsii Taaksii Eksaayizii (Lab. Lak. 1186/2012)	31
2.2.1.6. Labsii Taaksii Eksaayizii Jimaa (Labsii Lak.767/2004)	33
2.2.1.7. Labsii Qaraxa Teemberaa (Lab. Lak. 612/2001)	33
2.2.1.8. Labsii Gumurukaa Labsii Lak. 859/2006.....	34
2.2.2. Taaksii: Haguuggii Heeraafi Seroota MNO.....	35
2.2.2.1. Heera Mootummaa Naanno Oromiyaa Jalatti	35
2.2.2.2. Seerota Akka Mootummaa Naanno Oromiyaatti Jiran	36
BOQONNAA SADI	44

YAKKOOTA TAAKSIIFI GUMURUKA FI SIRNA FALMIIN ISAANII ITTIIN HOOGGANAMU	44
3.1. Yakkota Taaksiifi Gumurukaa Seera Yakkaa RDFItiin Tumaman	45
3.1.1. Tumaalee Waliigalaa	45
3.1.2. Tumaalee Addaa	46
3.1.2.1 Ashuuraa Yookiin Gibira Mootummaa Karaa Seeraan Ala Ta'een Kaffaluu Diduu....	46
3.1.2.2. Gibirri Akka Hin Kaffalamne Kakaasuu (kwt 350)	47
3.1.2.3. Maddawwan Galii Mootummaa Irratti Miidhaa Geessisuu (kwt 351)	48
3.1.2.4. Keellaa Cabsuu (Kontirobaandii) Kwt 352.....	50
3.1.2.5. Yakkota Dinagdee Biyyaafi Monoppola Mootummaa Irratti Raawwataman (kwt 353)	50
3.2. Badiiwan Seeraa Dambii Darbuutiin Tumaman	51
3.1.2. Badiiwan Dambii Darbuu Galii Ashuuraafi Gibira Irratti Raawwatamu	52
3.3. Yakkota Taaksii Lab. Lak.203/2009tiin Tumaman	53
3.3.1. Yakkota Lakkoofsa Eenyummaa Kaffalaa Taaksii Waliin Wal Qabatan	53
(Kwt 117).....	53
3.3.2. Ibsawan Sobaa Ykn Dogoggorsaafi Sanadoota Waliindhahaman (Kwt 118).....	54
3.3.3. Nagaheewwan Seeraan Alaa Ykn Waliin dhahaman (Kwt.119)	55
3.3.4. Yakkota Waliigalaa Nagaheewwaniin Wal-Qabatan (Kwt.120)	55
3.3.5. Deebii Seera Qabeessa Hin Taane Ykn Bakka Buufamuu Hin Mallee Gaafachuu (Kwt.121).....	58
3.3.6. Yakkota Taaksii Dabalataa Qabeenyaa Waliin Wal Qabatan (Kwt.122)	59
3.3.7. Yakkota Qaraxaafi Teembiraan Waliin Walqabatan (Kwt.123).....	59
3.3.8. Yakkota Tarkaanfii Taaksii Kaffalchiisuuf Fudhatamu Waliin Walqabaatn (Kwt.124/1-9)	60
3.3.9 Taaksii Milksuu (Kwt.125).....	63
3.3.10. Bulchiinsa Seera Taaksii Gufachiisu (Kwt 126/1-3)	64
3.3.11. Aangoo osoo hin Qabatiin Taaksii Sassaabuu ykn Sassaabuuf Yaaluu (Kwt.127)	65
3.3.12. Yakka Taaksii Gargaaruu ykn Jajjabeessuu (Kwt.128)	66
3.3.13 Yakkota Boordii Ol'iyyannoo Waliin Walqabatan (Kwt 129/1-2).....	67
3.3.14. Yakka Bakka Bu'oota Taaksii Heeyyamni Kennameefiin Raawwatamu (Kwt 130)	67
3.3.15. Yakkota Meeshaa Gurgurtaa Galmeessuu Walqabatee Raawwataman	68
(Kwt 131/1-6)	68
3.3.16. Yakkota Dhaabbileedhan Raawwatamu (Kwt.132/1-3)	71

3.4. Yakkoota Labsii Kaffaltii Itti Fayydama Lafa Baadiyyaafi Gibira Hojii Qonnaa MNOtiin tumaman.....	78
3.5. Yakkoota Gumurukaa Labsii Lakk 859/2006 tiin Tumaman	81
3.5.1. Hojii Too'annaa Gumurukaa Gufachiisuu (Kwt.166)	81
3.5.2. Sanadootaafi Mallattoowwan Abbaa Taayitichaa Gara Sobaattii Jijiirruufi Fakkeessuun Hojjechuu (Kwt.167).....	82
3.5.3. Yakka Kontrobaandii (Kwt.168).....	83
3.5.4. Yakka Waliin Dhahuu Ykn Burjaajjeessuu (kwt 169).....	87
3.5.5. Meeshaa Saamsame Hiikuu Ykn Mallattoowwan Kaasuu (Kwt.170)	88
3.5.6. Dirqamoota Meeshaalee Geejjibuu Cabsuun Yakka Raawwatamu (Kwt. 171)	89
3.5.7. Sirna Odeeffannoo Elektrooniksii Garmalee Fayyadamuu (Kwt 172)	90
3.5.8. Yakkoota Dhaabbileedhan Raawwatamu (Kwt.173).....	90
3.6. Sirna Falmiin Yakkoota Taaksiifi Gumurukaa Ittiin Hoogganamu	97
3.6.1. Aangoo Manneen Murtii	100
BOQONNAA AFUR	106
SIRNA WAL-DHABDEEN TAAKSII ITTIIN KEESUMMEEFAMUUFI IDAAWWAN TAAKSII ITTIIN	106
SASSAABAMU	106
4.1. Mirgootaafi Dirqamoota Kaffaltoota Taaksii.....	107
4.2. Badiwwaan Bulchiinsaa Taaksii Irratti Raawwatamaniifi Itti Gaafatamummaa Hordofsiisan 108	
4.3. Adeemsa Wal-dhabdeewan Taksii Irraa Maddan Ittiin Hoogganamu	109
4.3.1. Koree Komii Taaksii Dhagahu.....	110
4.3.2. Aangoo Boordii Ol'iyyannoo Taaksii	112
4.3.3. Ol'iyyannoo Mana Murtiitiif Dhiyaatu.....	115
4.4. Idaawan Taaksii Kaffalchiisufi Raawwachiisuu	117
4.4.1. Yeroo Kaffaltii Taaksii Dheeressuufi Taaksicha Qoqqooduun Yeroo Murta'e Keessatti Kaffalchiisu.....	118
4.4.2. Qabeenya Qabachuu	119
4.4.3. Biyya Keessaa Akka Hin Baanee Dhorkuuf Ajaja Kennamu	123
4.4.4. Dhaabbata Daldala Yeroof Saamsuu.....	124
4.5. Gaaffii Mirga Dursaa Qabeenya Irratti Dhiyaatu.....	124
Maddeewan Wabii	129

Seensa Waliigalaa

Mootummaan tajaajila hawaasummaa, misoomaa, nagaafi tasgabbii mirkaneessuuf galiin barbaachisaa dha. Galiin kunis maddoota adda addaa irraa kan argamu yoo ta'el ee, taaksiin madda galii isa ijoofi murteessaa dha. Mootummaaleen aangoofi gahee hojii heeraafi seeraan kennameef bahachuuf baasii isaan barbaachisu seeraan murteessuun taaksii kan sassaaban kanumaafi. Kan biyya keenyas kana irraa adda miti.

Haaluma kanaan, Heerri Mootummaa RDFI aango taaksii ilaachisee uwvisa bal'aa kenneera. Qoqqoodinsi aango kunis aango addatti mootummaa federaalaaf kenname, aango addatti mootummaalee naannoof kenname, aango waloo mootummaa federaalaafi mootummaalee naannoof kenname jedhamee yommuu ta'u, aangoon taaksii akkaataa kanaan adda bahee hin kennamiinis attamittiin kennamuu akka danda'u Heerichumti fala kaa'eera. Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa yoo ilaalles, aangoowwan taaksii naannoo jedhamanii Heera Mootummaa RDFI keessatti tarreeffaman aango Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuun tarreessee jira. Kana irraa ka'uun, mootummaan federaalaas ta'e, mootummaan naannoo Oromiyaa seerota taaksii (labsiwwan, dambilee fi qajeelfamoota) adda addaa baasuudhaan hojiirra oolchaa jiru. Seeronni kunniin lakkofsaan hedduu dha; amaluma isaanii ta'ee yeroo, yeroon waan jijiiramanifiif tasgabbiis hin qaban; gosoota taaksii walfakkaatan ilaachisee seeroonni taaksii federaalaa fi naannoo Oromiyaa baay'een kan walfakkaatani dha.

Haa ta'u malee, seerota kanneen ilaachisee hubannoont Abbootii Seeraa, Abbootii Alangaa fi qorattoota poolisii qaban hanqina akka qabu qorannoont sakatta'insa fedhii leenjii bara 2012 Inistiitiyuutichaan gaggeeffame ni agarsiisa. Kun ammoo badiiwwaniifi yakkoota taaksii irratti raawwataman seeratti akka hin dhiyaanne gochuun galiin taaksii naannichaa hanga barbaadamu akka hin sassaabamne gochaa akka jiru qorannoont aango taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaa ilaachisee bara 2011 Inistiitiyuutichaa fi Akkaadaamii Hooggansa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin gaggeeffame agarsiiseera. Moojuliin leenjii kunis seerota taaksiifi gumurukaa ammaan dura jiraniifi fooyyaa'an; akkasumas, haaraa ba'an irratti hubannoont leenjifamtootaa daran cimsuuf yaadamee kan qophaa'e dha. Kaayyoo kana milkeessuuf moojulichi argannoq qorannichaan akekame, dhimmoota qabatamoofi gaaffilee beekumsaafi dandeettii ogummaa leenjifamtootaa gabbisuu danda'aniin deeggaramiiee dhiyaateera.

Kanaafis moojuulichi boqonnaa afuritti caaseffamuun dhiyaateera. Boqonnaan tokkoffaa taaksii ilaachisee dhimmoota waliigalaa kanneen akka maalummaa, qajeeltoowwan, kaayyoo, akaakuwwan taaksiifi tiyooriwwan federaalizimii fiisikaalawaa (theories of fiscal federalism) irratti xiyyeffata.

Boqonnaan lammaffaa, taaksii ilaachisee haguuggiin Heeraafi seeraa jiru kan ibsu dha. Haaluma kanaan, Heera Mootummaa RDFI jalatti, akkaataa aangoon taaksii mootummaa federaalaafi naannolee jidduutti qoodamee jiru, Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa jalatti aangoowwan taaksii mootummaa naannoo Oromiyaaf kennaman maal fa'a akka ta'an, gosoota seerota taaksii mootummaa federaalaafi naannoo Oromiyaatiin ba'an maal fa'a akka ta'an boqonnaa kana keessatti ibsamaniiru.

Boqonnaan sadaffaa, yakkota taaksiifi gumurukaa irratti raawwatamanii fi sirna falmiin isaanii ittiin hoogganamu irratti xiyyeffaata. Haaluma kanaan, yakkota taaksii fi dambii darbuu seera yakkaa RDFI, labsii bulchiinsa taaksii MNO lak. 203/2009, labsii itti fayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa lak 99/97 fi yakkota gumuruka labsii gumurukaa lak. 859/2006 fi labsii kana fooyyeessuuf bahe lak. 1160/2011 keessatti tumamaniifi sirna falmii yakkoonni kunniin ittiin hoogganaman dhimmoota boqonnaan kun irratti xiyyeffate dha.

Boqonnaan afraffaa, sirna waldhabdeen taaksii ittiin keessummeeffamufi idaawan taaksii ittiin sassaabaman kan ibsu dha. Mirgiifi dirqamni kaffaltoonni taaksii qaban, badiiwaan bulchiinsa taaksii irratti raawwatamaanii fi itti gaafatatummaa hordofsiisan, sirna wal-dhabdeen taaksii ittiin hoogganamu, wal-dhabdeewwan taaksii hiikuu keessatti gahee koree komii taaksii, boordii ol'iyyannoo taaksii fi mana murtii; fi adeemsa idaan taaksii osoo hin sassaabamiin hafe ittiin sassabamu fi kaffalchiifamu ijoowwan boqonnaan kun xiinxale dha.

Waan ta'eefuu, xumura leenjii moojuulii kanaan leenjifamtoonni:

- Maalummaa, qajeeltoowwaniifi kaayyoo taaksii irratti hubannoo qaban ni dabalatu;
- Akaakuwwan taaksiifi tiwooriwwan federaalizimii fiisikaalaa (theories of fiscal federalism) beekumsa duraan qaban ni gabbifatu.
- Heera Mootummaa RDFI jalatti, akkaataa aangoon taaksii mootummaa federaalaafi naannolee jidduutti qoodamee itti jiru irratti hubannoo dabalataa ni qabaatu;
- Seerota taaksii mootummaa federaalaafi naannoo Oromiyaan ba'an maalfaa akka ta'an ni adda ni baafatu;

- Maalummaa gochoota yakka taaksiifi gumurukaa Seera Yakkaa RDFI fi labsiiwwan taaksii sadarkaa mootummaa federaalaafi naannoo Oromiyaatti ba'an maal faa akka ta'an ni hubatatu;
- Adeemsa falmii yakkoonni taaksiifi gumurukaa ittiin hoogganaman irratti hubannoo qaban ni dabalatu;
- Sirna wal-dhabdeen taaksii ittiin keessummeeffamuufi idaawan taaksii ittiin sassaabamu irratti hubannoo qaban gabbafachuun hojiirra oolchuu keessatti gahee isaanii ni bahu.

BOQONNAA TOKKO

TAAKSII: DHIMMOOTA WALIIGALAA

Seensa

Boqonnaan kun taaksii ilaachisuun dhimmoota waliigalaa jiran irratti kan xiyyeffatu ta'ee kutaalee shanitti qoodamuun dhiyaateera. Kutaan inni duraa, yaadrimeen taaksii maal akka ta'e gabaabinaan ibsa. Kutaan lammeffaa, qajeeltoowwan bu'uuraa taaksii maal faa akka ta'an ibsa. Haaluma kanaan, qajeeltoowwan taaksii marartummaa (equity), si'aayummaa (efficiency), alloogummaa (neutrality), tilmaamamummaa (certainty), sirni bulchiinsa taaksii salphaa ta'uu (simplicity) fi galiin sassaabamu gahaa tahuun (adequacy) kutaa lammaffaa kana keessatti gabaabinaan ibsamaniiru. Kutaan sadaffaa, taaksii muruufi kaffalchiisuun maaliif akka barbaachise kaayyoon taaksii maal akka ta'e ibsa. Kutaan afraffaa, akaakuwwan taaksii jiran maal faa akka ta'an ibsa. Haaluma kanaan, taaksiin taaksii kallattiifi taaksii alkallattii jedhamuun qoodamuun akka danda'an kutaa kana jalatti ibsameera. Kutaan shanaffaa, sirna federaalizimii keessatti aangoo taaksii mootummaa federaalaafi naannolee jiddutti qooduuf tiyooriwwan federaalizmii fiisikaalawaa (theories of fiscal federalism) jiran maalfaa akka ta'an ibsa.

Kanaaf, xumura boqonnaa kanaatti, leenjifamtoonni:

- Maalummaa taaksii irratti hubannoo qaban ni dabalatu;
- Qajeeltoowwan taaksii jiran irratti beekumsaafi hubannoo qaban ni cimsatu;
- Kaayyoon taaksii maal akka ta'e ni ibsu;
- Akaakuwwan taaksii jiran maalfaa akka ta'e ni ibsu
- Tiwooriwwan federaalizimii fiisikaalawaa (theories of fiscal federalism) irratti beekumsa duraan qaban ni gabbifatu.

1.1. Yaadrimee Taaksii

Durii jalqabee, mootummaan dinagdee namoota dhuunfaa fi interpraayizootaa waliin qabu karaa taaksiin wal qunnama.¹ Sirna maallaqaa (fiscal system) hammayyaawaa keessatti, galiin taaksiirraa argamu baasiwwan tajaajila hawaasaa adda addaa mootummaan ittiin hojjetu uwvisuuf lafee dugdaa dha.² Mootummaan gahee hojji isaa sirnaan bahachuuf qarshii isa barbaachisa.Karaawan mootummaan qarshii isa barbaachisu ittiin argatu adda addaa³ jiraatanus, inni duraa fi galiin hedduun irraa argamu taaksiia fi taaksiirraati.⁴ Galmoota guddina fulla'aa (Sustainable Development Goals) kan biyyootni addunyaa kanaa haala seena walta'iinsa Mootummoota Gamtoomanii keessatti mul'atee hin beekneen, biyyootni 193 ajandaan irratti waliigalan galii biyya keessaa guddisuun tooftaa galmichi ittiin milkaa'u akka ta'e ibsameera.⁵ Haaluma kanaan, Gumiin Waliigalaa (General Assembly) Mootummoota Gamtoomanii konfiransii idil-addunyalessaa isaa, isa sadaffaa⁶ irratti murtii (resolution) lak. 69/313 kan dabarse yoo ta'u; galii biyya keessaa guddisuun (domestic resources mobilization) galii taaksiisirnaan walitti qabuu danda'uu akka dabalatu murticha keessatti teechifameera.

Barreessitootni adda addaa jecha taaksiis (tax) jedhu hiikuuf yaalii taasisaniiru. Haa ta'uutii, hima tokkoon taaksiis kana jedhanii hiikuuf yoo rakkatan ni mul'ata. Waan ta'eefuu, karaan gaarii jechichi ittiin hubatamuu qabu amaloota isaa murteessoo ta'an tarreessuun ta'u akka qabtu ibsama.⁷ Jecha waliigalaatiin, taaksiin galii buusii namootni dhuunfaa qabeenya dhuunfaa isaanii irraa mootummaan hojji isaa akka hojjetuuf galma isaa akka gahuuf suphaa fi ittisa mootummaatiif taasifamu dha.⁸ Jecha salphaan taaksiin galii buusii maallaqaa yookiin bifa biraan mootummaan namoota dhuunfaa yookiin dhaabbilee namummaa seeraa qaban

¹Yohannes Mesfin & Sisay Bogale (2009), Tax law teaching material Prepared under the Sponsorship of the Justice and Legal System Research Institute p 8.

²Yonas Girma Adimassu and Ümit Süleyman ÜSTÜN (2017), a Review of Constitutional Principles Regarding Taxation: Ethiopian and Turkish Perspective p 3.

³Bal'inaan ta'u baatus fakkeenyaaaf mootummaan hojji daldalaa keessatti hirmaachuun galii haalli itti argatu ni jiraata.

⁴William Kratzke, Basic Income Tax 2016-2017 Fourth Edition, CALI eLangdell Press 2016 P 1.

⁵ Ajandaan bara 2030 galma 17ffaa , mannii 1ffaan misooma itti fufiinsaaf galii biyya keessaa cimsuu kan jedhu yoo ta'u, kunis deeggarsa biyyoota guddachaa jiraniif taasifamu; dandeettii galii taaksiis fi galiiwaan kanneen biroo sassaabuu fooyyeessuu ni dabalata.

⁶ Addis Ababa Action Agenda of the Third International Conference on Financing for Development A/RES/69/313 Resolution; Keeyyata 22^{faa} irratti qabeenya biyya keessaa fi galii biyya keessaa guddisuun barbaachisaa akka ta'ee fi sirna sassaabbi gibira galii fooyyessuun haala gaarin galii girbira irraa funaannuun galma waarawaa gahuuf murteessaa akka ta'e ibsuun biyyootni guddatan kanneen guddataa jiraniif gama tokkoon deggerasa gochaa ogummaa galii biyya keessaaa walitti qabuu irratti deggersa taasisuun murteessaa akka ta'e teechiseera.

⁷Yohannes Mesfin & Sisay Bogale , oliti yaadannoo lakk. 1,F. 9.

⁸Seligman, Essays in Taxation, pp. 1-7

irratti murtaa'u dha.⁹ Dhaabbanni Walta'iinsa Misooma Diinagdee (OECD-Organization for Economic Cooperation for Development) taaksii jechuun maal jechuu akka ta'e hookeera. Akka hiikaa dhaabbatichaatti, 'taaksiin' kaffaltii dirqamaafi kan hin deebine mootummaan namoota irratti murteessudha.¹⁰ ***Business Dictionary'n***, "Tax is a means by which governments finance their expenditure by imposing charges on citizens and corporate entities" jechuun bifuma wal fakkaatuun hookeera. Akka hiikaa kanaatti, taaksiin galii mootummaan lammilee biyyattii fi dhaabbilee adda addaa irratti muruun baasiwwan tajaajila hawaasummaaf baasu ittiin uwuisu ta'uua isaati. Charles E.faas "Taxation is imposition of compulsory levies on individuals or entities by governments" jechuun yaada olitti ibsame kana deeggaruun ibsaniiru.

Gara biyya keenyaatti yoo deebinu, taaksii jechuun maal akka ta'e Labsii Bulchiinsa Taaksii Federaalaa Lak.983/2008 fi Labsii Bulchiinsa Taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak.203/2009 keessatti hiikameera. Haaluma kanaan, Labsiin Bulchiinsa Taaksii Federaalaa "Taaksii" jechuun bu'uura seera taaksiitiin taaksii buufamu yoo ta'u, kanneen araan gadii ni dabalata:

- a) *Taaksii kaffalaa taaksiitiin hir'ifamee hafu;*
- b) *Bu'uura Labsii Taaksii Galiitiin taaksii dursee yookiin yeroo yeroodhaan kaffalmu;*
- c) *Adabbi;*
- d) *Dhala Sababa kaffaltiin tureef kaffalamu* jechuun hookeera.¹¹

Labsiin Bulchiinsa Taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 203/2009s hiikaa labsii federaalaatiin kenname waliin bifa walfakkaatuun hookeera. Adda addummaan jiru, labsiin Oromiyaa tarreeffama (a-d) jiru irratti tokko dabaluun *bu'uura labsii taaksii galiitiin taaksii biroo kamyuu kaffalamu*¹² jechuu qofa dha. Dabalataan, Labsiin Gumurukaa Lak. 622/2009 keessatti, taaksii jechuun "payment collected in accordance with the existing tax laws on imported and exported goods" jedhamee hiikamee jira. Akka hiikaa kanaatti, taaksiin bu'uura seera taaksii jiruutiin *meeshaalee al-ergii fi galchii* irratti kaffaltii sassaabamudha. Hiikkaan kenname gosa taaksiin irratti murtaa'u (*meeshaalee al-ergii fi galchii*) fi sassaabamu jiddu-galeessa taasisuuni dha. Akka waliigalaatti, hiikkaawwan kanneen irraa

⁹ Gebrie Worku, Tax Accounting in Ethiopian Context (2nd Ed., Alem Printing Press, Ethiopia, 2008)

¹⁰ OECD/ATAF/AUC, *Revenue Statistics in Africa 2018*, OECD Publishing, Paris, F3; Toora interneetii <http://dx.doi.org/10.1787/9789264305885-en-fr> irratti kan argamu.

¹¹ Labsii Bulchiinsa Taaksii Mootummaa Federaalaa Lak.983/2008,kwt 2(30)

¹² Labsii Bulchiinsa Taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak.203/2009, kwt.2(31)

waanti hubatamu taaksiin dirqama seeraan murtaa'u ta'uu, kan murtaa'us mootummaan qofa ta'uu, kaffalaan taaksii namoota dhuunfaa ykn dhaabbata ta'uu, kaffalaan taaksii, taaksii kaffaleef mootummaa irraa kallattiidhaan mirga ykn faayidaa addaa dhuunfaa isaan gaafatu kan hin qabne ta'uufi kaayyoonaisaas faayidaa waliigalaahawaasaatiif ta'uu dha.

Taaksiin madda galii mootummaan hojiiwan tajaajila hawaasa waliigalaaf oolan ittiin hojjetu dha.¹³ Biyyoota addunyaa kanaa hunda keessa taaksiin kan jiru yoo ta'u; taaksiin kunis baasiwwan mootummaaf galii walitti qabuuf kan murtaa'uu fi sassaabamu dha.¹⁴ Biyyoota sirna dimokiraasii hordofan keessatti aangoon lammilee irratti taaksii murteessuu kun Heera Mootummaa irraa madda. Biyya keenya keessattis aangoon taaksii murteessuu fi sassaabuu kun bu'uura Heeraa qaba.¹⁵ Aangoon taaksii murteessuu fi sassaabuu kunis mootummaalee Naannoo fi Federaalaa gidduutti qoqqoodamee kan jiru dha.

1.2. Qajeeltoowwan Bu'uuraan Taaksii

Taaksiin bu'uuraan galii mootummaaf sassaabuuf meeshaa ittiin gargaaramnu ta'uu isaa hiikkoo armaan olii irraa kan hubatamu dha. Haa ta'u malee, meeshaan akkasii kun akkamitti hojiirra ooluu qaba? qaphxiin jedhu dhimma biraa xiyyeffannoo argachuu qabu dha. Bu'uuraan, sirni taaksii diriiru tokko yaadota akka gochaa taaksiin irratti kanfalamuu kami, persantaa taaksiin ittiin kanfalamuu meeqa akka ta'e, eenu taaksii kanfaluu akka qabuu fi dhuma irratti eenu dirqama taaksii kanfaluu akka qabu of keessatti kan qabate dha.¹⁶ Kanaaf, yaadotni kun hundi isaanii ulaagaa fi qajeeltoowwan ittiin ilaalamaniifi hoogganaman qabaachuu qabu.¹⁷ Barreeffamoota adda addaa keessattis ulaagaa (criteria), qajeeltoo (principles), tuqaalee bu'uuraa (canons) fi jechamoota (maxims) jedhamuun maqaa adda addaan waamamu. Haa ta'u malee, hundi isaaniyyuu sirni taaksii gaarii jedhamu tokko calanqeettii sonawaa akkamii qabaachuu akka qaban kan agarsiisani dha.¹⁸ Muraasa,isaanii akka itti aanutti haa ilaallu.

¹³Definition of Taxes, Negotiating Group on the Multilateral Agreement on Investment , Expert Group No.3 , on Treatment of Tax Issues in the MAI, DAFFE/MAI/EG2 (96) p3

¹⁴Ethiopian Chamber of Commerce, Ethiopian Business Development Services Network (2005), Taxation in Ethiopia Direct and Indirect Taxes - Categories of Tax Payers Declaration of Income and Assessment of Taxes Tax Incentives p39.

¹⁵Fakkeenyaaaf, Heera Mootummaa RDFI keewwatoota 51(10), 52 (11), 96-100tti jiran yoo ilaalle gibirri galii bu'uura heeraa qabaachuu isaa hubachuun ni danda'ama.

¹⁶Taddese Lencho, The Ethiopian Income Tax System: Policy, Design and Practice, (A Dissertation Submitted in Partial Fulfillment of the Requirements for the Degree of Doctor of Philosophy in the Department of Interdisciplinary Studies in the Graduate School of the University of Alabama, 2014) , p.41

¹⁷Akkuma 16^{ffaa}

¹⁸Olitti yaadannoo lak. 16^{ffaa} F 42

A) Qajeeltoo Marartummaa (Equity)

Qajeeltoon kun yeroo tokko tokko haqummaa (fairness) fi walqixxummaa sirni taaksii qabaachuu qabu jedhamuun kan ibsamu ta'ee, kaayyoon isaas deeggarsa uummanni sirna taaksii irratti qabu dabaluu dha.¹⁹ Haa ta'u malee, qajeeltoon walqixxummaafi haqummaa taaksii jedhu kun guutummaan guutuutti qajeeltoo marartummaa jedhu bakka bu'a jechuu akka hin taane hubachuun gaarii ta'a.²⁰ Haqummaa sirna taaksii karaa lama ilaalamuun ni danda'ama: haqummaa dalgee (horizontal fairness) fi haqummaa olee (vertical fairness).²¹ Haqummaa dalgee yoo jedhamu, kanfaltooni taaksii sadarkaafi haala walfakkaataa keessa jiran kanfaltii taaksii walfakkaataa akka kanfalan kan gaafatu dha. Haqummaa asii olee jechuun kanfaltoota taaksii sadarkaan galii isaanii haguuggii taaksii adda addaa keessatti argaman, jechuun namoota galii gadi aanaa hanga ol'aanaatti jiran hammachuu qabaachuu kan agarsiisu dha.²² Garaagarummaa diinagdee kaffaloota taaksii jidduutti mul'atu hambisuufis ni gargaara jedhamee yaadama.²³

B) Qajeeltoo Si'aayummaa (Efficiency)

Qajeeltoon kun bulchiinsa taaksii ilaachisee galii argamsiisuuf baasii ba'uufi galii taaksiin argamsiisu walbira qabuun xiinxaluun bu'a qabeessummaa isaa kan madaalu dha.²⁴ Sirni bulchiinsa taaksii tokko galii argamsiisu danda'u keessaa irra caalaa isaa bulchiinsa sirmichaaf kan oolchu yoo ta'e, bu'a-qabeessummaa isaa xiqqeessuu irra darbee taaksiin galii mootummaaf barbaachisu argamsiisuuf olka'aa akka deemuu taasisa.²⁵ Kanaaf, sirna bulchiinsa taaksii gaarii ta'e diriirsuun yeroo gabaabaa keessatti baasii xiqqaa ta'een tajaajila kennuu kan agarsiisu akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

C) Qajeeltoo Alloogummaa (Neutrality)

Qajeeltoon kun sirni bulchiinsa taaksii tokko murtee sirna dinagdee ilaachisee taasifamu irratti dhiibbaa taasisuu, jechuunis sirna gabaa jal'isuu irraa of-fageessuu qaba jedha.²⁶ Kana jechuun garuu, sirni bulchiinsa taaksii murtoo sirna gabaa fudhatamu irratti dhiibbaa hin geessisu jechuu miti; dhiibbaan inni geessisu danda'u hanga danda'ametti xiqqaachuu qaba

¹⁹ Tax Principles: Building Blocks of A Sound Tax System, Policy Brief by Institution on Taxation and Economic Policy (2012); Toora www.itep.org itep@itep.org irratti kan argamu; gaafa Muddee 25, 2018 kan ilaalame.

²⁰ Akkuma 19^{ffaa}.

²¹ General Theories and Principles of Taxation, Toora: <https://www.abyssinalaw.com/about-us/item/1066-general-theories-and-principles-of-taxation> irratti kan argamu.

²² Olitti yaadannoo lak. 19^{ffaa}.

²³ Elkins, David, Horizontal Equity as a Principle of Tax Theory, Yale L. & Pol'y Rev. 24, (2006) p. 51

²⁴ Olitti yaadannoo lak. 16^{ffaa}, F77.

²⁵ Akkuma 24^{ffaa}, F81

²⁶ Olitti yaadannoo lak. 19ffaa.

jechuu dha malee.²⁷ Kun dhiibbaa sirni taaksii murtii kanfalaan taaksii fudhatus kan dabalatu dha. Kana jechuun, taaksiin kallattiin murtoo taaksii kanfalaan fudhachuu danda'u irratti dhiibbaa akka geessisuuf tasuma hin barbaadamu jechuu akka hin taane hubatamuu qaba. Kun kallattiin kaayyoo imaammata taaksichaa yeroo ta'u jiraachuu isaa yaadachuunis barbaachisaa dha. Fakkeenyaaaf taaksiin tokko tokko akka imaammata isaatti kallattiin murtii taaksi kanfalaan fudhatu irraan dhiibbaa geessissuuf yeroo murteeffamu ni jira. Isaanis, eksaayis taaksiin meeshaalee akka tanboo, alkoolii fi k.k.f. irratti murtaa'an kallattiin murtoo fi fedhii taaksii kanfalaan meeshaalee kanneenitti fayyadamuu irratti qabu irraan dhiibbaa geessisuuf kan muramu ta'uu akka imaammataatti qabatee kan jiru dha.²⁸ Ta'us, dhimmoonni akkasii haala addaan kan ilaalamani malee qajeeltoon alloogummaa qajeeltoo dirqama sirni taaksii tokko qabaachuu qabu ta'uu isaa kan hambisu miti.

D) Qajeeltoo Tilmaamamummaa (Certainty)

Qajeeltoon kun kanfalaan taaksii tokko dirqamni taaksii qabu hangam akka ta'e adda baasee beekuu akka danda'u sirni dandeessisu jiraachuu agarsiisa.²⁹ Qajeeltichi hin jiru taanaan, qajeeltoon walqixxummaa taaksii ni miidhama, baasiin sirna taaksii ni dabala, ilaalcha kanfalaan taaksii sirna taaksii irratti qabu gadi bu'a, investimentiin alaa gara biyya keessaa akka hin dhufne ni ittisa.³⁰ Waan ta'eefuu, sirna bulchiinsa taaksii keessatti qajeeltoo murteessaa ta' e dha.

E) Qajeeltoo Sirni Taaksii Salphaa Ta'uu (Simplicity)

Qajeeltoo kana haala salphaan ibsuun mijataa ta'uu dhabuu isaa irraan kan ka'e yeroo hedduu bifa faallaa ta'een yoo ibsamu ni mul'ata. Innis, sirni bulchiinsa taaksii walxaxaa ta'uu hin qabu jedhamuun haalotni sirnicha walxaxaa taasisan maalfaa akka ta'an yoo tarreessan ni mul'ata.³¹ Fakkeenyaaaf, sirna taaksii salphaa miti wantoota jechisiisan keessaa tokko jechamoota hiikkoon isaanii ifa hin taane fayyadamuu kanfalaan taaksii ykn fayyadamaani sirnichaa hiikkoo jechamichaa akka tilmaamu taasisuu dha. Dabalees, seerri taaksii kanfalaan taaksii dirqama isaa bahuuf ilaaluu qabu hangi isaa kan baay'ee baay'atu yoo ta'u, sirnichi

²⁷ U.S. Department of Treasury, Tax Reform for Fairness, Simplicity and Economic Growth, p13 (Toora interneetii <http://www.treasury.gov/resource-center/tax-policy/Documents/tres84v1C-2.pdf> kan argamu; gaafa Muddee 26, 2018)

²⁸ Olitti yaadannoo lak.16ffaa,F85

²⁹ Smith, Adam, An Inquiry into the Nature and Causes of the Wealth of Nations (Edited by Edwin Cannan and with Introduction by Max Lerner, New York: The Modern Library, 1937), pp 777-779

³⁰ Tiley, John, Revenue Law (5th Ed. Oxford, Hart Publishing, 2005), p12.

³¹ U.S. Department of Treasury, Tax Reform for Fairness, Simplicity and Economic Growth, p.13 (Toora interneetii <http://www.treasury.gov/resource-center/tax-policy/Documents/tres84v1C-2.pdf> irratti kan argamu; gaafa Muddee 26, 2018).

raawwii irratti hambifata, ittisa raawwii, hir'ifamaa fi idaa adda addaa kan walxaxiinsa sirnichaa dabalanii fi kanfalaa taaksii hundatti hin baakamne qabaachuun isaa salphaa ta'u dhabuu sirnichaaf akka agarsiiftuutti fudhatamuu kan danda'u dha.³² Sirni taaksii tokko haala kanaan walxaxiinsa adda addaan kan xaxame ta'uun qaamolee fi namootni muraasni qofa faayidaalee sirnicha keessa jiran bira gahuun itti fayyadamaa akka ta'aniif kan haala mijeessu waan ta'eef kallattiin walqixxummaa sirna bulchiinsa taaksii irratti dhiibbaa ni qabaata.

Haa ta'u malee, akkuma haalli addunyaa yeroo irraa gara yerootti jijiiramaa dhufe sirni bulchiinsa taaksiis guddinaafi sochii dinagdee jiru haguuguuf jecha jijiiramaa dhufuu irraan kan ka'e walxaxaa ta'uun isaa barreffamootni ni ibsu.³³

Daddabalamuu, yeroo yerootti fooyya'uufi jijiiramuun seerota taaksiis sababa biraan bulchiinsa sirna taaksii walxaxaa taasisu dha. Kun ammoo baasii bulchiinsa sirnichaaf barbaachisu guddaa taasisuun fi kanfaltoota taaksiif sirnichaan bitamuun baasii guddaa dabaluu kan danda'u ta'uun isaa walitti dhufeenya abbaa taayitaa taaksii fi kanfalaa taaksii jidduu jiraachuu danda'u haala barbaadameen akka hin adeemneef gumaachu danda'a.³⁴ Walumaa galatti, sirni taaksii tokko salphaa ta'uun dhabuun ykn walxaxaa ta'uun isaa kallattiin kanfalaa taaksii sirnicha hubachuu fi dirqama isaa bahuuf dhiibbaa dabalataa qabaachuu akka danda'u ni agarsiisa.

Karaa biraatiin, sirni taaksii biyya tokkoo hangam tajaajilamaaf dhaqqabamaadha kan jedhu irraa ka'ee walxaxaa ta'uun danda'a. Fakkeenyaaaf, gargaarsa sirnichi kanfaltoota taaksiif taasisu sirnicha salphaa akka ta'u taasisuu danda'a. Biyyoota hedduu keessatti sirni taaksii dhaqqabamaa waan hin taaneef; akkasumas, kanfalaan taaksii hubachuu kan hin dandeenyne waan ta'eef walxaxiinsa sirnichaaf yeroo gumaachu ni mul'ata.³⁵ Sirni taaksii salphaa ta'uun dhabuun kallattiin tilmaamamummaa sirnichaa gadi buusaa; kun ammoo gaarummaa sirna taaksii biyya tokkoo baay'ee kan gadi buusu ta'uun barreffamootni ni kaasu.³⁶ Kanaaf, sirni taaksii biyya tokkoo walxaxaa ta'ee abbaa taayitaa taaksii hojiiraa oolchuuf rakkisaa ykn kanfalaa taaksiif ittiin bitamuuf rakkisaa ta'uun hin qabu yaada jedhu agarsiisa.

³²Olitti yaadannoo lak.16ffaa, F88

³³Thuronyi, Victor, Comparative Tax Law (Kluwer Law International, 2003), p19.

³⁴ Olitti yaadannoo lak. 31^{ffaa}.

³⁵Taddese Lencho, The Ethiopian Tax System, Excesses and Gaps (Michigan State International Law Review, Vol. 20(2), 2012), p355.

³⁶Olitti yaadannoo 29, p778.

F) Qajeeltoo Galiin Sassaabamu Gahaa Tahuu (Adequacy)

Galiin sirna taaksiin sassaabamu mootummaan hojii hojjechuu barbaaduu fi hawwaasni mootummaan hojii akka hojjetu irraa barbaadu hojjechiisuu fandii dandeessisu kan walitti qabu danda'u ta'uu qaba. Kana yeroo jedhamu, sirni taaksii tokko galma gaheera ykn hin geenye jedhamee dubbatamuuf madaalliin guddaan qajeeltoo galii gahaa sassaabuu danda'u kana waan ta'eefi.³⁷ Kanas galmaan gahuuf mootummaan sirna taaksii tokko diriirsuu keessatti galma gabaabaa fi dheeraa qabachuun yeroo socho'utti galii taaksii irraa argatu tilmaama keessa galchuun socho'uu akka qabu ni agarsiisa.

Walumaagalatti, taaksiin qajeeltoowwan olitti tarreffaman kanneeniin gaggeeffamuu qaba. Haa ta'u malee, qajeeltoowwan kunneen qajeeltoowwan gurguddoofi murteessoo ta'an lama keessatti: baasiifi yeroo xiqlaan galii guddaa sassaabuufi marartummaa gurmaa'u akka danda'u barreffamoota irraa ni hubatama.³⁸

1.3. Kaayyoo Taaksii

Galiin taaksii irraa argamu guddina diinagdee (economic development) biyya tokkoof gahee bakka hin buhamne qaba.³⁹ Kaayyoon taaksii irraa galii sassaabuus galii mootummaa guddisuun hojiwwan tajaajila hawaasaa hundaaf gargaaran akka babal'atan taasisuu dha.⁴⁰ Taaksiin kaappitaalli mootummaa akka guddatu taasisuun mootummaan gahee hojiisaa sirnaan bahachuu akka danda'u taasisa.

Taaksiin gabaa tasgabbeessuufis ni gargaara. Sababni isaa, qaala'u jirenyaa (inflation) to'achuu keessatti akka tooftaa bu'a-qabeessa ta'e tokkootti kan gargaaru waan ta'eefi.⁴¹ Kunis, parsantii taaksii kallattii ol kaasuun baasiin dhuunfaa akka xiqlaaatu taasisuun dhiibbaan meeshaalee gabaa irraa akka gadi bu'u taasisuuni dha.

Taaksiin garaagarummaan qabeenyaa (wealth) sooreessa fi hiyyeessa gidduutti akka hin bal'anne taasisuuf akka meeshaatti gargaaru ni danda'a. Kunis, isa sooreessa irratti kaffaltii parsantii guddaa hiyyeessa caalchisanii murteessuun garaagarummaan isaanii garmalee akka hin bal'anne taasisuu ni danda'a waan ta'eefi.

³⁷ Olitti yaadannoo lak.19.

³⁸ Olitti yaadannoo lak.21.

³⁹ Vladimír Mokrý, University of Economics in Bratislava National Economy; Taxes, Taxation and the Tax System BIATEC, Vol. XIV, 12/2006, P17.

⁴⁰ Taxation Objectives: Top 6 Objectives of Taxation, <http://www.economicsdiscussion.net/government/taxation/taxation-objectives-top-6-objectives-of-taxation-discussed/17450/> <gaafa 12/3/2018 kan ilaalame>.

⁴¹ Akkuma 40ffaa.

Taaksiin gahee mootummaan sirna gabaa keessatti taphachuu danda'u tokko akka taphatu gochuufis ni gargaara. Kun kan ta'u, taaksiitti fayyadamuun fedhii fayyadamaan meeshaalee irratti qabu akka dabalu ykn akka hir'atu gochuuni dha. Fakkeenyaaf, meeshaalee summawoo fi fayyadamummaan isaanii akka hir'atu barbaadamu irratti taaksii muramu olkaasuun yeroo fayyadamaan filannoo biraatti akka gargaaramuuf yaalamu ni jira. Kana malees, mootummaan meeshaaleefi oomishtoota biyya keessaaf eegumsa addaa gochuuf jecha taaksii muramu akka meeshaatti yeroon fayyadamamu ni jira.

Akka aadaatti (traditionally) mootummaan hojiiwwan nageenya hawaasaa eegsisan hojjeta. Kana milkeessuufis hojiiwwan akka raayyaa ittisaa fi poolisii kan ijaaru yoo ta'u; hojichaafis fandii ni barbaada.⁴² Yeroo ammaa garuu, dhimmi kun biyyoota dhihaa biratti hojiiwwan mootummaan hojjetu keessaa hojii gar-tokkee fi isa xiqqaa dha. Kan mootummaan galii walitti qabuufis, hojiiwwan raayyaa ittisaa fi poolisii hundeessuuf ta'uu caalaa, akka mootummaatti dirqama irraa eegamu bahuufi baasiwwan hojii tajaajila hawaasummaaf hojjetaman ittiin haguuguufi dha. Yeroo si'anaatti, kaayyoon taaksiin sassaabamuufis kanaan walqabata.

Barbaachisummaa taaksii akka madda galiitti, yeroo tokko Barreessaan Ol'aanaa Dhaabbata Waldeeggarsaa fi Guddina Diinagdee (Organization for Economic Cooperation and Development-OECD), Angel Gurría, haala armaan gadiin ibseera:

*"Tax is at the heart of our societies. A well-functioning tax system is the foundation stone of the citizen-state relationship, establishing powerful links based on accountability and responsibility. It is also critical for inclusive growth and for sustainable development, providing governments with the resources to invest in infrastructure, education, health, and social protection systems."*⁴³

Akka ibsa kanaatti, hojiiwwan tajaajila hawaasaaf barbaachisoo ta'anii fi guddina waarawaa galmaan gahuufillee galiin taaksii irraa argamu murteessaa akka ta'e hubatama. Gama biraan, sirni taaksii galii bu'a qabeessi yoo jiraate galii biyya keessaa guddisuun (Domestic Resource Mobilization) akka danda'amuu fi biyyoota guddatan 20 (G20) dabalatee dhaabbatni waldeeggarsaa fi guddina diinagdee (OECD) deeggarsi biyyoota guddataa jiraniif ta'u gama

⁴² John Kay, Oxford Review of Economic Policy (2018), V01.2, No.2, P2

⁴³ OECD, OECD Work on Taxation (2018), P3.

gahumsaa fi ogummaa isaan ittiin taaksii sirriitti sassaabuu danda'an irratti hubannoo kenuun ta'uu akka qabu ibsama.⁴⁴

Akka waliigalaatti, kaayyoon taaksii galii maddisiisuu, garaagarummaa dinagdee dureessaafi hiyyeessa jidduutti mul'atu hiri'isuu, diinagdee tasgabbeessuu, oomishoota, meeshaaleefi tajaajilawwan bu'uura hin taaneefi miidhaa geessisuu dandaa'an hir'isuu, invastimantii jajjabeessuu, warshaalee fi oomishoota biyyaa keessaaf eegumsa gochuufi daldala al-ergii jajjabeessuu dha.

1.4. Akaakuu Taaksii

Haala taaksii akkasumas sababa kaffalamuuf irratti hundaa'uun taaksii qoqqooduun ni danda'ama. Haaluma kanaan, taaksiin garee gurguddoo lama: taaksii kallattii fi al-kallattii (direct and indirect taxes) tti qoodamu.⁴⁵

i. Taaksii Kallattii

Taaksiin kallattii (direct tax) taaksii qaama taaksii kaffalluuf dirqama qabuun mootummaaf kaffalamu dha.⁴⁶ Taaksii kallattii keessatti ba'aan taksicha kaffalu kallattiin kaffalaa gibiraa irratti kufa. Taaksiwwan kallattii akka biyya keenyaatti beekaman: taaksii galii (income tax), taaksii kiraa (rental tax), taaksii bu'aa daldaldaa (business profit tax), taaksii qabeenyaa (property tax) kkf fa'i.⁴⁷

ii. Taaksii Alkallattii

Taaksiin al-kallattii taaksii kaffalaan dirqama kaffaluu isaa/ ishee haala salphaan qaama biraatti dabarfachuu danda'uu dha.⁴⁸ Taaksii gosa akkasii keessatti namni yookiin dhaabbatni taksicha kaffalu qaama biraa irraa walitti qabuun mootummaaf kan kaffalu ta'uu isaati.⁴⁹ Taaksiwwan al-kallattii jedhaman taaksii dabalata qabeenyaa (Value Added Tax), taaksii eksaayizii (excise tax), taaksii tarn ovarii (turn over tax), taaksii qaraxa teembiraa fa'a dha.⁵⁰

⁴⁴ Akkuma 43^{ffaa}, F8.

⁴⁵ C.F Bastable, Public Finance Book III, F272.

⁴⁶ Explaining the Primary Purpose of Taxation Economics (2013), An Essay, Toora interneetii <https://www.ukessays.com/essays/economics/explaining-the-primary-purpose-of-taxation-economics-essay.php?vref=1> irratti kan argamu; gaafa 12/3/2018 kan ilaalamé>.

⁴⁷ Olitti yaadannoo lak1,F7.

⁴⁸ Yonas Girma and *et al*, A Review of Constitutional Principles Regarding Taxation: Ethiopian and Turkish Perspective (2017), p7.

⁴⁹ Akkuma48^{ffaa}.

⁵⁰ Olitti yaadannoo lak.1,F7.

1.5. Qoodinsa Aangoo Taaksii: Tiwoorii Federaalizimii Fiisikaalawaa

Akka qajeeltootti, sirna bulchiinsa federaalizimii keessatti qoqqoodinsi aangoo taaksii qoqqoodinsa hojii mootummaalee sadarkaan jiraniif kennname irratti hundaa'a.⁵¹ Kana jechuun garuu, qoqqoodinsi aangoo taaksii qoqqoodinsa hojiirraa maquu hin danda'u jechuu miti. Akka Anuwaar Shaa (Anwar Shah), hayyuu dinagdee Beekamaa Baankii Addunyaaa jedhutti qoqqoodinsi aangoo taaksii sirna federaalizimii keessatti mootummaalee sadarkaa adda addaa irra jiraniif taasifamu qajeeltoowwan waliigalaa afur jiddu galeessa godhata. Isaanis, si'aayummaa diinagdee (economic efficiency), marartoo biyyooleessa (national equity), bulfamuu danda'uu (administrative feasibility) fi fedhii maallaqaa (fiscal need/revenue adequacy). Tokko tokkoon haa ilaallu.

A) Si'aayummaa Diinagdee (Economic Efficiency): Qajeeltoon kun kan barbaadu, taaksiwwan kutaa biyyaa tokko irraa kutaa biyyaa biraatti salphaatti sosocho'anii (taxes on mobile factors) fi si'aayina dinagdee irratti dhiibbaa qabaatan mootummaa biyyooleessaaf (mootummaa federaalaaf) yoo kennaman gaarii dha kan jedhu dha.⁵² Sababni isaa, taaksiwwan akkasii mootummaalee naannoof kan kennaman yoo ta'e naannoon tokkichi ofumaaf fayyadamee naannoo olla isaa ta'e kan biraa (begga-thy-neighbor) miidhuu danda'a waan ta'eefi dha.⁵³ Addunyaa yeroo ammaa tokkichoome kana keessatti ammoo taaksiwwan akkasii osuma mootummaa biyyooleessaaf kennineeyyuu si'aayummaa dinagdee mirkaneessuun salphaa akka hin taane dagatamuu hin qabu.

B) Marartoo Biyyooleessa (National equity): Akka qajeeltoo kanaatti, taaksiwwan itti fufiinsaan qoodamaa adeeman (progressive redistributive taxes) mootummaa biyyooleessaaf kennuu feesisa. Kun kan barbaachiseef biyyattii keessatti qabeenyi jiru naannoo tokko qofa keessatti kuufamuun warreen galii ol'aanaa qaban ofitti qabee warreen galii gadi aanaa qaban ammoo ofirraa akka hin dhiibne waan yaadameefi.

C) Mijaa'ina Bulchiinsaa (Administrative feasibility): qajeeltoon kun tilmaamanis ta'e sassaabbiin akka waliigalaatti bulchiinsi taaksii haala salphaa ta'eefi baasii xiqqaan hoogganamuu kan danda'u ta'uu akka qabu agarsiisa. Fakkeenyaaf, taaksiwwan qabeenyaafi lafa irratti gataman aangoo mootummaalee naannoo yoo ta'an filatama ta'a.

⁵¹ Anwar Shah, Principles of Fiscal Federalism in the Practice of Fiscal Federalism: Comparative Perspective (A Global Dialogue on Federalism, Vol. IV), p20.

⁵² Akkuma 51^{ffaa}.

⁵³ Akkuma 52^{ffaa}.

Sababni isaa, mootummaan naannoo mootummaa biyyooleessa caalaa gatii gabaa qabeenyawwan akkasii tilmaamuu danda'a waan ta'eefi.

- D) **Fedhii galii (The fiscal need, or revenue adequacy):** ulaagaan kun itti gaafatamummaa mootummaa qixa sirriin mirkaneessuuf hanga danda'ametti galii (revenue means) fi baasiin (expenditure needs) walsimuu akka qabu kan agarsiisu dha.

Akka waliigalaatti, sirna federaalaa keessatti qoodinsi aangoo taaksii mootummaa federaalaafi naannolee jidduutti taasifamu of-eegganno guddaa barbaada. Sababni isaa, bilisummaafi itti gaafatamummaa qaama mootummaa gara gadii jiru (naannoleefi naannolee gaditti kan jiran) faayinaansiinis ta'e bulchiinsa siyaasaan mirkaneessuun barbaachisaa waan ta'eefi.⁵⁴ Gama biraatiin, qoodinsi aangoo taaksii ulaagaalee biroo irratti hundaa'uun qoodamuu akka danda'aman tiworiin federaalizimii fisikaalawaa ni hubachiisa. Haaluma kanaan, taaksiwwan diinagdee tasgabbeessuuf gargaaran, taaksiwwan daldalaafi investimentii biyya keessatti gaggeeffamu ilaallatan aangoo mootummaa federaalaa ta'uu akka qabu; taaksiwwan iddo jirenyaa irratti hundaa'an kan akka taaksii gurgurtaafi eksaayizii, taaksii qabeenyaa fa'a aangoo mootummaa naannolee ta'uu akka qabu; fi kaffaltiwwan tajaajilaa aangoo mootummaa jiddu-galeessaafi naannolee ta'uu akka qabu ni gorsa.

Gaaffilee Marii

1. Heerri Mootummaa RDFI hiikkaan Amariffaa kwt.96-100'tti jechoota 'taaksiifi gibira' jedhan mata-dureewwan (captions) keewwattoota kanneen jalatti yoo fayyadamu ni mul'ata. Labsiileen akka Naannoo Oromiyaatti jiran ammoo jechoota gibira, taaksii, kaffaltii, ashuraafi kkf yommuu fayyadaman ni mul'ata. Garaagarummaa gibira, taaksii, kaffaltii fi ashuraa jidduu jiru maal akka ta'e tokko tokkoon kaasuun irratti mari'adhaa.
2. Seerotni taaksii akka naannoofi biyya keenyaatti jiran qajeeltoowwan taaksii hangam jiddu-galeessa godhataniiru jettu? Seerota taaksii jiran keessaa tokko akka fakkeenyatta fudhachuun madaalaa.
3. Seeronni taaksii jiran kaayyoowwan taaksii armaan olitti tarreeffaman kanniin hangam galmaan gahu jettanii yaaddu. Fakkeenyaaaf, seera galii gibiraa

⁵⁴ Akkuma 53^{ffaa}.

garaagarummaa sooreessaafi hiyyeessa jidduu jiru dhiphisu irratti hangam gahumsa qaba jettanii yaaddu?

4. Seerota taaksii akka naannoo Oromiyaatti jiran kanneen taaksii kallattiifi alkallattii jalatti ramadamuu danda'an adda baasuun gurmeessaa!
5. Tumaaleen Heera Mootummaa RDFI qoqqoodama aangoofi hojiii (kwt.51 fi kwt.52) fi aangoo taaksii ilaallatan (kwt. 94 -100) hangam tiwoorii federaalizimii fisikaalawaa olitti tarreeffaman kanniin jiddu-galeessa godhataniiru jettu? Bal'inaan irratti mari'adha.

BOQONNAA LAMA

TAAKSII: HAGUUGGII HEERAAFI SEEROTAA

Seensa

Boqonnaan kun akka biyyaafi naannoo Oromiyaatti dhimmoota taaksii ilaachisee gama Heeraafi seerotaan uwvisin jiru maal akka ta'e kan agarsiisu yommuu ta'u, kutaalee lamatti caaseffamuun dhiyaateera. Kutaan inni duraa, aangoo taaksii ilaachisee haguuggiin Heeraa akka biyyaa (Heera Mootummaa RDFI) fi akka naannootti (Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa) jiru maal akka fakkaatu ibsa. Haaluma kanaan, Heera Mootummaa RDFI jalatti, dhimmoonni aangoo taaksii mootummaa federaalaa, aangoo taaksii mootummaalee naannoo, aangoo waliinii mootummaa federaalaafi naannolee maalfaa akka ta'aniifi kanneen ifatti adda ba'anii hin kennamiin (undesignated power of taxation) aangoo mootummaa kamii ta'u akka qabanii fi qajeeltoowwan ramaddii taaksii kutaa kana jalatti ibsamaniiru. Dabalataan, Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa jalatti aangoowwan taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaaf kennaman maalfaa akka ta'an kutaa kana jalatti ibsamaniiru.

Kutaan lammeffaa, seerotni taaksii akka mootummaa federaalaafi naannoleetti jiran maal faa akka ta'an kan ibsu dha. Haaluma kanaan, labsii Bulchiinsa Taaksii (Lab.Lak. 983/2008), labsii gibira galii Federaalaa (Lab. Lak.979/2008), Labsii Taaksii Dabalataa Qabeenyaa (Lab.Lak.285/1994) fi kan isa fooyyessan lak. 609/2008 fi lak. 1157/2011, labsii Taaksii Tarnovarii (Lab. Lak. 611/2001), labsii Taaksii Eksaayizii (Lak. Lak. 610/2001), labsii Qaraxa Teemberaa (Lab. Lak. 612/2001), labsii Gumurukaa Labsii Lak. 859/2006 Fooyyeessuuf Bahe (Lab. Lak. 1160/2011 ykn 1160/2019) seerota taaksii akka mootummaa federalaatti jiran akka ta'e ibsameera. Akkasumas, labsiwwan taaksii sadarkaa Oromiyaatti jiran kanneen akka Labsii Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Fooyyeessuuf bahe (Labsii Lak. 202/2009), Labsii Bulchiinsa Taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuf Bahe (Labsii Lakk 203/2009), Labsii Taaksii Tarnooverii (Lab. Lak. 75/1995), Labsii Taaksii Eksaayizii (Lab. Lak.76/1995), Labsii Qaraxa Teembiraa (Labsii Lak.77/1996), Labsii Kaffaltii Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa fi Gibira Galii Hojii Qonnaa Lak. 99/1997 Fooyyeessuuf Bahe (Lab. Lak. 131/1999) kutaa kana jalatti ibsamaniiru.

Kanaaf, xumura boqonnaa kanaatti, leenjifamtoonni:

- Heera Mootummaa RDFI jalatti, akkaataa aangoon taaksii mootummaa federaalaafi naannolee jidduutti qoodame itti jiru irratti hubannoo dabalataa ni qabaatu;
- Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa jalatti aangoowwan taaksii mootummaa naannoo Oromiyaaf kennaman maalfaa akka ta'an irratti hubannoo dabalataa ni qabaatu;
- Gosoota seerota taaksii mootummaa federaalaatiin ba'an maalfaa akka ta'an irratti hubannoo dabalataa ni qabaatu;
- Gosoota seerota taaksii mootummaa naannoo Oromiyaatiin ba'an maalfaa akka ta'an irratti hubannoo dabalataa ni argatu.

2.1. Taaksii: Haguuggii Heera Mootummaa RDFI

2.1.1. Qoodinsa Aangoo Taaksii

Qoodinsa aangoo taaksii ilaaluun dura, aangoon taaksii jechuun maal jechuu dha kan jedhu ilaaluun gaarii ta'a. Akka waliigalaatti, aangoon taaksii aangoo birmadummaa mootummaan walqabatu ta'ee ruqaalee gurguddoo sadii jechuunis, aangoon taaksii seeraan murteessuu, aangoon taaksii seeraan murtaa'e sassaabuufi taaksii bu'uura seeraatiin murtaa'ee sassaabametti fayyadamuu dha.⁵⁵ Aangoon seera baasuu taaksiin maaliif akka kaffalamu, maalirratti akka muramuu, attamitti akka shallagamu, taaksiin kaffalamu hangam ta'uu akka qabu (tax rate) fi yoom kaffalamuu akka qabu dhimmoota jedhan murteessuu ilaallata.⁵⁶ Aangoon taaksii sassaabuu aangoo bulchiinsaa yommuu ta'u, kaffalaa taaksii irraa taaksii walitti qabuu dha.⁵⁷ Aangoon itti fayyadamuu galii taaksii irraa argame dhimma barbaadamu tokkoof oolchuu ofumaaf murteeffachuu danda'uu ykn faayidaa galii taaksichaa irraa argametti fayyadamuu danda'uu agarsiisa.⁵⁸ Aangoon taaksii birmaddummaa mootummaa ykn biyyaa wajjiin walqabata kan jedhames kanumaafi. .

Gara qoodinsa aangoo taaksiitti yoo deebinu, amaloota bulchiinsa sirna federaalizimii keessaa tokko kan ta'e mootummaa federaalaa fi mootummaalee naannoo jidduutti qoqqoodaminsi aangoo fi gahee hojii Heeraan adda bahee ibsame jiraachuu dha. Yaadni isaa, mootummaan inni tokko gahee fi hojii mootummaa isa bira keessa osoo hin galii akkaataa Heeraan kennameefitti qofa hojiisaa hojjechuu qaba kan jedhu dha. Sirni federaalizimii

⁵⁵ Aangoon taaksii jechuun maal jechuu akka ta'e beekuuf, Moojulii Leenjii Hojiin Duraa Wiirtuu Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa Federaalaatiin mata-duree *Seerota Taaksii fi Heera Mootummaa* jedhu irratti qophaa'e FF13-15 ilaaluun ni danda'ama.

⁵⁶ Akkuma 55^{faa}, F14

⁵⁷ Akkuma 56^{faa}

⁵⁸ Akkuma 57f^{faa}

Itoophiyaas kana irraa adda akka hin taane tumaalee Heera Mootummaa RDFI kwt.51 fi 52 irraa hubachuun ni danda'ama. Haaluma kanaan, mootummaan federaalaa aangoo fi gahee hojii kwt.51 jalatti tarreeffaman qaba; mootummaaleen naannoos kanneen kwt.52 jalatti tarreeffaman qabu.

Aangoofi gahee hojii haala kanaan heeraan qoodamee kennname akkaataa barbaadamuun milkeessuuf ammoo faayinaansii (baajata) qabaachuun barbaachisaa dha. Heerri Mootummaa RDFIs amala sirna federaalaa hordofamaa jiru jiddu-galeessa godhachuun mootummaan federaalaa fi naannolee galii ni qooddatu jechuun ifatti kan tume kanuma jiddu-galeessa godhatee akka ta'e tilmaamuun ni danda'ama.⁵⁹ Maddawan galii keessaa ammoo gibirrii fi taaksiin adda durummaan kan ibsaman yommuu ta'u, aango gibira muruu fi sassaabuu ilaachisees Heerichi uwvisa kennee jira. Akka waliigalaatti, Heerri Mootummaa RDFI gibira muruufi sassaabuuf ka'umsa kan godhate garee kaffaltoota gibiraa (categories of tax payers) ykn madda taaksii (tax source) dha. Kun walirra bu'insa aango taaksii mootummaa federaalaa fi naannoleen uumamuu malu hambisuu keessatti gahee guddaa qaba.⁶⁰ Aango gibira muruu fi sassaabuu Heerichaan taa'ee jiru gareewan afuritti kurfeessuun ilaaluun ni danda'ama. Isaanis,aango taaksii mootummaa federaalaa, aango taaksii mootummaalee naanno, aango taaksii waliinii mootummaa federaalaa fi naannolee, fi aango taaksii ifatti adda ba'ee hin kennaminidha. Tokko tokkoon haa ilaallu.

2.1.1.1 Aango Taaksii Mootummaa Federaalaa

Mootummaan federaalaa dhimmoota maalfaa irratti dhuunfaadhaan gibiraafi taaksii muruu fi sassaabuu akka danda'u Heera Mootummaa RDFI kwt. 96 (1-9) jalatti tarreeffamanii jiru.⁶¹ Haa ta'u malee, tarreeffamota kwt.96 jalatti ibsaman keessaa kanneen gibiraafi taaksiin wal hin qabanne akka jiran hubachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaaf, kaffaltii tajaajila kenninsa hayyamaa (license) mootummaan federaalaa kenu murteessuufi sassaabuun (kwt.96 (7)) bu'uuraan taaksii hin ilaallatu.

⁵⁹ Heera Mootummaa RDFI, kwt.95

⁶⁰ Solomon Negussie,Fiscal Federalism in Ethiopian Ethnic-based Federal System(2008), F130

⁶¹ Haa ta'u malee, dhimmoota kwt.96 jalatti ibsaman keessaa kanneen gibiraafi taaksiin wal hin qabanne akka jiran hubachuun gaarii ta'a. Fakkeenyaaaf, kaffaltii tajaajila kenninsa hayyamaa (license) mootummaan federaalaa kenu murteessuufi sassaabuun (kwt.96 (7)) bu'uuraan taaksiin kan walqabatu miti. Wanta adda taasisu keessaa tokko, fakkeenyaaaf, yaadrimeen *quid pro qua* kan walqabatu kaffaltii tajaajilaadhaani malee taaksii waliin miti.

A) Taaksiwwan Meeshaalee Biyya Keessatti Galchuu fi Alatti Erguun Walqabatan (kwt.96 (1))

Dhimmoota akkasii ilaachisee taaksii muruufi sassaabuuf qaamni aangoo qabu mootummaa federaalaa dha. Kunis, sababoota adda addaa kanneen akka hanga taarifaa ol kaasuun ykn gadi buusuun dirqama addunyaaleessa ba'uuf haala mijataa uumuu fi meeshaalee gara biyya keessaa akka hin seenne dhorkaman haala bu'a qabeessa ta'een ittisuu faa waliin walqabata.⁶² Haa ta'u malee, kanaan walqabatee waanti akka gaaffiitti ka'uu danda'u dhimmoonni alatti ergaman muraasaa fi naannolee muraasa qofa keessatti kan argaman waan ta'eef, aangoo kana mootummaa federaalaa qofaaf dhiisuun hangam haqa-qabeessa ta'a? kan jedhu dha. Fakkeenyaaaf, akka Itoophiyaatti yoo fudhanne meeshaaleen alatti ergaman buna, gogaa fi kallee fi meeshaalee dheedhii biroo yoo ta'an, kanneen keessaa bunni iddo guddaa qaba. Haa ta'u malee, argamni isaa naannolee muraasa qofa keessatti dha. Biyyootni tokko tokko, fakkeenyaaaf, Naajeriyaan foormulaa galii addatti naanno oomishichi itti oomishameef qoodan qabu.⁶³

B) Taaksiwwan Galiwwan Adda Addaa Irraa Argamaniin Walqabatan

Bu'uuraan mootummaan federaalaas ta'e mootummaaleen naanno galiirratti gibira muruus ta'e sassaabuu ni danda'u. Adda addummaan mul'atu madda galii (types of income) argamu irratti dha. Haaluma kanaan,

Galiwwan Dhuunfaan Qacaramuu Irraa Argaman (Personal Income Tax from Employment): Mootummaa federaalaa keessatti, dhaabbilee mootummaa (public enterprise) keessatti fi dhaabbilee idila addunya keessatti argaman irratti mootummaan federaala aangoo taaksii muruu fi sassaabuu ni qaba.⁶⁴ Aangoon kun teessoo ykn bakka dhaabbileen kunniin itti argaman irratti kan hundaa'e miti. Kana jechuun, dhaabbileen kunniin magaalaa Finfinnee (teessoo magaalaa mootummaa federaala) keessatti ykn mootummaa naannolee keessatti yoo argaman aangoon taaksii kan qabu mootummaa federaala dha jechuu dha.

Galiwwanii fi Bu'aa Dhaabbilee Federaalaa Irraa Argaman: Kun galiwwan dhaabbilee humna qilleensaa, daandii baaburaa, lootorii biyyoolessaa fi qabeenyaa kireessuu irraa argaman irratti gibira muruufi sassaabuun walqabata.⁶⁵ Monoppoolota irrattis akkasuma.⁶⁶

⁶²Olitti yaadannoo lak.60, F130

⁶³Akkuma 62^{ffaa},F137.

⁶⁴ Heera Mootummaa RDFI, Kwt.96 (2)

⁶⁵ Heera Mootummaa RDFI, Kwt.96(3,4,5,

⁶⁶ Heera Mootummaa RDFI, Kwt.96 (8).

Gurgurtaa fi Tajaajila Dhaabbilee Mootummaa Federaalaan Taasifaman: Taaksiwwan gurgurtaa, eksaayizii, oomishaa fi tajaajiloota dhaabbilee abbaan qabeenyummaa isaanii mootummaa federaala ta'an irratti taaksiwwan gurgurtaa fi tajaajilaa muruu fi sassaabuuf mootummaan federaala aangoo qaba.⁶⁷

Kaffaltiiwanii fi Baasii Tajaajilaa (Fees and Charges): Tajaajilawwan dhaabbilee mootummaa federaan kennaman ilaalchisee hanga kaffaltii hayyama hojii fi kaffaltii tajaajilaa kan murteessuu fi sassaabu mootummaa federaala dha.⁶⁸ Aangoon kun qaraxa teemberaas ni dabalata.⁶⁹

2.1.1.2. Aangoo Taaksi Mootummaa Naannolee

Mootummaaleen naanno dhimmoota maalfaa irratti dhuunfaadhaan taaksi muruu fi sassaabuu akka danda'an Heera Mootummaa RDFI kwt.97 (1-10) jalatti tarreffamanii jiru.

A) Galiwwan dhuunfaan qacaramuun argaman

Galii waajjiraalee mootummaa naannichaa keessattii fi dhaabbilee dhuunfaa (private enterprises) keessatti qacaramuun argatan irratti gibira muruu fi sassaabuuf kan aangeffame mootummaalee naanno dha.⁷⁰ Kanaan walqabatee qaawwi mul'achuu danda'u yeroo dhaabbileen dhuunfaa (private enterprises) mootummaalee naanno adda addaa keessa socho'uun hojjetan bulchiinsi taaksi attam ta'uu danda'a? kan jedhu dha. Qabatamaan, mootummaalee naanno jiddutti qindoominni bulchiinsa taaksi cimaa ta'e yoo hin jiraanne, galii kaffalaa gibraa isa sirrii ta'e beekuuf hin danda'amu. Galii kaffalaa gibraa sirriitti hin beekamu yoo ta'e ammoo hanga taaksi sirrii ta'e mootummaaf sassaabuun waan hin danda'amneef rakkoo ta'uun isaa beekamaa dha.

B) Galiwwan hojii qonnaa irraa argaman

Qonnaan bultooni dhuunfaanis ta'e waldaan gurmaa'uun hojii qonnaatti bobba'uun (farmers incorporated in cooperative association) galiwwan argatan irratti gibira muruu fi sassaabuuf kan aangeffame mootummaalee naanno dha.⁷¹

C) Galiwwanii fi bu'aa daldaloota dhuunfaa irraa argaman

Galii fi bu'aan dhaabbilee daldala dhuunfaa daangaa mootummaa naanno Oromiyaa keessa socho'an irratti qaamni gibira muruu fi sassaabuuf aangeffame mootummaa naanno dha.⁷²

⁶⁷ Heera Mootummaa RDFI,Kwt.96(3)

⁶⁸ Heera Mootummaa RDFI, Kwt.96 (7 fi 9).

⁶⁹ Heera Mootummaa RDFI, Kwt.96 (9).

⁷⁰ Heera Mootummaa RDFI,Kwt.97(1)

⁷¹ Heera Mootummaa RDFI,kwt.97(3).

D) Qabeenyaa uumamaan walqabatee

Kun taaksiwwan itti fayyadama lafaa (land usufructuary), geejjiba bisaanirraa daangaa mootummaa naannoo Oromiyaa keessatti argamuu fi itti fayyadama qabeenyaa bosonaa irratti aangoo gibira muruu fi sassaabuu kan ilaallatu yommuu ta'u, aangoon isaas kan mootummaa naannoleeti.⁷³

Kan biraan, galii hojiwwan albuuda baasuu xixiqqa (small-scale mining), rooyaalitiwwanii fi gatii kira lafaa sanaan walqabatanii jiraniin walqabate taaksii muruu fi sassaabuuf aangoo kan qabu mootummaa naannolee dha.⁷⁴ Qabatamaan, rakkoon kanaan walqabatee mul'atu mootummaaleen naannoo gahumsaan bulchuu dadhabuu dha.⁷⁵

E) Gurgurtaa fi Tajaajila Dhaabbilee Mootummaa naannoona Taasifaman

Taaksiwwan gurgurtaa, oomishaa fi tajaajilota dhaabbilee abbaan qabeenyummaa isaanii mootummaa naannoo ta'e irratti taaksiwwan gurgurtaa fi tajaajilaa muruu fi sassaabuuf mootummaa aangoo kan qabu mootummaalee naannoo dha.⁷⁶

F) Manneen dhuunfaa fi qabeenyaa biroo mootummaalee naannoo keessatti argamaniin walqabatan⁷⁷

Kun kira manneenii fi galiiwwan qabeenyaa mootummaa irraa bifaa biroon argaman hundaa irratti aangoo taaksii muruu fi sassaabuun kan walqabatu dha.

G) Kaffaltiwwanii fi Baasii Tajaajilaa (Fees and Charges)

Tajaajilawwan dhaabbilee mootummaa naannoleen kennaman ilaachisee hanga kaffaltii hayyama hojii fi kaffaltii tajaajilaa murteessuu fi sassaabuuf aangoo kan qabu mootummaalee naannoo dha.⁷⁸

2.1.1.3. Aangoo Waliinii Mootummaa Federaalaafii fi Naannolee

Dhimma taaksii ilaachisee mootummaan federaalaafi naannolee aangoon isaan waliin qaban maal akka ta'e Heera Mootummaa RDFI kwt. 98 jalatti ibsameera. Hubannoof akka tolutti, guutummaan keewwatichaa akka itti aanutti dhiyaateera:

1. Profit, sales, excise and personal taxes on enterprises they jointly establish

⁷² Heera Mootummaa RDFI,kwt.97(,5

⁷³ Heera Mootummaa RDFI,kwt.97(2,5 fi10)

⁷⁴ Heera Mootummaa RDFI, kwt. 97(8)

⁷⁵ Olitti yaadannoo lak 62^{ffaa}, F137.

⁷⁶ Heera Mootummaa RDFI, Kwt.97 (7).

⁷⁷ Heera Mootummaa RDFI, Kwt. 97(6)

⁷⁸ Heera Mootummaa RDFI, kwt.97 (9).

2. *Taxes on the profits of companies and on dividends to shareholders*
3. *Taxes on incomes derived from large-scale mining and all petroleum and gas operations, and royalties on such operations*

Yaadrimeen aangoo waliinii mootummaa federaalaa fi naannolee jedhu kan agarsiisu mootummaaleen sadarkaa lamaanirayyuu jiran dhimmicha irratti aangoo seera baasuu, seera raawwachiisuu fi seera hiikuu qabu jechuu dha. Muuxannoon akka waliigalaatti dhimma kana irratti jiru garuu adda addummaa qaba. Fakkeenyaaaf, Amerikaatti, mootummaan federaalaas ta'e naannoolee bilisa ta'uun seericha baasuu kan danda'an yoo ta'u, Jarmanitti, ammoo mootummaaleen naannoo (Lander) seera kan baasan, mootummaan federaalaas dhimmicha irratti seera yoo hin baafne qofa.⁷⁹ Gara Itoophiyaatti yoo dhufnu, qabiyyeen aangoo waliinummaa (concurrency) kwt. 98 jalatti ibsamee jiru akka maqaa kennameef kana miti. Akka muuxannoo Amerikaatti ykn Jarmanitti kan hubatamus miti. Sababni isaa, dhimmoota kwt.98 jalatti tarreffaman hunda irratti qaamni taaksii muruu fi sassaabu mootummaa federaala qofa; gaheen mootummaalee naannoo taaksii walitti qabame kana mootummaa federaalaa waliin quoddachuu akka ta'e Manni Maree Federeeshiniifi Manni Maree Bakka Bu'oota Uummataa murteessee ture.⁸⁰

A) Dhaabbilee misoomaa mootummaa federaalaa fi naannoleen hundaa'an irratti

Dhaabbilee misoomaa mootummaan federaala fi naannolee waliin hundeessuun daldalan irraa bu'aa argamu irratti, galii dhaabbilee kanniinitti qacaramuun argamu irratti, gurgurtaa oomishaalee irratti taaksii muruu fi sassaabuuf mootummaaleen sadarkaa lamaanu irra jiran aangeffamaniiru.⁸¹

B) Dhaabbilee daldalaa irraa argamu

Dhaabbata daldalaa dhuunfaa(sole proprietorship) irraan kan hafe galii dhaabbilee daldalaa biroo fi bu'aa isaan irraa argamu hunda irratti-Waldaa Aksiyoonaa(Share Company), Waldaa Aksiyoonaa Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'e (Private Limited Company), fi Dhaabbata Michummaa Daldalaa (Partnership) taaksii muruu fi sassaabuuf mootummaan federaala fi mootummaaleen naannoo aangoo waliin qabu.⁸²

⁷⁹ Olitti yaadannoo lak.62^{ffaa}, F140.

⁸⁰ Akkuma 79^{ffaa}, F141.

⁸¹ Heera Mootummaa RDFI, Kwt.98(1).

⁸² Heera Mootummaa RDFI, Kwt.98(2)

C) Hojii albuuda baasuu (Large-scale mining)

Albuuda adda addaa, peetirooliyeemii fi gaasii baasuu irraa galiiwwan argaman irratti taaksii fi rooyaalitiwwan biroo muruu fi sassaabuuf mootummaan federaalaa fi mootummaaleen naannoo aangoo waliinii qabu.

2.1.1.4. Taaksii Adda Bahee Qaama Tokko Qofaaf ykn Qaamolee Lamaaniif Hin kennamiin (Undesignated Power of Taxation)

Sirna federaalizimii keessatti, aangoon addatti mootummaa federaalaaf ykn mootummaalee naannoof ykn qaamolee lamaaniif walitti hin kennamiin kan mootummaa federaalaa ykn kan mootummaa naannoo akka ta'e beekamaa dha. Heera Mootummaa RDFI keessattis aangoon haftee kun mootummaalee naannoof kan kennname ta'uu Heericha kwt.52 (2) jalatti tumameera. Taaksii ilaachisee garuu, qoqqoodinsi taasifamee jiru adeemsa walfakkaataa kan hordofe miti.⁸³ Taaksiwwan gosa akkasii aangoo mootummaa sadarkaa kamii akka ta'e walgahii waliin Manni Maree Federeeshinii fi Manni Maree Bakka Bu'oota Uummataa sagalee 2/3^{ffaa} tiin murtaa'a.⁸⁴

Fakkeenyaaaf, taaksiin kennaa (gift tax) fi taaksiin dhaalaa (inheritance tax) sadarkaa mootummaa kamiin muramee akka sassaabamu adda hin baane. Akkasumas, taaksiin eksaayizii dhaabbilee dhuunfaa irratti muramuu fi irraa sassaabamu (Excise taxes on private enterprises), rooyaalitiwwaan mirga abbaa qabeenyummaa hojii fi kalaqawwan sammuin walqabatan (income taxes on royalties from the exercise of copyrights and patents), taaksii dhala baankiitti qosachuu irratti(taxes on interest from bank deposit) irratti taasifaman aangoo eenyuu akka ta'an adda ba'anii hin ibsamne.⁸⁵ Mootummaan dhimmoota kanneen irratti taaksii muruu yoo barbaade, sadarkaa mootummaa kamii akka ta'e kan murtaa'u walgahii waliinii Mana Maree Federeeshinii fi Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataan ta'ee sagalee 2/3ffaan yoo raggaasisanidha.

2.1.2. Qajeeltoowwan Ramaddii Taaksiifi Gibiraa (Directives on Taxation)

Barreessittonni tokko tokko maqeefamni mata-duree kwt. 100 yaadrimee tumaalee keewwatichaa waliin hin deemu jedhan ni jiru. Fakkeenyaaaf, Dr. Taaddasaa Leencoo barruu *The Ethiopian Tax System: Excesses and Gaps, Michigan State International Law Review* (2012) jedhu keessatti qajeeltoo maddawan taaksiif amanamaa ta'uu (the principle of

⁸³ Olitti yaadannoo lak. 35, F332

⁸⁴ Heera Mootummaa RDFI, Kwt.99

⁸⁵ Olitti yaadannoo lak.35, F334.

fidelity to sources of tax) jechuun ibseera.⁸⁶ Maddawwan taaksii kan jedhaman ammoo aangoo taaksii mootummaa federaalaa, aangoo taaksii mootummaalee naannoo, aangoo taaksii waliinii mootummaa federaalaafi naannolee jedhamuun keewwattoota Heera Mootummaa RDFI 96-98 jidduutti tumamani dha. Maddawwan taaksii yeroo jedhaman ammoo ifatti adda ba'uun keewwattoota kanneen jidduutti warreen tumaman ykn ammoo warreen ifatti adda ba'an waliin hidhata kan qaban ta'uu danda'u. Tumaan Heera Mootummaa RDFI kwt.100 (1) yaaduma kana of keessaa qaba.

Taaksiwwan hidhata qaban warreen federaalaaf ykn naannoleef ykn mootummaalee lamaniif adda ba'uun ifatti hin kennamne garuu ammoo warreen ifatti kennname waliin hidhata qabani dha.⁸⁷ Fakkeenyaaaf, mootummaan federaalaa hojjettoota manneen hojii federaalaa keessa hojjetan irratti gibira galii qacarrii irraa argamu (employment income) muruuf heeraan aangeffamee jira; garuu, taaksii peerolii (payroll tax) muruu danda'uuf dhiisuu ilaachisee Heerri waan jedhe hin qabu.⁸⁸ Akkasumas, dhimmoota algalchii fi/ykn alergii ilaachisee aangoo taaksii kan qabu mootummaa federaalaa dha.⁸⁹ Garuu, suur taaksiin gosa taaksii algalchii (import) kanaan walqabatu aangoo eenyuu akka ta'e Heerri Mootummaa RDFI calliseera.⁹⁰ Qabatamaan garuu, sababa aangoo dhuunfaa mootummaa federaalaa waliin hidhata qabuuf mootummaan federaalaa aangicha hojiirra oolchaa jira⁹¹.

Mootummaaleen naannoos taaksii mana qopheessaa (municipal taxes) kaffalchiisaa jiru.⁹² Haa ta'u malee, taaksii mana qopheessaa muruufi kaffalchiisuun aangoo sadarkaa mootummaa kamiiti kan jedhu ifatti hin keenye.⁹³ Kanaaf, taksiwwan ifatti adda ba'anii hin kennamne garuu ammoo taaksiwwan adda ba'anii kennaman waliin hidhata kan qaban taaksiwwan hidhata qaban (related taxes) jedhamu. Taaksiwwan kunniin akka gosa taaksii adda ba'ee hin kennamiiniti (undesignated taxes) ilaalamuun murtii waliinii Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataafi Mana Maree Federeeshinii kan barbaadu osoo hin ta'iin akkuma taaksii adda ba'eetti ilaalamuun kan danda'u dha.⁹⁴ Mootummaaleen sadarkaan jiran ykn kaffaltoonni taaksii taaksiwwaan akkasii irratti falmii kan kaasan yoo ta'e garuu murtii waliin Manneen Maree lamaanii kan barbaadu ta'a.

⁸⁶ Fakkeenyaaaf, Dr Taaddasaa Leencoo baruu *The Ethiopian Tax System: Excesses and Gaps*, Michigan State International Law Review (2012) jedhu keessatti the principle of fidelity to sources of tax jedheera.

⁸⁷ Olitti yaadannoo lak.35, F.341.

⁸⁸ Akkuma 87^{ffaa}.

⁸⁹ Akkuma 88^{ffaa}.

⁹⁰ Akkuma 89^{ffaa}.

⁹¹ Akkuma 90^{ffaa}.

⁹² Akkuma 91^{ffaa}, F.342

⁹³ Akkuma 92^{ffaa}.

⁹⁴ Akkuma 93^{ffaa}.

Qajeeltoon biraa Heera Mootummaa RDFI kwt.100 jalatti tumame qajeeltoo walkabajuu mootummaa federaalaafi mootummaalee naannoo (the principle of “intergovernmental immunity”) dha. Kun kan hubatamu, mootummaaleen sadarkaa lachuu irra jiran yommuu taaksii muranitti aangoo waliinii keessa galuu akka hin qabnee fi hariroo jidduu isaanii jiru akkaataa miidhuu hin dandeenyen ta’uu qaba jechuun Heerichi tumuu isaatiini dha.⁹⁵ Gostiifi hangi taaksii sassaabamus baasii hojji isaaniif barbaachisu uwvisuu kan danda’uu fi tajaajila barbaachisu kennuuf kan dandeessisu ta’uuti irra jiraata.⁹⁶ Akkasumas, mootummaaleen naannoos ta’an mootummaan federaalaa dhaabbata daldalaa bu’aaf hundaa’e yoo ta’e malee qabeenya walii irratti taaksii hin muran;hin sassaabanis.⁹⁷

Gaaffilee marii

1. Bara 2011tti, Inistiitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaafi Qo’annoo Seeraa Oromiyaafi Akkaadaamiin Hooggansaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa waliin ta’uun mata-duree “***Challenges of Taxation Power in Oromia National Regional State: Analysis of Constitution, Law and Practice***” jedhu irratti qorannoo gaggessee ture. Aangoo taaksii Heera Mootummaa RDFI jalatti taasifame ilaachisee kanneen araan gadii argannoowwan gurguddoo qorannichaati.
 - a) Aangoon galiiwwan lootorii biyyolessaafi taphawwan carraa injifachuun argaman (winnings of national lotteries and other games of chance) irratti taaksii muruufi sassaabuu kan mootummaa federaalaati. Akkasumas, taaksiwwan qabeenya irratti muraman abbaa qabeenyummaa jiddu-galeessa godhachuun aangoo federaalaa ykn mootummaa naannoo ta’uu danda’u. Muuxannoowwan biyyoota tokko tokkoo ka’umsa godhachuun aangoon taaksiwwan kanneen irratti muramu kan mootummaa naannolee ta’uu qaba. Kanaafis Heerri Mootummaa RDFI fooyya’uu qaba. Argannoo qorannoo kanaan waliigaltuu? Maaliif? Qajeeltoowwan taaksii boqonnaa 1ffaa jalatti ilaalle waliin walbira qabuun marii taasisaa.
 - b) Dhaabbilee daldalaa ilaachisee dhaabbata daldalaa dhuunfaa (sole proprietorship) irraan kan hafe galii dhaabbilee daldalaa biroofi bu’aa isaan irraa argamu hunda irratti-Waldaa Aksiyoonaa (Share Company), Waldaa Aksiyoonaa Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa’e (Private Limited Company) fi Dhaabbata Michummaa Daldalaa (Partnership) taaksii muruufi sassaabuuf mootummaan federaalaafi mootummaaleen naannoo aangoo waliin qabu. Kun ammoo goodinsi

⁹⁵ Heera Mootummaa RDFI, Kwt.100 (2).

⁹⁶ Heera Mootummaa RDFI, Kwt.100 (2).

⁹⁷ Heera Mootummaa RDFI, Kwt.100 (3).

aangoo taaksii mootummaa federaalaafi naannolee jidduutti kan taasifame gosa dhaabbata daldalaa irratti kan hundaa'e ta'uu agarsiisa. Akka yaaddama federaalizimii fiisikaalaatti, qoodinsi aangoo taaksii dhaabbilee daldalaa kanneen ilaachisuun taasifamu iddo baayyeetti socho'uun hojjechuu danda'uu (mobility factor) jiddugaleessa godhachuun kan federaalaa yoo ta'e gaarii dha jedhama. Haaluma kanaan, dhaabbilee daldalaa mootummaa naannoon tokko keessatti hojjetan aangoo mootummaa naannichaa gochu; kanneen mootummaa naannoo tokkoo ol keessatti hojjetan ammoo aangoo mootummaa federaalaa akka ta'utti Heera Mootummaa RDFI fooyyeessuun barbaachisaa dha kan jedhu argannoofi yaada furmaataa qorannichi akeeke dha. Yaada furmaataa qorannoon kun akeeke attamitti ilaaltu?

- c) Gahee hojii ilaachisee aangoon ifatti adda ba'ee sadarkaa mootummaa tokkoof hin kennamne (residual power) kan mootummaa naannolee ta'uu Heera Mootummaa RDFI kwt 52 irraa ni hubatama. Aangoon taaksii adda ba'ee sadarkaa mootummaa tokkoof hin kennamne garuu, murtoo waliinii Manneen Maree lamaaniitiin (Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataafi Mana Maree Federeeshinii) mootummaa federalaaf yookiin naannooleetiif yookiin lamanifi kennama. Kun ammoo mootummaan naannolee faayinaansiin akka of hin dandeenye gochuun mootummaa federaalaatti akka hirkatan taasisuu waan danda'uuf akkuma gahee hojii mootummaa aangoon taaksii adda ba'ee ifatti hin kennamiin kan mootummaa naannolee akka ta'utti Heera Mootummaa RDFI fooyyeessuun barbaachisaa dha yaadni furmaataa jedhu dhiyaateera. Isin, yaada furmaataa qorannichi akeeke kana attamittiin ilaaltu? Heerri Mootummaa RDFI haala kanaan yoo fooyyaa'e dhuguma dandeettii faayinaansii naannolee ni cimsaa? Attamitti?

Gama biraatiin, Heerri Mootummaa RDFI kwt. 41 (3) lammuin Itoophiyaa kamiyyuu tajaajiloota hawaasummaa maallqa mootummaatiin gaggeeffamanitti walqixxummaan fayyadamuuf mirga qabu jechuun dirqama mootummaa federaalaa irratti gateera. Tajaajiloota hawaasummaa lammii hundaaf walqixa dhaqqabamaa taasisuun maallaqa guddaa barbaaduu danda'a. Waan ta'eefuu, taaksiwwan adda ba'anii sadarkaa mootummaa tokkoof hin kennamiin (residual taxes) ilaachisee Heerichi akkaataa kanaan saxaxamuun isaa galii mootummaa federaalaa cimsuuf kan gargaaru waan ta'eef rakkoo hin qabu yaadni jedhu ni jira. Achii as dhufa (haala uumama) sirna federaalizimii Itoophiyaa waliin walbira qabuun dhama qabeessummaa yaada kanaafi yaada furmaataa qorannichaan akekame madaalaa!.

2. Taaksiwwan adda ba'anii hin kennamnee (undesignated taxes) fi taaksiwwan adda ba'anii kennaman waliin hidhata qaban (related taxes) haala kamiin adda baasuun danda'amaa? Qaamni mootummaa tokko taaksii maqaadhan adda ba'ee ifatti hin kennamne taaksii hidhata qabu dha jechuun aangoo taaksii hojiirra yoo oolcheef qaamni mootummaa biraam ammoo taaksii adda ba'ee hin kennamne waan ta'eef kana gochuun hin dandeessu jechuun mormii yoo kaase furmaanni malu maali jettuu?
3. Aangoo taaksii jechuun maal jechuu dha? Qaamolee mootummaa sadan (qaama seera baastuu, qaama seera raawwachiiiftuufi qaama seera hiiktuu) keessaa aangoo taaksii bal'aa kan qabu eenu? Maaliif?
4. Qoodinsa aangoo taaksii Heera Mootummaa RDFI'tiin taasifameen, galiiwwan dhuunfaa dhaabbilee mootummaa federaalaa fi dhaabbilee idila addunyaa keessatti qacaramuu irraa argaman (Personal Income Tax from Employment) irratti aangoo taaksii muruufi sassaabuu kan qabu mootummaa federaalaa dha. Aangichi kan kennname teessoo ykn bakka dhaabbileen kunniin itti argaman jiddu-galeessa godhatee miti. Kana jechuun, dhaabbileen kunniin magaalaa Finfinnee (teessoo magaalaa mootummaa federaalaa) keessatti ykn magaalaa Finfinneen alatti mootummaalee naannoo keessatti kan argaman yoo ta'es aangichi kan mootummaa federaalaa dha jechuu dha. Haa ta'u malee, teessoon dhaabbilee kanneenii naannolee keessa yoo ta'e, tajaajilawwan adda addaa kanneen akka ibsaa, daandiifi bishaan kan argatan baasii mootummaa naannoleeni dha. Akkas taanaan, aangoo taaksii galii qacarrii dhuunfaa irraa argamu guutummaatti kan mootummaa federaalaa taasisuun hangam sirrii dha jettu? Mari'adhaa!
5. **Dhimma 1^{ffa}**: Dhimmi kun kan dhiyaate MMWO Dhaddhacha Bahaa Gal. Lak.265456 ta'e irratti walfalmitoota Abbaa Taayitaa Galiiwwan Bulchiinsa Magaalaa Ciroo fi Itiyoo-teeleekoom Distiriiktii Bahaa, Damee Ciroo jidduutti taasifamaa ture dha. Ijoon falmichaa gibira itti fayyadama lafaa yoo ta'u, himataan labsii gibira galii mootummaa naannoo Oromiyaa lak. 74/95 kwt. 75 fi kwt.88 caqasuudhaan himatamaan poolii (utubaa) fi keebiliif bara 2002- 2009 jiru itti fayyadame gibira lafaa osoo hin kaffaliin hafe dhalaafi adabbii waliin **qarshii 4,432,176** akka kaffaluuf himanna dhiyaate dha. Himatamaan gama isaatiin mormii sadarkaa duraa dhiyeesseen, *himatamaan dhaabbata bu'aadhaaf dhaabbate waan hin taaneef gibira itti fayyadama lafaa akka daldalaatti gaafatamuuf dirqama hin qabu; kaayyoon bu'uuraa himatamaas bu'aa osoo hin taane tajaajila hawaasummaa cimsuufi dha; Heerri Mootummaa RDFI kwt.100 (3)'s gibiraafi qaraxa irraa bilisa jechuun tumeera jechuun falmeera.*

Manni murtii mormii sadarkaa duraa ka'e ilaachisee xiinxala taasiseen *seerummaan gaafatame gibira itti fayyadama lafaa waan ta'eef, akka daldalaatti ilaalamuu hin qabu jechuun jechuun sirrii miti bu'uura seera daldalaatiin fudhatama hin qabu; himatamaan dhaabbata misooma federaalaa bu'aadhaaf hojjetu dha; Heera Mootummaa RDFI kwt.97 (2) jalatti mootummaan naannoo gibira itti fayyadama lafaa irratti akka sassaabu tumameera; kwt.100 (3) dhaabbata mootummaa federaalaa bu'aadhaaf hin dhaabbanne kan ilaallatu dha; himatamaan ammaa ammoo bu'aadhaaf kan hojjetu waan ta'eef gibira itti fayyadama lafaa kaffaluu qaba jechuudhaan mormii ka'e kufaa gochuun bitaafi mirga erga falmisiisee booda, himatamaan gibira itti fayyadama lafaa adabbi waliin **qar. 2, 586, 002** akka kaffalu murteesseera.*

- a) Dhaabbileen misooma mootummaa hojii daldala irratti bobba'an taaksii kaffaluuf dirqama ni qabuu? Falmii himatamaan gama kanaan madaala!
- b) Mormii sadarkaa duraa himatamaan kaase qixa qajeeltoo walkabajuu mootummaa federaalaafi mootummaalee naannoo (the principle of “intergovernmental immunity”) waliin attamitti ilaalam? Jalmurtii Manni Murtichaa keenne madaalaa!
- c) Himataan Labsii Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 74/95 kwt. 75 fi kwt.88 caqasuun kaffaltii gibira itti fayyadama lafaa poolii bilbilaa dhaabeefi keebili lafa jala diriirseef akka kaffaluuf gaafachuun isaa sirrii dha jettuu? Labsichi ijoo himanna dhiyaateef hangam rogummaa qaba jettu? Rogummaa hin qabu kan jettan yoo ta'e, seera kam jalatti himachuu qaba ture?

2.2. Taaksii: Haguuggii Seerotaa

Qoqqoodinsa aangoo Heera Mootummaa RDFI kana irraa ka'uun seerotni taaksii hedduun sadarkaa federaalaattis ta'e sadarkaa naannoo Oromiyaatti ba'anii hojiirra oolaa jiru. Kanatti aansuun seerotni ba'an kunniin maalfaa akka ta'an gabaabinaan ilaaluuf yaalla.

2.2.1. Seerota Taaksii Mootummaa Federaalaan Ba'an

Heera Mootummaa RDFI gaditti, dirreen seerota taaksii bifoota labsii, dambiiwwanii fi qajeelfamootaan bahanii argamu. Qabiyyee gosoota seerota kanneenii hunda ibsuuf yeroonis ta'e iddoon hin hayyamu. Waan ta'eefuu, qabiyyee tokkoo tokkoo seerotaatti osoo hin seeniin labsiwwan akka waliigalaatti jiran maalfaa akka ta'an gabaabinaan ilaalla.

2.2.1.1. Labsii Bulchiinsa Taaksii (Lab.Lak. 983/2008)

Labsiin kun sirna bulchiinsa taaksii biyyattii keessatti argamu hunda haala si'oomina qabu, bu'a- qabeessa ta'ee fi safaruun danda'amuun bulchuuf yaadamee labsii qophaa'e dha.⁹⁸ Labsichi sirna bulchiinsa taaksii keessatti dirqamaafi gahee qaamoleen taaksii bulchan qaban, deeggarsa qaamoleen mootummaa biroo gama kanaan taasisuu malan, dirqama kaffaltoonni gibraa fi bakka buutonni isaanii qaban, akkaataa falmiiwwan taaksiin walqabatanii jiran fala itti argatan, itti gaafatamummaa bulchiinsaa fi yakkaa seerota taaksii hordofuu dhabuu irraa dhufanii fi kkf kan ibsu dha.

2.2.1.2. Labsii Gibira Galii Federaalaa (Lab. Lak.979/2008)

Labsiin kun labsii bal'aa kutaalee 11 fi keewwattoota 102tti gurmaa'ee kan dhiyaate dha. Gibira galiiwwaniin walqabani jiran hunda: gibira galii qacaramuu irraa argamu (galii gabatee A)⁹⁹, galii kira manneenii (gamoowwanii) irraa argamu (galii gabatee B)¹⁰⁰, gibira galii daldaluu irraa argamu (galii gabatee C)¹⁰¹, fi galiiwwan biroo (galii gabatee D)¹⁰² kan bulchu dha. Dabalataan, galiiwwan hojii albuudaa baasuu irraa argaman (mining and petroleum operations) irrattis akkaataa gibirri galii muramee itti sassaabamu labsii kanaan uwvisa argateera.

2.2.1.3. Labsii Taaksii Dabalataa Qabeenyaa (Lab.Lak.285/1994) fi kan Isa

Fooyyessan Lak. 609/ 2008 fi Lak. 1157/2011

Taaksiin dabalataa qabeenyaa kan walitti qabamu oomishni biyya alaatii gara biyya keessa yeroo galu ykn bittaa fi gurgurtaan meeshaa fi tajaajilaa kamiyyuu wayita geggeeffamu gatii dabalataa argamuu irratti taaksii muramuu fi sassaabamu dha. Taaksiin kun taaksii gurgurtaa kan bakka bu'e yoo ta'u, maaliif bakka akka bu'es seensa (preamble) labsichaa irratti ibsameera. Haaluma kanaan, taaksiin dabalata qabeenyaa taaksii gurgurtaa caalaa gulantaawan gurgurtaa mara irratti taaksiin akka kaffalamu gochuu kan danda'u ta'u, bulchiinsi isaa salphaa ta'uu fi qusanoo fi investimentii kan jajjabeessu ta'uu dha.¹⁰³

Labsiin kun dhiyeessiwwan meeshaalee ykn tajaajilaa taaksii dabalata qabeenyaa jalatti hammatamuu qabaniifi hin qabne maalfaa akka ta'an (VAT-able transactions and services),

⁹⁸ Seensa Labsii Bulchiinsa Taaksii (Lab.Lak. 983/2008) ilaaluun ni danda'ama.

⁹⁹ Labsii Gibira Galii Federaalaa Lak.979/2008, Kwt.10-12

¹⁰⁰ Labsii Gibira Galii Federaalaa Lak.979/2008, Kwt.13-17

¹⁰¹ Labsii Gibira Galii Federaalaa Lak.979/2008, Kwt.18-27

¹⁰² Labsii Gibira Galii Federaalaa Lak.979/2008, Kwt.51-64

¹⁰³ Seensa Labsii Dabalata Qabeenyaa Lak.285/1994 ilaalaa.

kaffaltoonni taaksii dabalata qabeenyaa eenyufaa akka ta'an¹⁰⁴, taaksii dabalata qabeenyaa kaffaluu dhabuun itti gaafatatummaa hariiroo hawaasaa yakkaa hordofsiisuu danda'u kan ibsu dha.

Labsiin Taaksii Dabalataa qabeenyaa (VAT) dhiyeenya fooyaa'e lak.1157/2011 qabiyteen hedduu garaagarummaa hin qabu. Bakkeewwan fooyya'insi irratti taasifaman keessaa hiikkoowwan akka 'yeroo herregaa' (accounting period)¹⁰⁵ fi 'meeshaalee kaappitaala' (capital goods)¹⁰⁶ fa'a irratti dha. Akkasumas, kaffalaan VAT haala kamiin taaksi kirediitii (tax credit)¹⁰⁷ fi kaffaltii bakka bu'insaa (refund)¹⁰⁸ gaafachuuun akka danda'amu irratti keewwattoonni haaraa dabalamaniiru ykn ammoo fooyya'insi ta'eera. Kana waan ta'eef, labsicha hojiirra oolchuufis dambiin taaksii gatii dabalataa lak. 79/1995 armaan dura Mana Maree Ministeerotaan ba'ee ture labsii dhiyeenya fooyaa'es raawwatinsa akka qabu tilmaamuun ni danda'ama.

2.2.1.4. Labsii Taaksii Tarnovarii (Lab. Lak. 611/2001)

Labsiin kun labsii taaksii tarnovarii lak. 308/1995 fooyyeessuuf ba'e dha. Taaksiin tarnovarii gosa taaksii gurgurtaa yommuu ta'u, namoonni taaksii dabalata qabeenyaaaf hin galmaa'in kan kaffalanidha. Kaffaltiin taaksii tarnovarii kan raawwatamu akka taaksii dabalata qabeenyaa gulantaalee hundatti osoo hin ta'iin gatii gurgurtaa waliigala ykn dhiyeessaa irratti dha. Kaffaltoonni taksichaa eenyufaa akka ta'an¹⁰⁹, hangaa fi akkaataa taaksichi itti shallagamuu fi kaffalamu, tajaajiloota ykn meeshaalee kaffaltii taaksii tarnovarii irraa bilisa ta'an, fi dirqama bahuu dhabuun itti gaafatatummaa maalii akka hordofsiisu labsii kanaa (lab.lak.611/2001) fi labsii inni fooyeesse (lab.lak.308/1995) irraa ni hubatama.

2.2.1.5. Labsii Taaksii Eksaayizii (Lab. Lak. 1186/2012)

Labsiin kun meeshaalee fi tajaajiloota taaksiin eksaayizii irratti kaffalamu qaban irraa deebiin sakatta'uun (review) sirna shallaggii taaksii baasii oomishaa (production cost) bu'uureffatee

¹⁰⁴ Namoota galma'aan yookiin galma'uu qaban; namoota meeshaalee taaksiin itti kaffalamu biyya keessagalchan; namoota iddoon jirenya isaanii Itoophiyaa keessa hin taanefi taaksii gatii dabalattiif osoo hin galmoofne hojii tajaajila kennuu irratti babba'an kaffalaan taaksii dabalata qabeenyaa akka ta'an labsii lakk 285/94 Kw 3(1) (A) (B) (C) fi kwt 23 jalatti tumamee jira. Namoonni taaksii dabalata qabeenyaaaf galmaa'uuf dirqama qaban namoota gurgurtaan waliigala wagga (annul turnover) qarshii miiliyoona tokkoo fi isaa ol akka ta'e labsii gibira galii mootummaa Federaalaa lakk 979/2008 kwt 3(1) (a) (2) irraa ni hubatama.

¹⁰⁵ Labsii Taaksii Dabalata Qabeenyaa Lak. 1157/2011 kwt. 2(1): Kaffaltoonni taaksii dabalata qabeenyaa hangi galii isaanii qar. > 70,000,000 yeroon herrega isaanii ji'a, ji'aan; warreen qar. 70,000,000 gadi ta'an ammoo ji'a sadii, sadiiiti ta'u qaba.

¹⁰⁶ Labsii Taaksii Dabalata Qabeenyaa Lak. 1157/2011, kwt.2(27) hiikkaa haaraa dabalame dha.

¹⁰⁷ Labsii Taaksii Dabalata Qabeenyaa Lak. 1157/2011, kwt 2(5,6)

¹⁰⁸ Labsii Taaksii Dabalata Qabeenyaa Lak. 1157/2011, kwt 2(7)

¹⁰⁹ Haaluma kanaan, kaffaltoonni tarnovar taaksii gurgurtoota ykn dhiyeessitoota biyya keessaa taaksii dabalataaf hin galmaa'ini dha.

jiruufi tilmaamawaa hin taaneefi rakkoo qabatamatti mudachaa jiru bakka buusuuf yaadamee labsii ba'e dha.¹¹⁰ Labsichi boqonnaawan saddeetitti caaseffamuun kan dhiyaate dha. Boqonnan tokko dhimmoota waliigalaa kanneen akka maqeeffama labsichaa, hiikkaifi yaadrimeewwan akka gatii gabaa maadaalawaa (fair market value) fi yeroo dhiyeessaa ykn gara biyya keessaatti galchuu (time of supply or importation) of keessatti hammateera.¹¹¹

Boqonnaan lammaffaa, itti gaafatatummaa taaksii eksaayizii (liability for excise tax) kan ilaallatu ta'ee taaksichi meeshaalee biyya keessaatti oomishamaniifi biyya alaatii galuun gosa taaksii kanaaf adda ba'an irratti kan kaffalamu ta'uu, taaksicha kaffaluuf namootni dirqama qaban eenyufaa akka ta'an, yeroo itti gaafatatummaa taaksii eksaayizii, meeshaalee taaksii eksaayiziin irratti hin kaffalamne maalfaa akka ta'anfi akkaataa hangi taaksii itti shallagamu of keessatti hammateera.¹¹²

Boqonnaan sadaffaa, waa'ee hayyama (licensing) kan ilaallatu ta'ee akkaataa iyyanni hayyamaa itti dhiyaatu, itti kennamu, dirqama namni hayyama argate tokko qabu, akkaataa hayyamni kenname yeroof turuu (suspension) fi haqamu (cancellation), fi hayyama yeroof tursuufi haquun bu'aa seeraa attamii akka hordofsiisu qabateera.¹¹³

Boqonnaan afrafffaa, sirna to'annoo eksaayizii (excise control) kan ilaallatu yommuu ta'u, Abbaan Taayitaa meeshaalee mankuusaa keessa jiran sakatta'uu kan danda'u ta'uu, meeshaalee to'annoo jala jiran ilaalchisee dirqamni abbaan hayyama eksaayizii qabu maal akka ta'efaa of keessatti hammateera.¹¹⁴

Boqonnaan shanaffaa, mallattoo eksaayizii (excise stamps) ta'ee Ministeeri Galii meeshaalee taaksiin eksaayizii irratti kaffalamu kamfaa irratti mallatoon eksaayizii akka maxxanfamu, yoomiifi eessatti akka maxxanfamu, sirna bulchiinsa mallattoo eksaayiz taaksiifi kkf ilaalchisee qajeelfama baasuu akka danda'u labsichi tumeera. Boqonnaan jahaffaa, namni taaksii eksaayizii kaffaluuf dirqama qabu tokko meeshaan taaksiin irratti kaffalamu tajaajila kennuu isaatiin dura yoo bade ykn yoo hatamee Abbaan Taayitaa Galifi Gumurukaa akkaataa kaffalaa gibiraaf taaksii kaffalamu bakka buusuu (refund) itti danda'u kan ilaallatu dha.¹¹⁵

¹¹⁰ Yaadni kun seensa (preamble) labsii taaksii eksaayizii lak.1186/2012 keessatti ibsamee jira.

¹¹¹ Labsii Taaksii Eksaayizii Lak. 1186/2012, Kwt.1-5.

¹¹² Labsii Taaksii Eksaayizii Lak. 1186/2012, Kwt. 6-14.

¹¹³ Labsii Taaksii Eksaayizii Lak. 1186/2012, Kwt.15-24

¹¹⁴ Labsii Taaksii Eksaayizii Lak. 1186/2012, Kwt.25-28

¹¹⁵ Labsii Taaksii Eksaayizii Lak. 1186/2012, Kwt. 29.

Boqonnaan toorbaffaa bulchiinsa taaksii eksaayizii kan ilaallatu ta'ee labsiin bulchiinsa taaksii bulchiinsa taaksii eksaayizii irrattis raawwatinsa kan qabu ta'uu akka waliigalaatti ibsuun adabbiwwan bulchiinsaa adda addaas tumeera.¹¹⁶ Dhuma irratti, boqonnaan saddeettaffaa,tumaalee adda addaa tumeera.¹¹⁷

2.2.1.6. Labsii Taaksii Eksaayizii Jimaa (Labsii Lak.767/2004)

Labsiin kun kaayyoowwan gurguddoo lama milkeessuuf yaadamee kan bahe dha. Inni tokko, itti fayyadamni oomisha jimaal yeroo irraa gara yerootti dabalaan dhufuu isaatiin haala kana jijiiruu keessatti taaksii eksaayizii hojiirra oolchuun murteessaa ta'u, inni biraa ammoo hanga taaksii oomisha jimaal irraa sassaabamu haqa-qabeessa akka ta'u mirkaneessuu akka ta'e seensa (preamble) labsichaa irraa ni hubatama. Akka labsii kanaatti, kaffalaan taaksii eksaayizii nama taaksii to'annoo isaa jala godhee geejibiisuun ykn karaa biraatin gurgurtaaf dhiyeessu ta'ee Abbaa Taayitaa Galiifi Gumurukaa Itoophiyaan (Ethiopian Revenue and Customs Authority) sassaabamee ji'a-ji'aan naannolee jimaan keessatti oomishameef rabsama.¹¹⁸

Hangi taaksii kaffalamu gosa gabaa dhiyaatu irratti hundaa'ee garaagarummaa kan qabu ta'ee gabaa biyya keessaaf yoo ta'e kiiloogiraama tokkotti qarshii shan; gabaa biyya alaaf yoo ta'e ammoo raawwiin isaa qajeelfama fuulduratti ba'uun kan murtaa'u ta'uu labsichi akeekeera. Haa ta'u malee, namni gabaa biyya alaaf dhiyeessu tokko hin dhiyeessiin yoo hafe, hanga taaksii biyya keessatti kaffaluu qabuuffi 5% taaksii kanaa bifaa adabbiitiin kan kaffalu ta'uu labsichi tumeera.¹¹⁹

2.2.1.7. Labsii Qaraxa Teemberaa (Lab. Lak. 612/2001)

Labsiin kun labsii qaraxa teemberaa lak.110/1998 fooyyeessuuf ba'e dha. Sanadoota qaraxni teemberaa irratti muramu, akkaataa qaraxichi itti shallagamu, nama qaraxicha kaffaluuf dirqama qabuu fi yeroo qaraxichi itti kaffalamuu, dirqama labsichaan taa'ee jiru ba'uun dhabuun itti gaafatatumummaa attamii akka hordofsiisuu fi sirni komiin itti dhiyaachuu danda'u labsii kanaa (lab. lak.612/2001) fi labsii duraanii (lab.lak.110/1998) walbira qabuun dubbisuun kan hubatamu dha.

¹¹⁶ Labsii Taaksii Eksaayizii Lak. 1186/2012, Kwt.30-40

¹¹⁷ Labsii Taaksii Eksaayizii Lak. 1186/2012, Kwt.41-46

¹¹⁸ Labsii Taaksii Eksaayizii Jimaa, Lab. Lak.767/2004,kwt.3fi 6.

¹¹⁹Labsii Taaksii Eksaayizii Jimaa, Lab. Lak.767/2004, kwt. 7(2): The exporters of tax shall be liable to pay the tax and 25 % of the tax as penalty if they fail to export the chat.

2.2.1.8. Labsii Gumurukaa Labsii Lak. 859/2006

Labsiin kun taaksii meeshaalee gara alaatti ergaman, daddarba irra jiranii fi gara biyya keessaatti galan irratti raawwatinsa kan qabu dha. Labsiin gumurukaa duraan ture (Lab. Lak.859/2006), kutaalee shanitti qindaa'ee kan dhiyaate dha. Haaluma kanaan, adeemsaa fi to'annoon gumurukaa, foormalitiwwan gumurukaa kanneen akka ibsuu (declaration), hundeffama magaazina gumurukaa, sirna shallaggii qaraxa gumurukaa, taarifa gumurukaa (Custom tariff), oomishaaleen eessatti akka oomishan adda baasuu, qaraxa gumurukaa, kaffaltii taaksii fi tajaajilaa, akkaataa meeshaalee yeroo gabaabaaf gara biyyaatti galchan ykn gara alaatti baasan, kaffaltii gumurukaa fi taaksiif akkaataa wabiin itti seenamu, akkaataa garaagarummaan qaraxaa fi taaksii itti shallagamu fi kkf of keessatti hammateera.

Labsiin amma fooyyaa'e, labsii lak. 1160/2011 dhimmootuma olitti tarreffaman kana ilaalchisuun keewwattoota labsii duraanii keessa hin jirre haaraa ykn ammoo kanuma duraan turan haquun haaraa dabaluu labsii fooyyaa'e kana irraa ni ni hubatama. Kun hiikkoo jechootaaf ykn gaaleewwanifi kennuu irraa eegalee hanga qabiyyeewan bu'uuraa labsichaa kan dabalatu dha. Fakkeenyaaaf, meeshaa dhoksuu (concealing goods), meeshaalee dhuunfaafi manaaf itti tajaajilaman (personal and household effects), Ministeera, Komishineera kanneen jedhaniif labsii duraanii keessatti hiikkoon kennameefii kan ture ta'us, labsiin fooyyaa'e (lab. lak.1160/2011) kan duraanii haquun hiikoo haaraa kennee jira. Dabalataan, akkaataa dikilarasiyonni duraan kennameen kaffaltiin raawwatamee ture haqamuun adeemsi haaraa itti eegal, akkaataa imaltoonni meeshaalee tajaajila dhuunfaaf itti gargaaraman qaraxa malee galii itti taasisan, turtii yeroo meeshaaleen gara biyyaatti galan adeemsa gumurukaa itti raawwachuu qaban, haala kuusaa meeshaalee gumurukaa falmiirra jiruu, haala meeshaaleen biyya keessa ba'uu qaban yeroo jedhame keessatti hin baane itti keessummeeffaman, haala tuuristiin biyya alaa yeroof turu meeshaasaa waliin (konkolaataa ittiin socho'u dabalatee) qaraxa malee biyya keessa seenuu danda'u fi kkf dhimmoota labsii duraanii keessa turanidha;garuu, haqamuun akka haaraatti kan barreffamani dha.

Adeemsa gumurukaa raawwachuuf ragaawan barbaachisan osoo hin guutiin yoo hafan haala Komishinerri gumurukaa hayyamuu itti danda'u, haala itti dikilarasiyonni duraan kennamee ture Komishinerri gumurukaan itti fooyyaa'uu danda'u, haala adeemsi tiraanzitii meeshaalee dhaabbilee daldalaa gurguddoon biyya keessa galan magaazina keessatti ykn bakka hojiitti itti raawwachuu danda'u, haala Komishinerri yeroo meeshaaleen bakka buufaman itti galuu danda'an dheeressuu itti danda'u, akkaataa meeshaaleen imalaa bifaa meeshaalee algalchiitiin fe'amani gara biyyaa galan itti keessummaa'an, tajaajila geejjibaa

algalchiifi alergii kennuuf meeshaalee to'anno konkolaattota irratti fe'uun dirqama ta'uu (duty to install cargo tracking device), fi kkf tumaalee dabalataa labsii duraanii keessa hin turre dha.

Walumaagalatti, labsiin fooyaa'e (labsii. lak.1160/201) raawwii hojii keessatti qaawwa labsiin duraan ture agarsiise (labsii. lak. 859/2006) duuchuuf yaadamee kan qophaa'e akka ta'e tumaalee labsichaa haaraa dabalamaniifi kan irra deebi'amani barreeffaman kana irraa hubachuun ni danda'ama. Labsiwwan kanneen irratti hundaa'uun dambiilee fi qajeelfamoonni hedduun akka jiranis dagatamuu hin qabu.

2.2.2. Taaksii: Haguuggii Heeraafi Seroota MNO

2.2.2.1. Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Jalatti

Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaa (Heera MNO) Fooyya'e Lak. 46/1994 tumaalee heeraa hoggansa, murteesaa fi sassaabbi taaksii kwt. 47 (2) (h – p) jalatti hammatee jira. Bulchiinsii Mootummaan Naannoo Oromiyaa maddeen galii naannoon irratti aangeeffame irratti gibraa fi ashuraa ni murtessa ni sassaaba.¹²⁰ Akka tumaalee Heeraatti Mootummaan Naannoo Oromiyaa hojjattoota mootummaa naannootii fi hojjattoota dhaabbataa (private enterprise) mindeeffaman irratti gibra hojii ni murteessa, walitti ni qaba.¹²¹ Kaffaltii itti fayyadama lafaa fi gibra galii hojii qonnaa ni murteessa ni sassaabas.¹²² Galii manneeniifi qabeenyota biroo kanneen Naannicha keesatti abbummaa dhuunfaa jala jiranirraa argamurratti gibra ni murteessa, walitti ni qaba. Dabalataanis manneenii fi qabeenyota biroo kanneen abbummaa Mootummaa Naannichaa jala jiran irraa kiraa walitti ni qaba.¹²³ Dhaabbattoota abbummaa Mootummaan Naannoo Oromiyaa jala jiran irratti gibra bu'aa daldala, gibra hojii, ashura gurgurtaa fi eeksaayizii ni murteessa; walitti ni qaba.¹²⁴ HMNO akka ibsuti kafaltiwwan (fees and charges) hayyamootni fi tajaajilootni qaamota bulchiinsa Naannoo Oromiyaa tiin kennaman irraa maddan aangoon murteessuu fi walitti qabu kan Naannoo Oromiyaati.¹²⁵ Bulchiinsii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Kafaltii royaalitii bosonarraa argamu (royalty fees for use of forest) aangoo murteessuu fi sassaabuus ni qaba.¹²⁶

¹²⁰ Heera MNO, Kwt. 47(2) h.

¹²¹ Heera MNO, Kwt. 47(2) I.

¹²² Heera MNO, Kew. 47(2) j fi k.

¹²³ Heera MNO, Kew. 47(2) l.

¹²⁴ Heera MNO, Kew. 47(2) m.

¹²⁵ Heera MNO, Kew. 47(2) o.

¹²⁶ Heera MNO, Kew. 47(2) p.

Kana malees, Mootummaan Naannoo Oromiyaa Mootummaa Federaalaa waliin dhimmoota armaan gadii irratti aangoo gibira murteessuufi sassaabuu ni qaba. Akkaataa HMNO’tiin akaakkuwwan gibiraa mootumaan federaalaafi naannoo Oromiyaa waloon irratti aangeefaman illee diriirsee jira. Kew 47 (2) n (i) – (iii) akka tarreessutti gibira bu’aa daldalaa (profit); hojii (income); ashuraa gurgurtaa (sales) fi eeksaayizii dhaabbattoota misoomaa mootummaan federalaa fi naannoo wallin hundeesan irraa argamuu bu’uura seeraatin mootumaan federaala fi naannoo Oromiyaa ni qooddatu. Bu’aa daldalaa dhaabbattoota irraa (corporations) fi qooda bu’aa abbootii Aksiyona irraa (dividends), gibiraa fi ashuraa gurgurtaa bu’uura seeraatiin ni qooddatu. Akkasumas gibiri galii (income tax) fi kaffaltiin royaalitii hojiilee gurguddoo albuudaa fi hojiilee petrooliyeemiifi gaazaa kamiyyuu irraa argamu mootumaa federaalaa fi naannoo giddutti kan qoodamuu ta’a.

2.2.2.2. Seerota Akka Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Jiran

Sirna Mootummaa Federalaa keessatti baay’achuun seerotaa kan wal nama gaafachiisu miti (plurality of law is common). Aangoon taaksii sassaabuu kan mootummaalee lammanii (Mootummaa Federaalaa fi Naannoo) akka ta’e Heera Mootummaa RDFI keessatti tumameera. Kana jechuun Mootummaan Naannoo Oromiyaa fakkeenyaaaf labsiwwan galii naannichi sassaabuuf aangeffame ittiin bulchu baafachuu kan danda’u ta’uu isaati. Kutaa kana jalatti labsiwwan gibiraa fi taaksiin walqabatanii jiran isaan kam fa’a akka ta’antu sakatta’ama.

Naannoon Oromiyaa seerota gibiraa fi taaksiin wal qabatan adda addaa ofiin kan baafatee qabu yoo ta’u; garii isaanii ammoo kan mootummaa federaalaan bahanitti fayyadama. Labsiileen kunniinis: Labsii gibira galii (Lab. Lakk. 202/2009), labsii bulchiinsa taaksii (Lab. Lakk. 203/2009), labsii gibira galii hojii qonnaa (Lab. Lakk. 131/1999), labsii qaraxa teembiraa (Lab. Lakk. 77/1996 fi kan fooyyessee 137/2000), labsii taaksii tarn ovarii (Lab. Lakk. 75/1995), labsii eksaayizii (Lab. Lakk. 76/1995) akkasumas labsii dabalata qabeenya [kan federalaan bahe] (Lab. Lakk. 285/2002 fi kan isa fooyyesse Lak.609/2008).

A) Labsii Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Fooyyessuuf bahe Lab. Lak. 202/2009

Labsiin kun labsiwwan dhimma taaksii irratti Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin bahan keessa isa tokko yoo ta’u; labsichi gibira galii kam iyyuu naannicha keessa argaman kamiyyuu irratti raawwatiinsa ni qabaata.¹²⁷ Gibira galii qonnaan bultoota dhuunfaa garuu

¹²⁷ Labsii Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Fooyyessuuf Bahe, Labsii Lak. 202/2009, Kwt. 4.

labsii biraatiin kan haguugame waan ta'eef, labsiin kun gibira galii qonaa irraa argamu kan haguugu miti. Labsichi namni galii argate kamiyyuu irratti gibira kaffaluuf akka dirqamu keewwata 10 jalatti tumeera. Labsichi bu'aa tasaa dabalatee galiiwan akka royaaliitii irraa argaman, gahee bu'aa irraa argaman irraallee galiin sassaabamuu akka qabu tumeera. Labsichi kutaa kudha tokkoffaa keewwata 61 jalatti galiiwan gibira galii irraa bilisa ta'anis tarreesseera. Tumaaleen hojiiwan gibira dhoksuuf taasifama ittisus labsicha keessatti kan hammatame yoo ta'u; abbaan taayitaa galiiwan oromiyaa yaalii galii dhoksuuf taasifamu sirreessuuf tarkaanfiwwan barbaachisoo fudhachuu akka danda'u tumameera.¹²⁸ Labsichi gibirri yoomii fi haala kamiin kaffalamuu akka qabus teechiseera.

B) Labsii Bulchiinsa Taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuf Bahe Labsii Lakk 203/2009

Bu'uura Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa (Heera MNO) Foooyya'ee Bahe Labsii Lak. 46/1994 kwt. 49 (3) (a) tiin Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa (MNO) Labsii Bulchiinsa Taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuf Bahe Labsii Lakk 203/2009 labseera.

Labsiin bulchiinsa taaksii Lak. 203/2009 adda durummaan taaksiawan Naannoo Oromiyaa keessaa hogganuuf kan tumameedha. Bulchiinsi taaksii Oromiyaa si'aa'ina kan qabu, bu'a qabeessaa fi tilmaamamaa akka ta'u yaadameetti. Hiikni seerota taaksii bulchiinsa taaksii naannoo Oromiyaa keessatti akka wal fakkaatu taasisuun haala/sirna mijataa kaffalaa taaksiif uumun barbaachisaa waan ta'eefi. Sirna komii kaffaloota taaksiitif dhaqqabamaa ta'e, haalaan kan gurmaa'ee fi murtii saffisa qabu kenuu dandeessisu diriirsuun waan barbaachiseef labsiin taaksii Lak. 203/2009 tumameera.¹²⁹

Labsiicha bulchuu fi hojjirra olchuuf kan angeefamee Abbaa Taayitaa Galiiwanii Oromiyaati.¹³⁰ Hojjatootni taaksii hojii isaanii irratti fi itti gaaftamumaa isaanii yoo bahan hojmaata amanamummaa qabu fi haqa qabeessa ta'e hordofuu qabu.¹³¹ Kaffalaa taaksiis kabajaan keessumeessuun dirqama hojjataa taaksiiti. Hojjatootni taaksii hojimaata walitti bu'iinsa faayidaa fidu kam irrayuu haala walaba ta'een itti gaafatamumaa isaani bahu qabu.¹³² Raawwi seerota taaksii tiif deeggarsa kennuun dirqama seeraa qaama kamiyyuti.¹³³

¹²⁸Labsii Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Fooyyessuuf Bahe, Labsii Lak. 202/2009 Kwt.74.

¹²⁹ Seensa Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Lab. Lak. 203/2009.

¹³⁰ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Lab.Lak.203/2009, Kew. 7 fi 2 (5) walitti yoo dubifamu.

¹³¹ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Lab. Lak. 203/2009, Kew. 8 (2)

¹³² Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Lab. Lak. 203/2009, Kew. 8 (3) (a fi b)

¹³³ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Lab. Lak 203/2009, Kew. 9

Dirqama Kaffalootaa Taaksii ilaachisee Labsii Lakk 203/2009 Kew 11(1) jallatti akka tumameeti namni seeraan dirqama taaksii kaffaluu qabu bu'uura seera taaksiitin galmaa'uuf Abbaa Taayitaa Galiiwanii Oromiyaati iyyachuu qaba. Bu'uura seeroota taaksii tiin dirqamnii galmaa'uoo yoo addan cite galmeen akka haqamu Abbaa Taayitaa Oromiyaa ti iyyachuun barbaachisaadha.¹³⁴ Abbaan Taayitaa Oromiyaa namni seeraan dirqama taaksii kaffaluu qabu hojii isaa dhaabuu fi seeroota taaksii hundaan dirqama galmaa'uoo kan hin qabne ta'u isaa erga mirkaneessee booda nama kanaaf beeksisa barreffamaa kennuun galmee isaa ni haqa.¹³⁵

Namootni Abbaa Taayitaa Oromiyaa birati galmaa'uuf iyyachuu issan irra hin eegamnees jiru. Isaanis nama jiraata Naanoo Oromiyaa hin taane ta'e galii naannoo Oromiyaa keessatti argatu qofa irraa akkaataa Labsii Gibira Galii lak 202/2009 Keewwata 48 fi 50 tiin gibirii kan itti kaffalamu fi nama bu'uura Labsii Gibira Galii lak 202/2009 Keewwata 60 (2) tiin galii gibirii itti kafalamuu qofa qabu fa'a.¹³⁶

Kaaffalaan taaksii dirqama sanadoota akkaataa seera taaksiitiin qabamuu qaban qabachuu qaba.¹³⁷ Akkataa seerii taaksii dirqiisisuun kaffalaan taaksii dirqama beeksisa taaksii dhiyeessuu qaba.¹³⁸ Kaffalaan taaksii bu'uura tuma seeraa kew 27 (1) tiin shallagii taaksii ni dhiyeesa. Shallagii taaksii ilaachisee tumaleen seeraa kew 27 – 31 ti jiran haguugii kennaniifi jiru. Abbaan Taayitaa Galliwwanii Oromiyaa walquunnamtii Afaan Oromoootiin hin taasifamne yookiin sanada Afaan Oromoootiin hin dhiyaanne beekamtii kennuu dhiisuuf mirga qaba.¹³⁹

Lakkofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii tiif bu'urri ittiin kennamuu fi haqamu kew. 14 – 17 jallati tumameera. Taaksii fi kaffaltiawan biro sassabuu fi kaffachiisuu ilaalatee Labsiin lak 203/2009 kew.32– 50 ballinaan haguugii keneefi jira. Bakka buufama, deebiifi idaa taaksii irraa bilisa ta'u ilaachisee Labsiin lak 203/2009 kew 51 – 53 jallatii tumee jira.

C) Labsii Taaksii Tarn Over Lakk 75/1995

Labsiin taaksii dabalata qabeenya federaalaa Lakk 285/94 mijaa'ina bulchiinsa taaksii dabalata qabeenya tilmaama keessa galchuun gatiin gurgurtaa waggaa taaksiin itti kafalamu

¹³⁴ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Lab. Lak.203/2009, Kew. 13 (1)

¹³⁵ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Lab. Lak. 203/2009 Kew. 13 (4)

¹³⁶ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Lab. Lak. 203/2009, Kew. 11 (2) (a & b)

¹³⁷ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 19 (1).

¹³⁸ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Lab. Lak. 203/2009, Kwt. 23 (1).

¹³⁹ Labsii Buchiinsa Taaksii MNO, Lab. Lak. 203/2009, Kwt. 78.

Qr. 500,000 ol akka ta'u kan murta'ee waan ta'ef¹⁴⁰, namootni taaksii dabalataa qabeenyatiif hin galmoofne dirqama isaanii akka bahataniif; akkasumas uwvisa sirna taaksii guutuu taasisuuf Labsiin sirreessa tarn over taaksii (equalization turnover tax) bu'uura HMNO Kew. 49(3) (a) tiin labsameera.

Labsiin tarn over taaksii kan irratti raawwatu bu'uura Heera Mootummaa RDFI Kew 97 tiin namoota taaksii dabalataa qabeenyaaaf hin galmoofneen meeshawwan biyya keessatti gurguramaan irratti %2 (parsantii lama) fi tajaajilawwan biyya keessatti kennaman irratti %2-%10 (parsantii lama hanga kudhani) dha.¹⁴¹ Gurguraan meeshawwanii ykn tajaajilawwanii bitaa irraa taaksii tarniovar wallitti qabuun Abbaa Taayitaa Taaksii jechuunis Biiroo Maallaqaafi Misooma Dinagdee Oromiyaa tiif galii gochuuf dirqama qaba.¹⁴² Biiron maallaqaafi Misooma Dinagdee Oromiyaa Tarn over Taaksii bulchuuf angeffamee jira.¹⁴³ Kaffalootni tarn over taaksi dirqama shallaggii tarn over taaksii sirnaan rawwachuu, beeksiisuu fi taaksiicha yeroon kaffaluu akkasumas galmee herregaa qabachuu qabu tume jira.¹⁴⁴

Haa ta'u malee, labsiin lakk 75/95 kun labsii lak 135/2000'tiin fooyya'ee jira. Labsiin haaraa fooyya'es waa'ee caasaa Abbaa Taayitichaa, tooftaa taaksiin tarn over ittiin beeksifamu, sirna komii itti dhiyaatuu irratti fooyya'iinsa kan taasisee ta'uus, yeroo ammaa garuu dhimooni kanneen hunduu labsii bulchiinsa taaksii MNO lakk. 203/2009 keessatti haguugamanii jiru.

D) Labsii Taaksii Eksaayizii, Lab. Lak.76/1995

Labsiawan taaksii al-kallattii keessaa labsiin kun isa tokkoo dha. Taaksiin Eksaayizii taaksii oomisha biyya keessatti oomishamanii fi omiisha/meeshaa biyya alaatii gara biyya keessaatti galan muraasa irratti taaksii buufamu dha. Taaksiin kun meeshaalee bu'uuraa fi bashannanaa irratti kan buhu yoo ta'u; gama biraan ammoo meeshaalee itti fayyadamni isaanii fayyaa hawaasaa miidhan irratti taaksii buusuun itti fayyadamni hawaasaa akka hir'atu taasisuuf taksii muramu dha.¹⁴⁵ Labsichi tumaalee aangoo fi gahee hojii abbaan taayitaa galiwwanii taksii eksaayizii funaanuuf raawwachuu danda'u kwt 9 jalatti tarreesseera. Haaluma kanaan aangoo isaa keessaa tokko abbaan oomisha biyya keessatti galche, gara naannoo gumurukii

¹⁴⁰ Yeroo amma kana baaxiin gurgrurtaa waggaalaa waliigalaa qarshii Mililiyoona 1 tokkoo fi isaa olitti labsii gibira galii mootummaa federalaa lakk 979/2008 kwt 3 fi labsii gibira galii MNO lakk 202/2009 kwt.5'tiin fooyya'ee jira.

¹⁴¹ Labsii Tarn Over Taaksii, Lab.Lak.75/1995, Kwt.3 fi 4.

¹⁴² Labsii Tarn Over Taaksii, Lab. Lak. 75/1995, Kwt. 6.

¹⁴³ Labsii Tarn Over Taaksii, Lab. Lak. 75/1995, Kwt.8 (2) fi 12 (1).

¹⁴⁴ Labsii Tarn Over Taaksii, Lab. Lak 75/1995, Kwt. 8 & 9.

¹⁴⁵ Labsii Tarn Over Taaksii, Lab. Lak.75/1995, Seensa.

mootummaatti guyyaa galee kaasee baatii jaha keessatti taaksiin eksaayizii kan hin kaffalamen yoo ta'e meeshaale san gurguruuf aangoo ni qaba [kwt 9 (5a)].

Kan taaksii irraa eegamu kaffaluu dhabes qabeenya isaa qabuun gurguramee taaksii inni kaffaluu qabu baasuuf aangoon bu'uura kwt 10 tiin abbaa taayitaa galiwwaniif kennameera. Tarkaanfii abbaa taayitaan fudhatamu irrattis sirni itti ol'iyyatamu kwt 15 fi kewwatoota itti aanan jalatti tumameera.

Haa ta'u malee, labsiin lakk 76/95 kun labsii lak 136/2000tiin fooyya'ee jira. Labsiin haaraa fooyya'es waa'ee caasaa Abbaa Taayitichaa, tooftaa taaksiin tarn ovarii ittiin beeksifamu, sirna komii itti dhiyaatuu irratti fooyya'iinsa kan taasisee ta'uus, yeroo ammaa garuu dhimooni kanneen hunduu labsii bulchiinsa taaksii MNO lakk. 203/2009 keessatti haguugamanii jiru.

E) Labsii Qaraxa Teembiraa (Lab. Lak.77/1996)

Labsii kana baasuun kan barbaachiseef guddina ogummaa qaroomaa, sochii dhaabbilee faayinaansii fi jijiirraa qabeenya kaappitalaa gargaaruuf yaadameeti.¹⁴⁶ Haaluma kanaan, labsichi sanadoota qaraxni teembiraa irratti muramu, hangaa fi akkaataa qaraxa kaffalamuu fi adeemsa komiin qaraxa teembiraan walqabatee ka'u itti furamu tumeera.

F) Labsii Kaffaltii Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa fi Gibira Galii Hojii Qonnaa Lak. 99/1997 Fooyyeessuuf Bahe (Lab. Lak. 131/1999)

Labsii kana baasuun kan barbaachiseef kaffaltiin itti fayyadama lafaa fi hojii qonnaa irraa argamu hojii investimantii akka jajjabeessu, sochii dinagdee bal'achaa jiru akka hammatuu fi guddina misoomaa waliin akka walsimu dha.¹⁴⁷ Akkasumas, kaffaltii itti fayyadama lafaa seerota hedduu keessatti bittinnaa'anii jiran iddo tokkotti fiduun toora qabsiisuu akka ta'e seensa labsichaa keessatti ibsameera.

Akka labsii kanaatti, akkaataa fi hangi itti fayyadama lafa qonnaa fi horii horsiisuuf kaffalamus adda addummaa qaba.¹⁴⁸ Fakkeenyaaf, qotiisa ilaalchisee qotee bulaa bakkaan oomishuu fi bokcaa fi jallisiin oomishu jedhamee adda adda ba'eera. Taarifa kira lafa albuudaa ilaalchisees hayyama albuuda barbaaduuf, qorachuuf ykn oomishuuf kennamu irratti hundaa'uun garaagarummaa qaba. Lafti kaffaltii itti fayyadamaa irraa bilisa ta'u malus kan attamiifaa akka ta'an labsichi addatti ibseera. Hangi kaffaltii horsiissee bulaa

¹⁴⁶ Labsii Qaraxa Teembiraa, Lab. Lak.77/1996

¹⁴⁷ Seensa (preamble) labsichaa irratti ibsameera.

¹⁴⁸ Labsii Kaffaltii Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa fi Gibira Galii Qonnaa, Lab. Lak.131/1999, Kwt.3-4

beeylada qabus baay'ina beelladaa irratti hundaa'uun taaksii kaffala. Dirqama labsichaan taa'ee jiru ba'uu dhabuun bu'aa attamii akka hordofsiisu ibsameera.

G) Labsii Qaraxa Oomisha Jimaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe (Lab. Lak. 32/1992)

Labsiin kun oomisha jimaa irratti qaraxni attamitti akka murtaa'u, sassaabamuufi to'atamu murteessuun mootummaa naannichaaf galii argamsiisuuf yaadamee kan bahe ta'uu seensa (preamble) labsichaa irraa ni hubatama.¹⁴⁹ Keewwattoota 12 of keessaan kan qabu yoo ta'u, kaffalaan taaksii eenyu akka ta'e, akkaataa qaraxni taaksii itti shallagamuufi murtaa'u, sirna to'anno qaraxa taaksii jiruu fi adabbiawan adda addaa of keessatti hammateera. Haaluma kanaan, namni oomisha jimaa qabiyyeessaa jala gochuun gurgurtaaf dhiyeessu, ykn bakka biraatti dabarsu qaraxa kaffaluuf dirqama qaba.¹⁵⁰ Hangi qaraxaa oomishaa jimaa biyya keessa tajaajiluuf deemuufi biyya alaatti tajaajiluuf deemu irratti kan hundaa'e ta'ee, kan biyya keessatti tajaajiluuf deemuuf kiiloo giraama tokkoof qarshii 3; kan biyyaa tajaajiluuf deemu irratti kiiloo giraama tokkoof qarshii 6 dha.¹⁵¹

Sirna to'anno qaraxaa ilaachisee nagahee seera qabeessa Biroon Faayinaansii Oromiyaa qopheessuun akka sassaabamu, buufanni to'anno kan gurmaa'u ta'uu fi to'ataan poolisii sakatta'insa taasisuufi aangoo madaalawaa ta'e fayyadamee seera kabachiisu kan ramadamu ta'uufi namni ykn qaamni mootummaa hojirra oolmaa labsichaaf gumaachuu akka qabu labsichi tumeera.¹⁵² Kanumaan walqabatee, namni taaksii kaffaluu qabu tokko osoo hin kaffaliin buufata to'anno yoo darbe ykn darbuu yoo yaale, qaraxni oomisha jimaa akka hin kaffalamne jeequmsa kan uume ykn uumuuf kan yaale, qaraxa oomisha taaksii akka sassaabuuf ykn akka to'atuuf ykn hojii biraaf ramadamee badii yoo raawwate, konkolaataa oomisha jimaa qaraxni irratti hin kaffalamne dabarsuu yaale ykn qaama isaa keessa dhoksuun dabarsuuf yaale maallaqaafi hidhaa kan adabaman ta'uu labsichi tumeera.¹⁵³

¹⁴⁹ Seensa (preamble) labsichaa

¹⁵⁰ Labsii Qaraxa Oomisha Jimaa MNO Murteessuuf Bahe,Lab. Lak.32/1992,kwt. 3 (1).

¹⁵¹ Labsii Qaraxa Oomisha Jimaa MNO Murteessuuf Bahe, Lab. Lak.32/1992, Kwt.3 (2) (a-b)

¹⁵² Labsii Qaraxa Oomisha Jimaa MNO Murteessuuf Bahe, Lab.Lak.32/1992,kwt.4,5,6,fi 8 ilaaluun ni danda'ama.

¹⁵³ Labsii Qaraxa Oomisha Jimaa MNO Murteessuuf Bahe,Lab. Lak.32/1992,kwt.9 (1-8).

Gaaffilee marii

Bara 2011tti, Inistiitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaafi Qo'annoo Seeraa Oromiyaafi Akkaadaamiin Hooggansaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa waliin ta'uun mata-duree "**Challenges of Taxation Power in Oromia National Regional State: Analysis of Constitution, Law and Practice**" jedhu irratti qorannoo gaggessee ture. Seerota taaksii ilaachisee kanneen armaan gadii argannoowwan gurguddoo qorannichaati.

1. Seerotni taaksii tokko tokko fakkeenyaaaf kan akka labsii investimentii tumaalee yeroo dheeraaf taaksii irraa bilisa taasisan (tax exempt) of keessatti hammachuun dandeettii galii maddisiisuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa yoo huban ni mul'ata waan ta'eef seerota akkasii fooyyeessuun barbaachisaa dha. Yeroo murtaa'eef pirojektoota taaksii irraa bilisa gochuun tooftaa akka onnachiiftuutti gargaaramnu dha. Gama biraan, ammoo tarkaanfiin akka kanaa galii mootummaa gadi buusa. Dabalataan, kaffaltootaa taaksii jidduutti garaagarummaa waan uumuuf mirga walqixxummaas ni miidha namoonni jedhan ni jiru. Fedhiwwan waldorgoman lamaan kanneen haala kamiin walmadaalchisuun akka danda'amu irratti mari'adha.
2. Seeronni tokko tokko aangoo taaksii ilaachisee mootummaa federaalaaf loogii yoo taasisan ni mul'atu. Fakkeenyaaaf, Labsiin Taaksii Galii Federaalaa (Federal Income Tax) lak.979/2008, kwt.65 (2) albuuddan xixiqqaafi mala aadaan oomishaman (artisan and small scale mining) irratti taaksii seeraan murteessuun aangoo mootummaa naannoleeti. Dubbisi galagaltoo kanaa, oomisha albuuddan gati-jabeeyyiifi jajjaboo ta'an irratti aangoon taaksii seeraan murteessuufi kaffalchiisuu kan mootummaa federaalaa ta'uu agarsiisa. Heerri mootummaa RDFI ammoo aangoo waliinii mootummaa federaalaafi naannolee taasiseera. Kun ammoo labsiin lak. 979/2008 kwt. 65 (2) Heera Mootummaa RDFI waliin kan wal hin simne ta'uu agarsiisa waan ta'eef seericha fooyyeessuun barbaachisaa ta'a. Isin, argannoofi yaada furmaataa qorannichi akeekee attamitti ilaaltu?
3. Qoodinsa taaksii galii dabalataa qabeenya irraa argamu ilaachisee labsiin taaksii dabalata qabeenya (VAT Proclamation) iftoomina hin qabu. Fakkeenyaaaf, galiin taaksii qoodamu kan maddi isaa aangoo waliinii ta'e irraa sassaabamu (joint tax sources) qofa irraatimoo madda taaksii kamirraayyuuti (both joint and exclusive tax source) ? Haalli qabatamaa Oromiyaa kan agarsiisu, maddi galii sassaabamu gosa kamirraayyu yoo ta'e, sassaabamee akkaawontii cufamaan federaalaaf erga ergamee booda, gaheen Oromiyaa (naannolee hundaa) bifaa qooddiitiin gadi deebi'a.

Hojimaanni kun galii mootummaa naannoo Oromiyaa gadi waan buusuuf, ijoo kana ilaalchisee labsichi fooyyaa'uu qaba. Hanga sanatti galin taaksii sassaabamee gara federaalaatti akkaawontii cufamaan ergamu warreen madda taaksii waliinii federaalaafi naannolee irraa sassaabaman akka ta'etti hubatamee hojiirra ooluu qaba. Isin, argannoofi yaada furmaataa kana attamitti madaaltu?

BOQONNAA SADI

YAKKOOTA TAAKSIIFI GUMURUKA FI SIRNA FALMIIN ISAANII ITTIIN HOOGGANAMU

Seensa

Kaayyoon Seera Yakkaa, faayidaa waliigalaatiif jecha nageenya, tasgabbii, sirna, mirgaafi faayidaa mootummaa, ummataafi jiraattota biyyattii eeguufi mirkaneessuu yoo ta'u galmi isaa immoo yakka ittisuudha.¹⁵⁴ Mirgaafi faayidaalee Seera Yakkaa RDFIin eegumsi taasifameef keessaa inni tokko faayidaalee diinagdeefi maallaqa mootummaati.¹⁵⁵ Bu'uruma kanaan gochoota yakkaa faayidaalee diinagdeefi maallaqa mootummaa irratti raawwataman adabbii waliin kutaa addaa mata duree afur boqonnaa tokkoofi lama kwt.443-454 jalatti; Seera Dambii darbuu kutaa lama kwt.784-791 jalatti badiwwan dambii darbuun galii ashuraa fi gibira, dhimmoota faayinaansiifi bulchiinsaa irratti raawwatamu tumamanii jiru. Itti dabaluun, gochoonni yakkaa galii irratti raawwatamuu danda'an Seera yakkaa kwt.3 bu'uura godhachuuun lbsiilee Taaksiifi Gumurukaa rogummaa qabaniin sadarkaa biyyaleessaafi naannooleetti tumamanii jiru. Boqonnaa kana keessatti yakkootni Taaksiifi Gumuruka Seera Yakkaa RDFI, Labsii Bulchiinsa Taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk 203/2009, Labsii Kaffaltii Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaafi Gibira Galii Hojii Qonnaa Mootummaa Naannoo Irra Deeebi'uun Fooyyeessuuf Bahe lakk.99/97 (Lab. Lak.131/99 Lab. Lak.99/97 fooyyeessuuf bahe), labsii Gumurukaa Lakk.859/2006 (Lab. Lak. 1161/2012 Lab. Lak. 859/2006 fooyyeessuuf bahe) keessatti haguuggii argatan xiinxalamani jiru. Dhuma irratti sirni falmiin yakkoota taaksiifi gumurukaa ittiin hogganamu ilaaallamee jira.

Bu'uruma kanaan leenjii boqonnaa kanaa boodaa Leenjfamtoonni:

- Gochoota yakkaa faayidaalee diinagdeefi maallaqa mootummaa irratti raawwatamaniifi Seera Yakkaa RDFI kutaa addaafi Seeraa Dambii Darbuu keessatti tumaman irratti beekumsa ammaan dura qaban ni gabbifatu.
- Yakkoota Bulchiinsa Taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaa irratti raawwatamaniifi Lab. Lak.203/2009tiin haguuggii argatan irratti hubannoo ni argatu.
- Yakkoota Kaffaltii Itti fayyadama Lafa Baadiyyaafi Gibira Galii hojii Qonnaa irratti raawwatamaniifi labsii lakk 99/97tiin haguuggii argatan ni xiinxaaluu.

¹⁵⁴ Seera Yakkaa RDFI kwt 1 keeyyata 1ffaa fi 2ffaa

¹⁵⁵ Seera Yakkaa RDFI kutaa addaa mata duree afur boqonnaa tokkoo fi lama kwt 443-454

- Yakkoota Gumuruka labsii Gumurukaa Lakk 859/2006 fi labsii kana fooyyeessuuf labsii bahe Lab. Lak.1160/2011 keessatti tumaman irraatti hubannoo ammaan dura qaban ni cimsatu.
- Tumaalee yakkoota Taaksiifi Gumurukaa hundeessan qoranna, himannaa hundeessuufi murtii kennuu keessatti sirnaan hojiirra oolchuun seera Taaksiifi Gumurukaa kabachiisuu keessati gahee isaanii ni bahu.
- Sirna falmiin yakkoota taaksiifi gumurukaa ittiin hogganaman irratti hubannoona ammaan dura qaban ni cimsatu.

3.1. Yakkoota Taaksiifi Gumurukaa Seera Yakkaa RDFItiin Tumaman

3.1.1. Tumaalee Waliigalaa

A) Yakkoota Seerota Addaa Cabsuun Raawwataman

Yakkoota Seerota addaa cabsuun raawwataman ilaachisee Seerri Yakka RDFI keewwata 3 jalatti kallattii kaa'ee jira. Bu'uruma kanaan seeronni adabsiisan kanneen biroo adabbii tuman raawwatiinsa kan qaban ta'uufi qajeeltoowwan seera yakkaa isaaniifis raawwatamoo akka ta'an tumamee jira. Tumaan kunis akkas jedha;

Keewwata 3. Seerota Adabsiisan Kanneen Biroo

Seerri Yakkaa kun jiraatuyyuu dambiileefi seeronni addaa adabbii tuman raawwatiinsa ni qabaatu. Dambiileefi seerota kanneen keessatti haala addaatiin yoo tumame malee qajeeltoowwan seera kanaa isaaniifis raawwatamoo ni ta'u.

Kana malees, Seerri yakkaa keewwata 343(1)(2) jalatti yakkoota faayidaa maallaqaa yookiin diinagdee irratti raawwatamu too'achuuf yookiin ittisuuf seeroota mootummaa federaalaatiin yookiin naannooleen labsaman yakki yoo raawwatame adabbiin bu'uura qajeeltoowwan seera yakkaa keessatti ibsamaniin kan murta'uu ta'uufi tumaalee dambii darbuun yakkoonni galii irratti raawwataman midhaan raawwatamuu yakkichaa hordofsiise qarshii kuma kudhan kan hin caalle yoo ta'e, adabbii tumaalee dambii darbuuf tumaniin kan adabsiisuu ta'uu tumee jira.

Dabalataan, Seerri yakkaa tumaa waliigalaa jalatti waa'ee adabbiilee dabalataa ashuraafi gibiraa tumee jira. Haaluma kanaan badii ashuraafi gibirarra gahu ilaachisee adabbiin gama yakkaan murtaa'u kamiyyuu, ashuraafi gibirri yeroon kaffalamuu dhabuun adabbiilee bu'uura seera rogummaa qabuun murtaa'an hin adabsiisu¹⁵⁶ jechuun tumee jira.

¹⁵⁶ Seera Yakkaa RDFI kwt 345

3.1.2. Tumaalee Addaa

Tumaalee addaa ilaachisee Seerri yakkaa RDFI kutaa addaa mata duree afur boqonnaa lama jalatti yakkota faayidaalee diinagdee fi maallaqa mootummaa irratti raawwataman tumee jira. Bu'uruma kanaan yakkota taaksiifi gumurukaa irratti raawwataman kan akka yakka ashuraa yookiin gibira mootummaa karaa seera ala ta'een kaffaluu diduu, gibiri akka hin kaffalamne kakaasuu, maddawan galii mootummaa irratti miidhaa geessisuu, kontiroobaandii, mi'oota, oomishoota yookiin meeshaalee dhorkaman yookiin hayyamni yookiin to'annoon yookiin ashura kaffaluun isaan barbaachisu biyya alaa irraa fchisiisuu yookiin biyya alaatti erguu, kaa'uu, deddeebisuu kannnen jedhaman tumee jira. Mata dureewwan xiqqaa armaan gadii jalatti yakkota kanneen tokko tokkoon xiinxalamanii jiru.

3.1.2.1 Ashuuraa Yookiin Gibira Mootummaa Karaa Seeraan Ala Ta'een Kaffaluu Diduu

Seerri yakkaa RDFI ashuraa yookiin gibira mootummaa karaa seeraan alaa ta'een kafaluu diduun yakka ta'u kwt. 349 jalatti tumee jira. Yakki kun maal irratti akka raawwatamu, tooftaa ittiin raawwatamuufi adabbii akkamii akka hordofsiisuu tuma kana jalatti tumamee jira.

Waantoonni yakki ashuraa ykn gibra mootummaa karaa seeraan ala ta'een kaffaluu diduu irratti raawwatamuu danda'u kwt 349 jalatti tumamanii jira. Bu'uruma kanaan yakki kun ashuraa yookiin taaksii akaakuu kamiyyuu lafarras, qabeenyarrra yookiin galii adda addaarras akaakuunis ta'ee, maallaqaan kaffalamuu qabu seeraa kan tumameefi abbaa taayitaa dhimmi ilaaluun murtaa'e irratti raawwatamuu akka danda'u tumamee jira. Hima tumaa kana irraa akka hubatamutti fakkeenyaaaf, yakki kun gibira galii qaxaramuufi hojii daldala irraa argamu¹⁵⁷, gibira galii hojii qonnaa irraa argamuu fi kaffaltii itti fayyadamaa lafa baadiyyaa,¹⁵⁸ qaraxa hoomisha jima,¹⁵⁹ qaraxa teembiraa¹⁶⁰ fi kkf irratti raawwatamuu ni danda'a.

Kana malees, tumaan kun tooftaa gochi yakkaa kun itti raawwatamuu danda'u tumee jira. Yakki kun ashuraa yookiin taaksii akka kaffalamu seeraan yommuu gaafatamu kaffaluu diduu, diddaan isaa doorsisa, gocha humnaa, harka darbuu yookiin meeshaa waraanaatti

¹⁵⁷ Labsii Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Fooyyessuuf Bahe, Labsii Lak. 202/2009

¹⁵⁸ Labsii Kaffaltii Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa fi Gibira Galii Hojii Qonnaa MNO Lab. Lak. 99/97, Fooyyessuuf Bahe Lab. Lak. 131/99

¹⁵⁹ Labsii Qaraxa Hoomisha Jimaa MNO murteessuuf Bahe lakk 32/92

¹⁶⁰ Labsii Qaraxa Teembaraa MNO lakk 77/96

tajaajilamuufi meeshaa kaasanii aggaamuu yookiin jeequmsa yookiin fincila kaasuun raawwatamu ni danda'a.

Dhuma irratti tumaan kun adabbii yakka kanaaf malu tumee jira. Namni kwt 349(1) cabsee dirqma gibira yookiin taaksii kamiiyyuu kaffaluu qaba. Dabalataan, hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneefi adabbii maallaqaatiin kan adabamu ta'uu tumamee jira. Kana malees, gochi kan raawwatamee dorsiisuun, humnaan, harka darbuun yookiin meeshaa waraanaatti tajaajilamuufi meeshaa kaasanii aggaamuu yookiin jeequmsa yookiin fincila kaasuun yoo ta'e seerichi gochoonni diddaan itti ibsaman kunnin kan raawwataman yoo ta'e bu'uura kwt 85tiin yakka dachaan kan adabsiisu ta'uu tumee jira.

3.1.2.2. Gibirri Akka Hin Kaffalamne Kakaasuu (kwt 350)

Yakki gibirri akka hin kaffalamne kakaasuu akaakuwwan yakkoota kakaasuu Seera yakkaa RDFItiin tumaman keessa isa tokkoo dha. Tuma kana hubachuudhaaf Seera yakkaa kwt.36 sirriitti hubachuun barbaachisaadha. Tumaan kun yakki kakaasuu yakka itti yaadamee raawwatamu ta'uu, namni nama biroo kakaasee kan adabamu yakkichi yaalamuu akka qabu tooftaa yakki kakaasuu ittiin raawwatamu tumee jira. Waan kana ta'eef mata duree kana jalatti kwt.36 fi 350 kan xiinxaalu ta'a.

Yakki kakaasuu itti yaaduudhaan yakka raawwatamu ta'uu kwt 36 (1) ifatti tumee jira. Kunis yakki kun itti yaadamee yoo raawwatame qofa nama kan adabsiisuu ta'uu agarsiisa.

Qabxiin inni bira ilaalamuu qabu waa'ee nama yakki akka raawwatamu nama biroo kakaasuu yoo ta'u, kunis kwt 36(2) jalatti tumamee jira. Tumaan kun akka ibsuti namni kakaasee kan adabamu yoo xiqqaate yakkichi yaalamuu qaba. Tumaa kana sirnaan hubachuuf kwt 27(2) ilaaluun barbaachisaadha. Gocha Yaalii ilaachisee kwt 27(2) akka tumeti seera yakkaa keessatti tumaan faallaa ta'e kan jiru yoo ta'e malee yaaliin yakkaa yeroo hundumaa nama ni adabsiisa. Haa ta'u malee, tumaan kun yaaliin gocha yakkaaf kaakaasuu yookiin miiltummaa ifaan seeraan kan adabsiisuudha jedhamee yoo tumame malee kan nama hin adabsiifne ta'uu tumee jira. Fakkeenyaaaf yakki gibirri akka hin kaffalamne kakaasuu (kwt.350) fi mattaa'a kennuu (giving bribe or undue advantage) (labsii farra malaammaltummaa 881/2015 kwt.25) akaakkuu yakkoota kaakasuu keessa tokko akka ta'an tumaalee kanneen irraa ni hubatama. Waan kana ta'eef, gochi yakka gibira kaffaluu dhabuu kan yaalame yoo ta'e namni yakkamaa muummee kakaasee adabamu ni danda'a jechuudha.

Qabxii inni dhuma kwt.36 jalatti ilaalam karaa yookiin tooftaa yakkichi ittiin raawwatamuudha. Yakki namni biroo yakka akka raawwatu kakaasuu nama biroo sossobuun,

abdi kenuun, maallaqaan, kennaan, sodaachisuun, yookiin tooftaa biroo kamiiniyyuu yakka tokko akka raawwatu amansiisuun kan raawwatamu ta'uu kwt.³⁶ tumee jira. Kana irraa kana hubatamu namni kakaasuu irra darbee kallattiin ykn al-kallattiin yakka raawwachuu irratti hin hirmaatu. Yakkicha kallattiidhan kan raawwatu nama yakka akka raawwatu taasifameedha. Kanaaf gocha kakaasuu fi gocha yakcaa sababa kakaasuutiin raawwatame gidduu hariiroon jiraachuu qaba. Kunis mirkanaa'uu ykn hubachiifamuu qaba.

Yaadni bu'uura kwt 36 jalatti tumame akkuma olitti ibsame kana yoo ta'u, itti aansuun ulaagalee yakcaa gibirri akka hin kaffalamne kakaasuu hundeessan kan ilaallu ta'a. Keewwanni 350 yakka gibirri akka hin kaffalamne kakaasuu tooftaa gochi yakka kun ittiin raawwatamu fi sababoota yakkicha cimaa taasiisan tumee jira.

Yakki gibirri akka hin kaffalamne kakaasuu gochaan, kennaan, jechaan, doorsisaan, yookiin tooftaa biroo kamiiniyyuu namni biroo ashura yookiin gibira seeraan tumame akka hin kaffalle kakaasuun raawwatamu ni danda'a. Namani gocha yakcaa kana raawwate hidhaa salphaa wagga tokkoo hanga wagga sadii gahuu danda'uufi adabbii maallaqaatiin nama adabsiisuu ni danda'a.¹⁶¹ Kunis tooftaan yakki kun ittiin raawwatamu gochaan, kennaan, jechaan, doorsisuun, ykn toofataa kamiiniyyuu namoota biroo ashuraa ykn gibirri akka hin kaffalamne kakaasuun akka ta'ee agarsiisa.

Kana malees, kwt 350 (2) haalota yakkicha ulfaataa taasisan tumee jira. Yakkichi fincila kakaasuuf yookiin abbaa taayitaa tayitaarras buusuuf kakaasuu yookiin kan kana fakkaatan tumaalee ciccimoo ilaallataniin kan gaafachiisu yoo ta'e, tumaa yakkoota dachaa ilaallatu rogummaa qabuun adabbichi kan cimu ta'uu tumee jira. (Keewwata 85). Namni gocha yakcaa kana haala kanaan raawwates hidhaa cimaa wagga sadii hanga wagga kudhanii gahuufi adabbii maallaqaa kan adabsiisu ta'uu tumee jira.

3.1.2.3. Maddawan Galii Mootummaa Irratti Miidhaa Geessisuu (kwt 351)

Yakki maddawan galii mootummaa irratti miidhaa geessisuu nama kamiiniyyuu, abbaa taayitaan ykn hojjetaa kamiiyyuu raawwatamu ni danda'a. Keewwaanni kun kutaa yaadaa fi gocha bakka tokkotti tumuun isaa tumaalee yakka taaksii hundeessanii fi olitti ibsi itti kennname irraa adda isa taasiisa.

Keewwanni kun kutaa yaadaa yakkicha hundeesse tumee jira. Kutaa yaadaa yakka maddawan galii mootummaa irratti miidhaa geessisuu gibira, ashura yookiin kaffaltii

¹⁶¹ Seera Yakka RDFI kwt 350(1)

biroo seeraan murtaa'eefi sanduuqa mootummaatti galii ta'uu qabu akaakuu kamiyyuu, gartokkeen yookiin guutuummaan ofiisaa yookiin nama biroo yookiin jaarmiyaa namummaa seeraa qabu akka hin kaffalle oolchuuf yaaduun yakka raawwatamuudha.¹⁶² Kana malees, keewwanni kun kutaa gochaa yakkicha hundeesse tumee jira. Bu'uruma kanaan namni meeshaa yookiin kaappitaala yookiin galii ashuurri yookiin gibirri irratti murtaa'uu qabu ilaalchisee yookiin ashuuricha yookiin gibiricha murteessuuf haalawan rogummaa qaban kamiyyuurratti osoo beekuu qaama mootummaa dhimmichi ilaallatuuf odeeffannoo sobaa kan kenne yoo ta'e¹⁶³; yookiin tooftaa akaakuu biroo kamiiniyyuu qaamolee mootummaa dhimmuma kanaaf aangoon kennameef akka dogoggoran osoo beekuu dhugaa sobatti jijiiriun, dubbicha dhoksuun yookiin galii sobaa yookiin herreega sobaa qopheessuun yookiin gocha kana fakkaatan kamiiniyyuu kan dogoggorse yoo ta'e; hidhaa cimaa wagga kudhan hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba tokko hin caalleen kan adabama ta'uu tumamee jira.¹⁶⁴

Itti dabaluun, keewwanni kun yakki galii mootummaa irratti miidhaa geesisuu abbaa taayitaan ykn hojjetaa kamiyyuu raawwatamuu akka danda'u tumee jira. Bu'uruma kanaan Abbaan taayitaa yookiin hojjetaan kamiyyuu karaa hin taaneen, gibirri yookiin ashuurri akka hin kaffalamne yookiin akka hir'atu kan taasise yoo ta'e; seeraan ala aangootti fayyadamuun (keewwata 407) tiin ni gaafatamaa.¹⁶⁵ Kunis yakka karaa hin malleen ykn karaa seera ala ta'een raawwatamu ta'ee yakka aangootti seeraan ala fayyadamuun kan nama gaafachiisuudha. Tumaan yakka kana hundeesee kwt 407 yoo ta'uu, tumaa kun labsii farra malaammaltummaa lakk 881/2015 kwt 35 tiin haqamee jira waan ta'eef namoota yakka kana raawwatan labsii kana kwt 9 jalatti himanna hundeessuun adabsiisuun ni danda'ama.

Dhuma irratti kwt.351 (3) balleessichi yakka maddawan galii mootummaa irratti miidhaa geesisuu kan raawwate yakkota biroo keessumattuu yakka gowwomsuu yookiin yakka sanada sobaa qopheessuu haalawan hundeessaniin yoo ta'e, tumaaleen yakkota kana ilaallatan dabalataan bu'uura kwt 85tiin irratti kan raawwatamu ta'uu tumee jira.

¹⁶² Seera Yakka RDFI kwt 351(1)

¹⁶³ Seera Yakka RDFI kwt 351(1)(a)

¹⁶⁴ Seera Yakka RDFI kwt 351(1)(b)

¹⁶⁵ Seera Yakka RDFI kwt 351(2)

3.1.2.4. Keellaa Cabsuu (Kontirobaandii) Kwt 352

Keewwanni 352 ulaagalee yakkoota keellaa cabsuu yookiin kontirobaandii hundeessan tumee jira. Tumaan kun kutaa yaadaa, gochaa ykn tooftaa yakki kun ittiin raawwatamuu fi eenyuun akka raawwatamu tumee jira.

Yakki keellaa cabsuu yookiin kontirobaandii yakka nama kamiiniyyuu itti yaadamee raawwatamuudha. Yakki kun meeshaalee biyya alatti ergaman yookiin biyya ambaa irraa gara biyya keessatti galan irratti yakka raawwatamuudha.¹⁶⁶ Yakki keellaa cabsuu yakka itti yaaduun mi'a daldala, qabeenya, mi'a adda addaa akaakuu kamiyyuu yookiin hojiin warshaa yookiin ogummaan harkaa oomishu wantoota akaakuu kamiyyuu ashurri yookiin gibirri seeraan murtaa'e kan itti hin kaffalamne Itoophiyaa keessaa gara biyya alaatti baasuun yookiin biyya alaarraa gara Itoophiyaatti galchuu akka ta'e tumamee jira.

Gochi tumaa kanaan dhorkame inni bira mi'a yookiin qabeenya ashuraan ykn gibirri itti hin kaffalamne biyya keessa gale ykn biyya bahuu jedhu kuusuu, gurgurtaaf dhiyeessu yookiin bituu yookiin akka hin nannoofne dhorkaman naanneesuudha. Namni gocha kana raawwate mirgi namoota yaada qajeelaan dhimmichaaf haaraa ta'anii osoo hin tuqamiin, mi'a, meeshaa yakki ittiin raawwatameefi bu'aa yakkichaa dhaaluu ilaachisee dambii tumame akkuma eegametti ta'ee, adabbi maallaqaa qarshii kuma kudhan hin caalleen yookiin hidhaa salphaan ni adabama /keewwata 140/.¹⁶⁷

Dhuma irratti tumaan kun yakki keellaa cabsuu yookiin kontrobaandii kan raawwatame humnaan, doorsisaan, waliin dhahuun, yookiin gareen yoo ta'e; mi'ichi dhaalamee hidhaa cimaa wagga kudhan hin caalleen kan adabsiisu ta'uufi gochoota dambii darbuu gumuruka keessatti yeroof qofa tasa raawwataman irratti adabbiin murtaa'u bu'uura tumaa dambii darbitootaaf tumameen kan murta'uu ta'uu tumee jira.¹⁶⁸

3.1.2.5. Yakkoota Dinagdee Biyyaafi Monoppola Mootummaa Irratti Raawwataman (kwt 353)

Tumaan kun yakkoota haalawan kwt 349-351 addatti ibsamaniin yookiin dambii darbuun adabsiisiin alatti (keewwata 784-790) raawwatamuu danda'an hundeessee jira. Tumaan kun yakkoonni kanneen dagannoodhanis raawwatamuu akka danda'an tumee jira. Tumaan kanaatti aansee haallawan yakkicha cimsan kwt 354 jalatti tumamanii jiru. Kana malees,

¹⁶⁶ Seera Yakka RDFI kwt 352(1)(a)

¹⁶⁷ Seera Yakkaa RDFI Kwt 352(1) (b)(C)

¹⁶⁸ Seera Yakka RDFI kwt 352(2)(3) fi kwt 784

yakkooni kanneen jaarmiyaa namummaan seeraa kennameefiin raawwatamuu akka danada'an tumamee jira. Mata duree kana jalatti yakka keellaa cabsuu qofa kan ilaallu ta'a.

Tumaan kun mi'oota, oomishoota yookiin meeshaalee dhorkaman yookiin hayyamni yookiin to'annoon yookiin ashura kaffaluun isaan barbaachisu; biyya alaa irraa fichisiisuu yookiin biyya alaatti erguu, kaa'uu, deddeebisuu yakka ta'uu tumee jira. Namni itti yaadee tumaalee dhimma kana tuman cabse gochichi tumaa addaa adabbii olaanaa murteessisu keessatti kan hin ibsamne yoo ta'e, yakka kana raawwatee argamuu isaatiin qabeenyi yakki ittiin raawwatame kan dhaalamu, hayyamni daldalaafi waraqaaleen ragaa hojii kan fudhatamu, hojii industirii isaa akka itti hin fufne kan dhorkamu, yookiin manni daldalaa isaa kan cufamu ta'uun isaa osoo hin hafiin; hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.¹⁶⁹

Tumaan kun yakki mi'oota, oomishoota yookiin meeshaalee dhorkaman yookiin hayyamni yookiin to'annoon yookiin ashura kaffaluun isaan barbaachisu; biyya alaa irraa fichisiisuu yookiin biyya alaatti erguu, kaa'uu, deddeebisuu dagannoon raawwatamuu akka danda'u tumee jira. Namni dagannoon tuma kana cabsuun yakka raawwate adabbichi adabbii maallaqaa qarshii kuma shan hin caalle yookiin akka haala dubbichaafi akka cimina yakkichaatti hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalle adabamuu akka danda'u tumamee jira.¹⁷⁰

Kana malees, haalawan adabbii yakkoota dinagdee biyyaafi monoppola mootummaa irratti raawwataman cimsan kwt 354 (1) jalatti tumamanii jiru. Bu'uruma kanaan mi'a dhorkame dabarsuu, bu'a hin malle argachuuf daldalli seeraan alaa yookiin kontrobaandiin raawwatame yookiin maallaqa tilmaama olaanaa qabu irratti yakka raawwatame yommuu ta'u yookiin yakkamtichi kan kana fakkaatan dabarsuufi seeraan dhorkame hojjechuu hojii ogummaa idilee isaa kan godhate yoo ta'e; adabbiin itti murtaa'u qabeenyi yakki ittiin raawwatame dhaalamuun isaa akkuma eegametti ta'ee, adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba lama hin caalleefi hidhaa cimaa wagga kudha shan hin caalle ni ta'a. Itti dabaluun, tumaan kun yakki kan raawwatame jaarmiyaa namummaan seeraa kennameefiin yoo ta'e; adabbiin seera kana keewwata 90 jalatti ibsame irratti raawwatamaa kan raawwatamu ta'uun kwt xiqqaa 2 jalatti tumee jira.

3.2. Badiiwan Seeraa Dambii Darbuutiin Tumaman

Seeri Dambii darbuu Kitaaba Saddeetaffaa boqonnaa tokko kutaa lama jalatti gochoota Dambii darbuun raawwataman kwt.784-791 jalatti tumee jira. Gochoota dambii darbuun raawwataman keessaa inni tokko seeroota Ashuurafi Gibiraa cabsuun badiiwan

¹⁶⁹ Seera Yakka RDFI kwt 352(1)(a)

¹⁷⁰ Seera Yakka RDFI kwt 352 (4)

raawwatamanii dha. Mata duree kana jalatti tumaalee badiiwan kanneen hundeessaniifi hariiroo qaban qofa kan ilaallu ta'a.

3.1.2. Badiiwan Dambii Darbuu Galii Ashuuraafi Gibira Irratti Raawwatamu

Mata duree kana ilaaluun duratti maalummaa Dambii darbuu ilaaluun murteessadha. Seerri Yakkaa RDFI Kutaa Guddaa Sadaffaa Kitaaba Torbaffaa mata duree Seera Dambii Darbuu jedhu keewwata 735 jalatti Dambii darbuu fi dambiilee adabbiilee ilaallatan akka itti aanutti tumee jira.

Keewwata 735. Dambii Darbuu

Namni tokko dambii darbeera kan jedhamu seera qaamni aangoo qabu baaseen kan ibsameefi tumaa wanti tokko akka hin raawwatamne ajaju yookiin dhorku kan darbe yookiin badii salphaa yakkaan hin adabsiifne kan raawwate yoo ta'eefi darbuun seera akaakuu akkanaa yookiin badii salphaan tumaalee armaan gaditti ibsamaniin kan adabsiisu yommuu ta'udha /keewwata 746 hanga 775/.

Tumaan kana irra akka hubatamutti namni tokko badiin Dambii darbuu kan nama adabamu tumaa seera qaamni aangoo qabu baaseen wanta akka hin raawwatamne ajajame or dhorkame (mandatory or prohibitive provisions) raawwachuu, yookiin badii salphaa yakkaan hin adabsiifne raawwachuu qaba. Adabbii ilaalchisee namni badii dambii darbuu raawwate adabbii kwt 746-775ti tumameen kan adabamu ta'u yaada tumichaa irraa ni hubatama.

Maalummaan gocha dambii darbuu kanneen olitti ibsame kana yoo ta'u, haalawwan bu'uura keewwata 343-345 seera yakkaatiin adabsiisaniin ala ashura, gibira, gumuruka, ashura, gibira, gumuruka fi kkf ilaalchisee seera, dambii yookiin qajeelfama abbaa taayitaa dhimmichi ilaallatuun bahe cabsuun seera dabii darbuun kan nama gaafachiisu ta'u isaa akka itti aanutti tumamee jira.

Keewwata 784. Seerota Ashuuraafi Gibiraa Cabsuu

Namni kamiyyuu haalawwan bu'uura keewwata 343-345 seera yakkaa kanaan adabsiisaniin ala:

- (a) *Galii mootummaa keessumattuu ashura, gibira, gumuruka, poostaafi telekominikeeshina, mirga adamoofi qurxummii kiyyeessuu, qabeenyota uumamaa lafarratti yookiin lafa keessatti argamanitti fayyadamuu yookiin mirga kana fakkaataan biroo kamiiniyyuu maddawwan galii; yookiin*
- (b) *Tambeera, beeksisoota maxxanfaman, ashura, galmeeffama, jijiirraa maqaafi kanneen amala akkanaa qaban maallaqni kan ittiin kaffalchiifamu ilaalchisee seera,*

dambii yookiin qajeelfama abbaa taayitaa dhimmichi ilaallatuun bahe kan cabse yoo ta'e; adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Akka tumaan kun jedhutti namni tokko badii dambii darbuun kan gaafatamu haalawwan kwt 343- 345 jalatti tumameen ala seera, dambii yookiin qajeelfama qaamni dhimmi isaa ilaallatu dhimma taaksiifi gumurcaa irratti baase yoo cabseedha.

3.3. Yakkoota Taaksii Lab. Lak.203/2009tiin Tumaman

Labsiin Bulchiinsa Taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf bahe Lab. Lak.203/2009 yakkoota taaksii irratti raawwataman yakkoota seera yakkaa Itoophiyaa darbuun kan raawwataman ta'uun ibsuun yakkoota amman dura Labsii Gibira galii, Labsii Taaksii Eksaayizii, Labsii Tarnovarii Taaksii, gatii qabeenya dabalataa, Labsii Qaraxa Teembiraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi Labsii Taaksii Dabalata Qabeenya keessatti tumaman bakka tokkotti sassaabuun kwt.117-132 jalatti tumee jira. Yakkoonnii kunnii kaffaltoota taaksiitiin, namoota birootiin, dhaabbatoota mirgaafi dirqama qabaniinfi hojjetoota Abbaa Taayitaa Taaksiitiin rawwatamu ni danda'u. Mata duree kana jalatti tumaalee yakkoota kanneen hundeessan akka itti aanutti kan xiinxallu ta'a.

3.3.1. Yakkoota Lakkofsa Eenyummaa Kaffalaa Taaksii Waliin Wal Qabatan

(Kwt 117)

Abbaan Taayitaa Galiiwan Oromiyaa kaffaltoota taaksii naannicha keessaa galii argataniifi dirqama galmaa'uu qaban iyyanna isaanii irratti hunda'uun galmeessuuf itti gaafatamummaa qaba. Kaffaltoni taaksiis yeroo seeraan taa'ee keessatti iyyannaafi ragaa barbaachisu dhiyyeffachuuf galmaa'uuf dirqama qabu.¹⁷¹ Kana malees, Abbaan Taayitichaas kaffaltoota taaksii adda baasuuf nama galmaa'eef lakkofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii kennuuf itti gaafatamummaa ni qaba.¹⁷² Seeroota taaksii hundaaf lakkofsa eenyummeessaa kaffalaa tokkotu kennama. Kaffalaan taaksii yeroo kamiyyuu lakkofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii tokko qofa qabaata.¹⁷³ Itti fayyadama isaa ilaachissee kaffalaan taaksii akkaataa seeroota taaksii jalatti tumameen fayyadamuu akka qabu seerri dirqama irra kaa'ee jira.¹⁷⁴ Kana malees, lakkofsi eenyummeessaa kaffalaa taaksii nama kennameef qofa kan tajaajilu waan ta'eef nama birootiin faayidaa irra ooluu hin danda'u. Haa ta'u malee, namni abbaa lakkofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksichaa ta'ee bakka bu'aan taaksii eeyyamni

¹⁷¹ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 11

¹⁷² Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 14 fi 15 (1)

¹⁷³ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 15 (2)

¹⁷⁴ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 14

kennameef, itti fayyadamuu akka danda'u barreeffaman yoo heeyyamuuf itti fayyadamuu ni danda'a. Itti dabaluun, bakka bu'aan taaksii eeyyamni kennameef lakkofsicha dhimmota taaksii abbaa lakkofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksichaatiif qofa fayyadamuu ni danda'a.¹⁷⁵

Itti dabaluun, seerichi yakkoota lakkofsa eenyuummaa kaffalaa taaksii waliin wal qabatan tumee jira. Lakkofsa eenyuummaa kaffalaa taaksii tokko ol fudhachuun ykn fudhachuuf yaaluun; namni biraakka itti fayyadamuuuf nama biraatiif kennuun yookiin kan nama birootti fayydamuuun qarshii 20,000 (kuma digdamaa) fi hidha salphaa waggaa 1-3 gahuutiin ni adabsiisa.¹⁷⁶ Haa ta'u malee, akkuma olitti ibsameetti akkaataa seerri eeyyamuun lakkofsaa eenyuummaa kaffalaa taaksii nama biraatiif kennuun yookiin kan nama biratti fayyadamuu yakkaan nama hin gaaffachisu.¹⁷⁷

3.3.2. Ibsawan Sobaa Ykn Dogoggorsaafi Sanadoota Waliindhahaman (Kwt 118)

Kaffaltoonni taaksii yeroo seeroota taaksiin ta'ee keessatti uunka Abbaan Taayitaa qopheesse irratti odeeffannoo dhugaa ta'e guutuun taaksii beeksiisuun kaffaluuf dirqama akka qaban labsiileen taaksii labsii lakk 203/2009tiin haguuggii argatan tumanii jiru. Haa ta'u malee, ibsawan sobaa ykn dogoggorsaafi sanadoota waliidhahaman kennuun ykn dhiyeessuun yakkaan kan nama gaafachiisuu ta'uu keewwanni 118 tumee jira. Bu'uruma kanaan tumaan kun gochoota yakkaa sanada sobaa ykn dogongorsuu Abbaa Taayitichaatiif Kennuu¹⁷⁸; ibsa Abbaa Taayitichaatiif dhiyaachuu qabu haala dogoggorsuu danda'uun wantoota hammatamuu qaban sababa gahaa tokko malee hambisu¹⁷⁹; sanadoota waliin dhahaman dhiyeessuu¹⁸⁰; namni Abbaa Taayitichaatiif dabarsuu akka danda'uu osoo beekamuu yookiin sababa gahaa akka beeku isa dandeessisu osoo qabuu ibsa sobaa yookiin ibsa nama dogoggorsu nama biraatiif kennuu¹⁸¹; taaksii waliindhahuuf yaaduun nama lubbuun hin jirreen ykn teessoon isaa hin beekamneen ykn bakka bu'uummaa kennuuf ykn nama hojii daldalaa hojjechuuf seeraan nama hayyamni hin kennamneef ykn nama hojii daldalicha irraa fayyadamaa hin taneeen ykn maqaa nama biraakka hin jirreetaan hayyama

¹⁷⁵ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 16 (5)(6) (a)(b)

¹⁷⁶ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 117 (1)(a)(b)(c)

¹⁷⁷ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 117 (3) fi kwt 16 (6)(a)(b)

¹⁷⁸ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 118 (1)(a)

¹⁷⁹ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 118 (1)(b)

¹⁸⁰ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 118 (1)(c)

¹⁸¹ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 118 (2)

daldalaa baasuun bakka bu'uummaa hojii daldalaa hojjechuun¹⁸² adabbii maallaqa qarshii 50,000-100,000 fi hidhaa waggaa 5-8 ga'uun ni adabsiisa.

3.3.3. Nagaheewwan Seeraan Alaa Ykn Waliin dhahaman (Kwt.119)

Keewwanni 119 yakka nageewwan seeraan alaa ykn waliindhahaman hundeessee jira. Bu'uruma kanaan nagaheewwn seeraan alaa qoheessuu, maxxansiisuu, gurguruu yookiin raabsuu, idaa taaksii hir'isuuf ykn deebii gaafachuuf sanadoota waliidhahaman fayyadamuu yakkaan kan nama gaafachisuu ta'uu fi namni gocha kana raawwate adabbii maallaqaa qarshii 100,000 fi hidhaa cimaa waggaa 7-10 ga'uun kan adabamu ta'uu tumee jira.¹⁸³ Kana malees, sanadoota waliidhahaman fayyadamuu fayidaan argame qarshii 100,000 kan caalu yoo ta'e adabbii qarshii faayidaa qarshichaa waliin wal-qixa ta'ee fi hidhaa cimaa waggaa 10-15 ga'uun kan nama adabsiisuu ta'uu tumamee jira.¹⁸⁴

Itti dabaluun tumaan kun maashina, meeshaa ykn sooftweerii sanadoota sobaa hojjechuuf, qopheessuuf, maxxansiisuu gargaaru qabachuun argamuun, gurguruu, kireessuu, ykn karaa biraatiin dhiyeessuun adabbii maallaqaa qarshii 200,000 fi hidhaa cimaa waggaa 10-15 ga'uun kan nama adabsiisu ta'uu fi maashinichi, meeshichi sooftiweerichi yookaan bu'aa yakkichaa kan dhaalamu ta'uu tumee jira.¹⁸⁵

Dhuma irratti tumaan kun sanadoota sobaa qabachuu, kaa'u, gurgurtaaf mijeessuu ykn sanadootni sobaa tajaajila irra akka oolan taasiisuun hidhaa cimaa waggaa 3-5 nama adabsiisuu akka danda'u tumee jira.¹⁸⁶

3.3.4. Yakkoota Waliigalaa Nagaheewwaniin Wal-Qabatan (Kwt.120)

Keewwanni 120 gochoota yakkoota nagaheewwaniin walqabatan hundeessan tumee jira. Haaluma kanaan tumaan kun gochoota akka nagahee malee bittaa gurgurtaa raawwachuu, kooppii nagaheewwanii walfakkaatan bittaa fi gurgurtaa tokko irratti kennaman irratti gatii adda adda galmeessuun gatii gurgurtaa hir'isuun; bittaa gurgurtaan osoo hin raawwatamin nagahee kennuu ykn fudhachuu; Abbaan Taayitaa irraa hayyama osoo hin argatin nagahee maxxansuun yakka taasiisuun tumee jira. Gochoota yakkaa kanneen akka itti aanutti kan xiinxaluu ta'a.

¹⁸² Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 118 (3)

¹⁸³ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 119 (1)(a)(b)

¹⁸⁴ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 119 (2)

¹⁸⁵ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 119 (3)(4)

¹⁸⁶ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 119 (5)

a) Nagahee Malee Bittaa Gurgurtaa Raawwachuu

Kaffalaan taaksii gal mee herreegaa qabachuuf dirqama qabu kamiyyuu gurgurtaa raawwachuuuf dirqama nagahee kennuu qaba.¹⁸⁷ Kaffalaan taaksii gal mee herreegaa qabachuuf dirqama qabu eeniyuu? Gaaffi jedhu deebiisuuf Labsii Gibira Galii Naannoo Oromiyaa lakk 202/2009 dubbisuun murteessaadha. Labsiin kaffaltoota gibraa kaffalaan gibraa sadarkaa “A”, Kaffalaan gibraa sadarkaa “B” fi kaffalaan gibraa sadarkaa “C” jechuudhan bakka saditti qoodee jira.¹⁸⁸ Kaffalaan gibraa sadarkaa “A” warri jedhaman dhaabbata yookiin nama galiin waliigalaa waggaa isaa qarshii 1,000,000.00 yookiin kanaa ol ta’ e kamiyyuu akka ta’ e ibsamee jira.¹⁸⁹ Kaffalaan gibraa sadarkaa “B” kan jedhamu dhaabbata osoo hin dablatiin, kaffalaan gibraa galiin waliigalaa waggaa isaa qarshii 500,000.00 ol ta’ ee fi 1,000,000.00 gadi ta’ eedha.¹⁹⁰ Kaffalaan gibraa sadarkaa “C” kan jedhamu immoo dhaabbata osoo hin dablatiin, nama galiin waliigalaa waggaa isaa hanga qarshii 500,000.00 kan ta’ e dha.¹⁹¹ Labsichi sadarkaa kaffaltoota gibraa erga adda baase booda gal mee herreegaa qabachuuf warra dirqama qaban ifatti tumee jira. Haaluma kanaan labsichi kaffaltooni gibraa sadarkaan “A” gibra galii hojji daldaalaa kaffaluuf dirqama qaban bu’ uraa sadarkaalee dhiyeessa gabaasa faayinaansiitiin galmeewan herregaa qabachuuf dirqama kan qaban ta’ uu tumee jira.¹⁹² Kana malees, kaffaltootni gibraa sadarkaa “B” gibra galii hojji daldaalaa kaffaluuf dirqama qaban sanadoota qabachuuf qaban tareesse jira. Fakkeenyaaaf, gal mee galiifi baasii guuyya guyyaa argisiisu; gal mee gurgurtaa fi bittaa hunda agarsiisu; gal mee mindaafi durgoowwaniifi sanada biroo kamiyyuu itti gaafatamummaa gibraa kaffalaan gibraa murteessuuf dandeessisu qabachuuf dirqama akka qaban tumee jira.¹⁹³ Kafaltooni gibraa sadarkaa “C” gal mee hirreegaa qabachuuf hin

¹⁸⁷ Labsii Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Fooyyessuuf Bahe, Labsii Lak. 202/2009, Kwt.21(3)

¹⁸⁸ Labsii Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Fooyyessuuf Bahe, Labsii Lak. 202/2009, Kwt.5

¹⁸⁹ Labsii Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Fooyyessuuf Bahe, Labsii Lak. 202/2009, Kwt.5 (1)(A)(i)(ii)

¹⁹⁰ Labsii Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Fooyyessuuf Bahe, Labsii Lak. 202/2009, Kwt.5 (1)(B)

¹⁹¹ Labsii Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Fooyyessuuf Bahe, Labsii Lak. 202/2009, Kwt.5 (1)(C)

¹⁹² Labsii Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Fooyyessuuf Bahe, Labsii Lak. 202/2009, Kwt.78 (1) (a- e)

¹⁹³ Labsii Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Fooyyessuuf Bahe, Labsii Lak. 202/2009, Kwt.78 (2)(a-d)

dirqaman. Haa ta'u malee, galmee galii gurgurtaa waliigalaan agarsiisu yookiin galmee barbaachisaa biroo qabachuu ni danda'u.¹⁹⁴

Armaan olitti kaffalaan taaksii gal mee herreegaa qabachuuf dirqama qabu kamiyyuu gurgurtaa raawwachuuf dirqama nagahee kennuu akka qabu ilaallee jira. Dirqama kana cabsuun immoo yakkaan kan nama gaafachiisu ta'uu tumamee jira. Haaluma kanaan kaffalaan taaksii dirqama nagahee kennuu qabu kamiyyuu nagahee malee bittaa fi gurgurtaa kan raawwate yoo ta'e adabbii maallaqaa qarshii 25,000-50,000 fi adabbii hidhaa cimaa wagga 3-5 ga'uun kan adabamu ta'uu tumamee jira.¹⁹⁵

b) Nagaheewwan irratti gatii adda addaa galmeessuun gatii gurgurtaa hir'isuu

Kooppii nagaheewwanii walfakkaatan bittaafi gurgurtaa tokko irratti kennaman irratti gatii adda adda galmeessuun gatii gurgurtaa hir'isuu adabbii qarshii 100,000 fi hidhaa cimaa wagga 5-7 nama adabsiisa.¹⁹⁶ Gochi tumaan kun hundeessee koppii nagaheewwanii irratti gatii adda addaa galmeessuu yoo ta'u, kaayyoon isaa immoo gatii gurgurtaa hir'isuu taaksii irraa barbaadamu hir'isuudha. Akkasumas tumaan kun haaloota adabbii cimsan tumee jira. Kunis gatiin gurgurtichaa sirriin qarshii 100,000 kan caalu yoo ta'e bu'uura kwt 120(2)tiin addabbiin murtaa'u hanga qarshii isa olaanaa nagaheewwan irratti ibsame fi adabbii hidhaa cimaa wagga 7-15 ga'uun ni adabama.¹⁹⁷

c) Bittaafi gurgurtaan osoo hin raawwatamin nagahee kennuu ykn fudhachuu

Keewwanni 120 gocha bittaa fi gurgurtaan osoo hin raawwatamni nagahee kennuu ykn fudhachuu yakka taasiisee jira. Tumaan kun namni nagahee kenne ykn fudhatee itti gaafatamummaa yakkaa akka qabu tumee jira. Bu'uruma kanaan osoo bittaa gurgurtaan hin raawwatamin nagahee kennuu ykn fudhachuun adabbii qarshii 100,000 - 200,000 fi hidhaa cimaa wagga 7-10 ga'uun ni adabama.¹⁹⁸ Akkasumas tumaan kun haala adabbii cimsuu tumee jira. Kunis nagaheen kwt 120(4) jalatti ibsame hanga qarshii 200,000 kan caalu kan qabate yoo ta'e adabbiin murtaa'u adabbii hanga qarshii nagahee irratti ibsame waliin wal-qixa ta'ee fi adabbii hidhaa waagga 10-15 ga'uun ni adabama.¹⁹⁹ Kanaaf, bittaafi

¹⁹⁴ Labsii Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Fooyyessuuf Bahe, Labsii Lak. 202/2009, Kwt.78 (3)

¹⁹⁵ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 120 (1)

¹⁹⁶ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 120 (2)

¹⁹⁷ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 120 (3)

¹⁹⁸ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 120 (4)

¹⁹⁹ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 120 (5)

gurgurtaan osoo hin raawwatamin namni nagahee kennee ykn namni fudhate yakkaan ni gaafatama jechuu dha.

d) Yakkaa Nagaheewwan maxxansiisuun walqabatee raawwatamu

Nagaheewwan maxxansiisuu fi yakka kanaan walqabatu ilaalchisee labsichi dirqamoota kaffalaa taaksii fi namoota tajaajila maxxansaa kennaan irraa eegamuu fi dirqama kana cabsuun itti gaafatamumma yakkaa hordofsiisuu tumee jira.

Kaffalaa taaksii gal mee herregaa qabachuuf dirqama qabu osoo nagheewwan hin maxxansiisiin dura akaakuu fi baay'ina nagaheewwanii Abbaa Taayitaa biratti galmeessisuu akka qabu tumamee jira.²⁰⁰ Gama biraatiin, namni tajaajila maxxansaa kenuu kamiyyuu nagaheewwan maxxansiisuuf kaffalaan taaksii irraa gaaffiin yoo dhihaatuuf nagahicha maxxansuun dura akaakuu fi hangi nagaheewwan kanaa Abbaa Taayitichaatiin galmaa'u Isaanii mirkanneeffachuu qaba.²⁰¹ Itti fufuun dirqama kana cabsuun yakkaan kan nama ni gaaffachiisuu ta'uu tumamee jira. Bu'uruma kanaan namni osoo Abbaan Taayitichaa hin hayyamniniif nagahee taaksii maxxanse adabbii maallaqaa qarshii 300,00-500,000 fi hidhaa cimaa wagga 2-5 ga'uutiin ni adabama.²⁰²

Kana malees, namni hayyama Abbaa Taayitichaa malee nagahee maxxansee balleessadha jedhamee yakkicha yeroo lammaffaaf raawwatee balleessaa ta'uun yoo irratti mirkanaa'e meeshaan maxxansaa isaa fi dhaabbanni maxxansichaa kan dhaalamu ta'uu fi hayyamni daldalaas isaas kan haqamu ta'uu tumamee jira.²⁰³

3.3.5. Deebii Seera Qabeessa Hin Taane Ykn Bakka Buufamuu Hin Mallee Gaafachuu (Kwt.121)

Kaffalaan taaksii deebii seera qabeessa ta'eefi bakka buufamuu maluuf gaafachuu ni danda'a. Kaffalaan taaksii bara taaksichaatti taaksii bakka buufama kaffaltiifi bu'uura seera taaksiitiin taaksii kaffalamuu qabu ol kan kaffalame yoo ta'e, guyyaa taaksichi kaffalame irraa eegalee waggoota sadan jiran keessatti guca mirkanaa'e fayyadamuun taaksiin hanga kaffaluu qabu ol kaffale akka deebi'uuf Abbaa Taayitichaa gaafachuu ni danda'a.²⁰⁴ Haa ta'u malee, deebii seera qabeessa hin taane yookiin bakka buufama hin mallee gaafachuun

²⁰⁰ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 21 (1)

²⁰¹ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 21(2)

²⁰² Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 120(6)

²⁰³ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 120(7)

²⁰⁴ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 51 fi 52

yakka ta'uu tumamee jira. Bu'uuruma kanaan namni Abbaa Taayitichaa dogogorsuuf yaaduun deebii ykn bakka buufama gaafachuun adabbii qarshii 50,000 fi hidhaa cimaa waggaa 5-7 ni adabama.²⁰⁵

3.3.6. Yakkoota Taaksii Dabalataa Qabeenyaa Waliin Wal Qabatan (Kwt.122)

Tumaan kun gochoota akka taaskii dabalata qabeenyaatiif osoo hin galmaa'in nagahee kennuu, yaadannoo deebiitii ykn kireeditii taaksii kennuuf hayyamamaa ta'uu diduu ykn akkaataa labsii vaatiit hayyamameen ala yaadannoo deebitii ykn kireediitii kennuu itti gaafatamummaa yakkaa kan hordofsiisuu ta'uu tumee jira.

Labsii lakk 285/94 irraa akka hubatamutti bittaa fi gurgurtaan yeroo gaggeeffamu nagahee kennuuf dirqama kan qabu nama Vaatiidhaaf galmaa'e qofadha. Hima biraatiin namni Vaatii kaffaluuf hin galmoofne nagahee vaatii keennuuf dirqama hin qabu jechuudha. Kan kenne yoo ta'e yakkan kan gaafatamu ta'uu tumamee jira. Bu'uuruma kanaan namni Taaksii Dabalata Qabeenyaatiif osoo hin galmaa'in nagahee kenne adabbii qarshii 200,000 fi hidhaa cimaa waggaa 7-10 ni adabama.²⁰⁶

Akkasumas tumaan kun itti gaafatamumma yakka namni taaksii dabalataa qabeenyaatiif galmaa'e qabus tumee jira. Bu'uuruma kanaan akkaataa labsii lakk 285/94tiin yaadannoo deebiitii ykn kireeditii taaksii kennuuf hayyamama ta'uu diduun ykn akkaataa labsii kanaan hayyamameen ala yaadannoo deebitii ykn kireediitii taaksii kennuun adabbii qarshii 10,000 fi hidhaa salphaa waggaa 1 tiin ni adabsiisa.²⁰⁷

3.3.7. Yakkoota Qaraxaafi Teembiraan Waliin Walqabatan (Kwt.123)

Sanadooni qaraxni teembiraa irratti kaffalamu barreffama hundeffamaa fi dambii ittiin bulmaata waldaa daldala, waldaa hojii gamtaa yookiin waldaa bifaa kamiyyuu; araara; sanada waadaa, sanada kuusaa meeshaa mirkaneessu; waliigaltee, waltahiinsa fi ibsa (yaadannoo) kanneenii; sanadoota wabummaa, waliigaltee (qaxara) hojii, kira, mirga kireeffataan kireessuu danda'uu dabarsuun kennuu kkf mirkaneessu; aangoo bakka bu'ummaa; sanada mirgi abbummaa qabeenyaa galmeessamun akka ta'e seeraan tumamee jira.²⁰⁸

Labsiin lakk 203/2009 sanadoota qaraxni teembiraa irratti kaffalamu kanneen irratti yakkoota raawwatamuu danda'an kwt 123 jalatti tumee jira. Bu'uuruma kanaan

²⁰⁵ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 121(1)

²⁰⁶ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 122(1)

²⁰⁷ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 122(1)(a)(b)

²⁰⁸ Labsii Qaraxa Teembiraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Labsii lak. 77/96 kwt 3

ragummaadhaaf yoo ta'e malee, sanada qaraxin teembiraa itti hin kaffalame hojiirra oolchuu, ykn mallatteessuu ykn qaraxa teembiraa kaffalmu dhiisuuf ykn qaraxa teembiraa gad-aanaa kaffaluuf yaaduun amala sirrii sanada tokkoo ibsuu dhiisuu ykn dhoksuun adabbii qarshii 25,000- 50,000 fi hidhaa cimaa waggaa 3-5 nama kan adabsiisuu ta'uu tumamee jira.²⁰⁹

Kana malees, teembira ykn sanada teembirri itti maxxanfame gurguruuf kan heyyamameef ta'ee labsii qaraxa teembiraa ykn danbii darbuu ykn osoo hin heyyamamin gurguruu ykn gurgurtaaf dhiyyeessuun adabbii qarshii 5,000-25,000 fi hidhaa cimaa waggaa 3-5 ga'uun kan adabamuu ta'uu tumamee jira.²¹⁰

3.3.8. Yakkoota Tarkaanfii Taaksii Kaffalchiisuuf Fudhatamu Waliin Walqabaatn (Kwt.124/1-9)

Abbaan Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa taaksii kaffalchiisuuf jecha tarkaanfiwwan adda akka fudhachuu danda'uu labsii lakk 203/2009 kwt 42-47 jiraniin aangeeffamee jira. Bu'uruma kanaan abbaan taayitichaa aangoo qabeenya qabachuu, maallaqaniifi qabeenyi kaffalaa taaksii akka hin sochonee dhorkuu, qaamni sadaffaan taaksii hin kaffalamne akka kaffalu ajajuu; kaffalaan taaksii biyya keessa akka hin baanee ajaja dhorkaa baasuu, dhaabbata daldalaa yeroodhaaf saamsuu qaba. Mata duree kana jalatti yakkoota tarkaanfii taaksii kaffalchisuuuf fudhatamuun waliin walqabatan akka itti aanutti kan xiinxaalu ta'a.

a) Yakka Nama Qabeenya Kaffalaa Taaksii Fuudhuun Raawwatamu

Yakka nama qabeenya kaffalaa taaksiitii fudhuun raawwatamu ilaaluun dura hiika dirqama fudhataa ilaaluun barbaachisadha. Labsiin lakk. 203/2009 kwt 42(6)(a-e) jalati dirqama fudhataaf hiika laatee jira. Dirqama fudhataa jechuun qabeenya kaffalaa taaksii naannoo Oromiyaa keessatti argamuu yookiin kaffalaan taaksii du'ee ilaachisee qulqulleessaa Kubbaaniyyaa, fudhataa Mana Murtiitiin yookiin Mana Murtiin ala filatame; abbaa imaanaa nama kasaaree; nama qabeenya wabummaan kenname qabiyyee isaa jala galche; qulqulleessituu dhaalaa qabeenya nama du'e qulqullesu jechuu dha.

Itti aansuun dirqamni seera taaksiitiin dirqama fudhataa irratti buufame maal akka ta'e hubachuuf kwt 42 (1)(2) ilaaluun barbaachisaadha. Tumaan kun dirqama fudhatarraa dirqama kaa'eerra. Dirqama fudhataan qabeenya kafalaa taaksii Naannoo Oromiyaa keessatti fudhataa ta'ee yoo muudame yookiin qabeenyichi qabiyyee isaa jala erga galee yeroo lamaan

²⁰⁹ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 123 (1)(a)(b)

²¹⁰ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 2(a)(b)

keessaa yeroo dursu irraa eegalee guyyoota 14’n (kudha arfan) jiran keessatti beeksiisuuf; Abbaan Taayitichaa idaa taaksii kaffalaa taaksii qabeenyi isaa to’annoo fudhataa jala jiruu fi hanga taaksii fuulduratti kaffalamu murteessuun beeksifni barreeffamaa erga isa gahee guyyaa 30 (soddoma) keessatti fudhataaf beeksiisuuf dirqama qaba.²¹¹

Labsichi itti gaafatamummaa yakkaa dirqama fudhatan qabu akka itti aanutti tumee jira. Namni qabeenya kaffalaa taaksii fuudhu kamiyyuu bu’ura seera taaksii tumameen dirqama irratti buufame osoo hin raawwane yoo hafe adabbii qarshii 5,000 fi hidhaa salphaa wagga tokkootiin kan adabamu ta’uu tumame jira.²¹² Tumaa kana irraa akka hubatamutti dirqama fudhataan tokko yakka tumaa kana cabsuun kan adabu bu’ura seera taaksiitiin tumameen dirqama irratti buufame osoo hin raawwanne yoo hafeedha.

b) Yakka Nama Ajajni Qabiinsa Qabeenya Qaqqabeen Raawwatamu

Qabeenya kaffalaa taaksii qabachuun walqabate labsichi Abbaa Taayitaa Galiwwan Oromiyaa aangeessee jira.²¹³ Bu’uruma kanaan Abbaan Taayitichaa kaffalaan taaksii yeroo taaksiin kaffalamuu hin kaffalle guyyaa 30(soddoma) keessatti taaksii irraa barbaadamu yoo hin kaffale qabeenyaan kaffalaa taaksii akka qabamu ajaja qabiinsaa kennuu ni danada’ a.

Haa ta’u malee, namni bu’ura kanaatiin ajajni qabiinsaa qabeenya qaqqabe qabeenya ajajni irratti darbe yoo gurgure, jijiire, yookiin karaa biraa yoo dabarse; dhokse, caccabse, akka hin hojanne taasise yookiin miidhe yookiin sanada qabeenya kana ilaallatu barbadeesse, dhokse, dhabamsise, miidhe, haqe, laaqe yookiin balleesse adabbii hidhaa cimaa wagga 3 sadiin kan adabamu ta’u tumamee jira.²¹⁴

c) Yakka nama ajajni kaffaltii qarshii qaama sadaffatiif akka kaffaluu isa gaheen raawwatamu

Labsiin lakk.203/2009 waa’ee taaksii hin kaffalamne qaama sadaffaa kaffalchiisuu kwt.45 jalatti tumee jira. Tumaan kun kaffalaaf hiikaa laatee jira. Bu’uruma kanaan raawwii keewwata 45tiif kaffalaa jechuun kaffalaa taaksitiif abbaa idaa kan ta’e yookiin gara fulduraati abbaa idaa kan ta’u; kaffalaa taaksitiif yookiin maqaa kaffalaa taaksitiin maallaqa kan qabate yookiin gara fuulduraatti kan qabatu; kaffalaa taaksitiif kan kaffalamu qarshii namni biraa qabe; kaffalaa taaksitiif maallaqa akka kaffaluuf nama biraan nama eeyyamni

²¹¹ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 42 (1)(2)

²¹² Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 124(1)

²¹³ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 43(1)(2)

²¹⁴ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 124 (2)

kennameef jechuudha.²¹⁵ Kana malees tumaan kun gaheen Abbaan Taayitaa Galiiwan Oromiyaa ibsee jira. Bu'uruma kanaan Abbaa taayitichaa kaffalaan taaksii tokko taaksii irraa barbaadamu yeroo kaffaltiitti osoo hin kaffaliin yoo hafe qaama sadaffaa kaffalaa gibiraatiif maallaqa kaffalu Abbaa taayitichaatiif akka kaffalu ajaja kennuu akka danda'u aangeessee jira.²¹⁶

Akkuma olitti ibsametti Abbaa Taayitichaa taaksii hin kaffalamne qaama sadaffaa kaffalchiisuun walqabatee ajaja kennuu ni danda'a. Bu'uruma kanaan bu'uura ajaja kaffaltii qaama sadaffatiif kennamuun qarshii ibsame namni Abbaa Taayitichaatiif hin kaffale kamiyyuu hidhaa salaphaa waggaa 2-3tiin kan adabamu ta'uu tumamee jira.²¹⁷

d) Ajaja Dhorkaa Biyya Keessaa Bahuu Darbuun Yakka Raawwatamu

Biyya keessaa akka hin baane dhorkuuf ajaja kennuu ilaalchisee Abbaan Taayitaa Galiiwan Oromiyaa nama kamiyyuu; dhaabbata yookiin kubbaaniyaa taaksii kaffaluun irra jiru yookin taaksii gara fuulduraatti kaffalamu guutummaan hanga kaffalutti yookiin taaksii kaffaluuf waliigaltee yoo raawwate biyya keessaa akka hin baane dhorkuu akka danda'u seeraan aangoon kennameefii jira.²¹⁸ Ajaja kana darbuun yakkan kan nama gaafachisuu ta'uu tumamee jira. Ajaja dhorkaa biyya keessaa bahuu darbuun biyya keessa bahuun yookiin yaaluun adabbii hidhaa salphaa waggaa 2-3tiin nama adabsiisa.²¹⁹

e) Yakka Dhaabbata faayinaansiifi hojii gaggeessaa dhaabbata faayinaansiitiin raawwatamu

Maallaqa dhaabbilee faayinaansiitiin kaa'ameli qabeenya qabatanii turuun walqabatee Abbaan Taayitaa Galiiwan Oromiyaa herregni kaffalaa taaksii akka hin sochone dhorkuu; qabeenya kaffalaa gibira Dhaabbata faayinaansii keessa jiru meeshawwan of-eegannoona qabaman saanduqa keessa Maallaqni callaa, meeshaa gatii guddaa, bareedinaa gatii qabeessa yookiin qabeenya biroo hin sochonnee; qabeenya meeshaalee of-eegannoona qabamanii saanduqa keessatti argaman odeefannoo barbaachisu yookiin tarree qabeenyawwan saanduqa

²¹⁵ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 45(12)

²¹⁶ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 45(1)

²¹⁷ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 124 (3)

²¹⁸ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 46(2)

²¹⁹ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 124 (6)

keessa jiranii akka kennamuuf ajajaa bulchiinsaa (dhorkaa) dhaabbaata faayinaansitiif kennuu akka danda'uu seeraan aangeeffamee jira.²²⁰

Seerrichi yakkaa Dhaabbata Faayiinaansiifi hojii gaggeessaa isaatiin raawwatamuu danda'u tumee jira. Dhaabbanni Faayinaansii kamiyyuu ajaja Abbaan Taayitichaatiin darbe hin kabajne adabbii maallaqaa hanga qarshii Abbaa Taayitichaan hin funanamniin hafeen kan adabamu ta'uu tumamee jira.²²¹ Kan malees, hojii gaggeessaa dhaabbata Faayinaansichaa osoo beekuu yookiin sababa dagannoo isaatiin ajaja Abbaa Taayitaa Galiiwwan Oromiyaatiin bu'uura kwt 44tiin kenname darbuun yakka yoo raawwate adabbii hidhaa salphaa waggaa 3tiin kan adabamu ta'uu tumamee jira.²²²

f) Yakka Dhaabbata Daldalaa Saamsuun Walqabatu

Dhaabbata daldalaa yeroof saamsuu ilaachisee Abbaan Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa kaffalaa taaksii deddeebiin bu'uura seera taaksitiin sanada barbaachisu osoo hin qabatin hafe yookiin taaksii yeroo kaffaluu qabutti kaffaluu dhiise dhaabbata daldalaa yeroof saamsuu akka danda'u seeraan aangeeffamee jira.²²³ Waan kana ta'eef, namni Abbaa Taayitichaa irraa eeyyama osoo hin argatin ajaja saamsuu naannoo hojiitti darbe yookii iddo saamsame kan bane yookiin kan dhorke adabbii hidhaa salphaa waggaa 2-3tiin ni adabama.²²⁴ Kunis ajaja saamsuu eeyyama Abbaa Taayitichaa malee darbuun yookiin banuun yookiin dhorkuun yakkaan kan nama gaafachiisuu ta'uu agarsiisa.

3.3.9 Taaksii Milksuu (Kwt.125)

Keewwanni 125 yakka taaksii milksuu (tax evasion) hundeessee jira. Yakki kun yakka itti yaadamee raawwatamu ta'uu, nama kamiiniyyuufi nama herreega kaffalaa irraa taaksii hir'isee mootummaadhaaf akka galii godhuuf itti gaafatatumummaa itti kennameen kan raawwatamu ta'uu; kutaa gochaa yakkichaa immoo galii ofii dhoksuu, beeksiisa taaksii Abbaa Taayitichaaf dhiyeessuu dhiisuu yookiin taaksii kaffaluu dhiisuu kan hammatu ta'uu tumee jira.

Yakki taaksii milksuu nama kamiiniyyuu raawwatamu ni danda'a. Bu'uruma kanaan taaksii miliksuuf yaaduun galii ofii dhoksuu; beeksiisa taaksii dhiyeessuu dhiisuu yookiin taaksii kaffaluu dhiisuu adabbii maallaqaa qarshii 100,000-200,000fi hidhaa cimaa waggaa

²²⁰ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 44

²²¹ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 124 (7)

²²² Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 124 (8)

²²³ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 47

²²⁴ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 124 (9)

3-5tiin kan nama adabsiisuu ta'uu tumamee jira.²²⁵ Kunis yakki taaksii miliqsuu raawwatameera kan jedhamu yakka taaksii miliksuuf yaaduun galii ofii dhokuu, beeksiisa taaksii dhiyeesuu dhiisuu yookiin taaksii kaffaluu dhiisuu keessaan tokko yoo raawwatameefi ragaadhaan mirkanaa'edha.

Kana malees, yakki taaksii miliksuu nama herrega kaffalaa irraa taaksii hir'isee Abbaa Taayitichaaf galii taasiisuun raawwatamuun danda'a. Maalummaa tumaa kanaa hubachuuf hiika nama herrega kaffalaa irraa taaksii hir'isee galii taasiisuun hubachuun barbaachisaadha. Nama taaksii hir'isee galii taasisuuf itti gaafatamummaa itti kennname jechuun bu'uura labsii Gibira Galii lakk 202/2009 kutaa 15tiin herreega kaffalamu irraa taaksii hir'isee galii taasisuuf nama dirqamni itti kennameedha.²²⁶ Bu'uura hiika kanaan fakkeenyaaaf, qaxaraa kamiyyuu²²⁷, namoota jiraataa Itiyoophiyaa hin taaneef kaffaltiwwan raawwataman irraa gibira hir'isanii hambisuu²²⁸, Intarpiraayizii maayikiroo fi xixiqqaar irraa kan hafe; dhaabbanni, manni hojii mootummaa, dhaabbanni bu'aaf hin dhaabbanne yookiin dhaabbanni miti mootummaa akkasumas kaffaloonni gibira qajeelfama Abbaan Taayitichaa baasuun gibira hir'isanii akka hambisan dirqamni itti kennname²²⁹ herreega kaffalamu irraa taaksii hir'isanii galii akka taasisan dirqamni labsii gibira galitiin itti kennamee jira. Waan kana ta'ee, gochi yakkaa taaksii miliksuu nama herrega kaffalaa irraa taaksii hir'isee Abbaa Taayitichaaf galii taasiisuun kan raawwatamu yoo ta'e hidhaa cimaa waggaa 3-5tiin kan adabsiisuu ta'uu tumamee jira.²³⁰

3.3.10. Bulchiinsa Seera Taaksii Gufachiisu (Kwt 126/1-3)

Abbaan Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa seerota taaksii bulchuu fi hojiirra olchuuf itti gaafatamummaa qaba.²³¹ Abbaan Taayiticha Seera taaksii kamiiniyyuu bulchuuf jecha odeeaffannoo yookiin ragaa argachuuf beeksiisa kennuu²³²; yeroo kamiyyuu fi beeksiis tokko malee mooraa yookiin iddo; meeshaa yookiin qabeenya; sandada fi kuusaa odeeaffannoo kamiiniyyuu seenuufi sakatta'uu aangoo ni qaba.²³³ Bulchiinsaa seeraa taaksii kana gufachiisuun yakkaan kan nama gaafachiisuu ta'uu tumamee jira.²³⁴ Gochaawan

²²⁵ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 125 (1)

²²⁶ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 2(43)

²²⁷ Labsii Gibira Galii MNO lakk 202/2009 kwt 83 (1)

²²⁸ Labsii Gibira Galii MNO lakk 202/2009 kwt 84 fi 85

²²⁹ Labsii Gibira Galii MNO lakk 202/2009 kwt 86

²³⁰ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 125 (2)

²³¹ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 7

²³² Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 67

²³³ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 68 (1)(a)

²³⁴ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 126

gufachiisuu kwt 126 (3) (a-e) jalatti tarreeffamanii jiru. Isaaniis: akkaataa kwt 67 tiin bu'uura beeksisa kennamutiin raawwachuu dhabuu dabalatee sanadoota sakata'uuf gaafii Abbaa Taayitichaaa fudhachuu diduu yookiin gabaasawan yookiin kaffalaa taaksii dhimma taaksii ilaachisee odeeffannoo kennuuf eeyyamamaa ta'uu dhiisuu; ragaa akka kenu beeksisa kennname raawwachuu diduu; akkaataa kwt 68 tiin Daayirektarri Ol'aanaan Abbaa Taayitichaa yookiin Daayirektarri Ol'aanaan bakka bu'aa hojjataa taaksii ragaa kamiiyuu yookiin ragaa argachuuf mirga qaban akka hin fayyadamne dhorkuu; deeggarsa barbaachisu kennu yookiin haala mijeeessuuf heeyyamamaa ta'uu dhabuu fi waajjira Abbaa Taayitichaa keessatti jeequmsa kaasuu yookiin hojjettooni taaksii dirqama hojii isaanii akka hin baane gufachisuu kanneen jedhamaniidha.

Gochawwan bulchiinsa seera taaksii gufachiisuu kanneen olitti ibsameen kanneen yommuu ta'an, bu'uura seera taksitiin hojjataa taaksii dirqama isaa baha jiru gufachisuun yookiin gufachiisuuuf yaaluun adabbii hidhaa salphaa waggaa 1-3tiin ni adabsiisa.²³⁵ Kana malees, bulchiisa seera taaksii gufachiisuun yookiin gufachiisuuuf yaaluun adabbii maallaqaa qarshii 10,000 gadi hin taanee fi hidhaa cimaa waggaa 3- 5tiin ni adabsiisa.²³⁶

Akka waliigalaatti Abbaan Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa seera taaksii kamiiniyyuu bulchuuf jecha odeeffannoo yookiin ragaa argachuuf beeksiisa kennu fi aangoo seenuufi sakatta'uu kan qabu yoo ta'u, yakki bulchiinsa seera taaksii gufachiisuu yakka hojii Abbaa Taayitaa kana gufachiisuu ykn gufachiisuuuf yaalii taasiisuu kan walqabatu dha. Akkasumsa gochaawwan gufachiisuu jedhaman beeksiisa Abbaa Taayitichaa raawwachuu diduu hanga jeequmsa kaasuu kan hammatu ta'uu tumaa yakkicha hundeesse irra ni hubatama.

3.3.11. Aangoo osoo hin Qabatiin Taaksii Sassaabuu ykn Sassaabuuf Yaaluu (Kwt.127)

Yakkoota bulchiinsa taaksii irratti raawwataman keessa inni biraa aangoo osoo hin qabatiin taaksii sassaabuu yookiin sassaabuuf yaaluudha. Namni tokko taaksii sassaabuudhaaf seera taaksii kamiiniyyuu aangoon kennamuuf qaba. Haa ta'u malee, bu'uura seera taaksiitiin aangoon taaksii sassabuu osoo hin kennamnee taaksii kamiiyuu sassabuun yookiin sassaabuuf yaaluun adabbii maallaqaa qarshii 50,000-75,000 fi adabbii hidhaa cimaa waggaa 5-7tiin kan adabsiisu ta'uu tumamee jira.²³⁷

²³⁵ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 126 (1)

²³⁶ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 126 (2)

²³⁷ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 127

3.3.12. Yakka Taaksii Gargaaruu ykn Jajjabeessuu (Kwt.128)

Seerri yakkaa RDFI waa'ee raawwii yakkaa irratti hirmaataa ta'uu boqonnaa sadii kwt 32- 41 jalatti tumee jira. Seerri kun raawwataa yakkaa muummee ta'uun hirmaachuu²³⁸, kakaasu²³⁹, miiltummaa²⁴⁰, yakka raawwachuuuf korachuu²⁴¹, erga yakki raawwatamee booda raawwataa yakkaa gargaaruu²⁴² fi kkf tumee jira. Akkasumas Seerri yakkaa namoonni lama yookiin lama ol ta'an raawwataa yakka muummee ta'uun yookiin hirmaattummaa sadarkaa lammaffaatiin yakka raawwatanii yommuu argaman, tokko tokkoon isaa sadarkaa hirmaannaa isaatiin, hanga badii isaatiin, ofii isaafi gochichi hanga cimina miidhaa hordofsiisuu danda'uun ofii yakka raawwate qofaan kan adabu ta'uu tumee jira.²⁴³

Haa ta'u malee, Lab. Lak.2003/2009 waa'ee hirmannaak yakkaa haala seera yakkaa irraa adda ta'een akkas jechuun tumee jira.

*Namni tokko bu'uura seera taaksiitiin yakka taaksii tumame raawwataa “ yakka muummee” jedhamee nama biroo beekamu akka raawwatamu kan gargaare, jajjabeesse, tumse, kakaase yookiin kan waliigale yoo ta'e, adabbii raawwataa yakkaa muummee irratti buufameen ni adabama.*²⁴⁴

Tumaa kana irraa akka hubatamutti namni raawwataa yakka muummee (principal offender) yakka taaksii akka raawwatu gargaaruun, jajjabbeessuun, tumsuun, kakaasuun yookiin waliigaluun adabbii raawwataa yakkaa muummee irratti buufameen kan adabamu ta'uu isaati. Hima biraatiin, tumaan kun hirmaattummaa sadarkaa lammaffaatiin yakka taaksii raawwachuuun sadarkaa hirmaannaa isaatiinfii hanga badii isaatiin osoo hin taane adabbii raawwataa yakkaa muummee irratti buufameen kan adabamu ta'uu agarsiisa. Kunis raawwii yakkaa irratti hirmaataa ta'uu ilaalchisee haala seera yakkaa keessatti tumameen adda ta'een kan tumamee ta'uu agarsiisa. Haala qajeeltoo seera yakkaa keessatti tumameen adda ta'een namoonni seera taaksii cabsuun hirmaattummaa sadarkaa lammaffaatiin yakka taaksii raawwatan adabbii raawwataa yakkaa muummee irratti buufameen adabuun maaliif akka barbaachisee? Gaaffii jedhu leenjifamtoonni mariin kan gabbisan ta'a.

²³⁸ Seera Yakkaa RDFI kwt 32

²³⁹ Seera Yakkaa RDFI kwt 36

²⁴⁰ Seera Yakkaa RDFI kwt 37

²⁴¹ Seera Yakkaa RDFI kwt 38

²⁴² Seera Yakkaa RDFI kwt 40

²⁴³ Seera Yakkaa RDFI kwt 41

²⁴⁴ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 128

3.3.13 Yakkoota Boordii Ol'iyyannoo Waliin Walqabatan (Kwt 129/1-2)

Boordiin ol'iyyannoo taaksii murtiwwan ol'iyyatni taaksii irratti fudhatamufi ol'iyyata dhagahu sadarkaa Naannoo, Godina, Magaalotaa fi Aanaatti hundeffameera.²⁴⁵ Labsiin lakk. 203/2009 yakkoota Boordii ol'iyyannoona taaksii waliin walqabatan tumee jira. Bu'uruma kanaan nama miseensa Boordii ol'iyyannoo taaksii ta'uun itti gaafatamummaa isaa bahaa jiru arrabsuun, heeyyama osoo hin qabaatiin deemsa hojii Boordichaa addaan kutuun, deemsa hojii Boordichaa jeequuf yaaduun mooraa Boordichaa keessatti yookiin naannoo Boordichi jirutti jeequmsa uumuun yookiin jeequmsichatti hirmaachuun ; yookiin haala kamiiniyyuu hojii Boordichaa gufachiisuun adabbii qarshii 500 (dhibba shan) hanga 3, 000(kuma sadii) fi adabbii hidhaa salphaa ji'a 6 hanga waggaa 2 kan adabsiisu ta'uu tumamee jira.²⁴⁶

Itti dabaluun labsichi ajaja Booridicha fuul duratti dhihaachu yookiin sanda dhiyeessuu yookiin odeeffannoo kennuu qaqqabe sababa gahaa malee raawwachuu dhabuu; sababa gahaa tokko malee Boordicha fuul duratti kakuu raawwachuuf yookiin dhugaa ragaa bahuuf mirkaneessa kennuuf heyyamamaa ta'uu dhiisuu; dhimma Boordichi ilaaluuf gaaffii dhihaateef sababa gahaa malee deebii kennuuf heyyamama taa'uu dhiisuu adabbii qarshii 300,000 hanga 3000 fi adabbii hidhaa salphaa ji'a 6 hanga waggaa 2 tiin kan nama adbasiisuu ta'uu tumee jira.²⁴⁷

Dhuma irratti labsichi Boordichaaf beekaa ragaa sobaa yookiin dogoggorsaa kennuu adabbii qarshii 50,000 gadi hin taanee fi adabbii hidhaa cimaa waggaa 3-5 tiin kan adabsiisu ta'uu tumee jira.²⁴⁸

3.3.14. Yakka Bakka Bu'oota Taaksii Heeyyamni Kennameefiin Raawwatamu (Kwt 130)

Namni tokko tajaajila bakka bu'uummaa taaksii kennuuf heeyyama Abbaa Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa irraa argachuu akka qabu seeraan tumamee jira. Taajaajila bakka bu'uummaa taaksii kaffalaa taaksii bakk bu'uun beeksiisa taaksii qopheessuu, beeksisa komii qopheessuu; raawwii seeroota taaksitii ilaachisee kaffalaa taaksiitiif gorsa kennuu; Abbaa Taayitaa waliin dhimmoota jiraniif kaffalaa taaksii bakka bu'uu fi Abbaa Taayitaa

²⁴⁵ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 87

²⁴⁶ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 129 (1)(a-d)

²⁴⁷ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 129 (2) (a-c)

²⁴⁸ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 129 (3)

waliin waliitti dhufeenyaa hojii biroo kamiyyuu gochuu akka ta'e kan hammatu ta'uu seeraan tumamee jira.²⁴⁹

Kana malees, labsichi daangaa tajaajiloota bakka bu'uumma taaksii heeyyamni kennameef irra jiru tumee jira. Namni heeyyamni bakka bu'uummaa taaksii kennameefin ala namni kamiyyuu kaffaltiin tajaajila bakka bu'uummaa taaksii kennuu hin danda'u.²⁵⁰ Haa ta'u malee, tumaan kun nama heeyyama abukaatummaa qabu irratti raawwatinsa kan hin qabne ta'uu tumamee jira.²⁵¹

Akkasumas Labsichi yakka bakka bu'oota taaksii heeyyamni kennameefiin raawwatamu tumee jira. Yakki kun nama kamiiniyyuu yakka raawwatamuudha. Daangaa tajaajiloota bakka bu'uummaa taaksii heeyyamni kennameef irra jiru darbuun heeyyama bakka bu'uummaa taaksii malee tajaajila bakka bu'uummaa taaksii kennuun adabbii hidhaa salphaa wagga 1-3 gahuun kan adabsiisuu ta'uu tumamee jira.²⁵²

3.3.15. Yakkoota Meeshaa Gurgurtaa Galmeessuu Walqabatee Raawwataman

(Kwt 131/1-6)

Meeshaan gurgurtaa galmeessu (Sales register machine) jechuun meeshaa maallaqa callaa galmeessu yookiin meeshaa gurgurtaa naquxaati.²⁵³ Meeshaa gurgurtaa naquxxaa (Point of sale machine) jechuun immoo meeshaa maallaqa callaa galmeessu kan bakka bu'u meeshaa kompitawaa ta'e yoo ta'u, ajaja maamiltootaa, raawwii fi adeemsa ajajichaa fi herraga kaardii deebiitii fi kireediitii kan galmeessuu fi hordofu meeshaa kuusa keessa jiru kan to'atuufi gochaawan kana fakkaatan biroo raawwachuuuf kan dandeessisu meeshaa dandeetti dabbalataa qabuudha.²⁵⁴ Meeshaa gurgurtaa galmeessuu ilaalcisee Manni Maree Bulchiinsa Naannoo Oromiyaa meeshaa gurgurtaa galmeessuu ilaalcisee dambii akka baasu seeraan aangoon kan kennameef²⁵⁵ ta'u illee hanga moojuliin kun barra'uti kan hin baafne ta'uu barreessitoonni moojuulii kanaa Abbaa Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa irraa mirkanneeffatanii jiru. Itti aansuun yakkoota meeshaa gurgurtaa galmeessuun walqabatee raawwataman tokko tokkoon kan ilaallu ta'a.

²⁴⁹ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 95

²⁵⁰ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 98 (1)

²⁵¹ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 98(2)

²⁵² Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 98(1) fi kwt 130

²⁵³ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 22(3)(c)

²⁵⁴ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 22(3)(b)

²⁵⁵ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 22

a) Yakka nama meeshaa gurgurtaa galmeessuutti fayyadamuuf dirqama qabuun raawwatamu

Labsiin lakk. 203/2009 waa'ee kaffaltoota taaksii meeshaa gurgurtaa galmeessuu fayyadamuuf dirqama qaban danbii kan bahu ta'uu keewwata 22 jalatti tumee jira. Haa ta'u malee, Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa dirqama kaffaltoonni taaksii qaban danbiidhaan hin tumne.

Yakki nama meeshaa gurgurtaa galmeessuutti fayyadamuuf dirqama qabaniin raawwatamu keewwata 131 jalatti tumamee jira. Meeshaa gurgurtaa galmeessu Abbaa Taayitichaatiin beekamtiin hin kennameefiitiin yookiin hin galmoofneetiin fayyadamuun hidhaa waggaa 3 gadi hin taanee fi waggaa 7 hin caalleen kan adabsiisuu ta'uu; meeshichi yeroo suphaa irra jiru yookiin sababa biroo quubsaa ta'een yoo ta'e malee nagahee meeshaa gurgurtaa galmeessuun maxxanfameen ala yookiin nagahee malee bittaa fi gurgurtaa raawwachuun hidhaa waggaa 2 gad hin taanee fi waggaa 5 hin caalleen kan adabsiisuu ta'uu ; yaadannoo fiizikaalaa meeshaa gurgurtaa galmeessuu irratti miidhaa geessisuu yookiin yaadannoон fiizikaalaa akka jijiiramu taasisuu yookiin miidhaa geessisuuf yookiin yaadannicha jijiiruuf yaalii taasiisuun hidhaa waggaa 3 gadi hin taanee fi waggaa 5 hin caaleen kan adabsiisuu ta'uu tumamee jira.²⁵⁶

b) Yakka dhiheessitoota meeshaalee gurgurtaa galmeessuu dhiyeessaniin raawwatamu

Yakki Dhiyeessii meeshaalee gurgurtaa galmeessuu yookiin sooftiweeriitiin walqabatu nama heeyyama qabu, nama heeyyama hin qabne, wiirtuu tajaajila meeshaalee kanneen dhiyyeessunii fi hojjetaa meeshaalee gurgurtaa galmeessu kaminiyyuu raawwatamuun danda'a.

Yakki nama beekamtii fi heeyyamni kennameef kamiyyuu raawwatamu isa tokko dhaa. Meeshaa yookiin sooftiweeri Abbaa Taayitichaatiin beekamtiin hin kennameef gabaara oolchuun hidhaa waggaa 3 gadi hin taanee fi waggaa 5 hin caalleen kan adabsiisuu ta'uu; meeshaa gurgurtaa galmeessu hojiirra jiru irratti jijiirama taasifamu kamiyyuu dursa Abbaa Taayitichaa beeksiisuu dhabuu yookiin qajeelfama itti fayyadama meeshichaa keessatti

²⁵⁶ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 131 (1) (a-c)

odeeffannoo sirrii hin taane galchuu yookiin odeeffannoo sirrii hir'isuun hidhaa waggaa 3 gadi hin tanee fi waggaa 5 hin caalleen kan adabsiisuu ta'uu tumamee jira.²⁵⁷

Gama biraatiin, yakki kun nama meeshalee kanneen dhiyeessuuf heeyyama hin qabneen raawwatamu ni danda'a. Bu'uruma kanaan heeyyama osoo hin qabaatiin meeshaalee gurgurtaa galmeessu yookiin sooftiweerii kamiiniyyuu gabaara oolchuun adabbii hidhaa waggaa 5- 7 kan adabsiisuu ta'uu tumamee jira.²⁵⁸

Kana malees, yakki kun dhiyyeesaa wiirtuu tajaajila meeshaalee gurgurtaa galmeessuun haalli itti raawwatamu tumamee jira. Dhiyeessan kamiyyuu hojjetaa beekamtiin hin kennamneefii fi Abbaa Taayitichaatiin hin galmoofne hojii irratti bobbaasee yoo argame adabbii maallaqaa qarshii 50,000 yookiin adabbii hidhaa salphaa waggaa 1 hin caalleen kan adabamu ta'uu tumamee jira.²⁵⁹ Gama biraatiin hojjetaan meeshaalee gurgurtaa galmeessuu kamiyyuu beekamtii wiirtuu tajaajilichaa yookiin Abbaa Taayitichaa malee meeshaa gurgurtaa galmeessu yoo hiike yookiin walitti deebise yookiin meeshichi osoo hin miidhamiin ta'e jedhee saamsa isaa yoo kaase yookiin qaama isaa yoo jijiire yookiin gochaawan kana fakkaatan yoo raawwate adabbii maallaqaa qarshii 10, 000 hin caallee fi adabbii hidhaa waggaa 1 gadi hin taanee fi waggaa 3 gadi hin caalleen kan adabamu ta'uu tumamee jira.²⁶⁰

c) Yakka hojjeta Abbaa Taayitichaan Meeshaa gurgurtaa Galmeessuu irratti raawwatamu

Labsii lakk.203/2009 yakka hojjetaa Abbaa Taayitaa Galiiwan Oromiyaatiin meeshaa gurgurtaa galmeessuu irratti raawwatamu ifatti tumamee jira. Bu'uruma kanan hojjetaan taaksii dambiifi qajeelfama itti fayyadama meeshaalee gurgurtaa galmeessuu darbuun meeshaa gurgurtaa galmeessu hiike yookiin walitti deebise yookiin hojjetaan wiirtuu tajaajilaa bakka hin jirretti hojiirra akka oolu eeyyame yookiin lakkoofsa adda meeshichaa jijiire yookiin gocha seeraa alaa kamiyyuu itti fayyadamaa meeshaa gurgurtaa galmeessuun yookiin wiirtuu tajaajilichaan yookiin hojjetichaan yookiin dhiyeessichaatiin raawwate osoo beekuu yookiin dagannoon sa'aatii 24 keessatti Abbaa Taayitichaatiif gabaasa hin taasifne

²⁵⁷ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 131 (2)(a-b)

²⁵⁸ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 131 (3)

²⁵⁹ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 131 (4)

²⁶⁰ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 131 (5)

adabbii maallaqaa qarshii 5,000 hin caallee fi adabbii hidhaa waggaa 1 gadi hin taanee fi waggaa 3 hin caalleen kan adabamu ta'uu tumamee jira.²⁶¹

3.3.16. Yakkoota Dhaabbileedhan Raawwatamu (Kwt.132/1-3)

Yakki taaksii irratti raawwatamu dhaabbileen raawwatamu ni danda'a. Qabiyyee yakka kanaa ilaaluun duratti kaayyoo taaksiitiif jecha hiika dhaabbataafi hojii gaggeessaaf labsichaan kennname ilaaluun murteessaadha. Dhaabbata jechuun kubbaaniyyaa, waldaa shariikummaa, dhaabbata misooma mootummaa yookiin dhaabbata faayinaansii mootummaa yookiin dhaabbata namootaa biroo Naannichaa keessatti yookiin Naannichaa alati hundaa'eedha jedhamee labsichaan hiikamee jira.²⁶² Kana malees, labsiin kun kaayyoo taaksiif jecha Kubbaaniyyaaf hiika laatee jira. Kubbaaniyyaaf jechuun qaama seerummaa kan qabu bu'uura seera Daldala Itoophiyaatiin kan hundeffame dhaabbata hojii daldalaa hojjechuuf hundeffame yoo ta'u, bu'uura seera biyya birootiin kan hundeffame dhaabbata daldalaa walfakkaatu ni dabalata jedhamee hiikameera.²⁶³ Akkasumas labsichi Waldaa shariikaaf hiika kennee jira. Waldaa shariikaa jechuun bu'uura seera Daldalaa Itoophiyaatiin Waldaa Shariikaa dhaabbate , qaama walfakkaataa bu'uura seeraa daldalaa biyya alaatiin kan dhaabbates ni dabalata jedhamee hiikamee jira.²⁶⁴

Dabalataan, labsichi kaayyoo taksiitiif jecha akaakuu dhaabbata irratti hunda'uun hojii gaggeessaaf hiika laatee jira. Bu'uruma kanaan hojii gaggeessaa jechuun waldaa shariikaatiif yoo ta'u, shariikichi yookiin hojii gaggeessaa waldaa shariikichaa yookiin nama sadarkaa kanaan hojjatu yookiin hojii walfakkaatu hojjetuudha jedhamee hiikameera. Kubbaaniyyaaf yoo ta'u, hojii raawwachiisaa ol'aanaa kubbaaniyyichaa, daayirektara, hojii gaggeessaa ol'aanaa yookiin nama kubbaaniyyicha keessatti aangoo kana fakkaatu qabu yookiin sdarkaa kanatti hojjetu yookiin hojii kana fakkatu raawwatu; dhaabbata biroo kamiifiyyuu hojii gaggeessaa ol'aanaa; dhabbaticha, yookiin nama kubbaaniyyicha keessatti aangoo kana fakkaatu qabu yookiin sadarkaa kanaan hojjatu yookiin hojii kana fakkaatu raawwatudha jedhamee hiikamee jira.²⁶⁵

Itti aansuun qabiyyee tumaa yakkoota dhaabbaleen taaksii irratti raawwataman kan ilaalu ta'a. Dhaabbilee olitti hiikni itti kennane kanneen yakka raawwatani jiru kan jedhamu yoo maal raawwataniidhaa? gaaffii jedhuu deebisuun barbaachisaadha. Seera taaksii darbuutiin

²⁶¹ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 131 (6)(a-b)

²⁶² Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 2(6)

²⁶³ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 2(7)

²⁶⁴ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 2(8)

²⁶⁵ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 2(20)

yakka kan raawwate dhaabbata yeroo ta'uutti yeroo yakkichi raawwatametti hojii gaggeessaa namni ta'e kamiyyuu yakkicha akka raawwatetti lakkaa'ama.²⁶⁶ Kunis hojii gaggeessaa dhaabbatichaa yakkaan itti gaafatamaa jechuudha. Gama biraatiin, labsichi haala hojii gaggeessaan dhaabbatichaa itti gaafatamummaa yakkaa jalaa itti bahuu danda'u tumee jira. Yakkichi kan raawwatame hojii gaggesichi osoo hin eeyyamiin yookiin hin beekin yoo ta'eefi nama haala walfakkaataa keessa jiruu fi dhimmoota of eegannoon ilaalu raawwatamuu badichaa ittisuuf of eeggannoowwan ni fudhata jedhamanii tilmaamaman taasisuuf tattaaffii maluufi tarkaanfii ogummaa hojimaataan deeggarame fudhatee kan argame yoo ta'e seera taaksii darbuun yakka raawwatameef yakkaan hin gaafatamu.²⁶⁷

Akka waligalaatti tumaan kun hojjetaan dhaabbaticha akka seerri yakkaa kwt 34(1) jedhutti faayidaa dhaabbatichaa karaa seera ala ta'een eegsiisuuf yaadee yookiin dirqama dhaabbatichi qabu cabsuun yookiin dhaabbaticha fayyaduuf seera taaksii cabsuun yakka irratti yoo hirmaate maal ta'aa gaaffii jedhu hin deebisne. Yaada kan leenjifamtoonni mariidhaan kan gabbisaan ta'a.

Gaaffiilee Marii

1. Yakkoota taaksiif waantonni ka'umsa ta'uu danda'an maal fa'i? Fakkeenyaaaf, seerri taaksii mataan isaa ka'umsa ta'uu danda'aa? Attamitti?
2. Taaksii dabalataa qabeenyaa ilaachisee mootummaan federaalaa labsii lakk 285/94 (labsii 609/2001 fi 1157/2011 labsii 285/94 fooyyeessuuf bahan) labsee jira. Itti dabaluun, mootummaan federaalaa yakkoota taaksii dabalataa qabeenyaa waliin walqabatan Labsii Bulchiinsa Taaksii Mootummaa Federalaa lakk. 983/208 kwt 122 jalatti tumee jira. Bifuma walfakkaatuun, Mootummaan Naannoo Oromiyaa Labsiin Bulchiinsa Taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk. 203/2009 kwt. 122 jalatti yakkoota kanneen tumee jira.
 - a) Labsiilee kanneen bu'uura heeraa qabachuufi dhiisuu isaanii madaalaa!
 - b) Kaffaloota taaksiif dabalata qabeenyaa tumaa kana cabsan labsii isa kamii bu'uura godhachuudhaan qoranna yakkaa irratti gaggeessaa, himannaa hundeessaafi murtii haqa qabeessa itti kennaa jirtuu? Maaliif? Haala qabatamaa isin bira jiru bu'uura godhachuudhan irratti mari'adhaa!

²⁶⁶ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 132(1)

²⁶⁷ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 132(1)

3. **Dhimma 2ffaa:** Dhimmi kun falmii Abbaa Alangaa Abbaa Taayitaa Galiiwanii Bulchiinsa Magaalaa Asallaafi kaffalaa taaksii tokko gidduutti M/Murtii Ol'aanaa Godina Arsiitti geggeeffamaa ture gal mee lakk 50047 ta'e irratti gaafa 07/09/2011 murtii argate ol'iyyannoodhaan MMWO dhaddacha bahaatti dhiyaate lakk. Gal mee 308335 ta'e irratti gaafa 2/11/2011 murtii argatee dha.

Dhimma kana ilaachisee Abbaa Alangaa A/T Galiiwanii Bu/M/\Asallaa himanna himatamaa irratti dhiheesseen himatamaan daldala hojii mana foonii hojjechaa ture irratti gibiraafi taaksii mootummaan irraa barbaadu kan bara 2005-2008 gahu qarshii 679,888 (kuma dhibba jahaafi torbaatamii sagaliifi dhibbaa saddeettiifi saddeetamii saddeet) akka kaffalu beeksifni kan isa gahe yoo ta'u dhiyaatee kaffaluu waan dideef Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO murteessuuf bahe lakk. 203/2009 kwt 125(1) bir darbuudhaan yakka taaksii milqsuu (tax evasion) raawwatee jira kan jedhuudha. Himatamaanis, gibirri mootummaa akka irra hin jirreffi balleessaa akka hin qabne ibsuun waan waakkateef M/murtichaa ragaa Abbaa Alangaa dhagahuun himatamaan akka offirra ittisu ajajeera. Himatamaanis, gibiraafi taaksii irraa barbaadamu keessaa qarshii kuma 30 kan kaffale ta'uu ragaa barreeeffama dhiyeeffatee jira. Manni Murtiis ragaa bitaafi mirgaa qorachuudhan qabiyyee kwt 125(1) ibsuun, ragaalee Abbaa Alangaa himatamaan gibiraafi taaksii irraa barbaadamu osoo hin kaffaliin kan hafe ta'uu raganiiru; ragaan dabalataa murtiin gibira himatamaa irratti kennname bara 2005-2008 jiru walumaagalatti yoo ida'amu adabbiifi dhala dabalatee Qr. 621, 864.82 himatamaan akka kaffalu kan murtaa'e ta'uu ni ibsa; gibiraafi taaskii irraa barbaadamu fi yeroo seeraan taa'e keessatti osoo hin kaffalin irratti kuufamee argmee jira. Gama biraatiin, himatamaan qarshii kuma 30 kaffaluu isaa ragaan agarsiisuu kan dhiyeesse ta'ullee akkaataa seeraan ta'een yeroo yerootti gibira irraa barbaadamu fi yeroo taa'e keessatti kan hin kaffalee ta'uufi idaa gara caalu irraa barbaadama; yeroo ammaa qarshii murtaa'e kaffaluu kan eegale ta'uun isaa bu'uura kwt 125(1)tiin itti gaafatamummaa yakkaa irraa isa hin hambisuu waan ta'eef ragaan ittisaa irraa ittisu hin dandenye jechuun keewwatuma kana jalatti balleessaa taasiisuun hidhaa cimaa waggaa 2 fi ji'a 6 fi adabbi maallaqaa qarshii kuma 100n adabee jira.

Himaatamanis, sababa kisaaratiin gibira mootummaa kaffaluu dadhabee bara 2008 manni hojii isaa kan saamsame ta'uu; gibira mootummaa milqsuufis ta'e dhoksuuf wanti raawwatee kan hin jire ta'uu; gochi ittiin himatame labsii ittiin himatame dura labsii 203/2009tiin himatamuun isaa sirrii akka hin ta'e ibsuun murtiin mana murtii

olaanaa diigamee bilisaan gaggeeffamu akka qabu ol-iyyannoo isaa MMWO dhaddacha bahaatti dhiyeffatee jira.

M/ Murtii kunis lakk gal mee 308335 ta'e irratti keewwanni 125(1) *itti yaadee taaksii miliqsuuf taaksii kan hin kaffalle jedha; deebii kennaan (Abbaan Alangaa) himatamaan taaksii kaffalu dhabuu qofa osoo hin taaane kan mirkaneeffachuu qabu taaksii miliqsuu jecha kan taaksii kaffaluu dide ta'uu isaati; ol'iyyataan waanin kisaareef gibira kaffale waanin hayyama haaromsachuu dhabeef manni hojii kiyya bara 2008 keessa saamsamee jira kan jedhu falmii kaasa. Taaksii kaffaluu yoo dadhabe qabeenya ol'iyyataa irratti raawwachiifachuu labsiin aango D/kennaa ammaatif kennee jira; D/kennan beeksiisa kabajamuu qabeenya kaffaloota gibiraa baaseen qabeenya isaanii kabachiisuu kan beeksise ta'uu isaa'ti. Kunis qabeenya ol'iyyataa irratti raawwachiisuudhaf kan deemama jiru ta'u isaa mul'isa. Qabeenya isaa irratti akka hin raawwatamne gochi ol'iyyataa ammaattiin raawwatame yoo jiraate ta'e D/kennan wanti mirkanaa'e hin jiru. Himatatumma keessattuu waa'een kanaa waan inbame hin jiru. Ol'iyyaataan taaksii irratti murtaa'e akka hin kaffaleef qabeenya isaa miliqsuu kaffaluu otoo danda'uu sababa adda addatiin gufuu ta'uun isaa irratti hin mirkannoofne. Inuma dhibee sukkaaraa qabaachuufi yaalamaa jiraachuu ragaa mana yaalaa dhiyeffatee jira; xabala turuu isaa ragaa dhiyeffatee jira. Qarshii hanga kuma 30 kaffaluu isaas ibsachaa jira. Ragaan kaffaluu dhiyyeessee jira.*

Manni Waliigala Federaalaa lakk gal mee 84623 ta'e jildii 15ffaa irratti dhaddacha gaafa 04/10/2005 oleen kenneen gibira akka hin kaffaleef ykn Abbaan Taayitaa Galiiwwani gibira murteessee akka sassaabuu hin dandeenye qabeenya isaa yoo dhokse ykn miliqsuuf yoo yaaleefi wantoota akkanaa yoo raawwateedha malee waan gibira murtaa'e kaffaluu dhabeef qofa yakkaan gaafatmuu akka hin qabne hiikko seeraa dirqisiisaa ta'e kennee jira. Akkaataa labsichaatiin (labsii 203/2009) gochi ol'iyyataan raawwatame haala gocha yakkaattiin isa gaafachiisu danda'uun irratti waan hin mirkanoofneef balleessaa jedhamee adabbii kennamuun sirrii miti jechuun murtii M/M/Olaanaa Godina Arsii bu'uura SDFY kwt 195(B)tiin diiguun oliyyataa bilisaan gaggessee jira.

- a) Murtii M/M/ Ol'aanaa Arsii fi Mana Murtii Waliigala Oromiyaa bu'uura kwt 125(1)tiin madaalaa!
- b) Qabeenya kaffalaa gibiraa tokko idaa gibiraaf jecha kabachiisun itti gaafatamummaa yakkaa irraa bilisa nama ni taasisaa? Maaliif?

- c) Murtiin dhaddacha ijibbaataa MMWO caqase dhimma kanaaf rogummaa qabaa? Maaliif?
4. **Dhimma 3ffaa:** Dhimmi kun falmii Abbaa Alangaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godina Shawaa Kibba Lixaa fi himatamaa 1ffaa Mr.Chandra Sekhar Chamarthi fi himatamaa 2ffaa Geetachoo Waalee Argaaw gidduutti M/Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kibba Lixaatti geggeeffamaa ture gal mee lakk. 46538 irratti gaafa 27/06/2011 murtii argatee dha.
- Dhimma kana ilaachisee Abbaa Alangaa himanna himatamaa 1ffaa irratti dhiheesseen himatamaan Lab. Lak. 203/2009 kwt 125(2) darbuun bara 2009 A.L.I irraa eegalee Itiyoophiyaati Dhaabbata UTE ELSAMEX-ECOASPHALT ETHIO 35 keessatti hojii gaggeessaa piroojeekti daandii saayiitii sadii ta'ee yemmuu hojjatuutti Piroojeekti Ijaarsa daandii Amboo-Walisoo irratti galii gibira miindaa hojjetoota irraa citee galii ta'u malu qarshii 23,000,000 (miliyoona digdamii sadii) ta'e hir'isee Abbaa Taayitaa Galiiwan Oromiyaatti Abbaa Taayitaa Galiiwanii Damee Aanaa Walisootiif sababa hin beekamneen galii taasiisuu waan dhabeef odiitii beeksiisa miindaa gibira hojjetootaa dhaabbata kana irratti Amajji1/ 2007 irraa eegalee hanga Gurraandhala 30/2010 taasifameen hir'inni galii taaksii miliqee dhaabbata kana irratti waan argameef yakka galii taaksii miliqsutiin himatee jira.
- Kana malees, Abbaan Alangaa himanna himatamaa 2ffaa irratti dhiheesseen himatamaan dhaabbata UTE ELSAMEX-ECOASPHALT ETHIO 35 keessatti hojjetaa bulchiinsa humna namaa kan damee Ijaarsa daandii Amboo –Walisoo ta'ee bara 2007 A.L.I irraa kaasee qacaramee yemmuu hojjetuutti labsii bulchiinsa taaksii MNO lakk 203/2009 kwt 126(2) (3)(A-D) kan ilaalu darbuun galii gbira miindaa hojjetoota dhaabbatichaa irraa hir'ifamee galii ta'uu qabu yeroo adda addaatti Abbaa Taayitaa Galiiwan Oromiyaatti oditaroonni Abbaa Taayitaa Galiiwan Go/Sha/Ki/Lixaa beeksiisa murtii gibira dhaabbata kana beeksiisanii ragaa jiru sakatta'uun yommuu gara dhaabbatichaatti socho'an baka sanaa miliq; yoo argames ragaa jedhame kennuuf fedhii dhabuu; dhiyaatee akkaata beeksisa murtii gibiraatti raawwachuu hafuu; deeggarsa barbaachisaa ta'e kennuuh dhabuu isaatiif galii gibira miindaa hojjetootaa dhaabbata sana irraa citee galee ta'uu qabu miliqsuu isaatiif odiitii beeksiisa murtii gibira mindaa hojjetootaa dhaabbata sanaa irratti Amajji1/ 2007 irraa eegalee hanga Gurraandhala 30/2010 taasifameen qarshii 23,000,000 (miliyoona digdamii sadii) waan argameef yakka bulchiinsa seera taaksii gufachiisuutiin himatee jira.

Himanni erga dubbifameefi booda himatamtoonni jecha amantaa fi waakkii kennanii himatmaaa 1ffaan *ani kanaan ittiin himatame kun waana ana waggiin walqabatuu miti; dhabbaticha keessatti gahee wayiituu hin qabu jechuun kan haale yoo ta'u*, himatama 2ffaan immoo *gochi ku gocha kiyya miti hin raawwannees ; ani dhaabbaticha keessatti raawwata humna namaatti malee wanti gibiraan waliitti na fidu hin qabu; wanti deeggarsa na gaafatan hin jiru jechuun waakkatee jira.*

Himatamtoonni waan waakkataniif abbaan alangaa ijoo qabsiifachuun ragaa dhiyyeffatee jira. Raagooleen Abbaa Alangaa himatamaa 1ffaa kan hin beekne ta'uu; odiitii taasiisaniin galii mootummaaf galii ta'uu qabu qarshiin miliyonni 23 galii osoo hin ta'inni kan hafe ta'uu; dhaabbaticha keessatti gaggeessan eenu akka ta'e kan hin beekne ta'uu; himatamaa 2ffaan bulchiinsa humna namaa ta'uusaa; yeroo odiitii taasiisan ragaa guyyaa lama fiduu isaa;sanda barbaachisu isaarraa fudhuu isaanii; jalqaba irraatti deeggara turuusaa, kan hin milqne ta'uufi dhuunfaan deeggarsaa tasiusuusaa; dhaabbaticha odiitii godhuu malee kallattiin eenu akka ilaallatu wanti adda baasan kan hin jirre ta'uu; gaggeessan dhaabbatichaa ebeluu jedhanii wanta maqaa namaatiin odiitii godhan kan hin jirre ta'uu; himatamaa 1ffaan itti gaafatamaa ta'uu isaa wanti beekan kan hin jirre ta'uu ragaanii jiru. Raggaa 6ffaan gaggeessan dhaabbatichaa nama Manshii Nagadas, itti gaafataman Manoj Kumara nama jedhamu akka ta'e; gahee himatamaa 1ffaa hin argine; galii dhaabbaticha himatamaa 2ffaa hin ilaallatu... jechuun raganii jiru.

Manni murtiis galmee ijoo himata, ragaa namaa fi barreffama dhiyaate erga madaalee booda ragaaleen abbaa alangaa gocha ittiin himatamaan raawwachuu isaaniif haala gahaafi amansiisaa ta'een hin mirkaneessine. Kunis himatamaa 1ffaan hojji gaggeessaa piroojeektii ijaarsa ta'uu isaa ragaan namaa fi barreffamaa dhabbaticha irraa dhiyaate hin mirkaneessine; himatamaa 2ffaan deeggarsa kennuu diduufi bakka sana miliq, galii gibira mindaa hojjetoota dhaabbaatichaa irraa citee galii ta'uu qabu miliqsuu isaatiif wanti mirkanneessan hin jiru jechuun himatamatoota yakka ittiin himataman irraa bu'uura SDFY kwt. 141tiin bilisa jechuun murteessee jira.

- a) Ijoo himannaabbaan Alangaa himatamaa 1ffaa fi 2ffaa irratti dhiyeesse bu'uura kwt 125 fi kwt 126 tin madaalaa!
- b) Dhaabbanni UTE ELSAMEX-ECOASPHALT ETHIO 35 yakkaan gaafatamuu ni danda'a jettanii ni yaadduu? Maaliif?

- c) Ijoo himaanna Abbaa Alangaa keessatti ibsamefi jecha ragaalee mana murtiitti kennname irratti hunda'uun hojjetootaafi gaggeesitoota dhaabbatichaa yakkaan gaafatamuu danda'an erga adda baastanii booda tumaalee yakka kanaaf rogummaa qaban tarreessaa!
 - d) Murtii Mana Murtii madaalaa!
5. **Dhimma 4ffaa:** Obboo Hirphoon Daldala dhuunfaa yoo ta'anu hojii jaakeettii gogaa, boorsaa, kophee gogaa fi kkf dhiyyeessu irratti bobba'anii jiru. Obboo Hirphoon galma'aa Vaatii yoo ta'an gaaf tokko akkuma tasaa waan dhukkubsataniif yaalamuuf Taayilaand wayita deemanu hojeeetaan dunkaana isaanii keessatti qaxarame hojjetu nagahee taaksii gatii dabalataa malee gurgurtaa raawwateera.
6. **Dhimma 5ffaa:** Obboo Hirphaan hojii faaya warqee dhiyyeessuu irratti bobba'anii jiru. Obboo Hirphaan galmaa'a Vaatii yoo ta'anu gaafa tokko Baazaarii daldala chaayinati gaggeeffamuu irratti hirmaachuuf wayita deemanu hojeeetan dunkaana daldala isaanii keessatti qaxarame hojjetu mashina gurgurtaa galmeessutti utuu hin fayyadamiin gurgurtaa rawwateera.
7. **Dhimma 6ffaa:** Obboo Hurrisaan meeshaa elektirooniksii dhiyyeessuu irratti bobba'anii hojii kanaan maatii isaanii gargaru. Obboo Hurrisaa galmaa'a Vaatii yoo ta'anu gaafa tokko mi'a fe'uuf wayiat Duubaayyiin deemanu hojjetoonni dunkaana isaanii keessatti qaxaramannii hojeeetan nagahee hin hayyamame fayyadamuun gurgurtaa raawwatatanii jiru.

Dhimma 4ffaa, 5ffaa fi 6ffaa²⁶⁸ irraa akka hubatamutti hojeeetoonni Obboo Hirphoo, Hirphaa fi Hurrisaa nagahee malee, maashina gurgurtaa galmeessu osoo hin fayyadamne fi nagahee hin hayyamamne fayyadamuun gurgurtaa raawwaataniiru. Daldaltoonni dhuunfaa kanneen yakkichi yommuu raawwatamu iddo yakki itti raawwatame hin jiranu.

Abbaan Alangaa hojeetootaa fi daldaltoota kanneen irratti himanna hudeessee Mana murtii dhimmoota kanneen ilaaluuf aangoo qabutti dhiyyeesseera. M/Murtiis himatamtoota tumaalee yakkoota kanneen hundeessan jalatti murtii balleessummaa fi adbabbii murteessee jira.

²⁶⁸ Dhimmoonni kunniin dhimmoota barsiissoofi rogummaa waan qabaniif moojuulii yakkoota taaksiifi gibira irraatti raawwatamanii: Sirnaa fi qajeeltoowwan isaanii jedhu leenjii hojiiraattiif qophaa'e fuula 54 fi 55 irraa kan fudhatamaniidha.

- a) Murtii Mana Murtii laatee fi Murtiin Abbaa Alangaa sirrii dha jettuu?
- b) Bakka kutaan gochaa fi yaadaa hin jiretti keessattu daldaltoota dhuunfaa kanneen adabuun sirriidha jettuu ?
- c) Yakkoonni kanneen osoo dhaabbatoota obboo Hirphoo, Hirphaa fi Hurrisaan gaggeesaniin raawwatame Obboo Hirphoon,Hirphaanii fi Hurrisaan yakkaan ni gaafatamuu? Tumaalee rogummaa qaban kaasuu mari'adhaa!

3.4. Yakkoota Labsii Kaffaltii Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaafi Gibira Hojii Qonnaa MNOtiin tumaman

Labsiin kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaafi gibira hojii qonnaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa bulchu labsii lakk 99/97 fi labsii kana labsii fooyeessee labsii lakk 131/99 dha. Daangaa raawwatiinsaa labsii 99/97 keewwata 3 jalatti kan tumame yoo ta'u, labsiin kun kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaa ilaachisee qonnaan bulaa, dhaabbileefi invastarotarratti yoo ta'u, gibira ilaachisee qonnaan bulaa irratti ta'a. Kunis kaffaltii itti fayyadamaa lafa baadiyyaa ilaachisee labsiin lakk 99/97 (labsii lakk 131/99) qonnaan bulaa, dhaabbileefi investarotarratti raawwatiinsa kan qabu ta'u agarsiisa.

Gama biraatiin, Dhaabbileefi investaroota ilaachisee gibirri galii kan murtaa'u, kan sassabamuufi dhimmoonni kamiyyuu kan raawwatamu haala labsii Gibira Galii MNO lakk.74/1995tiin ta'uusaa kwt 3(2) jalatti tumamee jira. Labsii lakk 74/95 Labsii Gibira Galii lakk 202/2009 kwt 93tiin kan haqame yoo ta'u, Labsiin kun, akkaataa Heera Mootummaa Rippaabiliika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa keewwata 96 tiin aangoo gibraa Mootummaa Federaalaatiif adda bahee kennaeefi gibira galii qonnaan bultoota dhuunfaatiin alatti kaffaltoota gibraa galii kamiyyuu Naannicha keessaa argatan hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata jedhamee kwt. 3 jalatti tumamee jira. Kunis Labsii lakk 202/2009 gibira galii ilaachisee Dhaabbileefi invastaroota irratti raawwatiinsa akka qabu fi gibira hojii qonnaa hojii qonnaan walqabatee qonnaan bulaa dhuunfaa irraati raawwatiinsa kan hin qabne ta'uu namatti agarsiisa.

Labsiin lakk.99/97 qaama kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii qonnaa walitti qabuu danda'u kwt 5(1)(2) jalatti tumee jira. Bu'uruma kanaan kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaa fi gibira galii kan qonnaan bulaa walitti qabu Biiroo Galiiwanii ykn Dura ta'aa Bulchiinsa Gandaan kan Biiroon Galiiwanii dirqama galchee bakka buusu yoo ta'u, Kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaa kan investarootaafi dhaabbilee kan walitti qabu Biiroo Galiiwanii ta'a.

Gocha yakcaa kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaafi gibira hojii qonnaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa irratti raawwatamu ilaachisee labsiin lakk 99/97 kwt 28 jalatti labsii kana ykn Dambii ykn qajeelfama akka labsii kanaatti bahe namni cabse kamiyyuu akka seera yakkaatti ni adabama jechuun tumee jira.

Gaaffiilee Marii

1. Dhaabbileefi investaroonni hojii qonnaa irratti bobba'an labsiin lakk 99/97 (labsii lakk 131/99 labsii 99/97 fooyeessuun bahe) ykn Dambii ykn qajeelfama akka labsii kanaatti bahe cabsuun gibira galii qonnaa irratti yakka yoo raawwatan tumaalee Seeraa yakkaatiin gaafatamu moo tumaalee Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO lakk 203/2009 yakka hundeessan kanneen rogummaa qabaniin gaafatamu jettuu? Maaliif?
2. **Dhimma 7ffaa:** Dhimmi kun dhimma Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kaabaatti himataa A/A waajjira Galiiwan Aanaa Giraar Jaarsoo fi obboTasintuu Nigusee gidduutti lakk.Ga 409227 ta'e irratti ilaalam ee murtaa'e dha. A/Alangaa Galiiwan Aanaa Giraar Jaarsoo himanna yakkaa dhiyyeesseen 'himatamaan kun bulchaa Ganda qotee bulaa... ta'ee yommuu hojjetu nagahee gibira itti fayyadama lafa baadiyyaa qotee bultoota irraa ittiin funaannuuf nagahee galii lakk...hangaa... paadii tokko fi nagahee galiin spoortii qotee bultoota irraa ittiin funanamu, paadii kudha afur waajjira... irraa mallatteessee fudhatee kan fudhate keessa paadii kudha lama qofa deebisee nagahee paadii sadii akka galchu x/y'n gaafatamu illee galchuu waan dideef yakka amantaa hir'isuu cimaatiin s/yakcaa bara 1996 bahe kwt. 676(1) jalatti himateera. Kana booda manni murtichaa ragaa bitaa fi mirgaa dhagahee murtii;

"Namni tokko yakka amantaa hir'isuu raawwateera jedhamuuf kaarnii ykn nagahee fudhate sana deebisuu kan dide mataa ofiif ykn nama birootii badhaadhina hin malle argamsiisuudhaa yaadee kaarnicha yoo deebisuu dideedha.....

Himatamaan kaarnii sababa hojiitin harka isaa gale deebisu waan dideef yakka amantaa hir'isuu raawwateera haa jedhamu malee kaarnicha deebisuu diduu qostii kophaa isaa yakka amantaa hir'isuu ta'uu hin danda'u. Himatamaan kaarnii fudhee deebisuu dide kanaan badhaadhina hin malle ittiin argachuudha ykn badhaadhina hin malle ofiif ykn nama biroof argamsiisuu yaadee yakkicha raawwachuu isaa walfaana yoo mirkanaa'e qofa akka ta'e beekkamuu kan qabuufii kanaas M/murtii waliigala fedeeralaa "Jildii" 7 lakk.G/dhaddacha ijibbaata lakk.24278 ta'e irratti dhimma himatamaan ittiin himatame kanaan kan walfakkaatu fuula 271 irratti murtii kennae irraa hubachuun ni danda'ama.Kanas bu'uura Lab. Lak.454/97 kw.2 (1) tiin

hojii irra oolchuun dirqama waan ta'eef dhimma himatamaan ittiin himatame fudhachuu dandeenyeera. Haa ta'u malee, himatamaan kaarnii himataaf ka'uumsa ta'e kana akkaataa qabxii qabsiifateetti baduu kaarnichaa waan ragaa ittisaatiin ofirraa ittiseef bu'uura sdfy kw149 (2) bilisa gaggeessee gal mee cu feera.”

Lakkoofsa gal mee dhaddacha Ijibbaataa (24278) jedhamee kan caqasame kanas yemmuu ilaallu.²⁶⁹

“A/A himanna dhiyeesseen Lab. Lak.214/74 keew.13 (1) caqasee, himatamaan sababa hojiitiin nagahee galii harka isaa gale dhoksuudhaan yakka amantaa hir'isuu raawwate kan jedhe yemmuu ta'u himatamaan gocha kana haalus balleessaa dha jedhameera. Kana booda himatamaan kun murtii manni murtii naannoo kibbaa kenne kanarraa gara dhaddacha ijibbaataatti oliyyanno dhiyeeffatee dhaddachi ijibbaata kunis;

“... bu'uura Lab. Lak.214/74 keew.13 (1) tiin namni tokko kaarnii sababa hojiitiin harka isaa gale dhoksuun qofti balleessaa dha hin jechisiisu, abbaan alangaa kutaa yaadaa (himatamaan kan dhokse (balleesse) mataa isaatiif ykn nama biroodhaaf badhaadhina hin malle argamsiisuuf kan yaade ta'uu) mirkaneessuu qaba, Haala ammaatiin nagahee balleessuun ‘sawwaruuun’ himatamaa mirkanaa’ullee kutaan yaada hin mirkanoofne waan ta'eef murtii balleessummaa diigneerra jedhee murteesseera.

- a) Murtiwwan kana akkamitti ilaaltu?
- b) Abbaan Alangaa dirqama kutaa yaadaa mirkaneessu qaba jettuu?
- c) Murtiin dhaddacha ijibbaata M/murtichaa caqase dhimma kanaaf rogummaa qabaa?
Maaliif?

3. Dhimma 8ffaa: Bakka bu'aa A/Alangaa Galiiwwan Aanaa Adaamaa himanna gaafa 29-6-02 1.A.1/2000 barressee dhiheesseen himataman... jedhamu Dura Ta'aa Ganda Qotee Bulaa...ta'ee yommuu hojjetu bu'uura Labsii Kafaltii Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa fi Gibira Galii Hojii Qonnaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebi'uun Fooyyeessuuf Bahe Lakk 99/97 Kew.5(2)tiin Dura Taa'an Bulchiinsa Gandaa Gibira akka sassaabu gahee fi dirqama labsiin kennameefin... nagahee WMMD Aanaa Adaamaa irraa baasi godhee fudhatee maallaqa gibira itti sassaabe waliin deebisee galii godhanii fi dirqama deeggarsa godhuu qabu kutuun fi Gibira Mootummaa guufachisuu

²⁶⁹ *Dhimmichi kan ilaalamo nama Soloomoon Herjaaboo jedhamuu fi A/A naamusaa fi Farra malaammaltummaa mootummaa naannoo Kibaa gidduutti ta'ee murtii kan argate gaafa 10/3/2000 dha.*

yakka jedhuun seera yakkaa kew.438 jalatti Mana Murtii Aanaa Adaamaatti himannaa banee jira.²⁷⁰ Dhimmuma kanaan wal qabate A/Alangaa himannaa gaafa 13/7/02 bu'uura s/d/f/y kw119(1)tiin fooyeessee dhiheesseen qabxiwwaan himata duraa keessatti ibsam an caqasuu n himataan...gibira sassaabe qarshii 3070.00 faayidaa mataa isaatiif oolfatee jechuun yakka amantaa hir'isuu cimaatiin seera yakkaa kew.676-2a jalatti akkasumas labsii kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa mootummaa naannoo oromiyaa lakk.99/97 kwt.28 cabsuun yakka raawwateera jechuun himannaa fooyeessee jira. M/Murtii Aanaa Adaamaa LG 40276 ta'e irratti dhaddachaa gaafa 14-7-2003 ooleen kew.676 (2A) jalatti murtii balleessummaa kennuun himatamaan hidhaa cimaa wagga tokkoo fi qarshii 300tiin akka adabamu itti murteessee jira.

- a) Himannaa Abbaa Alangaa ijoowwan dhihaataniifi seeraa himannaan yakkaa jalatti hunda'ee irratti hunda'uun madaalaa!
- b) Murtii Mana Murtichaa madaalaa!

3.5. Yakkoota Gumurukaa Labsii Lakk 859/2006 tiin Tumaman

Yakkoonni Gumuruukaa yakkoota ashuraafi taaksii meeshaaleefi tajaajiloota biyya keessa galanii fi alergii irratti kaffalamu irratti raawwatamaniidha. Yakkoonni kanneen seera yakkaa RDFI kwt.352, 353(1-A), 354 jalatti kan tumaman ta'uu armaan olitti ilaalle ture. Yakkoonni labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 166 hanga 173 mata duree yakkoota gumurukaa fi adabbiawan isaanii jedhu jalatti haguuggii argatanii jiru. Kana malees, labsiin lakk 1160/2011 labsii lakk 859/2006 kan fooyeesse yoo ta'u, labsii kun tumaalee yakkoota gurmurukaa hundeessan keessa kwt.168 (1) fi 169(2) haquun keewwata xiqqaa haaraan bakka buusee jira. Gama biraatiin kwt. 169(2)ti keewwattoota xiqqaa haaraa (3), (4) fi (5) dabalee jira. Mata duree armaan gadii jalatti yakkoota kanneen tokko tokkoon kan xiinxallu ta'a.

3.5.1. Hojii Too'annaan Gumurukaa Gufachiisuu (Kwt.166)

Ofiisar gumurukaa itti gaafatamaa yookiin hojjetaa hojii gumurukaa hojjechuuf ramadame yoo ta'u, Ofiisara qorannaas ni dabalata jedhamee hiikamee jira.²⁷¹ Ofiisarri gumurukaa meeshaalee balleessaan gumurukaa irratti raawwatamuu isaa ragaa gahaa yookiin shakkii

²⁷⁰ A/Alangaa W/Galiwwan Aanaa Adaamaa Vs Obboo Taaliilaa Bulchaa LGAA-1/02 LGMM.40276(2002)

²⁷¹ Labsii Gumuruukaa lakk 859/2006 kwt 2 (47)

yoo qabaate geejjiba yookiin mana kuusaa yookiin qaama namaa sakatta'uu²⁷²; meeshaa poostaan ergamu banuu fi qorachuu²⁷³ akka danda'u seeraan aangoon kennameefii jira.

Labsiin lakk 859/2006 too'annaa gumurukaa irratti taasifamu gufachiisuun yakkaan kan nama gaafachisuu taasiisuun tumee jira. Labsiin kun gochoota yakka kana hundeessanii fi adabsiisan tarreessee jira. Gochoonni yakka kana hundeessan Ofiisarri gumuruukaa sanadoota akka hin qoranne ykn geejjiboota ykn meeshaalee akka hin sakattaane yookiin mana kuusaa daldalaan ykn mana jireenyaa akka hin seene gochuu ykn jeequmsa uumuu ykn gaaffii gaafatamuuf deebii sirrii kennuu dhabuu ykn qorannaaf deeggarsa taasiisuun dhibuu ykn karaa kamiiniyyuu hojii gufachiisuuf gidduu lixuu kanneen jedhan yoo ta'an gochoonni kanneen hidhaa salphaa gadi hin taaneefi wagga 1 hin caallee fi adabbii maallaqaa 5,000 gadi hin taanee fi 10, 000 hin caalleen nama adabsiisuun danda'a jedhamee tumamee jira.²⁷⁴ Kutaan yaadaa yakka kanaa ilaachisee yakki dhaddachi ijibbataa Mana Murtii Waliigala Fedederalaa hima yakkicha hundeesse "karaa kamiiniyyuu hojii gufachiisuuf gidduu lixuu" jedhu gochichi ta'ee jedhamee kan raawwatamu ta'u hubachiisa; gochi too'annaa gumurukaa gufachiisuun gocha ta'e jedhamee raawwatamuun ta'uu qabiyyee fi miirri tumichaa ni agarsiisa jechuun murteessee jira.²⁷⁵

Kana malees, labsichi haaloota yakkicha cimsan tumee jira. Humna fayyadamuu yookiin gareen gurmaa'uun too'annaa gumurukaa gufachiisuun haaloota yakkicha cimaa taasiisan ta'ee tumamee jira. Haaluma kanaan gocha yakka hojii too'annaa gumurukaa humnaan yookiin gareen gurmaa'uun gufachiisuun adabbii hidhaa cimaa wagga 1-5 tiin adabsiisuun ni danda'a.²⁷⁶

3.5.2. Sanadootaafi Mallattoowwan Abbaa Taayitichaa Gara Sobaattii Jijiirruuifi

Fakkeessuun Hojjechuu (Kwt.167)

Labsichi yakka sanadootaafi mallattoowwan Abbaa Taayitaa Gumurukaa Itoophiyaatiin walqabatan tumee jira. Labsichi kutaa yaadaafi gochaa yakkicha hundeessan tumee jira.

²⁷² Labsii Gumuruukaa lakk 859/2006 kwt 142

²⁷³ Labsii Gumuruukaa lakk 859/2006 kwt 144

²⁷⁴ Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 166 (1)

²⁷⁵ Abbaa Alangaa Abbaa Taayitaa Galiiwwaniifi Gumurukaa Itiyoophiya fi Abaadii Mogas, lakk Galmee Dhaddacha Ijibbaataa MMWF 114043, Dhaddacha gaafa 18/06/2008 A.L.I ooleen akkas jechuun murteessee jira "... የጊዜው ለተጠሪ እድራት አግባብነት የለው የወንጀለ ማቅረቢያ "በማርናውም መንገድ ሲሆዎን ለማድናቁጥ ባልቻ የገዢ የሚለው ካሬን ስሜን እድራት ሆኖ ተብሎ የሚፈጸም መሆኑን የሚያስተካከለ ነው፡፡ የተመሩ ቅጥጥርን የሚሰነድ ተግባር ሆኖ ተብሎ የሚፈጸም ሲለመሆኑ የተጠቀሱ አዋጅ ፕሮግራም ይዘቱን መንፈሳ የሚያሳይ ሲሆን..." በተሽከሰው የተመሩ አዋጅ መሰረት የተመሩ ቅጥጥርን አስተካላሁ ተብሎ ለጠየቃ የሚችለው ድርጅቱ ሆኖ ተብሎ መፈጸመና አቋቢ ሆኖ በበቃ ሆነታ ሲያስረዳ ሲለመሆኑ የተመሩ አዋጅ ቁ. 859/2006 አንቀጽ 166; Jildii 19ffaa, Fuula 304-307

²⁷⁶ Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 166 (2)

Kutaan yaadaa yakkichaa hundeesse Abbaa Taayitichaa irratti miidhaa geessisuu yookiin faayidaa hin malle ofiif yookiin nama biraatiif argamsiisuuf yaaduudha. Kutaan gochaa yakkichaa immoo unkaa, waraqaa eenyummaa, asxaa, meeshaa gumurukin ittiin saamsamu, yookiin sanada kamiyyuu yookiin mallattoo yookiin uffata seeraa Abbaan Taayitichaa itti fayyadamu gara sobaatti jijiiruu yookiin fakkeessuun hojjechuu yookiin raabsuu/qooduu, itti fayyadamuu, yookiin itti fayyadamuuf yaaluudha.²⁷⁷

Adabbii ilaachisee unkaa, waraqaa eenyummaa, asxaa, meeshaa gumurukin ittiin saamsamu, yookiin sanada kamiyyuu yookiin mallattoo itti fayyadamu gara sobaatti jijiiruu yookiin fakkeessuun hojjechuu yookiin raabsuu/qooduu, itti fayyadamuu, yookiin itti fayyadamuuf yaaluun hidhaa cimaa waggaa 5 gadi hin taanee fi waggaa 10 hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma 5 gadi hin taaneefi kuma 10 hin caalleen kan adabsiisuu ta'uu tumicha irraa ni hubatama. Yakki kun immoo uffata seeraa Abbaan Taayitichaa irratti kan raawwatame yoo ta'e, hidhaa cimaa waggaa 3 gadi hin taaneefi waggaa 5 hin caallee fi adabbii maallaqaa kuma 5 gadi hin taanee fi kuma 10 hin caalleen kan adabsiisu ta'u tumamee jira.

3.5.3. Yakka Kontroobaandii (Kwt.168)

Labsiin lakk 859/2006 kwt 168 ulaagaalee yakka kontroobaandii hundeessaan tumee jira. Tumaan kun yakki kontroobaandii nama kamiiniyyuu ykn gareen raawwatamuu akka danda'u, itti yaadamee kan raawwatamu ta'uu isaa fi meeshaa irratti raawwatamu danda'uufi haaloota yakkicha cimaa taasisan tumee jira. Kana malee, kwt. 168(1) labsii lakk 1160/2011 haqamee keewwata xiqqaa haaraan bakka buufamee jira. Mata duree itti aanaan jalatti dhimmoota kanneen kan xiinxallu ta'a.

a) Yakka Kontroobaandii Nama Kamiiniyyuu Raawwatamu

Yakki kontiroobaandii labsiin lakk. 859/2006 kwt 168(1) tumaamee jira. Tumaan kun labsii 1160/2011 kwt 44 haqamee keewwata xiqqaa haaraan bakka bu'ee jira. Hubannaaf akka tolu tumaa xiqqaa hojiirra turee fi isa haaraa wal cinaa qabuun akka itti aanutti kan xiinxallu ta'a.

Keewwanni yakka kontiroobaandii hundeesse kwt 168 (1) akkas jedha;

Namni kamiyyuu osoo beekuu yookiin beekuun irra jiraatu seeroota Gumurukaa cabsuun meeshaalee dhorkaman, daangaan itti taasifame yookiin meeshalee daldalaafi sirni gumurukaa irratti hin raawwatamne dhoksuun yookiin sarara seera qabeessa ala biyya keessa galchuu, biyya keessaa baasuu yookiin biyya keessaa

²⁷⁷ Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 167(1)(2)

baasuu yookiin biyya keessa galchuuf yaalii taasiisuu yookiin meeshaalee karaa seera qabeessa ta'een biyya keessa bahan karaa seeraa ala ta'een deebisuun biyya keessa galchuun hidhaa cimaa wagga 5 gadi hin taaneefi wagga 10 hin caallee fi adabbii qarshii 50,000 gadi hin taanee fi 200,000 hin caalleen ni adabama.²⁷⁸ (Hiikkan kan Qopheessitoota moojulii kanaati)

Gama biraatiin , Labsii lakk 1160/2011 kwt 44 labsii lakk 859/2011 kwt 168(1) haquun keewwata xiqqaa (1) haaraan bakka buuse immoo akkas jedha;

Namni kamiyyuu osoo beekuu yookiin beekuun irra jiraatu seeroota Gumurukaa darbuun meeshaa dhorkame (prohibited good) , daangaan itti taasifame (restricted goods) yookiin meeshaa sirni gumurukaa irratti hin raawwatamne daangaa gumurukaa keessa kan galche yookiin daangaa gumurukaa keessaa kan baasee yookiin baasuuf yookiin galchuuf kan yaale yoo ta'e meeshaan dhaalamuun akkuma jirutti ta'ee hidhaa cimaa wagga 5 hanga wagga 10 fi adabbii qarshii 50,000 gadi hin taaneefi 200,000 hin caalleen ni adabama.(Hiikkan kan Qopheessitoota moojulii kanaati)

Walfakkeenyaaifi garaagarummaa tumaa duraaniifi isa fooyya'e hubachuuf akka tolu mee wal-cinaa qabnee haa ilaalu. Tumaaleen lamaanuu kutaa yaadaa yakkicha hundeessaniifi adabbii irratti garaagarummaa hin qaban. Haa ta'u malee, tumaalee kanneen sarara sararaan kan ilaallu yoo ta'e garaagrummaa ni qabu. Labsiin lakk.859/2006 kwt 68(1) jecha meeshaalee jedhu kan fayyadame yoo ta'u, labsii lakk 1160/2011 kwt 44 jalatti jecha meeshaa jedhu fayyadamee jira. Kunis garaagarummaan itti fayyadama jechootaa kan jiru ta'uu agarsiisa. Kana malees, inni fooyyeese meeshaalee daldalaan kan jedhu hambisee jira; meeshaalee biyya keessa galchuu ykn baasuu kan jedhu meeshaa daangaa gumurukaa keessa galchuu ykn daangaa gumurukaa keessaa baasuu ykn yaalii taasiisuu jedhuun bakka buuse jira; hima meeshaalee karaa seera qabeessa ta'een biyya keessa bahan karaa seeraa ala ta'een deebisuun biyya keessa galchuu jedhu haqe jira. Dhuma irratti meeshaan kan dhaalamu ta'uu tumee jira.

Itti aansuun kutaa yaadaa, kutaa gochaa fi adabbii tumaa haaraa kana hundeessan akka itti aanutti kan ilaalu ta'a.

²⁷⁸ Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 168 (1)

Yakki kontiroobaandii yakka beekaa yookin beekamu utuu qabuu (knowngly or should to have been aware of the fact...) nama kamiiniyyuu raawwatamu ta'uu keewwata olitti ibsame irraa ni hubatama.

Yakki kontiroobaandii meeshaa dhorkame, yookiin daangaan itti taasifame yookiin meeshaa sirni gumurukaa irratti hin raawwatamne irratii kan raawwatamu ta'uu ibsamee jira. Tumaa kana sirnaan hubachuuufi hojiirra oolchuuf hiika labsichi meeshaaf kenne ilaaluun gaarii ta'a. Labichi meeshaa jecha jedhuuf hiika laatee jira.²⁷⁹ Kana malees labsichi meeshaa dhorkame fi daangaa itti taasifamee jechuun maal jechuu akka ta'e kutaa hiikoo jalatti ibsee jira. Meeshaa dhorkame jechuun meeshaa kamiyyuu bu'uura seera Itiyoophiyaatiin yookiin waliigaltee idil addunyaa Itiyoophiyaan raggaasifteen biyya keessa akka hin galle, biyyaa keessaa akka hin baanee yookiin akka hin daddabarfamne dhorkaman jechuudha.²⁸⁰ Meeshaalee kanneen biyya keessa galchuun, biyya keessaa baasuun, yookiin daddabrsuun labsichaan dhorkamee jira.²⁸¹ Meeshaa daangaan itti taasifame jechuun immoo meeshaa heeyyama qaama seeraan aangoo qabuun malee biyya keessa galu, bahuu ykn daddabarfamuu hin qabneedha labsichaan dhorkamee jira.²⁸² Meeshaalee kanneen ulaagaa barbaachisaa osoo hin guutin biyya keessa galchuu, baasuu fi naanneessuun akka hin danda'amne labsichaan dhorkamee jira.²⁸³

Kutaan gochaa yakka kontiroobaandii hundeesse seeroota Gumurukaa darbuun meeshaa dhorkame, daangaan itti taasifame yookiin meeshaa sirni gumurukaa irratti hin raawwatamne daangaa gumurukaa keessa galchuu, yookiin daangaa gumurukaa keessaa baasuu yookiin galchuuf yaalii taasiisuudha.²⁸⁴ Kunis gochi yakka kontrobaandii sadarkaa yaaliittiifi gutumaan gutuutti kan raawwatamu yoo ta'e (at attempt stage and complete offence) kan nama adabsiisu ta'uu agarsiisa. Kutaan gocha yakka kana hundeesse keessaa jecha "daangaa gumurukaa" jedhu ilaaluun tumaa kana sirriitti hubachuuf ni gargaara. Labsiin lakk. 859/2006 jecha kanaaf kwt 2(7) jalatti hiika laatee jira. Bu'uuruma kanaan daangaa gumurukaa jechuun daangaa bulchiinsa Itiyoophiyaati (የትመራኩ ክልል ማለት የኢትዮጵያ የግዢት ክልል ነው) jedhee hiikee jira. Waan ta'eefis, gochi meeshaa olitti ibsame daangaa bulchiinsa

²⁷⁹ Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 2(1) jalatti akka hiikametti meeshaan qabeenya socho'u, qabeenya seeraan akka qabeenya socho'anitti ilaalamana faayidaa diingadee qaban kan akka qabeenya uumamaa tajaajila irra oolaa jiran akkasumas qarshii ni dabalata.

²⁸⁰ Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 2(30)

²⁸¹ Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 4(1)

²⁸² Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 2(31)

²⁸³ Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 4(2)

²⁸⁴ Gumurukaa Labsii lakk 1160/2011 kwt 44 Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 168(1) fooyeessuuf bahe.

Itiyoophiyaa keessa galchuu ykn baasuu yookiin galchuuf yaalii taasiisuu yakka kontiroobaandiin nama gaafachiisa.

b) Yakka Kontiroobaandii Namoota birootiin raawwatamu

Keewwanni 168(2) yakka kontroobaandii namoota birootiin raawwatamu tumee jira. Yaada tumaan irraa akka hubatamutti tumaan kwt 168(1) irratti tumaa hundaa'ee yoo ta'u, kutaan yaadaa yakkicha hundeesse, meeshaan yakki kun irratti raawwatamufi iddoon itti raawwatamu tokkumma. Haa ta'u malee, tumaalee xixxiqqan lamaan namoota yakkicha raawwatani fi haala raawwii yakkichaafi adabbii irratti garuu garaagarummaa ni qabu. Kutaan gochaa kwt 168(2) hundeessee meeshaalee geejjibsiisuu, kuusuu, qabatanii argamuu, gurgurtaaf dhiheessuu, bituu (transports, stores, possesses, offers for sale or buys goods...) kanneen jedhamniidha.

Kana malees, tumaan kun namoota biroo gocha yakkaa kana raawwachuu danda'an tumee jira. Gochi yakkaa kunis nama meeshaaleen karaa seeraan alaa ta'een kan argaman ta'uu isaanii (meeshaa dhorkame, daangaa itti taasifame yookiin sirni gumurukaa irratti hin raawwatame) beekuun yookiin beekuun utuu irra jiraatu geejjibsiiseen, kuuseen, qabatee argameen, gurgurtaaf dhiyyeeseen yookiin nama bite kamiiniyyuu raawwatamu ni danda'a. Kunis hidhaa cimaa waggaa 3 gadi hin taaneefi waggaa 5 hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma 50 gadi hin taaneefi kuma 100 hin caalleen nama adabsiisuu ni danda'a.

c) Haalawan Yakka Kontiroobaandii Cimaa Taasiisan

Humnaan fayyadamuu ykn gareen gurmaa'uun yakkicha raawwachuun haalawan yakkicha ulfaataa taasiisanIIDha. Humna fayyadamuuudhaan yookiin gareen gurmaa'uun yakka kana raawwachuun hidhaa cimaa waggaa 10-15tiin kan nama adabsiisu ta'uu tumamee jira.²⁸⁵

d) Meeshaa akka Kontiroobaadiitti ilaalamu

Keewwanni 168(4) dabalataan meeshaa akka kontroobaandiitti ilaalamu tumee jira. Meeshaan karaa seera ala ta'een biyya keessa bahuuf yoo jedhu qarqara sarara gumurukaa keessatti qabamu akka meeshaa kontroobaandiitti ilaalamu. Tuma kana hubachuuf " qarqara sara gumurukaa keessa .." yaada jedhuu hubachuun barbaachisaadha. Labsichi kwt 2(44) jalatti hiika itti kennee jira. Qarqara sarara gumurukaa (customs frontier strip) jechuun daangaa sarara gumuruka Itiyoophiyaa irraa gara keessatti iddo 15 as seenee

²⁸⁵ Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 168(3)

argamuu jechuudha. Kanaaf meeshaan as keessatti qabamu akka meeshaa kontroobaandiitti lakka'ama jechuudha.

Akka waliigalaatti yakki kontroobaandii seeroota gumurukaa cabsuun meeshaa kamiyyuu bu'uura seera Itiyoophiyaatiin yookiin waliigaltee idil addunyaa Itiyoophiyaan raggaasifteen biyya keessa akka hin galle, biyyaa keessaa akka hin baanee yookiin akka hin daddabarfamne dhorkame; meeshaa daangaan itti taasifame jechuun meeshaa heeyyama qaama seeraan aangoo qabuun malee biyya keessa galu, bahuu ykn daddabarfamuu hin qabnee yookiin meeshaa sirni gumurukaa irratti hin raawwatamne daangaa gumurukaa keessa galchuu yookiin daangaa gumurukaa keessaa baasuu yookiin baasuudhaaf yookiin galchuudhaaf yaalii taasiisuu; meeshaan karaa seera ala ta'een biyya keessa bahuuf yoo jedhu qarqara sarara gumurukaa keessatti qabamu kan hammatu ta'uu xiinxala kwt 168(1)(2)(3)(4) irratti taasifame irraa ni hubatama.

3.5.4. Yakka Waliin Dhahuu Ykn Burjaajjeessuu (kwt 169)

Labsiin lakk 859/2006 yakka waliin dhahuu kwt 169 jalatti hundeesee jira. Labsiin labsii kana fooyyeessuuf bahe labsiin lakk 1160/2011 kwt 45tii kwt 169(2) haquun keewwata xiqqaa haaraa 2 bakka buusee jira. Kana malees, labsiin kun kwt 46 keewwata xiqqaa 2tti keewwattoota xiqqaa haaraa 3, 4 fi 5 dabalee jira. Yakki kun yakka itti yaadamee raawwatamuudha. Yakki kun yakka xumura argate yookiin sadarkaa yaaliiti raawwatamu ni danda'a. Yakki waliin dhahuu meeshaa dhorkame irratti; meeshaa dikilaarsiyoonii irratti hin galmoofne yookiin ibsi sirrii ta'e itti hin kennamne meeshaa seera qabeessa dahoo godhachuudhaan meeshaa ashuraafi taaksii irraa bilisa hin taanee akka bilisa ta'e fakkeessuun; sandoota gumurukaa irratti; meeshaa invastimantiif jecha ashuraafi taaksii irraa bilisa ta'e irratti raawwatamu ni danda'a.

Gochoota kwt 169tiin dhorkaman keessaa tokko meeshaa seeraa qabeessa dahoo godhachuun meeshaa dhorkame biyya keessa galchuu, biyya keessaa baasuu yookiin biyya keessa galchuu yookiin baasuuf yaalii taasiisuudha. Namni kamiyyuu beekaa yookiin beekuun utuu irra jiraatuu gocha yakkaa kana kan raawwate yoo ta'e adabbii hidhaa cimaa wagga 5 gadi hin taanee fi wagga 10 hin caallee fi adabbii maallaqaa qarshii 50 gad hin taanee fi 200,000 hin caalleen nama adabsiisuu ni danda'a.²⁸⁶

Gochi yakkaa inni lammataa labsii 1160/2011 kwt 45tiin hunda'ee meeshaa dikilaarsiyoonii irratti hin galmoofne yookiin ibsi sirrii ta'e itti hin kennamne meeshaa seera qabeessa dahoo

²⁸⁶ Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 169(1)

godhachuun biyya keessaa yoo galchuu yookiin biyya keessaa baasuu yookiin biyya keessa galchuuf yookiin baasuuf yaalii taasiisuu kan jedhuudha. Namni gocha kan raawwate garaagarummaan ashuraafi taaksii meeshaa seera qabeessa irratti kaffalamu yookiin kaffalamuun irra jiraatu waliin walbira qabamee yoo ilaalamu dhibbeentaa 50 ol yoo ta'efi hammi garaagarummaan ashuraafi taaksii argame qarshii miliyoona tokko yoo ta'e meeshaan dhaalamuun isaaakkuma eeggametti ta'ee hidhaa cimaa waggaa 3 hanga 5tiin adabamuun ni danda'a.

Keewwani xiqaan 3 yakka waliin dhahuu meeshaa ashuraafi taaksii irraa bilisa hin taanee akka bilisa ta'e fakkeessuun raawwatamuu danda'u hundeessee jira. Bu'uruma kanaan mirga ashuraafi taaksii irraa bilisa ta'uu osoo hin qabaannee akka qabu fakkeessuun waliin dhahuun meeshaa ashuraan itti hin kaffalamne biyya keessa galchuu yookiin biyya keessaa baasuu yookiin biyya keessa galchuuf yookiin baasuuf yaalii gochuun hidhaa cimaa waggaa 7 gadi hin taaneefi waggaa 10 hin caallee fi adabbii maallaqaa qarshii kuma 100 gadi hin taaneefi kuma 200 hin caalleen nama adabsiisuu ni danda'a.

Keewwanni xiqaan 4 immoo ashuraafi taaksii kaffalamuu qabu kaffaluu dhiisuuf yookiin xiqqeessuun kaffaluuf yaaduun sanada sobaa kamiyyuu sirni gumurukaa akka raawwatamuu dhiyyeesuu; odeeaffannoobaa yookiin ibsa sobaa gumurukaaf dhiyyeessuu; sanadoota sirna gumurukaatiif dhiyaatan haquu, laaquu, soquu yookiin fakkeessuun hojjechuu, yookiin gocha waliin dhahuu kanneen biroo raawwachuun hidhaa cimaa waggaa 5 gadi hin taaneefi waggaa 10 hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma 200 hin caalleen kan nama adabsiisuu ta'uu tumee jira.

Dhumaa irratti keewwanni xiqaan 5 waa'ee yakka meeshaa invastimantiif jecha ashuraafi taaksii irraa bilisa biyya keessa galu irratti raawwatamu tumee jira. Kunis meeshaa invastimantiif jecha ashuraafi taaksii irraa bilisa ta'ee biyya keessa gale irratti mirga jiru nama biraatti dabarsuun yookiin kaayyoo mirgi kun itti kennameen ala tajaajila irra oolchuun; iddo invastimantiif heeyyamame alatti gurguruuf kuusuun meeshaan dhaalamuun akkuma jirutti ta'ee adabbii qarshii kuma 200 fi hidhaa cimaa waggaa 5 haga 7 gahuun kan nama dabsiisuu dha.

3.5.5. Meeshaa Saamsame Hiikuu Ykn Mallattoowwan Kaasuu (Kwt.170)

Yakki meeshaa saamsame hiikuu yookiin mallattoowwan kaasuun yookiin quincisuu yakka meeshaa hir'isuuf, walitti makuuf, balleessuuf, hattuuf yookiin haala kamiiniyyuu faayidaa

ofiif argachuuf yookiin nama birootiif argamsiisuuf yookiin nama kamiyyuu miidhuuf yaadamee gocha raawwatamuudha. Gochoonni yakka hundeessanis heeyyama Ofisara gumurukaa rogummaa qabu malee waan gumurukin ittiin saamsamu hiikuu yookiin irraa baasuu; mallattoo meeshaa yookiin wanta meeshaan keessa ta'u irra jiru kaasuu, soquu, haquufi laaquu yookiin jijiiruu; yookiin wanta meeshaan keessa ta'u banuu yookiin meeshaalee bakka tokkotti hidhaman facaasuu kanneen jedhamaniidha.²⁸⁷ Akkasumas yakki kun humna fayyadamuun yookiin gareen gurma'uun raawwatamuun ni danda'a. Yakki kun haala kanaan kan raawwatamu yoo ta'e hidhaa cimaa waggaa 10-15 tiin ni adabsiisa. ²⁸⁸

3.5.6. Dirqamoota Meeshaalee Geejjibuu Cabsuun Yakka Raawwatamu (Kwt. 171)

Dirqamoonni nama meeshaalee iddo tokko gara iddo biraatti geessuu yookiin nama geejjiiba meeshaaleen ittiin fe'amu too'achuuf itti gaafatatummaa qabu²⁸⁹ seeraan tumamanii jiru. Geejjibsiisan kamiyyuu (any carrier) geejjiba biyya keessa galu yookiin biyya keessaa bahu sarara Abbaan Taayitaa Gumurukaa heeyyameen ala sochoosuu, dhaabuu, imaaltoota fe'uu, meeshaa buusuu akka hin qabne; Abbaa Taayitichaa irraa osoo heeyyama hin argatinifi Ofisarii gumurukaa iddo sanatti hin argamin imalaa fe'uu yookiin buusuu yookiin meeshaa fe'uu yookiin buusuu akka hin dandeenye; nama heeyyameef ala nama biraa kamiiyyuu gara geejjibaatti akka seenu heeyyamuu akka hin qabne; meeshaalee ibida kaasaan yookiin baalafamaa ta'an geejjiba irraa osoo hin bu'in beeksiisuu akka qabu; geejjibni buufata gumurukaa gahuun duratti ibsa waa'ee imaaltootaafi meeshaalee fe'amani agarsiisu Ofisara gumuruukaatiif dhiyyeessuu; geejjibni meeshaa fe'ee naannoo gumurukaa Itiyoophiyaa keessaa akka socho'u erga heeyyamameefi booda sababa kamiiniyyuu kan turu yoo ta'e battalatti Ofisara gumurukaatti beeksiisuu akka qabu seeraan tumamee jira.²⁹⁰ Haa ta'u malee, meeshaalee biyya keessa galan yookiin gara biyya alatti ergaman sababni humna ol ta'ee bakka hin jiretti buufata gumurukaa alatti buusuun yookiin fe'uun, yookiin buusuun ykn fe'uuf yaaluun hidhaa cimaa waggaa 5 gad hin taanee fi waggaa 10 hin caallee fi adabbii qarshii 7,000 gad hin taanee fi 15,000 hin caalleen kan nama adabsiisuu ta'uu tumamee jira.²⁹¹

²⁸⁷ Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 170(1) fi kwt 158 (1)(2)(3)

²⁸⁸ Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 170(2)

²⁸⁹ Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 2(16)

²⁹⁰ Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 131

²⁹¹ Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 171

Akka waliigalaatti yakki kun yakka nama meeshaalee iddoo tokko gara iddoo biraatti geessuu yookiin nama geejjiiba meeshaaleen ittiin fe'amu too'achuuf itti gaafatamummaa qabuun dirqamoota labsii kanaan kaa'aman cabsuun raawwatamuudha.

3.5.7. Sirna Odeeffannoo Elektrooniksii Garmalee Fayyadamuu (Kwt 172)

Yakki biroo labsii lakk 859/2006 tumame yakka sirna odeeffannoo Elektrooniksii Abbaa Taayitaa Gumurukaa garmalee fayyadamuu yoo ta'u yakki kun nama kamiiniyyuu raawwatamuu ni danda'a. Hayyama Abbaa Taayitchaa malee sirna odeeffannoo elektrooniksii Abbaa Taayitichaa ofiif fayyadamuun yookiin namni hin hayyamamneef akka fayyadamu gochuun adabbii hidhaa cimaa wagga 3 gadi hin taanee fi wagga 5 hin caallee fi adabbii qarshii 5,000 gadi hin taaneefi 20,000 hin caalleen kan nama adabsiisuu ta'u tumamee jira.²⁹²

3.5.8. Yakkota Dhaabbileedhan Raawwatamu (Kwt.173)

Seerri Yakkaa RDFI jaarmiyaan namummaan seeraan kennameef tokko akka yakka raawwatetti lakkaawamee kan adabamus hoggantoota yookiin hojettoota isaa keessaa tokko haala hojii jaarmiyichaa waliin walqabateen faayidaa jaarmiyichaa karaa seeraan alaan gaggeessuuf yaaduun, yookiin dirqama seeraa jaarmiyichaa darbuun, yookiin jaarmiyicha akka meeshaatti seeraan ala fayyadamuun raawwataa muummee ta'uun, kakaastummaan, yookiin miiltummaan yakka yommuu raawwatudha jechuun tumee jira.²⁹³ Kana malees seerri yakkaa waa'ee adabbiis tumee jira. Bu'uruma kanaan jaarmiyaan yakka raawwachuu keessatti hirmaate adabbii maallaqaatiin, dhorkamuu, cufamuu yookiin diigamu itti murtaa'uu ni danda'a.²⁹⁴ Kanuma bu'uura godhachuun jaarmiyaaleen yakka gumurukaa kwt 168-172 olitti moojuulii kana keessatti xinxalaman raawwachuu keessatti hirmaanna qaban bu'uura Seera Yakkaa RDFI kwt 90tiin kan adabaman ta'uun labsiin gumurukaa lakk 859/2006 tumee jira.²⁹⁵

²⁹² Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 172

²⁹³ Seera Yakka RDFI kwt 34 (1) keeyyata 2ffaa

²⁹⁴ Seera Yakka RDFI kwt 34 (2)

²⁹⁵ Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 173

Gaaffilee Marii

1. Lab. Lak.859/2006 mata duree balleessaawwan gumurukaa fi adabbiwwan bulchiinsaa jedhu jalatti balleessawan akka daangaa meeshaalee alergii fi biyya keessa galan irratti taasifame kabajuu dhabuu, taaksii fi ashuuran akka hin kaffalamne yookiin xiqqeessuun kaffaluu, saamsawwaan hiikuu fi mallattoolee kaasuu, saamuda deebisuu dhiisuu, dirqamoota meeshaalee geejjibuu kabajuu dhiisuu, dirqamoota heyyama mana kuusa gumurukaa kabajuu dhiisuu, sirna tiraanziitii gumurukaa kabajuu dhabuu, meeshaa qaraxa malee biyya keessa gale karaa hin malleen fayyadamu, meeshaa yeroo murtaa'eef biyya keessa gale karaa hin malleen fayyadmuu fi balleessawan biroo tumee jira.²⁹⁶ Gama biraatiin, immoo boqonnaa lama mata duree yakkota gumurukaa fi adabbiwwan isaanii jedhu jalatti yakkota gumurukaa irratti raawwataman tumee jira.²⁹⁷
 - a) Garaagarummaa balleessa gumurukaa adabbii bulchiinsaa hordofsiisanii fi yakkota hojii gumurukaa irratti raawwataman jidduu jiru kaasuun irratti mari'adhaa!
 - b) Gochi hojii gumurukaa irratti raawwatamu tokko balleessa gumurukaa adabbii bulchiinsaa hordofsiisu yookiin gocha yakkaa gumurukaa ta'uu isaa akkamitti adda baaffannaa jettanni yaadduu?
2. Galmee qorannaak yakkaa namoonni lama karaa Mana poostaan baala sammuu namaa haddochuu saanduqa mukaa irraa tolfaame keessa dhoksuun jabaanaa bunaafi sinii waliin gara biyya Inglizii erguudhaaf yoo jedhan poolisiifi hojjetoota mana poostaan qabamanii gama poolisiitiin qoratamee dhiyaate tokko irratti Abbaan Alangaa seeraa yakkaa kwt 525(2) jalatti yakka baala sammuu namaa haddochuutiin himannaa hundeessee mana murtii Waliigala Oromiyaatiif dhiyessee jira.
 - a) Baalli sammuu namaa haddochu meeshaa dhorkame moo meeshaa daangaan itti taasifame jettanii yaaddu? Maaliif?
 - b) Dhimma kanaaf seerri rogummaa qabu Seera Yakkaa kwt.525 (2)(B) moo labsii 859/2006 kwt 168(1) jettuu? Maaliif?
3. **Dhimma 9ffaa:** Dhimmi yakkaa kun dhimma Mana Murtii Ol-aanaa G/A/N/ Finfinneetti aangoo duraatiin lakk. Galmee: 19517 irratti gaafa Guyyaa: 14- 04 -12 murtii argateedha. Himannaa yakkaa Abbaan Alangaa G/A/N/ Finfinnee lakk. galme L.G.A.A.01-05347 ta'een Guyyaa 03/10/2011 Mana Murtii G/A/N/Finfinneetti himatamtoota Shaggaawu

²⁹⁶ Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 156-165

²⁹⁷ Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 168-173

Waalalinyi Shittee fi Daawwit Zawudee Wiibbee jedhaman irratti dhiyyeeseen himatamtooni Seera Yakkaa Bara 1996 ba'e Kwt.32(1, A, B) fi Labsii Gumuruukaa Lakk.**859/2006 Kwt.168 (1, 3)** irra darbuun miiltoowwan isaanii kan yeroof harki hin qabamne namoota sadi lffaa Mulugeetaa Shittee, 2ffaa Yibelxaal Waasee fi 3ffaa Hayiluu (Alamayyoo) Yeneenah jedhaman waliin ta'uun itti yaadanii gareen bakka adda addaatti qindoomba uumuun yakka kontiraabaandii raawwachuuf jecha heeyyama seera qabeessa tokko malee meeshaalee waraanaa kilaashii abbaa sadafii baay'inni isaa 24(digdamii afur),kilaashii dachaatuu 35(soddomii shan),kaartaa kilaashii 57(shantamii toorba) waliigala tilmaama qarshii 333,939(kuma dhibba sadii fi kuma soddomii sadii fi dhibba sagalii fi soddomii sagal) baasu konkolaataa FSR jedhamuun beekamu lakkooftsi gabatee 3-A32758 AA ta'etti fe'anii karaa Bulchinsa Mootummaa Naannoo Gambeellaa Magaala Jigaaw jedhamtu irraan gara biyya keessaa galchuun gara Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Amaaraa Magaala Baahirdaaritti geessuuf miiltuu isaanii hin to'atamne nama Hayiluu(Alamayyoo)Yeneenah jedhamu waliin gaafa 15/08/2011 halkan keessaa tilmaaman sa'aatii 6:00 irratti Magaala Jigaaw jedhamtutti qaama konkolaataa kanarratti iddo meeshaalee kana dhoksuuf qophaa' etti galchanii erga fe'anii booda nama Mulugeetaa Shittee jedhamu yeroof harki isaa hin qabamne irraa qajeelfama fudhachuu, kanaa dhoksuu akka isaaniif mijatuuf qarshii50,000 (kuma shantama)'n boqqolloo bitanii akka konkolaticha irratti fe'aniif shakkamaan Hayiluu(Alamayyoo)Yeneenah jedhamuu qarshii kana himatamaa 1 ffaatti ergee booda boqqolicha osoo hin bitiin karaa dallaalaa nama barbaree fe'atuu waan argataniif nama Abarraa Siisay jedhamuuf Magaala Dambiidoolloo irraa barbaree fe'aniifii Godina Qellem Wallaggaa keessa darbanii Magaala Baahirdaaritti nama yeroof hin qabamne Yibelxaal Waasee jedhamutti geessuuf osoo deemsarra jiranii Godina Wallagga Bahaa Aanaa Keeramuu bakka Qofqoffee jedhamutti gaafa 17/08/2011 ganama barii keessaa tilmaaman sa'aatii 12:00-1:00 jidduutti eeruu argameen hordoffii taasifameen himatamtoota kana to'achuun gaafa 18/08/2011 halkan keessaa tilmaaman toora sa'aatii 8:00 irratti gara Komishiinii Poolisii Oromiyaa M/Finfinnee argamutti geessuun gaafa 19/08/2011 ganama keessaa tilmaaman sa'aatii 2:30 irraa kaasee gareen qoranna konkolaataa kana sakatta'uun bakka qaama konkolaatichaa meeshaaleen kun itti dhokfamanii fe'amaniif baasuun harkaa fi harkatti waan qabamaniif,yakka kontiroobaandii raawwatanii jiru jechuu himatee jira.

Manni Murtii Kunis bitaafi mirga erga falmsiisee booda himatamtooni gareen ta'uun hayyama seera qabeessa ta'e tokko osoo hin qabaanne meeshaa waraanaa karaa seeraan ala ta'een dhoksuun karaa biyya keessaa seensisaniif fe'anii osoo deemaa jiran harkaaf

harkatti kan qabaman ta'uu bu'uura ragaan abbaa alangaa irratti mirkaneesseen ragaa ittisaatiin kan ofirraa hin ittifne waan ta'eef gochi isaan raawwatan Sy, kewt.32(1) (A) (B) fi Lab. Lak.859/2006 kewt.168(3) jalatti bu'uura SDFY, kwt.149(1)tiin sagalee guutuun balleessaa taasiisuun tokkoon tokkoon himatamtootaa adabbii hidhaa cimaa waggaa saddeet (8) fi ji'a shan(5) guyyaa harki isaanii qabamee herregamuun akka adabaman bu'uura sdfy, kwt.149(5) tiin murteesee jira.

Dhimmi kun murtii erga argatee booda Abbaan Alangaa iyyata dhiyeesseen ciraan konkolaataafi maallaqa qabame irratti murtiin akka kennamuuf bu'uura gaafateen Manni Murtichaa Konkolaataa FSR, lakk.gabatee isaa 3-A32758 A.A ta'eefi QR, 34,000.00 (kuma soddomii afur) akka ciraatti qabamee ture mootummaadhaaf galii yaa ta'uufi Abbaan Alangaa GAONF,immoo akkaataa ajaja kennameen akka raawwatamu hordoffii akka taasisuu ajaja dabarsee jira.

Dhimma 10ffaa: Dhimma yakkaa Ol'iyyaannoon Mana Murtii O/G/A/N/ Finfinneetti dhiyaate gal mee lakk. L.Gal mee: 19838 ta'e irratti gaafa Guyyaa:-14-04-2012 murtii argate tokko irratti himanna AbbaaAlangaa Bulchiinsa magaalaa Burraayyuutiin Mana murtii aanaa magaalaa Burraayyuutti Abraan Indaagar fa'aa N.4 irraatti dhiyyeesseedha. Himannaan Abbaa Alangaa himatamtoonni seera yakkaa bara 1996 bahe keewwata 32 (1) fi 481 (1) (A) irra dabruudhaan gareen ta'uun meeshaa waraanaa kilaashii abbaa sadafii baay'inni isaa 63 ta'ee kilaash dachaattuu 42 ta'e karaa seeraan ala ta'een biyya keessa akka seenu taasisanii osoo jiranuu harkaaf harkatti waan qabamaniif yakka meeshaa waraanaa daldaaluu raawwataniiru kan jedhuudha.

Manni Murtii aanaa magaalaa Burraayyu gal mee yakkaa lakk. 52048 ta'e irratii bitaafi mirga erga falmsiisee boodaa Seeraa Yakkaa 32(1) fi 481(1) jalatti balleessaa qabu jechuun murtiin balleessuummaa kan kennee yoo ta'u, himatamtoota 1 ffaa fi 2ffa adabbii hidhaa cimaa waggaa 8(saddeetii) fi adabbii mallaqa qarshii 10,000(kuma kudhan) mata mataatti akka adabamaan, himatamtoonni 3ffaa fi 4ffaan ammo adabbii hidhaa cimaa waggaa 7(torbaa) fi adabbii mallaqa qarshii 5,000(kuma shan) mata mataan akka adababmaan jechuun bu'uura s/d/f/y kwt 149(5)tiin murteesee jira. Akkasumas waajjirri poolisii A/2ffaa magaalaa Buraayyu Ciraq qabamee isaan bira jiru meeshaan waraanaan Kilaashii abbaa sadafii 63(jatamii sadii), abbaa dacha'aa 42(afurtamii lama) fi rasaasaa 5(shan) komishinii poolisii Oromiyaf galii gochuun galii ta'u isaatiif nagaheen dhihaatee galmeen wal has qabatu ajaajeera.

Himatamtoonni murtii mana murtii jalaa komachuun ol-iyyannoo Mana Murtii O/G/A/N/ Finfinneetti dhiyyeffatanii jiru. M/murtii kunis bitaafi mirga erga falmsiisee booda Murtii manni murtii aanaa Magaalaa Burraayyuu gal mee lakk.52777 ta'e irratti dhaddacha gafa guyyaa 01-11-2011 tti ooleen kenne ol' iyyataa lffaa fi 2ffaa ilaachisee kenne bu'uura s/d/f/y,kvvt,195 (2) (B) (2) tiin cimeera. Gama biraatiin, Murtii manni murtii aanaa Magaalaa Burraayyuu gal mee lakk.52777 ta'e irratti dhaddacha gafa guyyaa 01-11-2011 tti ooleen kenne ol'iyyataa 3ffaa fi 4ffaa oliyyattoota 3ffaafi 4ffaa ilaachisee kenne bu'uura s/d/f/y,kwt,195 (2) (B) (2) tiin haquun; ol'iyyitaa 3ffaa fi 4ffaa gocha yakkaa ittiin himataman raawwachuu haala shakkii ol ta'een ragaan waan irratti hin mirkaneessineef himannaar irratti dhiyaate irraa bu'uura s/d/f/y kwt,141 tiin bilisa taasisee jira. Dhimmoota olitti ibsaman lamaan dubbisuun gaaffilee armaan gadiitti ibsaman irratti mari'adhaa!

- a) **Dhimmi 9ffaan** labsii Gumurukaa lakk. 859/2006 kwt 168 jalatti murtii kan argate yoo ta'u, **dhimmi 10ffaa** immoo Seeraa yakkaa kwt 481(1) jalatti murtii argatee jira. Dhimmoota kanneen irratti hunda'uun murtii Mana Murtiin kennname madaalaa!
- b) **Dhimma 9ffaa** ilaachisee Abukaatoonni himatamtoota dhimmichaaf seerri rogummaa qabu labsii Gumurukaa labsii 859/2006 kwt 168 osoo hin taanee Seeraa yakkaa kwt 481 jechuun mormii sadarkaa duraa kaasee jira. A/Alangaas akka mormii sadarkaa duratti ka'uu hin danda'u jechuun yaada kennee jira. M/Murtiis mormii himatamtoonni kaasan bu'uura SDFY, kwt,130 (1)tiin kufaa godhee jira. Dhimma kanaaf seerri rogummaa qabu labsii Gumuruukaa lakk 859/2006 kwt 168(yakka kontiroobaandii) moo Seeraa yakkaa kawt 481 (meeshaa waranaan daldaluu) ta'a jettannii yaaduu? Maaliif?
- c) **Dhimma 9ffaa irraa** akka hubatamutti Abbaan Taayita Gumurukaa bu'uura labsii 859/2006 kwt 147 3(A)tiin konkolaataa meeshaa waraanaa fe'uun qabame irratti murtii bulchiinsa dabarsuuf aangoo akka qabu xalayaa akka ragaatti galmeen walqabate irraa ni hubatama. Kun ta'ee osoo jiru, M/Murtii O/G/A/N finfinnee konkolaataan akka ciraatti qabame mootummaaf galii akka ta'u ajajee jira. Ajaja Mana Murtichaa bu'uura Labsii lakk 859/2006 kwt 168 fi 147(3)(b) tiin madaalaa!
- d) Konkolaataan meeshaa waraanaa seeraan ala fe'uun qabame akka ciraatti dhiyaachuu qaba moo hin qabuu? Maaliif?

4. Dhimma 11ffaa: Dhimmi yakkaa kun dhimma Mana Murtii Ol-aanaa Go/Jimmaatti aangoo duraatiin lakk. Galmee: 47354 irratti gaafa Guyyaa: 23-04 -12 murtii argateedha. Himannaayakkaa Abbaan Alangaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Go/Jimmaa himatamtoota Taaffasaa Adeqoo Tasammaa fa'a N.2 irratti dhiyyeeseen himatamaa 1ffaan konkolaachisaa fi himatamaa 2ffaan gargaaraa konkolaachisaa ta'uun Seera Yakkaa Bara 1996 ba'e Kwt.32(1)(A) fi Labsii Gumuruukaa Lakk.859/2006 Kwt.168 (2) irra darbuun gaafa guyyaa 22/01/2012, tilmaamaan waaree booda sa'atii 7:00 yemmuu ta'u, karaa Naannoo sabaa, Sablammii fi Uummatoota Kibbaa Godina addaa koontaatiin, konkolaata Ayisuuziin hoolata fe'ee jiru irratti "Kophee Torshini" oomisha biyya alaa ta'e haaraa 53 tilmaaman qarshii 37,100 baasu fi qaraxa mootummaaf kaffalamuu qabu tilamaaman qarshii 25, 968.94 baasu osoo hin kaffaliin hafuun; kophee moofaa cimdii 84 qarshii 1100 baasu ta'e biyya keessa akka hin galle dhorkamanii fi qaraxni itti hin cinne walumaagalatti kophee cimdiin 137 tilmaama qarshii 38,200 baasu keeshaa saditti fe'uun gara magaalaa Jimmaatti geejjibaa osoo jiranuu sakatta'iinsa poolisiin taasiiseen to'annaa jala ooluun, yakka meeshaalee karaa seeraan ala ta'een argaman adeemsaa gumurukaa cabsuun argaman kan taaksii fi ashuraan itti hin kaffalamne osoo beekanii ykn beekuu osoo qabanii waliin ta'uun geejjibaniiru argamanii jiru kan jedhu ture.

Manni Murtii kunis ragaa A/Alangaa erga dhagahee booda himatamaa 2ffaa bu'uura SDFY kwt 141tiin bilisa jedhee jira. Xiinxalaa isaatiinis "*meeshaaleen yemmuu fe'aman himatamaan (gargaaran) wanta konkolaachissan jedhuun qofa hojjeta; meeshaa kan ni feena isa kana immoo fe'uu hin qabnu jechuuf aangoo hin qabu; yakka kontrirobaandii irraa faayidaa kan argatu abbaa qabeenyaafi konkolaachisaa dha malee gargaaraa konkolaachisaa miti*" jechuun balleessaa hin qabu jedhee jira.

Himatamaan 1ffaa ilaalcissee Manni Murtichaahimatamaan ofirraa ittiseera jechuun bu'uura SDFY kwt 149(4) tiin sagalee caalmaatiin bilisa gaggeessee jira. M/murtichaas... *himatamaan konkolaachisaa ta'uu isaatiin qabeenya tokko yeroo geejjibsiisu waantoota akka nagahee jiraachuu fi dhiisuu isaa qulquleeffachuun alatti kana caalaa qaraxni itti kaffalamuu fi dhiisuu isaa haalli inni itti beeku danda'u dhiisuu mala. Hundaa ol immoo qabeenyaan kun daangaa biyyaa irratti kan hin qabamne ta'uu isaa immoo meeshaan kun meeshaa dhorkamaa dha ykn*

immoo meeshaa seeraan ala gale jedhee shakkuuf haalli isa dandeesisu hin jiru”
jechuun himatamaa bilisaan geggeessee jira.

Gama biraatiin abbaan seeraa tokko kwt.168 (2) jalatti balleessaa jedhamuu qaba jechuun murtii himatamaan bilisa jedhame sagalee caalmaan kennname irraa adda bahee jira. A/seeraa kunis yaada addaa isaanii keessatti “*ragooliin abbaa alangaa Iffaa fi 2ffaan himatamaan meeshaalee fe’ee osoo deemuu qabani nagahee ittiin bite gaafatamee kan hin dhiyeessine ta’uu; himatamaan qar 2000 isiiniifan kennaa na gadhiisaa jedhee kan kadhate ta’uu; raga 3ffaan hojjetaa gumurukaa yeroo ta’u meeshaan himatamaan ittiin himatame meeshaa omisha biyya alaa ashuraa fi taaksiin itti hin kaffalamiin adeemsa gumuruukaa keessaa kan hin darbine ta’uu hubachiisanii jiru. Ragaan A/Alangaa sadanuu haala gahaa fi amansiisaa ta’een himatmaa irratti dubbatanii jiru. Ragaaleen ittisaa namni Taadiyoos Malakuu jedhamu nagahee fi hayyama qaba;seera qabeessa jedhee himatamaa feesiisuu kan dubbatan malee nagaheen jedhame kan meeshaa fe’ame ta’uu fi hayyamnis kan meeshaa fe’amee himatamaan ittiin himatame kana ta’uu isaa himatamaan ilaalee mirkaneeffachuu isaa wanti hubachiisan hin jiru. Kun immoo dirqama seerrichi... osoo beekuu ykn beekuu osoo qabuu.. kan jedhu himatama irra ka’ee himatamaan bahateera kan jechisiisuu miti;ragaaleen ittisaa himatamaarraa hin ittisne waan ta’ef kwt 168(2) jalatti balleessa jedhamuu qaba jechuun murtii bilisa jedhamee sagalee caalman kennname irraa addaan baheera.*

- a) Jala murtii M/murtichaa bu’uura SDFY kwt 141tiin himatamaa 2ffaa irratti kenne Madaalaa!
- b) Manni Murtii murtii Sagalee caalmaan himatamaa 1ffaa murteesse keessatti “*qabeenyaan kun daangaa biyyaa irratti kan hin qabamne ta’uu isaa immoo meeshaan kun meeshaa dhorkamaa dha ykn immoo meeshaa seeraan ala gale jedhee shakkuuf haalli isa dandeesisu hin jiru”* sababa jedhu qixa labsii lakk 859/2006(2) fi kwt 3(1) tiin madaalaa!
- c) Manni Murtii murtii Sagalee caalmaan himatamaa 1ffaa murteesse keessatti “*himatamaan konkolaachisaa ta’uu isaatiin qabeenya tokko*

yeroo geejjiibiisu waantoota akka nagahee jiraachuu fi dhiisuu isaa qulqulleeffachuun alatti kana caalaa qaraxni itti kaffalamuu fi dhiisuu isaa haalli inni itti beeku danda'u dhiisuu mala" sababa jedhu kaasuun kutaan yaadaa osoo beekuu ykn beekuu qabu hin jiru murtii jedhu irra gahuu isaa madaalaa!

- d) Murtii abbaa seeraa yaada addaan murtii sagalee caalmaan adda bahan madaalaa!

3.6. Sirna Falmiin Yakkoota Taaksiifi Gumurukaa Ittiin Hoogganamu

Seerota taaksiifi gumuruukaa darbuun badiiwwaan raawwatamaan itti gaafatamummaa bulchiinsaa fi kan yakkaa kan hordofsiisu ta'u labsiiwwaan bulchiinsa taaksi Sadarkaa Naannoofi Federaalatti bahan keessatti ifatti tumameera.²⁹⁸ Falmiin yakkoota taaksiifi gumuruuka irratti raawwatamaan adeemsa ittiin hoogganamu ilaachisee qajeeltowwaan deemsa falmii yakka waliigalatiin kan bitaman ta'uu labsii bulchiinsa taaksi,²⁹⁹ akkasumas labsii gumuruukaa³⁰⁰ keessatti ifatti tumamee ni argama.

Haa ta'u malee, yakkoonni kunneen yakka karaa seeraan alaatiin dantaa diinagdee mootummaa fi uummataa irratti kan raawwatamaan yoo ta'u sababa yakkoota kanaatiin hawwasni bal'aan tajaajila hawaasumaa kan akka tajaajila bishaan qulqulluu, tajaajila ibsaa, mana baruumsaa, tajaajila fayyaa fi kkf. silaa argachuu malan akka hin arganne kan godhuudha. Gama biraatiin, sababa yakkoota kanneenitiin lammileen biyyatti meeshalee fayyaa yookiin nageenya isaanitiif jedhamee gara biyyaa akka hin seenne dhoorgamaan yookiin daangeffamaan karaa seeraan alaatiin gara biyyaa seensisuu gochoota fayyaa yookiin nageenya lammilee irratti miidhaa geessisuu danda'aan akka raawwatamaan kan taasisu waan ta'eef qorannoon yakkoota kanneen irratti godhamu gahuumsa fi xiyyeffannoo ol'aaanaan raawwachuun barbaachisaadha.

Dabalataan, hirmatoonni yakkoota kanneenis yeroo baay'ee namoota ogummaa fi muuxannoo ol'aanaa hojii daldala irratti qaban waan ta'eef toftaa dhokataa adda addaa fayyadamuuun raawwachuu waan danda'aniif qorannoor iraa eegalee ogeessota beekumsaa, muxannoo fi naamusa ol'aanaa qabaniin qulqullinnaan hojjechuu gaafata.

²⁹⁸ Labsiiwwaan Bulchiinsa Taaksiifi Federaalaa fi kan Naanno Oromiyaa kewwata 100-133 jalatti itti-gaafatamummaa bulchiinsaa fi kan yakkaa bifa wal-fakkaatuun tumanii ni argama.

²⁹⁹ Labsii bulchiinsa taaksiifi naanno oromiyaa lakk.203/2009 kewt. 116

³⁰⁰ Labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 152

Biyyoota heddu keessatti qorattooni yakkota taaksii fi gumurukaa irratti hojjetaan haala addaatiin leenji'uun bulchiinsa taaksii keessatti garee qorannoo yakkota taaksii of-danda'e hundeessun akka qoratamu, himannaaniis Abbootii Alangaa dhimma kana irratti ogummaa addaa qabaniin akka banamuu fi Mana Murtiitti dhaddachi kophaatti dhimma kana ilaalu akka gurmaa'u ni taasisu. Fakkeenyaaaf, biyya Beeljiyeem keessatti dhimmoonni taaksiin wal-qabatan abbootii seeraa seerota taaksii irratti ogummaa addaa horataniin kophaatti keessummeeffamu.³⁰¹

Adeemsa qorannoo yakkota taaksii fi gumurukaa eegaluuuf odeeffannoo/eeeruun maddoota gara garaa irraa dhiyaachuu danda'a. Fakkeenyaaaf, yemmuu kaffalaan taaksii odiitii godhamutti bu'aan odiitii argame yakki raawwatame jiraachuu kan argisiisu yoo ta'e; yookiin namni kamiyyuu yakki raawwatame jira jechuun odeeffannoo gahaa waliin eeruu yoo kenne; yookiin qaamni seera kabachiisu yemmuu hojii idilee isaanii raawwatan odeeffannoo argatan irraa ka'uun eeruu yoo kennaan; yookiin odeeffannoo haala kaminuu ifatti tamsaasame irraa ka'uun yakkoonni kunneen raawwatamanii jiru jechuun yoo shakkame adeemsi qorannoon yakkota eegaluu ni danda'a.

Kayyoon qorannoo yakkota taaksii fi gumuruukaa irratti raawwataman qorachuu odeeffaannoowwaan jiran sassabuun erga xiinxalamee booda yakkoonni taaksii irratti raawwatamuu fi dhiisuu adda baasuun haqa mirkaneessudha. Yakkoonni kunneenis dhoksaan yookiin karaa harka lafa jalatiin kan raawwatamaan ta'uu caalaa yeroo baay'ee sochiin maallaqaa heddu fi namoota hubannoo fi muuxannoo ol'aanaa qabaniin kan raawwatamaan waan ta'eef qaamoleen yakkota kanneen qorachuu irratti hirmaatan dursanii qophii gahaa gochuun hojii isaanii raawwachuuutu irraa eegama.

Ogeessonni qorannoo yakkota taaksii fi gumuruuka irratti hirmaatan yakkicha qulqullinaa fi gahuumsa ol'aanaan qorachuuf beekumsa seerota taaksii fi gumurukaa irratti qabachuu barbaachisa. Caaseffama/gurmaa'insa qaamolee qorannoo yakkota taaksii fi gumurukaa irratti raawwatamaan qorachuutiin wal-qabatee moodeloota afurtu jira.³⁰² Isaanis;-

1. Qorannoo hoggansa bulchiinsi taaksii fi gumuruukaa jalatti kallatiin gaggeeffamu;
2. Qorannoo bulchiinsa taaksiitii fi gumuruukaatiin gaggeeffamu ta'ee hoggansi garuu Abbaa Alangaatiin kan kennamu;

³⁰¹ Leyons & leoff(2014), Tax Procedure in Belgium: Audit to Litigation

³⁰² OECD (2017), Fighting Tax Crime: The Ten Global Principles, OECD, Paris.p.44

3. Qorannoo qaamni addaa bulchiinsa taaksii irraa bilisa ta'e itti-gaafatamummaa Ministeera Maallaqaa jalatti hoogganamaa gaggeessu; fi
4. Qorannoo poolisii yookiin Abbaa Alangaa idileetiin gaggeeffamu;

Biyyoota heddu keessatti moodelota armaan olitti ibsamaan keessa tokko yookiin moodelota kanneen wal-makuun qorannoo yoo gaggeessaan ni mul'ata. Biyyoonni hunduu moodeloota ibsamaan keessa isa kamiyyuu hojii irra wayita oolchanitti angoo fi itti-gaafatamummaan qaama qorannoo yakkoota taaksii fi gumurukaa hoogganu ifatti ibsamuu qaba. Kunis, qaamoleen hundii gahee isaanii dursanii beekuun dirqama isaanii akka bahatanii fi qorannoona qulqullina qabu yeroo gabaabaa keessatti akka taasifamu gargaara.

Biyya keenya keessatti adeemsa qorannoo fi himanna yakkoota taaksii fi gumurukaa ittiin hoogganamaan ilaachisee hanga yeroo dhihootti sadarkaa Mootummaa Federaalatti Abbaan Taayitaa Galiiwanii fi Gumuruukaa aangoo poolisummaa fi Abbaa Alangummaa ofumaaf qaabachuun gareen qorannoo yakkaa hundeeffamee qorannoona qorattootaa yakkoota taaksitiin gaggeeffamaa himannaas Abbaa Alangaa Abbaa Taayitichaatiin himachaa tureera.³⁰³ Haaluma wal-fakkaatuun, sadarkaa mootummaa Naanno Oromiyaatti Aango fi hojiin Biiroo Galiiwan Oromiyaatiif bu'uura labsii aangoo fi gahee hojii Qaamolee raawwachiiftuu Mootummaa Naanno Oromiyaa murteessuuf bahe Lab. Lak. 163/2003 keewwata 2(25) jalatti tumameetiin kennamaan keessaa Seeroota gibira fi taaksii darbuudhan yakkoota raawwataman ilaachisee bakka bu'ummaa biron haqaa kenuun, Biron Galiwaan Oromiyaa aangoo himata dhiyeessuu akkasumas ragaalee fi sanadoota barbaachisan bakka jiranii dhiheessuun qorachuun kan qabu ta'uu tumameera.

Haa ta'u malee, yeroo ammaa adeemsi kun hafuun sadarkaa Federaalatti aangoon yakkoota taaksii fi gumuruukaa qorachuu fi himanna hundeessuu kan Poolisii Federaalaa fi Abbaa Alangaa Waliigalaa Federaalaa akka ta'u tumameera³⁰⁴. Haaluma wal-fakkaatuun, sadarkaa Naanno Oromiyaattiis bu'uura Lab. Lak. 214/2011 kewt.7(9) tiin aangoon poolisummaa fi Abbaa Alangummaa kan Komishiini Poolisii Oromiyaa fi Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa ta'u tumameera³⁰⁵. Kanaaf, bu'uura seerota yeroo ammaa hojii irra jiraniitiin Bulchiinsi Taaksii Federaalaas ta'ee kan Naanno Oromiyaa angoo yakkoota taaksii fi gumurukaa irratti raawwatamaan qorachuus ta'ee himachuu kan hin qabne ta'uu ni hubatama.

³⁰³ Labsii hundeeffama Abbaa Taayitaa Galiiwanii fi Gumurukaa Itoophiyaa lakk.587/2000 kewt. 6(10)

³⁰⁴ Labsii hundeeffama Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa Lab. Lak.943/2011 kewt.8

³⁰⁵ Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa Lak.214/2011 kewt.7(9)

Kana malees, adeemsa dhimmootni yakkoota taaksii fi gumuruuka irratti raawwatamaan itti ilaalaman ilaalcissee yakkoonni kunneen Seera Yakkaa Itoophiyaa darbuun kan raawwataman waan ta'eef himannichi kan bu'uramuus ta'ee iyyatni irratti dhiyaatu bu'uura Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itoophiyaatiin ta'uu labsii Bulchiinsa Taaksii Federaalaa³⁰⁶ fi kan Naannoo Oromiyaa jalatti ifatti tumameera.³⁰⁷

Haa ta'u malee, yeroo qorannoon yakkoota taaksii fi gumuruka irratti qaama aangoo qabuun godhamutti bulchiinsi taaksii fi gumuruukaa dhimmichi ilaallatu qorannoon kun qulqullinaan akka raawwatamu deeggarsa barbaachisaa gochuun isaan irraa kan eegamu ta'uu hubachuun barbaachisa.

Gaaffiilee Marii

- 1) Moodeelota qorannooyakkaa dhimmoota taaksii fi gumurukaa qorachuuf ibsamaan keessaa isa kamtu irra caalaa bu'a qabeessa jettanii yaaddu?
- 2) Moodeelota ibsamaan keessaa qorannooyakkoota taaksii fi gumuraka irratti raawwatamaan qorachuu fi hoogantuun wal-qabatee yeroo ammaa seerota taaksii biyyaa keenyaa keessatti fudhatama argatee ittiin hojjetamaa kan jiru isa kami?

3.6.1. Aangoo Manneen Murtii

Manni Murtii dhimma tokkoratti aangoo abbaa seerummaa qaba jechuuf aangoo biyyooleessaa, aangoo hundee dubbiifi aangoo toora qabaachuu qaba. Qabatamaan hojiirratti rakkoon bal'aan kan mul'atu aangoo hundee dubbii adda baasuun walqabatee kan mul'atu waan ta'eef nutis moojulii kana keessatti waa'ee aangoo hundee dubbii irratti xiyyeffachuu gabaabinaan kan ilaallu yoo ta'u, akka waliigalatti moojiluun Aangoo Manneen Murtii irratti leenjii hojii irratif qophaa'e waan jiruuf bal'inaan moojulicha irraa hubachuun ni danda'ama. Manni murtii aangoo hundee dubbii malee yoo dhimma tokko ofitti fuudhee keessummeesse qabeenyaa, yeroo mana murtii fi kan abbaa dhimmaa qisaasessuun ala faayidaa homaayyuu hin qabu. Sababni isaas, murtiin aangoo hundee dubbii malee kennamu murtii fudhatama hin qabneedha. Kanaafuu, dhimmoota xiyyeffannoo ol'aanaa barbaadan keessaa tokko aangoo Mana Murtii adda baasuudha.

Sirna mootummaa Federaalawwaa keessatti Aangoon Seerota Taaksii baasuu fi taaksii sassaabuu mootummoota sadarkaan jiraniif kan qoodame ta'uu ni beekama. Heera Mootummaa Federaalawa Dimokraatawa Itoophiyaa kewt.95 jalatti akka tumametti

³⁰⁶ Labsii bulchiinsa taaksii federalaa Lab. Lak. 983/2009 keewwata 116 akkasumas labsii gumurukaa lakk.859 keewwata 152 jalatti bifa wal-fakkaatuun falmiin yakkoota taaksii fi gumuruka ilaallatu seera deemsa falmii yakkatiin kan hoogganamu ta'uu tumaniru.

³⁰⁷ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 116

Mootummaan Federaalaa fi kan Naannoolee Aangoo taaksii buusuu fi sassaabuu kan qoqqodaataan ta'uu ibsameera. Bu'uruma kanaan, Mootummaan Federaalaa Aangoo taaksii buusuu fi sassaabuu kennemeefi irratti seerota kan baasuu³⁰⁸ fi mootummoonni Naannolees haaluma wal-fakkaatuun Aangoo taaksii buusuu fi sassaabuu heera mootummaa federaalatiin isaaniif kenname irratti hundaa'uun seerota taaksii baasuun taaksii sassaabuuf aangoo kan qabu ta'uu tumameera.³⁰⁹

Gama aango manneen murtii yakkoota taaksii fi gumurukaa irratti raawwatamaan ofitti fuudhanii ilaaluutti yoo deebinu, Aangoon kun sadarkaa Federaalatti Labsii Manneen Murtii Federaalaa hundeessuuf bahe lakk.25/88 fi labsii kana fooyyessuuf kan bahe labsii.321/95 irra madda. Bu'uruma kanaan Lab. Lak.25/1988 kwt.4 jallatti Aangoo yakkaa manneen murtii federalaa kan tarreeffamaan yoo ta'u, isaan keessaas keewwata xiqqaa 4 jalatti galii ashuraa fi taaksii yookiin akka waliigalaatti yakkoonni dantaa diinagdee mootummaa Federaalaa irratti raawwatamaan ofitti fudhate ilaaluudhaaf Manni Murtii aangoo abbaa seerummaa irratti qabu Mana Murtii Fedeeralaa ta'uu tumameera. Kunis, labsicha keewwata 15(1) jalatti Aangoo Mana Murtii Sadarkaa Jalqabaa Federaalaa ta'uu ifatti ta'ee jira.

Gama biraatiin yakkoota taaksii yookiin dantaa mootummaa Naanno irratti raawwatamaan ilaachisee Manni Murtii Aangoo qabu isa kam akka ta'e ifatti kan tumame yoo ta'uu baatellee, sadarkaa Mootummaa Naanno Oromiyaatti bu'uura heera federalatiin aango seeraa taaksii baasuu irratti hundaa'uun labsiileen bahanii hojiirra jiran ni jiru.³¹⁰ Labsiileen kunneeniis, tumaa yakkaa kan of-keessaa qaban yoo ta'u, dhimmoota kanneen ofitti fuudhanii ilaaluuf aango abbaa seerummaa kan qaban Manneen Murtii Naanno Oromiyaa ta'uu Lab. Lak.216 kewt.31 (4) irraa ni hubatama³¹¹. Kunis, labsiileen taaksii kunneen Caffeen kan bahan waan ta'eef daangaa adabbii baaxii seericha keessatti kaa'ameen osoo hin daangeffamiin dhimmicha ofitti fuudhee ilaaluuf Aangoo hundee dubbi kan qabu mana murtii Aanaa Naannichaa ta'uu labsicha keessatti tumameera.

Gama biraatiin yakkoota taaksii fi gumuruuka dantaa Mootummaa Federaalaa irratti daangaa Mootummaa Naannichaa keessatti raawwatamaan yoo ta'e, bu'uura Heera Federaala

³⁰⁸ HMFDI Keewwata 51/10/

³⁰⁹ HMFDI Keewwata 52/2/e/

310 Yeroo ammaa labsii bulchiinsa taaksii Naanno Oromiyaa Lab. Lak.203/2009 dabalatee labsii galii Naanno Oromiyaa Lab. Lak.203/2009 fi kkf bahanii hojii irra jiru.

³¹¹ Manni murtii Aanaa dhimma seerota Caffeedhaan tumaman keessatti adabbii yakkaa hordofsiisan irratti hanga adabbiitiin osoo hin daangeffamiin aango Abbaa Seerummaa sadarkaa jalqabaa ni qaba.

kewt.80(4) tiin manni murtii ol'aanaa Naannoo dhimmicha bakka bu'ummaan ofitti fuudhee ilaaluuf aangoo hundee dubbi ni qabaata.

Gaaffilee Marii

1. **Dhimma 2ffaa** akka qabxii mariitti boqonnaa kana keessatti dhiyaate ilaachisee Abbaa Alangaa Abbaa Taayitaa Galiiwanii Bu/M/Asallaa himanna M/Murtii Ol'aanaa Godina Arsiitti dhiyeessuun isaa sirriidha jettuu? Manni Murtii dhimma kana ofitti fudhee ilaaluudhaaf aangoo ni qaba moo hin qabu? Maaliif?
2. **Dhimma 3ffaa** akka qabxii mariitti boqonnaa kana keessatti dhiyaate ilaachisee Abbaa Alangaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godina Shawaa Kibba Lixaa M/Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kibba Lixaatti dhiyeessuun isaa sirriidha jettuu? Manni Murtii dhimma kana ofitti fudhee ilaaluudhaaf aangoo ni qaba moo hin qabu? Maaliif?
3. **Dhimma 11ffaa:** A/Alangaa Galiiwaanii fi Gumuruukaa Itoophiyaa himatamaa jiraataa magaala Adaamaa hojii daldalaa irrat boba'ee tokko yakka galii gibira galii xiqqeessuun beeksiisuu, seera cabsuun gibira galii kaffaluu dhabuu (tax evasion), ragaa sobaa ykn dogoggorsaa dhiyeessuu, seeraa cabsuun taaksii dabalata qabeenya kaffaluu dhabu (VAT evasion); galii VAT irraa mil.260... ta'e osoo jiruu...mil.127 qofa beeksiisuu galii sirrii ta'e ilaachisee ragaa sobaa ykn dogoggorsaa Abbaa Taayitichaaf dhiyeessuu ; galii gocha yakkaan argate mil.56... seera qabeessaa fakkessee dhiyeessuu isaatiin yakka qarshii ykn qabeenya gocha yakkaan argame seera qabeessa fakkeessuu dhiyeessuu (money laundering) raawwateera jechuun labsii 286/94 kwt.97(1)(3)(b), labsii taaksii dabalata qabeenya lakk 285/94 kwt.49, kwt.50(1fi3-b) fi Seera yakkaa kwt.684 (1)(2) jalatti himanna hundeessuun Mana Murtii Federaalaa Sadarkaa Jalqabaatti himanna saaqeera.

Himatamaanis gama abukaattoota isaatiin manni murtii kun bu'uura labsii 25/88 kwt 15(1) fi 4(4)tiin aangoo suuduudaa (direct jurisdiction) kan qabu ta'u illee bakka manni murtii kun hin jirretti aangoo bakka bu'ummaa (delegated jurisdiction) kan qabu M/M/Ol'aanaa Godina adda Adaamaa akka ta'e heera RFDI Kwt 80(4) irraa ni hubatama ; abbaan alangaa galiiwanii galii mootummaa federalaa irratti malee kan MNO irrat himata dhiyeessuuf hayyame seeraa hin qabu (SDFY kwt 130/2/E) jechuun bu'uura SDFY kwt 110 fi 130tiin galmeen akka irraa cufamu gaafatee jira.

M/M kunis mormii gama abukaatoo himatamaan ka'e irratti A/A yaada akka irratti laatu erga taasisee booda himanna Abbaa Alangaa labsii gibira galii lakk.286/94 kw.96 fi 97 jalatti hundeesse ilaalchisee gibirri bu'aa hojii daldala fi taaksii gurgurtaa daldaltoota dhuunfaa naannoolee keessa jiran irraa sassaabamu galii Mootummaa naannooleetti akka ta'e Heera FDRI kw 97(4) kan hubatamu ta'uu; himatamaan daldala jiraataa magalaa Adaamaa waan ta'eef gibirri bu'aa hojii daldala fi taaksiin gurgurtaa himatamaa irraa sassaabamu galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa waan ta'eef himatamaan galii argate Waajjira Galiiwwaan magaalaa Adaamatti beeksiisuu akka qabu ibsee jira. Itti dabaluun, himanna A/Alangaa Galiiwwanii fi Gumurukaa labsii taaksii dabalataa qabeenyaa lakk 285/94 kwt. 49 fi 50 jalatt hundesee dhiyeesseen wal qabatee, bu'uura labsii lakk. 25/88 kwt.15(1) tiin Manni Murtii Federaala Sadarkaa Jalqabaa ilaaluudhaaf aango hundee dubbii qabaatu illee dhimmichi dhihaachuu kan qabu Mana Murtii Iddoo yakki kun itti raawwatamet ta'uu qaba; bu'uura Heera RFDI kw 80(4) dhimma kana ilaaluu kan qabu Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Adamaa waan ta'eef M/M/F/S/Jalqabaa dhimma kana irratti aango bakka ykn toora (local jurisdiction) hin qabu waan ta'eef himannaan Mana murtii aango iddo qabutti banamuu qaba jechuun jala murtii kennee jira.³¹²

Kun kanumaan osoo jiruu Abbaan Alangaa Galiiwwanii fi Gumurukaa Itoophiyaa duraanii labsii gibira galii federalaa lakk 286/94 kwt 96, 97(1)(3)(b), labsii taaksii dabalata qabeenyaa lakk 285/94 kwt 49 , 50(1)(3)(b) seera yakkaa kwt 684(1)(2) caqasuun himatamaan yakka seera cabsuun gibiraa fi vaatii kaffaluu dhabuu, yakka waajjira abbaa taayitichaa galii gibiraa fi vaatii sassaabuuf ragaa sobaa ykn dongorsaa dhiyessuu fi maallaqa karaa seeraan ala argame seera qabeessa fakkeessanii dhiyessuu raawwateera jechuun hundeesuun MMWO Dhaddacha Dhaabbii Bahaatti saaqeera jira.

³¹² Abbaa Alangaa Galiiwwanii fi Gumuruukaa (himataa) fi Abdulfattahaa Abraar (Himatamaa) lakk. Gal. MMF Sadarkaa Jalqabaa-175766(2003).Dhimmii kun dhimma barsisaafi leenjii kanaaf rogummaa waan qabu moojuulii leenjii hojiirraa "YAKKOOTA GIBIRAA FI TAAKSII IRRATTI RAWWAATAMAAN: SIRNA FI QAJEELITOOWWAAN ISAA" jedhu F 65 - 67 irraa cuunfame fudhatame.

Manni Murtii kunis lakk. Gal. 12017 ta'e irratti bitaa fi mirga kan falmisiise yoo ta'u, himatamaan gama abukaattoota isaatiin mormii sadarkaa duraa dhiyeessee jira. Abukaattooni himatamaa, “*M/M kun bu'uura SDFY kwt 110tiin dhimmicha ol-iyannoон yoo ta'e malee kallattiidhaan himanna ofitti fudhee ilaaluuf aangoohin qabu; bu'uura labsii manneen murtii federaalaa hundeessuu bahe lab. Lakk. 25/88 kwt 15(1)fi 4(4) tiin dhimma kana ilaaluuf aangoo sududaa (direct jurisdiction) kan qabu M/M/Federalaa Sadarkaa Duraa yoo ta'u, bu'uura heera RDFI kwt 80(4)tiin bakka inni hin jirretti aangoo bakka bu'uummaa kan qabu M/M/O/Go/Adaamia ta'uu qaba; dhimmi kun ammaan dura M/M/Federalaa Sadarkaa jalqabaatti dhiyaate M/M kun lak. Gal. 175766 ta'e irratti abbaan alangaa dhimmicha M/M/O/Go/Adda Adaamaatti dhiyeessuu akka qabu jala murtii dhaaddacha gaafa 27/03/2003 ooleen kennee jira; himataan galii mootummaa federaalaa irratti malee kan MNO irratti himata dhiyeessuuf bu'uura SDFY kwt 130(2)(E)tiin hayyama seeraa hin qabu waan ta'eef ni mormina jechuun mormii sadarakaa duraa dhiyeessanii jiru.*

A/Alangaa Galiiwanii fi Gumurukaa Itoophiyaa, “*himanna labasii gibira galii federalaa lakk 286/94 kwt 96, 97(1)(3)(b) jalatti dhiyaate ilaachisee dhimmooni himanna kana jalatti dhiyaatan naannoo kan ilaallatan ta'an illee, yakkaa mootummaa federalaa waliin kallattiidhaan kan walitti dhufan waan ta'ee fi aangoo dhimma kana ilaaluu aangoo M/M/ ol'aanaa federalaa waan ta'eef himanna kana dhiyeessuu akka dandeenyu b/bu'uummaan qaama dhimmi ilaallatu irraa nuuf kennamee jira manni murtii kun ofitti fuudhee ilaaluuf aangoo ni qaba; labsii lakk 286/94 kwt 3 lammii Itoophiyaa galii madda galii biyya keessaas ta'ee biyya alaa irraa argatan hunda irraatti raawwatinsa qaba waan ta'eef mormiin gama kanaan ka'e kufaa dha; himanna seeraa yakkaa kwt 684(1)(2) ilaaluuf aangoo kan qabu M/M/ Ol'aanaa federalaa waan ta'eef MMWO Dhaddacha Dhaabbi Bahaatti himanna dhiyeessuun keenya dogoggora hin qabu; himanna labsii taaksii dabalata qabeenyaa lakk 285/94 kwt 49 , 50(1)(3)(b) jalatti dhiyaate ilaachisee jala murtiin M/M/federalaa kenne himannaan dhiyaachuu kan qabu M/M aangoo qabutti jedha malee M/M/O/Go/ Adda Adaamatti kan jedhu miti dhimma kana ilaaluuf aangoo kan qabu mana murtii kanaa waan ta'eemormii abukaatoonni himatamaa kaasan hundi kufaa ta'ee himatamaan jecha himatamummaa isaa akka kunnu” gaafatanii jiru.*

M/M kunis, “*Abbaan Alangaa Galiiwanii jala murtii M/M/fed. Sadarkaa jalqabaa irratti ol’iyatee jala murtii kun haqamuu isaa falmiin dhiyaate hin jiru ; bakka jala murtiin aango M/Murtiis ta’ee A/alangaa himanna kana dhiyeessuudhaaf aangoon seeraan kennameefi qabu kam akka ta’e ifaan kennamee jirutti falmiin gama himataatiin dhiyaatu deeggarsa seeraa kan qabu ta’e waan nutti hin mullaneeif qabxiilee biroo keessa seenuun osoo hin barbaachifne M/M kun dhimma kana himanna kallattiin ofitti fuudhee ilaaluudhaaf aango hin qabu jechuun bu’uura SDFY kwt 110fi 130tiin galmee cufee jira.*

- a) Mormii sadarkaa duraa abukaattooni himatamaa himanna Abbaan Alangaa Galiiwanii fi gumurukaa Itoophiyaa irratti M/M/ federalaa sadarkaa jalaqabatti kaasan madaalaa!
- b) A/Alangaa Galiiwaaniifi Gumuruukaa Itoophiyaa mana murtii aango qabutti himanna saaqe ture jettuu? Maaliif?
- c) Jala murtii manni murtii federaalaa sadarkaa jalqabaa kenne akkamitti ilaaltu?
- d) Mormii sadarkaa duraa abukaattooni himatamaa himanna Abbaa Alangaa Galiiwanii fi Gumuruukaa Itoophiyaa irratti MMWO Dhaddacha Dhaabbii Bahaatti kaasan madaalaa!
- e) Deebii Abbaan Alangaa Galiiwanii fi Gumuruukaa Itoophiyaa mormii sadarkaa duraa abukaattooni himatamaa kaasan irratti deebise seera rogummaa qabu irratti hunda’uun madaalaa!
- f) Jala Murtii MMWO Dhaddacha Dhaabbii Bahaa kenne seera rogummaa qabu irratti hunda’uun madaalaa!

BOQONNAA AFUR
SIRNA WAL-DHABDEEN TAAKSII ITTIIN
KEESSUMMEEFFAMUUFI IDAAWWAN TAAKSII ITTIIN
SASSAABAMU

Seensa

Seerri taaksii kaffaltoota taaksii irratti dirqamoota adda addaa ni kaa'a. Dirqamoota kanneen keessaa tokko yeroo seeraan taa'e keessatti dirqama taaksii irraa barbaadamu kaffaluudha. Kanumaan wal-qabatee, Abbaan Taayitaa Galiiwanii seerota taaksii bahan hojii irra oolchuu akka danda'u aangoon taaksii murteessuu fi sassaabuu bal'aa ta'e kennameefi jira. Gama biraatiin, kaffalaan taaksii murtii Abbaan Taayitaa Galiiwanii kenu irratti komii yoo qabate sirni komii isaa ittiin dhiyeeffachuu danda'u seerota taaksii biyyoota baay'ee keessatti bifaa wal-fakkaatuun diriiree ni argama. Sirni komiin ittiin keessummeeffamu kunis sadarkaa adda addaatti ta'uu danda'a. Komiin kunis, qaama bulchiinsaatiif yookiin ol'iyyannoona mana murtiitti kan dhiyaatudha.³¹³

Gama biraatiin, kaffalaan taaksii yeroo seeraan taa'e keessatti idaa taaksii irraa barbaadamu osoo hin kaffaliin kan hafe yoo ta'e Abbaan Taayitaa Galiiwanii idaawan taaksii kana haala kamiin sassaabu fi kaffalchiisuu akka qabu seerota taaksii keessatti tumamee ni argama. Kanaaf, boqqonnaa kana keessatti mirgaa fi dirqamoota kaffaltoota taaksii, adeemsa wal-dhabdeen taaksii ittiin hoogganamu fi aangoo abbaan taayitaa galiiwanii idaawwaan taaksii osoo hin kaffalamiin hafan sassaabuu fi raawwachiisuuf qabu maal fa'a akka ta'aan kan ilaallu ta'a.

Leenjifamtoonni leenjii kana booda:

- Mirgaa fi dirqama kaffaloonni taaksii qaban maal fa'a akka ta'an ni hubatu.
- Badiiwaan bulchiinsa taaksii irratti raawwatamaanii fi Itti gaafatamummaa hordofsiisan.
- Sirna wal-dhabdeen taaksii ittiin hoogganamu irratti hubannoo dabalataa ni argatu.
- Wal-dhabdeewwan taaksii irraa maddan furuu keessatti gaheen koree komii taaksii, Boordii ol'iyyannoona taaksii fi kan mana murtii maal akka ta'e ni xiinxalu.

³¹³ Wiirtuu Leenjii Ogeessota Seera Federaalaa; Moojilii Leenjii Hojiin Duraa Seerota Taaksii fi Heera Mootummaa, F 98

- Adeemsaa idaan taaksii osoo hin sassaabamiin hafe ittiin sassabamuu fi kaffalchiifamu ni xiinxalu.

4.1. Mirgootaafi Dirqamoota Kaffaltoota Taaksii

Seerota taaksii bulchuu fi hojii irra oolchuun itti gaafatamummaa Abbaa Taayitaa Galiiwwanii Sadarkaan jiranii ta'uu beekamaadha. Abbaan Taayitaa Galiiwwanii aangoo fi itti gaafatamummaa seeraan itti kenname hojii irra yemmuu oolchu ol'aantummaa seeraa fi mirgoota kaffaltoota taaksii kabajuun ta'uu qaba. Biyyoota dimokraatawwaa ta'aan keessatti taaksii kaffaluun wal-qabatee kaffaltoonni taaksii mirgoota fi dirqamoota adda addaa ni qabu. Mirgoota fi dirqamoonni kaffaltoonni taaksii qaban biyyaa biyyatti garaagara yoo ta'ellee sirna taaksii biyyoota heddu keessatti kallattiin yookiin alkallattiin haamatamanii ni argamu.

Mirgootni kaffaltoonni taaksii qaban kan seerota biyyoota baay'ee keessatti fudhatama argatanii tumamaan armaan gadiitti ibsineera³¹⁴ Isaanis:

- Mirga jirenya dhuunfaa fi kabaja argachuu
- Mirga wal-qixxummaa
- Mirga dhagahamuu fi deeggarsa barbaachisaa argachuu
- Mirga taaksii sirrii ta'e caalaa kaffaluu dhiisuu
- Mirga iccitiin isaanii eegamuu
- Mirga komii fi ol'iyyannoo dhiyeffachuu

Gama biraatiin, namni kamuu akkuma mirga qabu mirga kanaan kan wal-gituu dirqamaas ni qaba. Dirqamoonni kaffalaan taaksii qabu biyyoota heddu keessatti beekamtii argachuun seerota isaanii keessatti tumamanii kan argamaniidha. Dirqamoonni kunneenis³¹⁵:-

- Dirqama galii beeksiisuu fi taaksii irraa barbaadamuu yeroon kaffaluu;
- Dirqama galmee herregaa qabachuu;
- Dirqama odeeffannoo fi ragaa sirrii ta'e yerootti kennuu;
- Dirqama Heerrega kaffalamurraa gibira hir'isuun galii gochuu;
- Dirqama lakkofsa eenyummaa kaffalaa taaksii qabachuu;

³¹⁴ OECD (2010), Tax Administration in OECD and Selected Non-OECD Countries: Comparative Information Series, p. 202

³¹⁵ Akkuma yaadannoo 308^{ffaa}, fuula 88

- Dirqama jjijjirama beeksisuu;

4.2. Badiiwwaan Bulchiinsaa Taaksii Irratti Raawwatamaniifi Itti Gaafatamummaa Hordofsiisan

Kaffalaan taaksii dirqama seeraan irratti gatame bahuu yoo dhabe, akkuma armaan olitti ibsame itti gaafatamummaan yakkaa fi itti gaafatamummaan bulchiinsaa kan hordofsiisu ta'uu ibsameera. Itti gaafatamummaan kunneenis labsiin bulchiinsa taaksii bahee hojiirra ooluun dura gosoota taaksii adda addaatiif labsiwwaan taaksii adda addaa keessatti bifa bittinnaa'een tumamee kan argamu yoo ta'u, yeroo ammaa garuu labsii haaraa kana keessatti bifa qindaa'een bakka tokkotti tumamee argama. Bu'uruma kanaan, labsicha keessatti kewt.100-115 jiran jalatti badiiwwan bulchiinsaa fi adabbiawan hordofsiisu danda'aan tumamanii argamu. Badiiwwaan kunneenis, taaksii kaffaluuf galmaa'uu osoo qabuu osoo hin galmoofne hafu yookiin sababa gahaa malee galmeen akka haqamuuf gaafachuu; beeksisa taaksii tursiisanii dhiyeessuu; taaksii xiqqeessani beeksisuu; taaksii tursiisanii kaffaluu; galmee, sandoota heerregaa fi odeeffannoo barbaachisaa ta'ee qabachuu dhabuu; herrega kaffalamurraa taaksii hir'isani beeksisuu dhabuu; lakkofsa eenyummaa kaffalaa taaksii fayyadamu dhabuu; taaksii irraa baqachuu; sirna taaksii elektroniksii hordofuu dhabuu; meeshaa gurgurtaa galmeessu fayyadamuu dhabuu kkf fa'adha.

Gosootni adabbi bulchinsaa kunis maallaqa ykn kan biraa ta'uu dandayu. Fakkenyaaf, kaffalaan taaksii tokko yoo taaksii irraa barbaadamu yeroo kaffalu qabutti otoo hin kaffaliin hafee guyyaa taksicha kaffaluu qabu irraa kaasee hanga kaffalutti taaksii kaffaluu qabu irratti dhala herregamu kaffaluuf dirqama qaba. Akkasumas, kaffalaan taaksii tokko waggoota lamaaf walitti aansee galmee herregaa barbaachisaa ta'ee yoo qabachuu dhabe adabbi maallaqaa dabalatee eeyyamnii daldalaa isaa jalaa haqamu ni danda'a.

Dirqamawan taaksii kaffaloota taaksii ykn qaamoolee biroo ilaallatu waan danda'uuf adabbiawan bulchinsaa kunis kaffaloota taaksii ykn qaamoolee biroo irratti gatamu ni danda'a. Fakkenyaaf, qaamni heerega kaffalamurraa taaksii hir'isee galii gochuuf dirqama qabu yoo dirqama kana bahuu dhabee adabbi maallaqaa akka kaffaluu irratti gatamu ni danda'a.

Kaffalaan taaksii adabbi bulchiinsaa adabamuun itti gaafatamummaa yakkaas³¹⁶ ta'ee dirqama taaksii irraa barbaadamu kaffaluu kan hambisuu miti.³¹⁷

³¹⁶Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 100(1)

4.3. Adeemsa Wal-dhabdeewwan Taksii Irraa Maddan Ittiin Hoogganamu

Sirni taaksii biyyi tokko qabdu hanguma fe'e ammayyawwa yoo ta'es, qaamaa taaksii sassaabuu fi taaksii kaffalu gidduutti wal-dhabdee uumamu waan hafuu miti. Ka'uumsi wal-dhabdeewwaan kanaatis sababoota adda addaa ta'uu danda'u. Fakkeenyaaaf, Seeronni taaksii dirqama kaffalaa taaksii irratti gatan waliin wal-qabatee ifa ta'uu dhabuu; yookiin seeronni taaksii yeroo baay'ee salphatti hubachuuf kan rakkisanii fi wal-xaxaa ta'uu; yookiin abbaan taayitaa taaksii sassaabu fi kaffalaan taaksii tumaa seera taaksii tokko irratti ijjennoo adda addaa ta'e qabaachuu danda'u; yookiin kaffalaan taaksii ta'e jedhee taaksii irraa barbaadamu kaffaluu diduuf jecha sababoota adda addaa uumuu danda'a; yookiin haalli abbaan taayitaa galiiwwaanii kaffalaa taaksii itti keessummeessu maamiltoota wal-dhabdeedhaaf kan saaxilu ta'uu danda'a.³¹⁸

Kanaaf, wal-dhabdeewwan kunneen yemmuu uumamaan hiikuu akka danda'amu sirni diriire jiraachuun barbaachisaadha. Biyya keenya keessattiis erga yeroo seeronni taaksii ammayyawwa bahanii hojii irra ooluu eegalee jalqabee sirni wal-dhabdeen taaksii ittiin hiikamu seerota taaksii keessatti haammatamuun sadarkaa sadarkaadhaan hundaa'uun hojii irra oolaa tureera. Hanga yeroo labsiin bulchiinsa taaksii sadarkaa mootummaa Federaalaattis ta'ee Naannoo Oromiyaatti bahee hojii irra ooluu eegalatte tumaan waa'ee wal-dhabdee taaksii ilaallatu tokkoon tokkoo seerota taaksii keessatti bifa wal-fakkaatuun tumamee jira. Haa ta'u malee, yeroo ammaa wal-dhabdeen taaksiwwaan biyyaa keessaa irraa maddaan bifa wal-fakkaatuun hoogganamuu akka danda'an labsiin bulchiinsa taaksii Federaalaa fi Naannoo bahee hojiirra ooolee jira. Labsiin Bulchiinsa Taaksii Federaalaa Lakk.983/2009 fi Labsiin Bulchiinsa Taaksii Naannoo Oromiyaa Lakk.203/2009 seensa isaanii irratti bifa wal-fakkaatuun Bulchiinsa Taaksii calmaatti si'ataa, bu'a qabeessaa fi tilmaamamaa taasisuuf taaksiwwan biyya keessaa hundi kan ittiin hogganaman labsiin bulchiinsa taaksii of danda'ee barbaachisaa ta'uu ni ibsa.

Dabalataaniis, labsiin kun akka bahu sababa kan ta'e kaffaloonni taaksii komii gama murtii taaksiitiin qaban dhiyeessuu kan itti danda'an sirna dhiyeessa komii dhaqqabamaa ta'e, haalaan kan gurmaa'ee fi murtii saffina qabu kennuu dandeessisu diriirsuun barbaachisaa waan ta'eef ta'uu labsicha irraa ni hubatama. Bu'uruma kanaan, labsicha kutaa saglaffaa jalatti haala wal-dhabdeen taaksii ittiin keessummeeffamu tumamee jira.

³¹⁷Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 100(2)

³¹⁸ Victor Thuronyi (2013), How Can an Excessive Volume of Tax Disputes Be Dealt With? P.9

Kanuma irraa ka'uun labsichi sirna komiin ittiin keessummeeffamu sadarkaa saditti hundeessee jira. Isaaniis, Koree Komii Taaksii Dhagahu, Bordii Ol'iyyannoo Taaksii fi Mana Murtii ti. Nutis, sirna ol'iyyannoo taaksii sadarkaa sadarkaan ittiin keessummeeffamu armaan gaditti bal'innaan kan ilaallu ta'a.

4.3.1. Koree Komii Taaksii Dhagahu

Qaama taaksii sassaabuu fi taaksii kaffallu gidduutti wal-dhabdeen yoo uumamu dursee wal-dhabdee kanaaf iddoon furmaata itti kennamuu qabu achuma abbaa taayitaa taaksii biratti koree komii kana ilaaluuf hundaa'een ta'uu akka qabu ni gorfama. Sababni isaas, komiin kun waan xiqqoo irratti wal-hubachuu dhabuu irraa kan madde ta'uu waan danda'uuf qaamni murtii taaksii kenne irra deebi'ee karaa koree dhimma kana ilaaluuf hunda'eetiin yoo ilaale salphaatti furmaata gareen lameenuu irratti walii-galuu danda'aan argachuu danda'a jedhamee waan yaadamuufi. Kana malees, wal-dhabdeen yoo uumame osoo fagoo hin deemin koree dhimma kanaaf hunda'e fuulduratti komiin akka ilaalamu gochuun yeroo fi qabeenya garee lameenuu ni quidata jedhamee amanama.

Kanumaan wal-qabatee, Labsii Bulchiinsa Taaksii sadarkaa Mootummaa Federalaas ta'ee sadarkaa Naannoo Oromiyaatti bahe keessatti haala wal-fakkaatuun kaffalaan taaksii murtii taaksii irratti murtaa'e irratti komii kan qabu yoo ta'e komii isaa Abbaa Taayitichaatiif dhiyeessuuf mirga kan qabu ta'uu tumameera.³¹⁹ Abbaan Taayitaa Galiiwwaniitiis qaama komii kaffalaan taaksii dhiyeessu ofitti fuudhee dhagahu kutaa of-danda'e fi hojii isaaniitis bilisummaan hojjechuu kan danda'a dhaabbidhaan hundeessuu kan qabu ta'uu tumameera.³²⁰ Haa ta'u malee, komii haala kanaan kaffalaan taaksii dhiyeessu irratti aangoon koree kanaa yaada murtii Abbaa Taayitichaatiif dhiyeessu qofa irratti kan daanga'u yoo ta'u, murtii dhumaa kennuuf aangoo kan qabu Abbaa Taayitichaa ta'uu tumameera. Kanaaf, Abbaan Taayitichaa yaada murtii dhiyaate fudhachuu yookiin fudhaachuu dhiisuu danda'a jechuudha.

Kana irraa ka'uun ogeessonni tokko tokko abbaan taayitaa galiiwwanii dhimma ofii isaatii murteesse irratti deebi'ee komii dhagahuun murtii dhumaa akka kenu gochuun mirga kaffalaan taaksii kan dhiibuu waan ta'eef haqa qaabeessa miti jechuun ni qeequ. Kanaaf, koreen komii dhagahu komii dhiyaateef ofitti fuudhee erga dhagahee booda aangoo murtii dhumaa kennuuf qabaachuu qaba jechuun yaada furmaataa ni kaa'u.

³¹⁹Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 56(1)

³²⁰Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 57(1)

Kaffalaan taaksii akkaataa armaan olitti ibsameen murtee taaksii komachuun komii isaa koree komii dhagahuuf kan dhiyeessu yoo ta'e, beeksifni murtii yeroo isa qaqqabe irraa eegalee kan lakkaa'amu guyyoota 21 (digdamii tokko) keessatti komii isaa dhiyeeffachuu irraa eegama. Komiin korichaaf dhiyaatus barreeffamaan³²¹ ta'ee ulaagaawwan armaan gadii guutuu qaba.³²² Isaanis:

- Sababoota murtii taaksii itti komatu,
- Murticha sirreessuuf fooyy'iinsa taaisfamuu qaba jedhee itti amanuu fi
- Sababoota fooyya'iinsa kana taassisun barbaachiseef sirriitti kan ibsu ta'uu qaba.

Kanaaf, kaffalaan taaksii murtii taaksii itti kenname maaliif akka komatu osoo hin ibsin duuchadhumatti murticha nan komadha jechuun dhiyaatu fudhatama hin qabu jechuudha. Gama biraatiin, komichi shallaggii taaksii waliin kan wal qabatu yoo ta'e, bu'uura shallaggii taaksiitiin taaksii kaffalamuu qabuu fi beksisa komiitiin mormiin kan irratti hin dhihaanne kaffaluu qaba.³²³ Kaffalaan taaksii bu'uura kanaan taaksii falmiin irratti hin kaane osoo hin kaffaliin komii isaa koree komii dhagahuuf dhiyeeffachuu kan hin dandeenye ta'uu hubachuun barbaachisaadha. Gama biraatiin, kaffalaan taaksii murtii taaksichaa irratti komii kan qabu yoo ta'es taaksii irratti murtaa'e hundaa erga kaffalee booda beksisa komii dhiyeeffachuu kan danda'u ta'uu tumameera.³²⁴

Kaffalaan taaksii murtii taaksii irratti komii qabu komii isaa koree komii dhagahuuf dhiyeessuun dura sirna diriiree jiruun ulaagawwaan barbaachisan hunda guutee yeroo seeran taa'e keessatti dhiyeessuutu irraa eegama. Kana ta'uu yoo baate garuu koreen beeksifni komii sirnaan hin dhihaanne jedhee yoo amane kaffalaa taaksiitiif sababoota komichi sirnaan hin dhihaanne jedheef barreefamaan ibsuun deebisuufii qaba.³²⁵

Komiin kaffalaan taaksii dhiyeesse ulaagaa barbaachisu guutee kan dhiyaate ta'uu yoo mirkanaa'e kutaan koree komii dhagahu komii shallaggii taaksii irratti dhihaate yeroo qoratu hangi shallaggii taaksii irratti argamee dabaluu danda'a jedhee yoo itti amanu, hojjetaa

³²¹Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 56(1)

³²²Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 56(3)

³²³Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 56(3)(b)

³²⁴Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 56(3)(c)

³²⁵Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 56(4)

shallaggiin taaksichaa ilaallatuuf irra deebi'amee akka ilaalamuuuf yaada murtii Abbaa Taayitichaatiif dhiyeessuu³²⁶kan qabu ta'uu tumameera.

Abbaan Taayitichaa yaada murtii dhihaate irratti hundaa'uun, komii dhihaate guutummaan yookiin gar-tokkeen fudhachuun yookiin kufaa gochuuf angoo ni qaba.Murtiin Abbaa Taayitichaatiin kennamu komii dhimmoota ijoo dhimmichaa, argannoowwanii fi sababoota murtichaaf bu'uura ta'an hammachuu qaba.³²⁷ Kana malees, kaffalaan taaksii Boordidhaaf ol'iyyannoo dhiyeeffachuun kan danda'amu ta'uu kan ibsu ta'uu qaba.

Abbaan Taayitaa Galiwwaanii komii kaffalaan taaksii irraa dhiyaateef murteesse fala kenuu kan qabu guyyaan murtaa'e kaa'ameera. Kunis, guyyaa kaffalaan taaksii murtii taaksii itti kenname irratti komii dhiyeeffate irraa eegalee guyyoota 180 (dhibba tokkoo fi saddeettama) keessatti Abbaan Taayitichaa murtii kennuu qaba.³²⁸ Haa ta'u malee, Abbaan Taayitichaa yeroo guyyaan 180 (dhibba tokkoo fi saddeettama) seeran taa'e kana keessatti murtii kan hin kennine yoo ta'e, kaffalaan taaksii ol'iyyannoo isaa guyyaa 30 (soddoma) keessatti Boordii ol'iyyannoo taaksiitiif dhiyeessuuf mirga kan qabu ta'uu taa'eera.³²⁹ Kunis, kaffalaan taaksii yeroo seeraan taa'e keessatti fala dhabeef mirga ol'iyyannoo bal'aa ta'e akka qabaatu taasisa.

4.3.2. Aangoo Boordii Ol'iyyannoo Taaksii

Akkuma armaan olitti ibsuuf yaalame, kaffalaan taaksii komii Abbaa Taayitaa Galiwwaniitiif erga dhiyeeffatee booda murtii kennametti kan hin quufne yoo ta'e yookiin Abbaan Taayitaa yeroo seeraan taa'e keessatti komii dhiyaate irratti furmaata kan hin kennineef yoo ta'e kaffalaan taaksii komii ol'iyyannoo isaa qaama aangoo Abbaa seerummaa gamisa qabu kan caasaa Abbaa Taayitichaan ala ta'etti dhiyeeffachuuf mirga ni qaba. Sababni qaamni aangoo ol'iyyannoo dhagahu kan Abbaa Taayitaa irraa bilisa ta'e of-danda'ee akka hundaa'u barbaachiseef inni duraa ol'iyyannoон kallattiidhaan gara mana murtii idilee kan deemu yoo ta'e baay'inni dhimmaa mana murtii idilee irratti waan baay'atuuf murtii ariifachisaa argachuun ulfaata waan ta'uufi. Sababni lammaffaan, ogeessonni ol'iyyannoo ofitti fuudhanii ilaalan muuxannoo fi beekumsa addaa seerota taaksii irratti ni qabu jedhamee waan yaadamuu. Dhuma irratti, yeroo fi maallaqa qusachuudhaaf ol'iyyannoон qaama addaa yookin akka biyya keenyatti Boordii ol'iyyannoo taaksii biratti akka dhiyaatu gochuun faayidaa ni qabaata waan ta'eefi.

³²⁶ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 57(3)

³²⁷ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 57(4)

³²⁸ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 57(7)

³²⁹ Akkuma yaadannoo 317^{ffaa}

Haaluma kanaan, Boordiin ol'iyyannoo taaksii seerota bulchiinsa taaksii Mootummaa Fedaraalaa fi kan Naannoo Oromiyaa keessatti bifa wal-fakkaatuun hundeffameera. Sadarkaa mootummaa Federaalatti Boordichi itti waamamni isaa Muummicha Ministeeratiif³³⁰ yoo ta'u, sadarkaa naannoottiis haaluma wal-fakkaatuun qaama raawwachiiftuu sadarkaa sadarkaan jiraniif kan waamamu ta'a. Kana jechuun, sadarkaa Naannootti Pireezidaantii Naannichaatiif, sadarkaa Godinaatti bulchaa godinaatiif, sadarkaa Magaalaatti Kantiibaa magaalaatiif, fi sadarkaa Aanaatti bulchaa aanaatiif ta'uu tumameera.³³¹ Walitti qabaan Boordii sadarkaa Naannootti Pireezidaantii Naannichaatiin, sadarkaa Godinaatti bulchaa godinaatiin, sadarkaa Magaalaatti Kantiibaa magaalaatiin, sadarkaa Aanaatti bulchaa aanaatiin kan muudamu ta'uu labsichi kaa'eera.³³²

Miseensotni Boordii walitti qabaa sadarkaa sadarkaan jiraniin Boordichaaf kan muudamaan ta'ee namni miseensa boordii ta'u ulaagaalee armaan gadii keessaa tokko guutu barbaachisaa ta'a. Ulaagawwaan kunneenis³³³:-

- Ogeessa seera dhimmoota taaksii yookiin daldala irratti muuxannoo bal'aa qabu;
- Nama dhimmoota taaksii irratti muuxannoo bal'aa qabuu
- Nama kana dura hojjetaa taaksii turee fi dhimmoota taaksii irratti muuxannoo teeknikaa fi bulchiinsaa bal'aa qabu;
- Beekumsa, muuxannoo yookiin ogummaa addaa hojiwwan Boordichaa waliin rogummaa qabu nama qabu;

Gama biraatiin, labsichi namoota miseensa Boordichaa ta'anii muudamuu hin dandeenye ifatti tumeera: Isaanis³³⁴:-

- Nama hojjetaa taaksii ta'ee tajaajilaa jiru yookiin nama hojjetaa taaksii ta'uu erga dhiisee wagga lama hin guutne;
- Taaksii waliin dhahuu yookiin dhoksuu waliin wal qabatee bu'uura seera taaksiitiin nama adabbiin itti kenname yookiin yakkaan balleessaa jedhame ;
- Bu'uura Labsii Yakkoota Malaammaltummaa yookiin seera birootiin nama yakka malaammaltummaatiin balleessaa jedhame;
- Idaa isaa kan hin kaffalle nama kasaare.

³³⁰ Federal Tax Administration Proclamation No. 983/2016, Art.86(3)

³³¹ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt.87(3)

³³² Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 87(2)

³³³ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 88(2)

³³⁴ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 51 fi 52 88(3)

Kaffalaan taaksii komii ol'iyyannoo Boordiidhaaf dhiyeessuun dura komii shallaggii taaksii irratti dhihaate waliin wal-qabatee taaksii falmii irra jiru³³⁵ keessaa 50% (dhibbeentaa shantama) yoo kaffale malee boordichaaf ol'iyyannoo dhiyeessuu kan hin danda'amne ta'uu ni kaa'a.³³⁶ Haal-duree kanaan wal-qabatee ogeessonni tokko tokko kaffalaan taaksii taaksii falmiif sababa ta'ee keessaa 50% dursee akka kaffalu gochuun mirga ol'iyyannoo kaffalaa taaksii kan dhiphisuudha jechuun ni qeequ.³³⁷ Haa ta'u malee, biyyoota baay'ee keessatti falmii shallaggii taaksiitiin wal-qabatu ilaachisee komii qaama bulchiinsaa yookiin aangoo abbaa seerummaa gamisa qabutti dhiyeffachuuf taaksii irraa barbaadamu hunda yookiin gartokkee akka kaffalu taasisuun biyyoota heddu keessatti qajeeltoo fudhatamee ittiin hojjetamaa jirudha. Gama biraatiin, biyyootni akka Taayiwwaan³³⁸ fa'a fakkeenyaaf qajeeltoon kun mirga dhagahamuu kaffalaa taaksii kan sarbu waan ta'eef heerawwaamaa miti jechuun haal-duree kana seerota isaanii keessaa haqaniiru.

Gama biraatiin, yeroo kaffalaan taaksii komii ol'iyyannoo isaa boordichaaf itti dhiyeessu danda'u yoo ilaallu, beeksini murtichaa erga isa gahee guyyoota 30 (soddoma) keessatti uunkaa mirkanaa'e fayyadamuun murticha irratti iyyata ol'iyyannoo dhiyeessuu kan qabu ta'uu tumameera. Boordichi iyyatni ol'iyyannoo dhiyaateef sababni quubsaan ni jira jedhee yoo amane yeroo ol'iyyatni itti dhiyaatu dheeressuu kan danda'u ta'uu tumameera.³³⁹ Haa ta'u malee, Boordiin Ol'iyyannoo taaksii haala kanaan yeroo ol'iyyannoo dheeressuu kan danda'u guyyaa meeqaaf akka ta'e wanti ibsame kan hin jirre yoo ta'allee, bu'uura labsicha keewwata 89(4)' tiin dambii bahuun kan murtaa'u ta'uu kallattiin taa'eera.

Boordichi iyyatni ol'iyyannoo guyyaa dhiyaateef irraa eegalee guyyoota 120 (dhibbaa fi digdama) keessatti murtii kennuu kan qabu ta'uu ni kaa'a³⁴⁰. Haa ta'u malee, haala addaatiin dhimmichi walxaxaa yoo ta'eefi kenniinsa haqaaf barbaachisaa ta'ee yoo argame walitti qabaan Boordichaa beeksisa barreffamaa garee wal-falmitootaatiif kennuun yeroo murtiin itti kennamu guyyoota 60 (jaatama) yeroo hin caalleef dheeressuu kan danda'u ta'uu aangeffameera. Gama biraatiin, Boordichi daangaa yeroo seeraan armaan olitti ibsame

³³⁵ "Taaksiin falmii irra jiru" kan jedhu garuu taaksicha waliin wal qabatee adabbii kaffalamuu qabuu fi dhala hin dabalatu.

³³⁶ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 58(2)

³³⁷ C Fritz 'Payment obligations of taxpayers pending dispute resolution: Approaches of South Africa and Nigeria' (2018) 18 *African Human Rights Law Journal* 171-188 <http://dx.doi.org/10.17159/1996-2096/2018/v18n1a8>

³³⁸ Yan Xu (n.d), Tax Dispute Resolution, Judiciary Independence and Property Rights: the Case of China, p.10

³³⁹ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 89(3)

³⁴⁰ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 92(2)

keessatti murtii barbaachisaa kennuu dhabuun murtii Boordichi yeroo taa'e kanaan alatti kenu fudhatama dhabsiisuu kan danda'uu miti.

Bordichiis ol'iyyannoo dhiyaate erga ofitti fuudhe ilaale booda komiin dhiyaate shallaggii taaksii kan ilaallatu yoo ta'e, aangoo hanga maallaqaa shallaggii taaksichaan murtaa'e cimsuu, hir'isuu yookiin shallaggicha akkaataa birootiin fooyessuu; yookiin bu'uura qajeelfama kennutiin irra deebi'ee akka ilaaluuf shallaggii taaksichaa AbbaaTaayitichaatiif deebisuu ni qaba.³⁴¹

4.3.3. Ol'iyyannoo Mana Murtiitiif Dhiyaatu

Wal-dhabdeen taaksii hiikkoo seeraa irraa maddan yookiin dhimmoota taaksii wal-xaxaa of-keessaa qabanii fi kaffaloota taaksii gurguddoo gidduutti uumamaan yeroo baay'ee falmiin isaanii manneen murtii idileetiin furmaata kan argatan ta'u. Bu'uruma kanaan, biyya keenya keessatti labsii bulchiinsa taaksii sadarkaa naannoos ta'ee sadarkaa federaalatti yeroo ammaa bahanii hojii irra jiraan keessatti kaffalaan taaksii murtii Boordiin ol'iyyannoo taaksii kenne kan itti hin quufne yoo ta'e, komii ol'iyyannoo isaa mana murtii ol'aanatti dhiyeeffachuuf mirga qaba. Kaffalaan taaksii komii ol'iyyaannoo isaa gara mana murtii ol'aanatti dhiyeeffachuuf kan danda'u beeksifni murtii Boordichaa guyaa qaqqabee irraa eegalee kan lakkaa'amu guyyota 30 (soddoma) keessatti ta'uu qaba.³⁴² Haa ta'u malee, guyaan soddoma ibsame kun akka dheeratuuf kaffalaan taaksii kan gaafatu yoo ta'e Manni Murtichaa eeyyamuufii kan danda'u ta'uu tumameera. Komiin Ol'iyyannoo Mana Murtii Ol'aanatti dhiyaachuuf ulaagaan biroo guutamuu qabu komii shallaggii taaksiitiin wal-qabatee dhiyaatu irratti beeksifni taaksiin falmii irra jiru 75% kan kaffalame ta'uu qaba.³⁴³

Komiin ol'iyyannoo Mana Murtii Ol'aanaatti dhiyaachuuf kan danda'u falmiin jiru dhimma ijoo seeraa irratti qofa yoo ta'eedha.³⁴⁴ Kanaaf, ol'iyyataan komii ol'iyyannoo isaa keessatti dogoggorri seeraa komii ol'iyyannoo isaatiif sababa ta'e jiraachuu ibsuun dhiyeeffachuuf qaba. Asirratti falmiin yeroo heddu ka'u, safartuu ijoo seeraa fi ijoo firii dubbii ittiin adda baasnu maal ta'uu qaba kan jedhu irratti ogeessonni heddu rakkoo ta'uu ni kaasu. Haa ta'u malee, qabxiin irratti waliigalamu qabu ijoo wanti tokko jiraachuu fi dhiisuu yookiin taateen tokko ta'uu fi ta'uu dhiisuu kan ilaallatu yoo ta'e ijoon akkasii madaallii ragaatiin kan qulqullaa'u waan ta'eef ijoo firii dubbii ta'a jechuun fudhachuun ni danda'ama. Gama

³⁴¹Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt.92(5)

³⁴²Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 59(1)

³⁴³Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt.59(3)

³⁴⁴Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 59(4)

biraatiin, ijoon falmii kaase hiikkoo seeraa itti kennuu kan gaafatu yoo ta'e garuu dhimma ijoo seeraati jechuun ni danda'ama.³⁴⁵

Manni Murtii Ol'aanaa ol'iyyannoo dhiyaateef erga dhagahee booda Murtii Boordichaa cimsuu yookiin diiguu yookiin murtii Boordichaa kan bakka bu'u kennuu; yookiin dhimmichi irra deebi'amee akka ilaalamu qajeelfamaan Boordichaaf yookiin Abbaa Taayitichaatiif deebisee erguu; yookiin Ol'iyyannicha kufaa taasisuu; yookiin Murtii biroo itti fakkaate kennuuf aangoo ni qaba.³⁴⁶ Namni murtii haala kanaan kennname irratti komii qabu, yeroo murtiin kennname irraa eegalee guyyoota 30 (soddoma) keessatti komii isaa Mana Murtii Waliigalaatiif dhiyeessuu ni danda'a.³⁴⁷ Haa ta'u malee, ol'iyyataan yeroon ibsame akka dheeratuuf Mana Murtii Waligalatti barreffamaan yoo iyyate Manni Murtichaa dheeressuufi kan danda'u ta'uu tumameera.

Gaaffilee Marii

Dhimma 12ffaa: Dhimmi kun falmii Abbaan Taayitaa Galiiwan Godina Shawaa Bahaa fi kaffalaa taaksii Sulxaan Ahimad jedhamu gidduutti oliyyannoodhaan M/A/OL/G/A/Adaamatti falmiin gaggeeffamaa turee galmee lakk 33606 ta'e irratti dhaddacha gaafa 29/05/2012 murtii argatee dha. Dhimma kana ilaachisee D/Kennaan Taaksii Dabalata Qabeenyaa (VAT) guyyaa 01/09/2000 hanga 30/10/2005 funaanaa ture qarshii 997,876.99 ta'e akka kafalu Abbaan Taayitichaa beeksisa murtii kan kenneef yoo ta'u, D/kennaanis murtii kana yeroo seeran taa'e (guyyaa 15) keessatti komachuun koree komii dhagahuuf kan dhiyeesse yoo ta'u murtii kennametti waan hin quufneef komii oliyyannoo Boordii Oliyyannoo Taaksiitiif murtiin erga kennamee guyyaan 15 booda dhiyeffateera. Boordichiis, komii D/kennaan ammaa dhiyeffate ofitti fuudhuun ilaalee murtii kennee jira.

Oliyyataan ammaatiis murtii kana komachuudhaan oliyyannoo gama bakka bu'aa isaatiin M/M/OL/G/A/Adaamaatiif kan dhiyeffate yoo ta'u, komiin oliyyataatis gabaabumatti D/kennaan oliyyannoo isaa Boordichaaf kan dhiyeessee yeroon guyyaa 15 seeraan ta'ee erga darbee booda waan ta'eef komiin oliyyannoo boordichaaf dhiyaate fudhatama argachuu hin qabu ture, akkasumas taaksii akka kaffalu itti murtaa'e keessaa dursee 50% nagahee seera qabeessa ta'een kaffaluu osoo qabu osoo hin kaffaliin boordichi komii dhiyaate ofitti fuudhee

³⁴⁵ Seera Taaksiifi Heera Mootummaa RDFI, Moojulii Leenjii Hojiin Duraa (Wiirtuu Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa Federaalaa, Afaan Amaariffaan kan qophaa'e) FF. 103

³⁴⁶ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 59(4)

³⁴⁷ Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 60(1)

ilaaluun sirrii miti jechuun labsii Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.74/95 kan fooyeesse labsii lakk.134/2000 kwt.10/107(1 fi 2) caqasuudhaan komataniiru.

Manni murtiis ijoowwan dubbii Boordiin Oliyyannoo Taaksii erga yeroo oliyyaannoo(guyyaa 15) darbee dhimmicha ofitti fuudhee ilaaluun sirriidha moo? miti? Haalli Boordiichi ragaa itti madaale hoo seera qabeessa moo?miti? kan jedhu qabachuun xiinxaleera.

Dhuma irrattis manni murtichaa ijoo jalqabaa ilaalchisee falmii kanaaf sababa kan ta'e taaksii dabalata qabeenyaa(VAT) waan ta'eef seerri dhimma kanaaf rogummaa qabu labsii lakk.74/1995 fi 134/2000 osoo hin taane, labsii VAT lakk.285/1994 yoo ta'u kunis yeroo oliyyannoon itti dhiyaatu ilaalchisee kwt.43(1) jalatti yeroo guyyaa 30 kan kaa'ee fi d/kennaan ammaattis boordichaaf oliyyannoo isaa guyyaa 30 keessatti waan dhiyeesseef falmiin gama kanaan ka'u fudhatama hin qabu jechuun komii oliyyataan dhiyeesse kufaa godhee jira.

Ijoo lammaffaa ilaalchisee, manni murtichaa d/kennaan taaksii itti murtaa'e keessa 50% galii godhee jira moo?miti? kan jedhu ragaa dabalataa baankii irraa erga dhiyeessisee booda bu'aan baankicha irraa dhiyaate d/kennaan taaksii itti murtaa'e keessaa 50% lakkoofsa herrega oliyyataa irratti galii gochuu waan ibsaniif falmii oliyyataan gama kanaan kaases manni murtichaa kufaa gochuun murtii Boordiin Ol'iyyannoo Taaksii kenne cimsaniira.

- a) Murtii M/M/Ol'aanaa Adda Adaamaa murtii boordichaaf cimsuun kenne akkamittu ilaaltu?
- b) Falmii dhimma VAT irratti seerri rogummaa qabu isa kami?
- c) Manni murtichaa ragaa dabalataa baankii irraa dhiyeessisuun murtiin kenne sirriidha jettanii yaadduu?

4.4. Idaawan Taaksii Kaffalchiisuufi Raawwachiisuu

Galmi guddaan abbaa taayitaa galiiwaanii galii baasiwwaan mootummaatiif barbaachisan sassaabuu yoo ta'u, galii kanas karaa si'oominaa fi bu'a qabeessa ta'een sassaabuu kan danda'amu daangaa aangoo abbaa taayitichaatiif kennname irratti kan hundaa'u ta'a. Seerota taaksii biyyoota baay'ee keessatti abbaan taayitaa galiiwanii ittigaafatamummaa seeran irra kaa'ame bahachuuf tarkaanfiwwaan adda addaa fudhachuu akka danda'u seeraan aangoon kennnameefii jira.Tarkaanfiwwaan abbaa taayitaa galiiwanii fudhachuu danda'u kunis idaa taaksii yeroo seeraan taa'e keessatti osoo hin kaffalamiin hafe kaffalchiisuuf adabbii fi dhala kaffalchisuu akkasumas qabeenya kaffalaa taaksii idaa taaksiitiif qabuu fi raawwachiisuu kan dabalatuudha.

Kana malees, abbaan taayitichaa taaksii barbaadamu sassaabuuuf/kafalchiisuuf kaffalaa taaksitiif yeroo dabalataa kennuu, idaa taaksii irraa barbaadamu addaan kukkutuun yeroo murtaa'e keessatti kaffaluu akka danda'u haala mijeessuu, kaffalaan taaksii biyya keessaa akka hin baanee dhorkuu, dhaabbata daldalaa yeroodhaaf saamsuu fi taarkaanfiwwaan kkf fudhachuu ni danda'a. Tarkaanfiwwaan kanneen tokko tokkoon akka armaan gaditti kan ilaallu ta'a.

4.4.1. Yeroo Kaffaltii Taaksii Dheeressuufi Taaksicha Qoqqooduun Yeroo Murta'e Keessatti Kaffalchiisu

Kaffalaan taaksii idaa taaksii irraa barbaadamu yeroo seeraan taa'e keessatti mootummaadhaaf kaffaluun akka irraa eegamu beekamaadha. Haa ta'u malee, sababoota amansiisaa ta'uu danda'an adda addaatiin yeroo tokko tokko kaffalaan taaksii yeroo seeraan taa'e keessatti idaa taaksii irraa barbaadamu osoo hin kafaliin yoo hafu ni jiraata. Kanaaf, kaffalaan taaksii idaa taaksii irraa barbaadamu yeroo seeraan taa'e keessatti kaffaluu kan hin dandeenye ta'uu sababa gahaa dhiyeessuun yeroon akka dheeratuuf Abbaan Taayitaa Galiiwwanii yoo gaafate Abbaan Taayitichaa sababni dhiyaate gahaadha jedhee yoo itti amane yeroo dabalataa kennuu ni danda'a.³⁴⁸

Gama biraatiin, kaffalaan taaksii idaa taaksii irraa barbaadamu yeroo tokkotti kaffaluu kan hin dandeenye yoo ta'e, Abbaan Taayitichaa idaa taaksii kaffalaan taaksii irraa barbaadamu qoqqooduun yeroo murta'e keessatti kaffaluu akka danda'a murteessuu kan danda'u ta'uu tumameer.³⁴⁹ Kana jechuun, Abbaan taayitichaa hanga taaksii kaffalaan taaksii irraa barbaadamu irratti hundaa'uun kaffalaan taaksii idaa taaksii irraa barbaadamu akkuma haala isaatti torbaniin, torban lama lamaan yookiin ji'a ji'aan adda qoqqodee akka kaffalu waliigaltee haala mijeessuu uumuu ni danda'a. Akkaataa waliigaltee raawwatameetiin kaffalaan taaksii yeroo akka kaffalu itti himameetti osoo hin kaffaliin kan hafe yoo ta'e waliigaltichi duruma irraa akka waan jirreetti lakkaa'amee taaksii irraa barbaadamu dhalaa fi adabbii seeraan ta'e waliin akka kaffalu kan taasifamu ta'a. Kanaafuu, kaffalaan taaksii waliigaltee abbaan taayitaa taaksii addaan qoqqooduun akka kaffalu mijeesseef of-eegannoodhaan yeroo taa'e keessatti idaa irraa barbaadamu kaffaluutu irraa eegama. Kaffalaan taaksii taaksii irraa barbaadamu qoqqooduun yeroo abbaa taayitaatiin murtaa'e keessatti akka kaffalamu heeyyamameef yeroo jedhame keessatti osoo hin kaffaliin kan hafe

³⁴⁸Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 34(1 fi 2)

³⁴⁹Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 34(2,b)

yoo ta'e, taaksii osoo hin kaffalamiin hafe hundaa yeroo kaffalticha dhaabe eegalee akka kaffalu Abbaan taayitichaa battalumatti tarkaanfii fudhachuu kan danda'u ta'uu ni tuma.³⁵⁰

Gama biraatiin, yeroon kaffaltii taaksii akka dheeratu yookiin yeroo murta'e keessatti taaksii qoqqoduun akka kaffaluu danda'u namni heeyyamameef kaffaltii ture irratti guyyaakffaaltii taaksii jalqabaa irraa eegalee dhala herregamu dirqama kaffaluu kan hambisuu miti.³⁵¹

4.4.2. Qabeenya Qabachuu

Abbaan taayitaa galiiwwanii itti gaafatamummaa taaksii sassaabu itti kenname bahachuu akka danda'u biyyoota baay'ee keessatti aangoon qabeenya kaffalaa taaksii qabuu yoo kennamuuf ni mul'ata. Kaffalaan taaksii irraa barbaadamu yeroo seeraan ta'e keessatti osoo hin kaffaliin yoo hafe qabeenya isaa qabuun kaayyoowwaan adda addaa qabaachuu danda'a. Isaanis³⁵²:

- Qabeenya kaffalaa taaksii taaksii irraa barbaadamu kaffaluu dide akka wabiitti qabachuuf;
- Qabeenyi kaffalaa taaksii sababa idaa taaksii irraa barbaadamuutiin qabamee gurguramuuf kan jiru ta'uu beeksisa of-eegannoo kaffalaa taaksiitiif erguuf;
- Mirga dursaa mootummaan qabeenya kaffalaa taaksii irratti qabu mirkaneessuuf;
- Tarkaanfiwwaan bulchiinsaa biroo osoo hin fudhatiin dura kaffalaan taaksii idaa irraa barbaadamu kaffaluu akka danda'u dirqisiisuuf; fi
- Dandeetti raawwachiisummaa mootummaan taaksii sassaabuuf qabu mul'isuuf.

Aangoo qabeenya qabuu abbaa taayitaa sababa idaa kaffalchiisutiin qabu waliin wal-qabatee ogeessota gidduutti ejjennoo lamatu jira. Akkaataa ejjennoo tokkoffaatiin, Abbaan taayitaa galiiwwanii sababa idaa taaksii kaffalchiisuu jedhuun qabeenya nama dhuunfaa ofumaaf kan qabu yoo ta'e adeemsi kun qaama mootummaatiif aangoo daangaa hin qabne kennuun mirga abbaa qabeenyummaa namoota dhuunfaa salphatti sarbuu danda'a jechuun ni falmu. Aangoo kana abbaan taayitaa akka qabaatuu yoo barbaachisees, tarkaanfiwwaan biroo jiran hundi

³⁵⁰Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 34(4)

³⁵¹Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 34(5)

³⁵² M. Corinne Larson Olga Spaic (1995), Collecting Delinquent Revenues. Government Finance Officers Association, p.23 <https://www.gfoa.org/sites/default/files/CollectingDelinquentRevenues.pdf>

duguuggamee erga raawwatee booda tarkaanfii fudhatamu ta'uu qaba jechuun ni kaasu. Ogeessonni ejjennoon lammaffaa deeggaran gama isaanitiin, abbaan taayitaa galiiwwanii dirqama taaksii sassaabuun seeraan irratti gatame haala si'ataa fi bu'a qabeessa ta'een bahachuu kan danda'u aangoo qabeenya kaffalaa taaksii haala salphaa ta'een ofuumaaf qabee raawwachiisuu danda'u yoo qabaate ta'uu ni kaasu. Gama biraatiin, abbaan taayitaa galiiwwaanii aangoo taarkaanfii qabeenya kaffalaa taaksii irratti ofii isaatii fudhatuun idaa taaksii raawwachiisuu qabaachuun isaa, kaffalootni taaksii birootif akeekkachiisa kan dabarsu waan ta'eef haala salphaa ta'een idaa isaan irraa barbaadamu raawwachuu dandeessisa.

Haala qabatamaa biyya keenyaatti yoo deebinu, seeronni bulchiinsa taaksii sadarkaa Mootummaa Federaalattis ta'ee sadarkaa Naannoo keenyatti bahanii hojii irra jiran Abbaan Taayitaa Galiiwwanii yemmuu kaffalaan taaksii taaksii irraa barbaadamu yeroo seeraan taa'e keessatti kaffaluu dhabe qabeenya kaffalaa taaksii qabuu kan danda'u ta'uu tumameera. Haa ta'u malee, abbaan taayitaa galiiwwaanii tarkaanfii qabeenya kaffalaa taaksii qabuu fudhachuun dura haal-dureewwaan barbaachisan kan guutaman ta'uu mirkanoeffachuun barbaachisaa ta'a. Isaaniis, kaffalaan taaksii yeroo taaksiin kaffalamu qabu irraa guyyoota 30(soddoma) keessatti taaksiirraa barbadamu osoo hin kaffaliin kan hafe ta'uu³⁵³; sababa taaksii irraa barbaadamu kaffaluu dhabeef qabeenyi isaa kan qabamu ta'uu kan ibsu akeekachiifni barreffamaa dursee kan kennname ta'uu mirkanaa'uu qaba. Beeksifni haala kanaan kennamuus, barreffamaan ta'ee qabeenya qabamee fi hanga taaksii irraa barbaadamu yookiin taaksii osoo hin kaffalamiin hafe; akkasumas, qabeenya beeksisaan ibsame qabatee yeroo turu keessatti taaksii barbaadamu kan hin kaffale yoo ta'e qabeenyichi kan gurguramu ta'uu kan ibsuu ta'uu qaba.³⁵⁴

Haa ta'u malee, haala addaatiin kaffalaan taaksii taaksii irraa barbaadamu kaffaluu dhiisuun danda'a sodaan jedhu yoo jiraate osoo akeekkachiisa kennuu hin barbaachisiin abbaan taayitaa ajaja qabinsaa kaffalaa taksitiif yookiin nama qabeenyi kaffalaa taaksii qabiyee jalatti ramade kamiyyuu irratti kennuu ni danda'a.³⁵⁵

Gama biraatiin, qabeenyota kaffalaa taaksii ajajni qabiinsaa irratti kennamu danda'u ilaachisee akka qajeeltootti ajajni qabinsaa qabeenyaa kaffalaa taaksii kamiyyuu irratti

³⁵³Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 43(1)

³⁵⁴Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 43(7)

³⁵⁵Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 43/2&3/

raawwatinsa kan qabaatu yoo ta'ellee, qabeenyota armaan gadiitti ibsamaan garuu dabaluu hin danda'u³⁵⁶: Isaanis;-

- Qabeenya mirga dursaa gaafattooni qarshii irratti qaban;
- Qabeenya dhorka kamiyyuu adeemsa murtii raawwatu yookiin qabeenyaa ajajni raawwii itti kennname;
- Bu'ura seera Itoophiyaatiin qabeenyaa dhorkamuu hin dandeenye.

Bu'uura beeksisa kennameetiin kaffalaan taaksii qabeenyi isaa erga qabamee booda dhiyaate taaksii irraa barbaadamu yeroo seeraan taa'e³⁵⁷ keessatti kan hin kaffale yoo ta'e, abbaan taayitichaa tarkaanfii itti aanu gara fudhachuuutti kan darbu ta'a. Tarkaanfiin Abbaan Taayitaa qabeenya qabame irratti fudhachuu danda'u kunis, qabeenyicha caalbaasii ifa ta'een gurguruun qarshii gurgurtaa irraa argame akka walduraa duuba isaatti kaffaltiwwan armaan gadiitiif akka oolu ni taasifama:³⁵⁸

- Sadarkaa jalqabatti baasii qabeenyicha qabuuf, eeguuf fi gurguruuf ba'e aguuguuf;
- Itti aansuun idaa taaksii osoo hin kaffalamii hafe kaffaluu;
- Sadarkaa itti aanutti idaa bifaa biroo kamiyyuu kaffalaan taaksii akka kaffaluu irraa eegamu kaffaluu,
- Dhuma irratti qarshiin gurgurtaa irraa hafe yoo jiraate guyyaa qabeenyichi gurgurame irraa eegalee guyyoota afurtamii shan keessatti kaffalaan taaksitiif kan kaffalamu ta'a. Haa ta'u malee, kaffalaan taaksii waliigaltee barreffamaatiin qarshii gurgurtaa irraa hafe idaa gara fuula duraatti dhufuuf akka oolu jechuun ibsachuu kan danda'u ta'uu tumameera.³⁵⁹

Abbaan taayitaa galiwwanii yeroo qabeenya kaffalaan taaksii qabus ta'ee, yeroo itti-gaafatamummaa seeraan itti kennname kan biroo bahutti qaamota adda addaatiif aangoo ajaja barbaachisaa ta'e kennuu ni qaba. Fakkeenyaaaf, beeksisa barreffamaa qabeenya qabaman ilaallatu ragaawwan tajaajiluu danda'an sanada kamiyyuu yookiin namni ibsa qabate

³⁵⁶Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 43(4)

³⁵⁷yeroo seeraan taa'e jechuun meeshalee badaniif haala meeshalee tilmaama keessa galchuun yeroo Abbaan Taayitichaa gahaadha jedhee murteessu yookiin hala biroo kamiiniyyuu meeshaaleen erga qabamanii booda yeroo guyyaa 10(kudhan)

³⁵⁸Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 43(9)

³⁵⁹Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 43(10)

kamiyyuu sanada kana yookiin ibsa abbaa aaayitichaatiif akka dhiyeessu ajajuu ni danda'a.³⁶⁰ Kana malees, qabeenyi kaffalaa taaksii yeroo qabamu miseensi poolisii iddichatti akka argamu ajajuu kan danda'u ta'uu tumameera.³⁶¹

Dabalataaniis, Abbaan Taayitichaa kaffalaa taaksii irraa taaksii barbaadamu kan sassaabu ta'uu sodaan sababa gahaa irratti hundaa'e yoo jiraate, akkasumas taaksicha ariitiin sassaabuun barbaachisaa ta'ee yoo argame dhaabbata faayinaansiitiif herregni kaffalaa taaksii akka hin sochone dhorkuu; meeshawan of-eegannoon qabaman, meeshaa gatii guddaa qabu, yookiin qabeenyaa biroo akka hin sochonne ajaja bulchiinsaa kennuuf aangoo ni qaba.³⁶²

Haa ta'u malee, ajajni dhorkaa Abbaan Taayitichaa kenne raawwatiinsa kan qabaatu guyyaa 10(kudhaan)'f qofa yoo ta'u, ajajni kenname kun guyyoota 10 booda itti fufuun raawwatiinsa qabaachuu kan danda'u eeyyama mana murtii argachuu yoo danda'e qofa ta'uu tumameera.³⁶³

Gaaffii marii

Dhimma 13ffaa: Dhimmi kun M/M/OL/G/A/Adaamaatti galmeed lakk.24939 ta'e irratti dhaddacha gaafa guyyaa 15/03/2009 ooleen murtii kan argateedha. Dhimma kana keessatti Abbaan Taayitaa Galiiwan Aanaa Adaamaa kaffalaa taaksii kan ta'e Bu/Ma/Wanjii Gaffarsaatiif beeksisa murtii taaksii kenneen taaksii kaffalaa taaksitiin hir'ifamee kaffalamu qarshii 140,512.55 akka kaffalu yeroo adda addaatti gaafachaa erga turee booda kaffalaan taaksii heeyyamamaa ta'uu waan dideef Abbaan Taayitichaa bu'uura labsii gibira galii Oromiyaa lakk.74/95 kwt.77 tiin maallaqaa kaffalaan taaksii Baankii Daldala Itoophiyaa Damee Wanji keessaan qabu irratti ajaja dhoorkii kennee jira. Ajajni dhoorkii kunis bu'uura labsicha kwt.81 tiin akka mirkanaa'uuf Abbaan Taayitichaa M/M/Ol/Go/A/Adaamatiiif iyyita dhiyeeffatee jira.

Manni murtichaas iyyata dhiyaateef erga ilaalee booda qaamni mootumaa kaffalaa taaksii jedhamuun maallaqni baankii akka dhoorkamu ibsame kun kaffalaa taaksii osoo hin taane kaffaloota taaksii irraa taaksii kaffalan hanbisuun sassaabee galii kan godhu yoo ta'u, taaksii haala kanaan sassaabe galii yoo gochuu dhabe herregni qaama kanaa dhoorkamuu seerri dirqisiisu hin jiru jedheera. Dabalataaniis, ajajni dhoorkaa kennamuu kan qabu hanga murtiin

³⁶⁰Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 43(5)

³⁶¹Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 43(10)

³⁶²Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 44(1& 2)

³⁶³Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 44(5)

taaksii kennamutti malee erga hangi taaksii kaffalamuu qabu beekkamee booda tarkaanfii akkanaa fudhachuun sirrii miti jechuun iyyata Abbaan taayitichaa dhiyeesse kufaa godheera.

- Manni Murtichaa iyyata Abbaan Taayitichaa dhiyeesse kufaa gochuun sirriidha jettanii yaadduu? Dhimma kana seerota rogummaa qaban waliin wal-bira qabuun bal'inaan irratti mari'adhaa?

4.4.3. Biyya Keessaa Akka Hin Baanee Dhorkuuf Ajaja Kennamu

Abbaan taayitaa galiiwanii taaksii kaffalaa taaksii irraa sassaabamuu qabu haala bu'a qabeessa ta'een sassaabuu akka danda'u aangoowwaan abbaa taayitichaatiif kennamaan keessaa inni biroo kaffalaan taaksii biyya keessaa akka hin baane dhoorkuuf aangoo kan qabu ta'uu isaati.³⁶⁴ Abbaan taayitaa ajaja kana kennun dura kaffalaan taaksii taaksii irraa barbaadamu osoo hin kaffalle biyya keessaa bahuu ni danda'a jedhu sababni gahaa ta'u jiraachuu mirkanoeffachuu qaba.

Bu'uura kanaan, ajajni akka biyyaa hin baanee kennamuu kan danda'u eenu irratti kennamuu danda'a kan jedhu yoo ilaallu ajajichi nama yeroo ajajni kennamu taaksii kaffaluun irra jiraatu yookiin yeroo ajajni kennamutti dirqama taaksii kaffaluu yoo qabaachuu baatees nama taaksii gara fuulduuratti kaffaluun irraa eegamu irratti soda jiru irratti hundaa'uun ajajni akka biyyaa hin bane jedhu kennamuu ni danda'a. Namni akka biyyaa hin baane ajajni dhoorkii irratti kennamuu danda'u kan biraa nama hojii gaggeessaa kubbaaniyaa ta'e yookiin kubbaaniyaa keessatti murtee kennuu ilaachisee nama gaheen isaa ol'aanaa ta'e yoo ta'edha.

Kaffalaan taaksii sababa armaan olitti ibsameen biyyaa akka hin baane dhoorkame, ajajichi ka'eefii biyyaa keessaa bahuu kan danda'u taaksii irraa jiru yookiin taaksii gara fuulduraatti kaffaluun irraa eegamu guutummaan kan kaffalee yoo ta'e yookiin abbaan taayitichaa waliin waliigaltee kaffaltii kan raawwate yoo ta'edha. Gama biraatiin, ajajni dhoorkii abbaan taayitichaa kaffalaan taaksii akka biyyaa hin baane jechuun kenu guyyaa ajajni kennamee eegalee kan lakkaa'amu guyyoota kudhaniif qofa kan raawwatu ta'a. Ajajni kennamee guyyaa kudhan caalaa dheerachuu kan danda'u abbaan taayitichaa iyyata mana murtiitti iyyachuun akka dheeratuuf gaafatee manni murtichaa kan eeyyameef yoo ta'e qofa.³⁶⁵

³⁶⁴Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 46(1)

³⁶⁵Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 46(4)

4.4.4. Dhaabbata Daldalaa Yeroof Saamsuu

Abbaan taayitaa galiiwanii tarkaanfii dhaabbata daldalaa saamsuu kan fudhatu yeroo murtaa'eef qofa yoo ta'u, kunis kan raawwatamu kaffalaan taaksii irra deddeebiin bu'uura seerri taaksii ajajuutiin sanada barbaachisu osoo hin qabatiin kan hafe yoo ta'e yookiin taaksii irraa barbaadamu yeroo kaffaluu qabutti osoo hin kaffaliin kan hafe yoo ta'eedha.³⁶⁶ Abbaan taayitaa taarkaanfii kana fudhachuun dura kaffalaa taaksiitiif beeksisa akeekkachiisaa barreeffamaa guyyaa torba dursee kennuu qaba. Bu'uura akeekkachiisa isa qaqqabeetiin, kaffalaan taaksii taaksii irraa barbaadamu kan hin kaffale yoo ta'e yookiin sanada barbaachisu kan hin qabanne yoo ta'e Abbaan Taayitichaa dhabbata daldaalaa kaaffalaa taaksii guyyaa kudha afur (14) hin caalleef gar-tokkeen yookiin guutummaan samsuu kan danda'u ta'uu tumameera.³⁶⁷

Haa ta'u malee, kaffalaan taaksii dhaabbatni daldaalaa isaa jalaa saamsame sanada galmee herregaa qabachuuf tarkaanfii gahaa yoo fudhate yookiin taaksii irraa barbaadamu yoo kaffale dhabbanni daldalaa saamsamee ture ajaja Daayirektarri Ol'aanaa abbaa taayitichaa yookiin hojjataan aangoon kennameef kennuu irra deebi'eebanamu ni danda'a.³⁶⁸

4.5. Gaaffii Mirga Dursaa Qabeenya Irratti Dhiyaatu

Kaffalaan taaksii yeroo tokkotti idaa taaksii dabalatee qaamota adda addaatiif dirqama idaa kaffaluu qabaachuu danda'a. Kanaaf, yeroo haalliakkanaa uumamutti qabeenya kaffalaan taaksii irratti eenyutu mirga dursaa qaba kan jedhu dhimma ilaalamuu qabu ta'a. Idaawwaan taaksii ilaalchisee, abbaan taayitaa galiiwanii qabeenya kaffallaa taaksii irratti mirga dursaa kan qabu ta'uu muuxannoo seerota taaksii biyyoota hedduu irraa hubachuun ni danda'ama.

Biyya keenya keessattis haaluma walfakkaatuun abbaan taayitaa galiiwanii mirga dursaa qabeenya kaffalaan taaksii irratti kan qabu ta'uu tumameera.³⁶⁹ Haa ta'u malee, abbootiin mirgaa biroo yeroo abbaa taayitaa galiiwanii dursanii qabeenya kaffalaan taaksii irratti mirga dursaa argachuu danda'aan haala addaatiin tumamee ni argama. Haalawan addaa kunneenis, gaaffii maallaqaa baankonni wabii irratti fudhatanii fi mirga dursaa miindaa qaxaramtootaa ni dabalata.³⁷⁰ Baankiwwan qabeenya wabummaan fudhatan irratti mirga dursaa argachuu kan danda'an liqii kennuu dura kaffalaan taaksii idaa kan hin qabne ta'uu

³⁶⁶Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 4(1)

³⁶⁷Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 47(2 & 3)

³⁶⁸Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 47(6)

³⁶⁹Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 41(1)

³⁷⁰Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 41(2)

abbaa taayitaatiin kan mirkana'e³⁷¹ yoo ta'ee fi wabiin kun qaama dhimmi ilaalu fuulduratti dursee kan galmaa'e yoo ta'eedha. Gama biraatiin, seerota taaksii keessatti taaksiwwaan bifaa tokko tokkotiif mirgi dursaa tasuma kan hin daangeffamnee fi idaawwaan kaffalaa taaksii irraa barbaadamu hundaa dursa kan argatan ta'uu tumamee ni argama. Isaanis, taaksii Herrega kaffalamu irraa taaksii hir'ifamee kaffalamu, Taaksii Dabalata Qabeenyaa,Tarn Oovar Taaksii fi Taaksii Eksaayizii ta'uu hubachuu ni danda'ama.³⁷²

Sababni taaksiwwan kun yeroo hunda dursa akka argataan ta'eef, kaffalaan taaksii taaksiwwaan kanneen kan sassaabu yookiin hir'isee kan hambisu abbaa imaanaa mootummaa ta'uun mootummaa bakka bu'ee kan sassaabu malee akka qaama galii kaffalaa taaksitti kan ilaalamuu miti. Kanaaf, kaffalaan taaksii kun yoo kasaaru yookiin qabeenyi isaa yoo qulqulla'u maallaqni inni bakka bu'iinsaan abbaa imaanaa mootummaa ta'ee sassaabe adeemsa qabeenya qulqulleessuu yookiin qaama qabeenya waliigala kasaarichaa ta'ee kan fudhatamuu miti. Bu'uura kanaan, qoqqoodinsi qabeenya kamiyyuu taasifamuu isaatiin dura taaksiwwaan armaan olitti ibsam anunneen Abbaan Taayitichaatiif dursanii kaffalamuu qabu.Kana malees, taaksiin herrega kaffalamu irraa hir'ifamee kaffalamu ilaachisee seera biroo keessatti haala addaatiin kan tumame yoo jiraatellee idaa yookiin itti gaafatamummaa kamiyyuu raawwachisuuf kabajamuu hin danda'amu.

GaaffileeMarii

- Dhimma 14ffaa:** Dhimmi kun M/M/W/O/Dhaddacha Dhaabbii Bahaatiin galmee lakk. 281550 ta'e irratti gaafa 27/02/2012 murtii kan argateedha. Ka'umsi dhimmichaa M/M/OI/G/A/Adaamaa yoo ta'u, ol'iyataan ammaa(Abbaan Taayitaa Galiiwwan Bu/Magaala Adaamaa) galmee lakk.20756 ta'e irratti falmii raawwii M/A/Idaa Obbo Birhaanuu Geetachoo fi D/kennitoota ammaa(Amaan Daddafee fa'a N-20) gidduutti tureen Mana Daldala Foonii Maganaanyaa jedhamu Magaalaadaamaa keessatti maqaa haadha warraa M/A/Idaatiin galmaa'e argamu D/Kennitoota ammaatiif akka raawwatamu caalbasiidhaan erga gurguramee booda, Ol'iyataan ammaa manni ibsame kun sababa idaa taaksii bara 2004 hanga 2006 ta'e walumaagalatti qarshii 641,117.76 tiif xalayaa lakk.613-02-009-512 gaafa 25/02/2009 barreeffameen Abbaan taayitichaa dhoorkuun osoo raawwachiisuuf adeemsa irra jiru idaa D/kennitoota ammaatiif gurguramuu waan geenyeef caalbasichi kufaa ta'ee mirgi dursaa keenya nuuf yaa eegamu jechuun iyyata mormii dhiyeessanii jiru.

³⁷¹Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 41(7)

³⁷²Labsii Bulchiinsa Taaksii MNO, Labsii Lak.203/2009, Kwt. 41(2)

D/Kennitoonis(M/A/Mirga) iyyata dhiyaate irratti deebii kennaniin manni falmii kaase sababa idaa keenyatiin caalbaasii gaafa 27/02/2009 taasifameen gurguramee abbootii mirgaatiif erga addaan qoodamee iyyanni turtii ji'a 4 booda dhiyaate fudhatama kan qabuu miti. Dabalataanis, manni kun galmee haadhoo irratti bara 2007 ji'a Guraandhalaa keessa ajaja mana murtitiin dhoorkamee yeroo turetti ol'iyyataan mormii tokko bakka hin dhiyeessiniti amma erga nuuf raawwatamee booda mormiin dhiyeessu fudhatama hin qabu.Kana malees, ol'iyyataan xalayaa gaafa 25/02/2009 barreeffameen dhoorkisiiseen ture jechuun falmii keessatti kan kaase yoo ta'ellee, galmee keessaa kan mul'atu garuu xalayaa gaafa 28/06/2009 erga manichi caalbaasiidhaan gurguramee booda kan barreeffame waan ta'eef gaaffi mirga dursaa dhiyeessuu hin danda'u jechuun falmaniiru.

M/M/OL/G/A/Adaamaa falmii bitaaf mirga erga dhagahee booda manni falmii kaase caalbaasiidhaan kan gurgurame gaafa guyaa 27/02/2009 ta'uu ibsuun; ol'iyyataan iyyata mormii bu'uura s/d/f/h/h kwt.445 fi 446tiin gaafa 04/07/2009 kan dhiyeeffate waan ta'eef bu'uura s/d/f/h/h kwt.447 yeroo turtii ji'a lamaa booda iyyata dhiyaate waan ta'eef kufaadha jedheera. Dabalataaniis, manni murtichaa xiinxala isaa keessatti bu'uura labsii lakk.74/1995 tiin Abbaan taayitaa galiiwanii qabeenya namoota dhuunfaa sababa idaa taaksitiin ofuumaa qabee gurguruu kan danda'u ta'uu kan tumame yoo ta'ellee labsiin kun labsii lakk.202/2009 ta'een kan haqamee fi labsiin haaraan kun immoo aangoo kana abbaa taayitichaa dhoorkateera jechuun iyyata mormii abbaan taayitichaa dhiyesse kufaa godhee jira.

Abbaan taayitaa galiiwaan magaalaa Adaamaatiis murtii kana komachuudhaan MMWO Dhaddacha Bahaatti kan dhiyeeffate yoo ta'u, manni murtichaas ijoo dubbii "iyyannoон mormii ol'iyyataan dhiyessee ture bu'uura s/d/f/h/h kwt.445 tiin darbiinsa yerootiin ni daanga'a jechuun sirridha moo?miti? qabeenya falmii kaase irratti abbaan taayitaa galiiwanii mirga dursaa ni qaba moo? Hin qabu?" Kan jedhu qabachuun galmee erga qoratee booda qabeenyi falmii kaase caalbaasii gaafa 27/02/2009 taasifameen gurguramee qarshiin M/A/Mirgaatiif kan kennamee fi oliyyataan immoo iyyata gaafa 04/07/2009 barreeffameen qabeenyicha irratti mirga dursaa ni qabna jechuun iyyata mormii kan dhiyeessan ta'uu mirkanaa'eera. Kanaaf, falmii ijoo darbiinsa yeroo ilaachisuun ka'e ilaachisee manni falmii kaase erga caalbaasiidhaan gurguramee A/Mirgaatiif

raawwatamee turtii ji'a 4 booda iyyanni mormii dhiyaate bu'uura s/d/f/h/h kwt,447(1) tiin darbiinsa yeroo ji'a 2 tiin ni daanga'a jechuun murtii mana murtii jalaa cimseera.

Falmii ijoo dubbii mirga dursaa ilaachisuun ka'e ilaachisee D/kennitooni ammaa qabeenya falmii kaase gal mee haadhoo irratti gaafa 12/08/2007 ajaja mana murtiitiin dhoorkisiisuun bu'uruma kanaan kan raawwatameef yoo ta'u, oliyyataan garuu xalayaa dhoorkaa gaafa 25/02/2009 barreeffame gaafa 28/02/2009 gal mee Bu/Magaalichaa keessatti kan galmaa'e waan ta'eef oliyyataan gaaffii mirga dursaa dhiyeessuu hin danda'u jedheera. Kana malees, waa'ee raawwatiinsa labsii lakk.74/1995 fi labsii lakk.202/2009 bahe ilaachisee dhimma kanaaf falmiin kun rogummaa kan qabuu miti jechuun bira darbuun walumaagalatti murtii mana murtii jalaa cimseera.

- a) M/M/Ol/G/A/Adaamaa iyyanni mormii Abbaa taayitaa galiiwwan magaalaa Adaamaa irraa dhiyaate caalbaasichi erga raawwatamee ji'a 4 booda waan dhiyaateef darbiinsa yerootiin ni daanga'a jechuun kufaa gochuun sirriidha jettanii yaaduu?
 - b) M/M/Ol/G/A/Adaamaa iyyata ol'iyyataan dhiyeesse kufaa gochuuf sababni fayyadame inni biroo Abbaan Taayitaa Galiiwwanii bu'uura labsii lakk.74/1995 tiin aangoo ofuumaan qabeenya Abbaa Idaa dhoorkuun raawwachiisuu qaba yeroo ammaa labsii lakk.202/2009'n dhoorkatamee jira jechuun xiinxala kaa'e akkamitti ilaaltu? Labsii lakk.203/2009 waliin wal-bira qabaa irratti mari'aadha.
 - c) M/M/W/O/Dh/Bahaa murtii mana murtii jalaa cimsuun kenne hoo akkamitti ilaaltu?? Maaliif?
2. Kaffalaan taaksii murtii shallaggii taaksii irratti komii yemmoo dhiyeeffatu, koreen komii dhagahu komicha dhiyaate erga ilaale booda yaada murtiidhiyeessuu danda'u keessaa tokko 'taaksiin murtaa'e dabaluu qaba' jechuun yaada murtii kennuu kan danda'u' ta'uu tumameera. Murtii haala kanaan kennamu akkamitti ilaaltu?
 3. Kaffalaan taaksii murtiin shallaggii taaksii kenname naaf hir'achuu qaba jechuun komate yaadni furmaataa taaksiin murtaa'e dabaluu qaba jechuun kan kennamu yoo ta'e, sirna ol'iyyannoo komii seera deemsa falmii hariroon hawwasaa keessatti ittiin keessummeeffamu waliin wal-biraa qabaatii xiinxalaa.
 4. Seerummaa gaafatame ala bahuun yaada murtii kennuu koreedhaaf angoon kenname kun bilisummaa koreen yeroo hojii isaa raawwatu qabaachuu qaba jechuun tumame waliin wal-bira qabaati madaalaa.

5. Seera taaksii keessatti Abbaan taayitaa galiiwanii idaa taaksii kaffalaan taaksii osoo hin kaffaliin hafe ofumaaf qabeenyicha qabuun raawwachuu akka danda'u tumamee jira. Bu'uura tumaa kanaatiin aangoo abbaa taayichaatiif kenname akkamitti ilaaltu?
6. Qabeenya kaffalaa taaksii sababa idaa taaksiitiin abbaan taayitaa galiiwanii qabuu hin dandeenye keessaa tokko 'Bu'ura seera Itoophiyaatiin qabeenya dhorkamuu hin dandeenye' ta'uu labsicha kewt.⁴³ (4) jalatti ibsameera. Akkaataa tumaa kanaatiin qabeenya dhoorkamuu hin dandeenye kan jedhamaan maal fa'a? bal'inaan irratti mari'adhaa?
7. Miseensi poolisii yeroo qabeenyi kaffalaa taaksii sababa idaa taaksiitiin qabamu deeggarsa akka kenu abbaa taayitichaatiin bu'uura labsicha kewt.⁴³⁽⁶⁾ tiin ajajamee, garuu ajaja abbaa taayitichaa fudhachuu yoo dide itti gaafatamummaan miseensi poolisii irratti hordofuu maal ta'uu danda'a?

Maddewwan Wabii

A) Kitaabilee, Barreeffamootaafi Maddewwan Interneetii

Solomon Negussie, Fiscal Federalism in Ethiopian Ethnic-based Federal System (Wolf Legal Publishers, 2008)

Smith, Adam. An Inquiry into the Nature and Causes of the Wealth of Nations (1776 Edited by Edwin Cannan and with introduction by Max Lerner. New York: The Modern Library. 1937)

Tiley, John, Revenue Law (5th edition. Oxford, Hart Publishing. 2005)

Taddese Lencho (2014), The Ethiopian Income Tax System: Policy, Design and Practice, A Dissertation Submitted in Partial Fulfillment of the Requirements for the Degree of Doctor of Philosophy in the Department of Interdisciplinary Studies in the Graduate School of the University of Alabama

Anwar Shah, Principles of Fiscal Federalism in the Practice of Fiscal Federalism: Comparative Perspective (A Global Dialogue on Federalism, Vol. IV).

Thuronyi, Victor, Comparative Tax Law, Kluwer Law International, 2003

Yohannes Mesfin & Sisay Bogale (2009), Tax law teaching material Prepared under the Sponsorship of the Justice and Legal System Research Institute

Yonas Girma Adimassu and Ümit Süleyman ÜSTÜN (2017), a Review of Constitutional Principles Regarding Taxation: Ethiopian and Turkish Perspective

William Kratzke (2016), Basic Income Tax 2016-2017 (Fourth Ed., CALI eLangdell Press)

Goal 17 Target 1 of A/RES/70/1 Transforming our World: the 2030 Agenda for Sustainable Development.

Addis Ababa Action Agenda of the Third International Conference on Financing for Development (Addis Ababa Action Agenda) A/RES/69/313 resolution.

Ethiopian Chamber of Commerce (ECC), Ethiopian Business Development Services Network (EBDSN) (2005)

Tax Principles: Building Blocks of A Sound Tax System, Policy Brief by Institution on Taxation and Economic Policy (2012). (www.itep.org itep@itep.org)

OECD (2018), OECD Work on Taxation

Ing. Vladimír Mokry, CSc (2006), University of Economics in Bratislava National Economy; Taxes, Taxation and the Tax System BIATEC, Vol. XIV, 12/2006.

Essays, UK. (November 2013) Explaining the Primary Purpose of Taxation Economics Essay. Retrieved from <https://www.ukessays.com/essays/economics/explaining-the-primary-purpose-of-taxation-economics-essay.php?vref=1>

Gebrie Worku, Tax Accounting in Ethiopian Context (2nd Ed., Alem Printing Press, Ethiopia, 2008)

OECD/ATAF/AUC (2018), *Revenue Statistics in Africa 2018*, OECD Publishing, Paris.
<http://dx.doi.org/10.1787/9789264305885-en-fr>

General Theories and Principles of Taxation, Toora: <https://www.abyssinialaw.com/about-us/item/1066-general-theories-and-principles-of-taxation>

U.S. Department of Treasury, Tax Reform for Fairness, Simplicity and Economic Growth, 2018 (available at <http://www.treasury.gov/resource-center/tax-policy/Documents/tres84v1C-2.pdf>)

M. Corinne Larson Olga Spaic (1995), Collecting Delinquent Revenues. Government Finance Officers Association, p.23 <https://www.gfoa.org/sites/default/files/CollectingDelinquentRevenues.pdf>

Yan Xu (n.d), Tax Dispute Resolution, Judiciary Independence and Property Rights: the Case of China

Victor Thuronyi (2013), How Can an Excessive Volume of Tax Disputes Be Dealt With?

Taxation Objectives: Top 6 Objectives of Taxation, <http://www.economicsdiscussion.net/government/taxation/taxation-objectives-top-6-objectives-of-taxation-discussed/17450/>

M.Corinne Larson Olga Spaic (1995), Collecting Delinquent Revenues. Government Finance Officers Association, https://www.gfoa.org/sites/default/files/Collecting_Delinquent_Revenues.pdf

Xhaferri, A. (2014) Tax Crime Investigation. Open Journal of Applied Sciences, 4, 441-445. <http://dx.doi.org/10.4236/ojapps.2014.48041>

M. Corinne Larson Olga Spaic (1995), Collecting Delinquent Revenues. Government Finance Officers Association, available online at<https://www.gfoa.org/sites/default/files/CollectingDelinquentRevenues.pdf>

Victor Thuronyi, (1996) ed. Tax Law Design and Drafting volume 1; International Monetary Fund: Chapter 4, Law of Tax Administration and Procedure

Leyons & leoff (2014), Tax Procedure in Belgium: Audit to Litigation

OECD (2017), Fighting Tax Crime: The Ten Global Principles, OECD, Paris.

OECD (2010), Tax Administration in OECD and Selected Non-OECD Countries: Comparative Information Series

Wiirtuu Leenjii Ogeessota Seera Federaalaa; Moojulii Leenjii Hajiin Duraa Seerota Taaksii fi Heera Mootummaa

Shaambal Hordofaa, Angaatuu Ejjetaa fi Nooh Taakkala (2005), Yakkoota Taaksii Irratti Raawwataman: Sirnaafi qajeeltoowwan Isaa, Moojulii Leenjii Hajiirraatiif Qophaa'e

Taddese Lencho, The Ethiopian Tax System, Excesses and Gaps (Michigan State International Law Review, Vol. 20 (2), 2012

Elkins, David, Horizontal Equity as a Principle of Tax Theory, Yale L. & Pol'y Rev. 24, (2006)

John Kay, Oxford Review of Economic Policy (2018), VOl.2, No.2

C Fritz ‘Payment obligations of taxpayers pending dispute resolution: Approaches of South Africa and Nigeria’ (2018) 18 African Human Rights Law Journal 171-188
<http://dx.doi.org/10.17159/1996-2096/2018/v18n1a8>

Tafari Bekele and Dame Chali (2011), Challenges of Taxation Power in Oromia National Regional State: Analysis of Constitution, Law and Practice.

B) Heeraafi Seerota

➤ *Sadarkaa Federaalaatti*

Heera Mootummaa RDFI

Seera Yakkaa RDFI (Lab.Lak.414/1996)

Seera Deemsa Falmii Yakkaa, labsii lak 185./1961

Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa waliigalaa Federaalaa Lak. 943/2016

Labsii hundeffama Abbaa Taayitaa Galiiwwanii fi Gumurukaa Itoophiyaa lakk.587/2000

Labsii Bulchiinsa Taaksii Federaalaa (Lab.Lak. 983/2008)

Labsii Gibira Galii Federaalaa (Lab. Lak.979/2008)

Labsii Taaksii Dabalataa Qabeenyaa (Lab.Lak.285/1994)fi kan isa fooyyessan lak. 609/2008 fi lak. 1157/2011

Labsii Taaksii Tarnovarii (Lab. Lak. 611/2001)

Labsii Taaksii Eksaayizii (Lab. Lak. 1186/2012)

Labsii Taaksii Eksaayizii Jimaa (Labsii Lak.767/2004)

Labsii Qaraxa Teemberaa (Lab. Lak. 612/2001)

Labsii Gumurukaa Labsii Lak. 859/2006

Ethiopian Federal Police Commission Establishment Proclamation No. 720/2011

Ethiopia Revenues and Customs Authority Establishmel Proclamation No, 58712008

Federal Tax Appeal Tribunal Establishment Proclamation No. 233/2001

Federal Courts Proclamation No. 25/1996

Federal Courts (Amendment) Proclamation No. 321/2003

Corruption Crimes Proclamation, Proc. No. 881/2015

➤ ***Sadarkaa naannoo Oromiyaatti***

Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa (Heera MNO) Fooyya'e, Lab. Lak. 46/1994

Labsii Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Fooyyessuuf bahe, Lab. Lak. 202/2009

Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa, Lab. Lak. 214/2011

Labsii Bulchiinsa Taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuf Bahe, Lab. Lak. 203/2009

Labsii Taaksii Tarnooverii, Lab. Lak 75/1995

Labsii Taaksii Eksaayizii, Lab. Lakk.76/1995

Labsii Qaraxa Teembiraa, Lab. Lakk.77/1996

Labsii Kaffaltii Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa fi Gibira Galii Hojii Qonnaa, Lab. Lak. 99/1997

Labsii Kaffaltii Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaafi Gibira Galii Hojii Qonnaa, Lab. Lak. 99/1997 Fooyyeessuuf Bahe Lab. Lak. 131/1999

Labsii Qaraxa Oomisha Jimaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe (Lab. Lak. 32/1992)

Labsii Qaamota Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe, Lab. lak. 163/2003.

Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen MurtiiMootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe, Lab. Lak. 216/2011

C) Tarree Dhimmoota

Taayitaa Galiiwan Bulchiinsa (himataa) fi Magaalaa Ciroo fi Itiyoo-teeleekoom Distiriiktii Bahaa, Damee Ciroo (himatamaa), MMWO Dhaddhacha Bahaa Gal. Lak.265456

Abbaa Alangaa Abbaa Taayitaa Galiiwwaniifi Gumurukaa Itiyoophiyaa fi Abaadii Mogas, Dhaddacha Ijibbaataa MMWF, Lakk Galmee 114043, Jildii 19ffaa

Abbaa Alangaa Galiiwwanii fi Gumuruukaa Itoophiyaa (himataa) fi Abdulfattahaab Abraar (Himatamaa) , Mana Murtii Federaalaa Sadarkaa Jalqabaa lakk. Gal. 175766

Pheexiroos Dastaa (ol'iyyataa) fi AA MHAAWO (D/kennaa), MMWO, Dhaddacha Bahaa, Lak.Gal. 308335

AA Godina Shawaa K/Lixaa (Himataa) fi Mr. Chaandiraa Sekhar Schamart fa'a- N2 (Himatamtoota), MMO Godina Sh/K/Lixaa, Lak. Gal.46538

AA Waajjira Galiiwan Aanaa Giraar Jaarsoo (Himataa) fi Tasintuu Nigusee (Himatamaa), MMO Godina Sh/ Kaabaa, Lak. Gal. 409227

AA Galiiwanii Aanaa Adaamaa (Himataa) fi Taliilaa Bulchaa (Himatamaa), MMA Adaamaa, Lak. Gal. 40276

AA Godina Addaa Naannawaa Finfinnee (Himataa) fi Shaggaw Waaleliny fa'a N-2 (Himatamtoota), MMO Godina Addaa Naannawaa Finfinnee, Lak. Gal.19517

Abraan Indagaar fa'aa-N-4 (Ol'iyyattoota) fi AA MHAA Godina Addaa Naannawaa Finfinnee (Deebi kennaa), MMO Godina Addaa Naannawaa Finfinnee, Lak. Gal. 19838

AA Mana Hojii Abbaa Alanagaa Go/Jimmaa (himataa) fi Taaffasaa Adeqoo Tasammaa fa'a N-2 (himatamtoota) .MM Godina Jimmaa, lakk. Gal. 47354

Abbaa Taayitaa Galiwwaan Godina Shawaa Bahaa (ol'iyyataa) fi Sulxaan Abdoo (Deebi kennaa), MMO Godina Addaa Adaamaa, Lakk. Gal.33606

Abbaa Taayitaa Galiwwaan Bulchiinsa Magaala Adaamaa (ol'iyyataa) fi Amaan Daddafee fa'a N-20 (Deebi kennaa), MMWO, Dhaddacha Bahaa, Lak.Gal. 281550

Abbaa Taayitaa Galiiwan Aanaa Adaamaa (ol'iyyataa), Deebi kennaan hin jiru; MMO Godina Addaa Adaamaa, Lakk. Gal. 24939